Imaam Fantaayee

Maraatuu Mannaa

Maraatuu Mannaa

"Namni kaayyoo Guddaa fi Karoora Ifaa qabu,
Fayyaaleessummaan isaa dabalaa bula!"

Imaam Fantaayee

2018 E.C.

MARAATUU MANNAA

Namni Kaayyoo Guddaa fi Karoora Ifaa Qabu, Fayyaaleessummaan Isaa Dabalaa Bula!

Imaam Fantaayee. 2018 EC.

© 2026 G.C. / 2018 E.C.
Imaam Fantaayee Imaam
Mirgi Barreessaa seeraan eeggamaadha.



Gaaffii fi odeeffannoo biraaf:
Email: imamfantaye00@gmail.com

● GALATA

Fedha Isaatiin maleetti baalli gogduun ykn jiituun kamiyyuu illeen mukarraa cittee gad bu'uu kan hin dandeenye Gooftaan keenya Allaah fedhaaf tola Isaatiin asiin nugehee hojii kanas milkeessuun isaa galataaf faaruun hundi kan Isaa ta'uu nuuf mirkaneessee jira. Alhamdu lillaah!

Itti aansuun galata kiyya wanti adda godhu dinqii ta'e tokko ni jira. Innis, namoonni kitaaba akkaan xiqqoo tana xumuruuf qooda bahatan haala hin baramneen kutaa Biyyattii adda addaa irraa ta'uu isaaniiti.

Prof. Dr. Jamaal Abbaafiixaa – Jimmaa irraa, Ustaaz Anas Muhammad fi Tuujii Abduljabbaar – Dirree Dhawaa irraa, Aadam Muhammad fi Barsiisaa Abdu Awwal– Walloo Baatee irraa; Isaan kunneen gulaaltoota shoora dinqii taphatanii kitaabicha mirkaneessaniidha. Kabajaaf galanni bakka jiranitti Rabbiirraa isaan haa dhaqqabu.

Barsiisaa Muhammad Fantaayee – Walloo Baatee irraa, akka Editaraa ta'uun, khalaqaa fi bareechinaan kitaabicha as baasuun obboleessa kiyya kan ta'eedha. Rabbiin isa haa eebbisu!

Muhammad Naziif Sulxaan – Jimmaa irraa fi Ramadaan Shamsuddiin – Awwadaay irraa, deeggartoota yaadaa fi gochaan na cinaa dhaabbatanii Hojichi madaalamuu fi gara qqbatamaatti akka dhufu gochuu danda’aniiru. Rabbiin mindaa gaarii isaaniif haa kafalu.

Kanatti Aansuun, Maatii Na Kunuunsee fi Barsiisoota Ija Na banachiisan huunda, akkasumas Hiriyoota Yeroo Jabduuf Laaftuu huunda Na cinaa hin dhabamne huunda bakka tokkotti Galata Ana irraa osoo hin taane, Rabii irraan isaaniif kadhadha.

Walumaa galatti, obboleewwan kunneen qooda bahachuu qofaan osoo hin taane, mallattoo tokkummaa sabaa ta'anii, kutaa adda addaa irraa hirmaannaa taasisan. Hunduma isaanii jaalalaan galateeffachuun barbaada.

● YAADA BARREESSAA

Barreeffama kana barreessuuf waan na kakaase keessaa inni guddaan tokko: yeroo hedduu naannoo koo keessatti, akkasumas miidiyaa fi marsariitiidhaan, namoota qabsaa'aa ta'an garuu galma hin qabne, sammuu dhabuudhaan maraatan, jireenya isaanii hiika malee gaggeessaa jiran hedduun arge. Namoonni haala salphaa ta'eef jedhaniif of gatanii, waan hin beekamneef, of keessaa bitaafi mirga buqqa'an.

Gaaffiin sammuu kiyya keessa marmaarfatee ture: "Maaliif?", "Falli maali?, "Eenyutu nu baasa?"

Deebii barbaacha keessa, of keessa deebi'e. Akka Sabaatti, akka ilma namaatti, akka dhala lafaa, waanan arge hubadhe, dhandhame, barreessuuf murteeffadhe.

Garuu Barreeffamicha yeroon eegalu, Galma Jireenya isa Mataa kiyyaa barreessuu irraatan eegale. Ergasii "Maalif Dhaloonni Hubannoo kana Ana waliin hin qooddanne?" Jedhee yaaduudhaan Gara Kitaabaatti akka bal'atuu fi Haammataa ta'u gochuuttin adeeme.

Wantoota irra daddeebiin itti yaadamanii murteeffaman keessaa gabaabbinni barreeffamichaa isa tokkodha. Garmalee gabaabaa fi qabiyyee ijoo qubaan lakkaawwamuu fi yaadota hubannoof sassalphoo ta'an fayyadamuun koo, Namoota dursanii milkaawan daran kanneen kufaatii keessa jiraniif dhaqabuu filachuu irraati.

Irra daddeebi'anii dubbisuuf, tasgabbiin yeroo fudhatanii xiinxaluuf akkasumas dhaloota dubbisaan hin araaramne suuta ofitti madaqsuun amala dubbisaa horuu keessatti gabaabbinni kitaabichaa shoora guddaa taphata.

Maqaan kitaabaas keessaa qabiyyee isaatii ba'e. “Maraatuu Mannaa”: Namoota Galma dhabanii yaadaan maraataniif Mannaa (wayyaa, qajeelfama, furmaata) haa tahu jenne.

Ka'umsi qophii isaas Muuxannoo Jireenya dhuunfaa, akkasumas Barnoota idileef al-idileen adeemsa keessa walitti qabame bu'ureeffachuun, Falaasama Dhugaa waliigalaa irraa madde waan ta'eef, salphaatti hubatamuu fi hojiitti hiikkamuuf akkaan laafaadha!

Waanan barreesse keessatti haqa argachuun ni danda'ama. Garuu dhugaan sagaluma qofa osoo hin taane, irra deddeebi'uun, falmiin fi hojiin waan Mirkaneeffamuudha. Kanaaf jecha, Dubbisaan kitaaba kanaa yaadaa mataa isaatiin deebii akka horatu abdii qaba.

Barreeffamni kun hundaaf Aangawaa miti — Qalbii qophoofteefidha.

Qabiyyee

● Galata 3
● Yaada Barreessaa 5
●Seensa Gabaabaa 12
Boqonnaa 1 15
Fayyaa Sammuu 15
1. Sammuu 15
1.1. Maraatumni maali? 19
1.2. Maalif baay'achaa dhufe? 32
1.3.Maaltu fala? 46
Boqonnaa 2 59
Galma jireenyaa 59
1. Sadarkaalee Guutama Jireenyaa 59
2. Afran Mala Qorannoo 70
Boqonnaa 3 85
Of Argannaa 85
1. Eenyummaa kalqame 87
1.1. Madaala keessoo: 87
1.2. Harkisa Bu'uuraa: 95
1.3. Daandii Sammuuf Hawaasaa: 97
2. Eenyummaa Barame 98
2.1. Epi-jenetiksii: 99
2.2. Amaleeffannaa: 101
2.3. Barannaa: 102
2.4. Aadeeffannaa: 103
3. Eenyummaa Fedhame 104
3.1. Of abjonnaa 110

3.2. Ijaarsa Amalaa 113
Boqonnaa 4 119
Gulantaalee Milkaa'inaa 119
1. Abjuu 121
1.1. Yeroo fi Akkaataa Isaa: 122
1.2. Faaydaa Ijoo Isaa: 126
1.3. Miidhaa Irratti Turuu: 127
2. Si'aayina 128
3. Taajjabduu 134
4. Injifannoo 141
Boqonnaa 5 153
Haqummaa 153
1. Bilisummaa 154
1.1. Hiikkaa Bilisummaa 154
1.11. Hiikkaa Bilisummaa karaa Lugaatiin 154
1.12. Hiikkaa Bilisummaa Karaa Xiinsammuun 157
1.2. Haajaa Bilisummaa 157
1.3. Bilisummaa dabalataa 159
2. Hiikkaa Haqummaa 161
3. Haqummaa fi Nagaa keessoo 163
3.1. Sirnakkoo: 164
3.2. Tasgabbii Miira Uumamaa 167
4. Beekumsaa fi itti gaafatamummaa 171
4.1. Dursa bayyanannaa 172
4.2. Erga Bayyanannaatii 175
4.3. Erga Bilchinaa 177
5. Haqummaa fi Galma jireenyaa 178
5.1. Haqummaa kaayyoo 179

5.2. Galma Haqummaa 182
6. Haqummaa fi Hooggansa 184
6.1. Haqummaa Gara Seeraatti geeddaruu 186
6.2. Seera Hooggansaan hiikuu 187
Boqonnaa 6 190
Cancala 190
1. Lubbuun jiraachuu/ Dantaa Jireenyaa 192
1.1. Dahoof butamuu 192
1.2. Sodaaf butamuu 196
2. Galii bu'uuraa/ Dinagdee 198
3. Amantii 201
Siyaasa 206
1. Barnoota 213
2. Odeeffannoo 216
Boqonnaa 7 221
Qindoomina 221
1. Qindoomina Uumamaa 221
1.1. Madaala Humna Harkisaa. 221
2. Qindoomina Maatii keessatti. 226
2.1. Walii galtee: 227
2.2. Kaayyoo waliinii: 228
2.3. Qooda/Itti gaafatamummaa dhuunfaa: 229
2.4. Wal-deeggarsa: 230
3. Sadarkaa Dhaabbileetti: 231
3.1. Kaayyoo waliinii: 231
3.2. Qooda/Itti gaafatamummaa dhuunfaa: 232
3.3. Qunnamtii: 232
3.4. Wal gargaarsa: 233

4. Qindoomina Sadarkaa Hawaasaatti 234
4.1. Sonaa fi Dhuudhaa waliinii: 235
4.2. Dhaabbilee fi Qooda qabeessummaa: 236
4.3. Walii galtee: 237
4.4. Aadaa waliin hojjannaa: 237
5. Qindoomina Sadarkaa Hooggansa Siyaasaatti 239
5.1. Muul'ata Biyyooleessaa: 239
5.2. Dhaabbilee Sirnaawoo fi Qooda qabeessummaa:..... 240
5.3. Sab-qunnamtii Ummataa fi Iftoomina: 241
5.4. Tokkummaa Hojiin Agarsiisuu:..... 241
Xumura..... 243

●SEENSA GABAABAA

Yaaliin, hiikkaa jireenya Ammayyaa keessa dhaloota keenya raafamuuf, bu'aa buusuuf gumaacha dhiyeessuu dha. Kitaabni kun rakkoo Sammuu, dhama'iinsa yaadaa, fi dadhabbii qajeelfama jireenyaa Hawaasa keenya keessatti mul'achaa jiru ifatti kaa'ee fala dhugaa fi bu'aa qabu dhiyeessa.

Afaan Oromootti kan bu'uureffamee, gara sadarkaa afuuraa fi seenaa ummattoota birootiinis ilaala. Kaayyoon kitaabichaa garuu ifa: Ilmi Namaa akka of beeku, Galma qabaatu, Haqa kabaju, fi Waliin jireenya bu'uuraa ijaaru gochuudha.

Qabiyyeen isaa of keessatti ilaalcha, beekumsa hawaasummaa, seera uumamaa fi qajeelfama jireenya dhuunfaa fi hawaasaa of keessatti qabata.

Kitaabni kun dubbifamee dhiisuuf qofa miti — yaada akka uumuu fi kallattii akka sirreessuuf barreeffame. Namoota of barbaadaa jiraniif, Hawaasa isaanii tajaajiluuf fedhii qabanif, fi Dhaloota Hegeree keessa of barbaaduuf bu'uura jabaa dha. Ilaalchi kootis gara fuulduraatti, kitaabni kun akka harka keessa deemuu danda'u (Nama baay'ee dhaqabuu danda'u) ta'uu isaa ti — Jojii fi jijjiiramaaf kan Nama kakaasu Haal ta’een jechuudha.

Kitaabni "Maraatuu Mannaa" sirna Yaadaa fi Seenaa ilmaan Namaa keessatti bal'inaan mul'achaa jiru keessaa ba'ee waan fagaatee hin dubbanne miti. Inumaa, haala addaa biyyi keenya Toophiyaan, Afrikaan, fi dhaloonni ammaa keessa jiru

hubachuun, rakkoo fi fala walitti fiduun yaad-rimee haaraa dhiyeessuuf barreessame.

Kana keessatti, Maraatummaa akka rakkoo sammuu fi yaadaa ifatti ibsuun isaa, Falaa fi Galma sirrii qorachuun karaa amansiisaa agarsiisa. Kitaabni kun himannaa qofa osoo hin taane — waamicha gara of beekuufi waliif tahuuti.

Walumaa galatti kitaabichi Dukkana kufaatii gudduun Ifaa Ayyaana moo'ichaa akkuma tasaatti balaq-godhee baasuudhaan Bariisaa-Jiruu ta'ee dhaloota akka milkiin koobuuf abdatamee qophaa'e.

BOQONNAA 1
FAYYAA SAMMUU

1. Sammuu

Uumama uumaan uumee Lafa irratti nuuf muul'ise huunda keessaa kan Sammuu guutuu waliin uumame ilma Namaa qofadha. Kunis Sammuun mallattoo ol'aantummaaf qulqullummaa uumama ilma Namaa ta'uu hubachiisa.

Rabbiin madaala jiruuf jireenyaa 'Sammuu' jedhamee waammamu kan filannoo guutuudhaan ittiin yaaduuf ittiin muruufis murteessuufis bilisaan fayyadamu ilma Namaa badhaasee jira.

Haata'u malee ilmi namaa ken'aa kana tabba baasee, hallayyaa buusee, kallattii malee jaamsee dhamaasee, hojiidhaan ala godhee busheessa!

Isakanatu 'Maraatuma' jedhamee yaammama. Isa kanatu dhukkuba hamaa ta'ee, Afaan wallaalsisa Hawaasaan wal dhabsiisa uffata irraa tarsaasee, ajaa urgaatti jijjiiree, balfa keessa deemsisa.

Kanaaf jecha kitaaba kana, Sammuun akkamitti akka fayyadamamuu qabuu fi tikfamee jiraattamuuu ,ittiinis milkaa'amuu akka danda'u Ilaaluun asitti dirqama ta'e. Isas waa'ee Maraatumaatiin eegaluun baheessa.

Kana huunda dura garuu, oduu gammachiisaa gurra wal buusuun qalbii bohaarsinee qoma bal'ifannee yoo eegalle, gaarii ta’a.

Sammuun ilma Namaa akka Bilillee kan yoo tikfatan faayas faayidaas ta'ee tajaajilu; yoo tasa dagatan ammoo, Harkarraa miliqee battalatti cabee badu miti. Sammuun akka Bilillee jiruu faayuus akka Dhakaatti cimee jabaatee balaa dhufu huunda dandamachuu kan danda'u, Uumama garamalee adda ta'eedha.

Mee yaada kana karaa saayinsawaa ta'ee xiqqoo ifa gochuuf haa yaallu. Saayinsiin Sammuu akka ibsutti; yeroo ilmi Namaa balaan tasaa isa mudatee diphinaa fi rifannaa hamaa keessa galetti kutaan Sammuu jalqaba dammaquudhaan, balaan suni uummamuu isaa mirkaneessuudhaan, kutaalee kaanii fi qaama huunda dammaqsu Amigdalaa(Amygdala) jedhama. Yeroo kutaan kuni miira jiru dammaqsutti hoormooniin sodaa, rifannaa ykn kan gadda cimaa labsu karaa Haypotaalamasii (Hypothalamus)n gad-dhiifama. battaluma kanatti kutaa sammuu keessaa Hippoo kaampasii (Hippocampus) kan jedhamu wanta ta'aa jiru kana hatattamaan hiika itti kennuudhaan akkasumas yaadota garagaraa kan sanaan dura darbanii fi cinaadhuma sanitti argamaa jiran kanneen dhimma sanaa waliin walitti dhihaatan waliin walitti fiduun, balaan uumame suni waan hagas mara Nama abdii murachiisee sammuu burjaajeessu akka hintaane gabaasa

Dhiheessuudhaan, Duree sammuu (prefrontal Cortex) ajaja tasgabii akka dabarsu taasisa.

Kutaan kuni shoora ajaa'ibaa kana yeroo taphatu Namtichi gad taa'ee waan kana huunda xiinxaluun irraa hin'eegamu. Gocha fedhii maleetiin battaluma rakkoon uumame irraa

eegalee kutaan kuni hojii isaa eegaluudhaan Sammuun akka abdii muratee karaa hin gadhiifneef, gorsaa fi hoogganaa istiraateejii ol'aanaa ta'ee tajaajila.

Dureen sammuu(Prefrontal cortex)Akkuma ergaa kana Hippocampus irraa fudhateen, Hoormoonoonni qaama tasgabbeessan akka gad-dhiifaman ajaja gara Haaypootaalmasiitti dabarsa. Yeroo kanatti Narvoonni "Parasympathetic" keessatti qooda qaban huundi hojii eegaluudhaan, Sammuu fi Qaamni Namtichaa guutuun akka tasgabbaa'u gochuu eegalu jechuudha.

Kuni karaa Sammuun Qaama guutuu ittiin tiksuudha.

marsaa ol'iyyannoo, odeeffannoo, yaadannoo fi hubannootiin.

Mee aal tokko haagaafannu; Nabi Yuusuf /Nabiyyuu Yooseef Nageenyi Rabbii irra haa jiraatuu, Seenaa isaa beekkamaa sana keessatti umurii daa'imummaa sanaan obboleewwan isaa daba itti yaaduudhaan, Eela bishaanii gad-fagoo fi dukkanaawaa sanatti yeroo isa darbatan sana; yoo miidhaan qaamaa isa irra gahuu baatellee miidhaan Samuu cimaan akkamitti irra gahuu baate? Akkuma kufeen rifaatuun lubbuun isaa baduu hin danda'u turee? Erga hin duunee ammoo, jireenyuma isaa keessatti dhiibbaa guddaa irraan gahuu fi hanqina Sammuu itti fiduunis nimala ture. garuu, Rabbiin Nabiyyii isaa tikfachuun akkuma jiruun ta'ee yeruma isa uumus akkuma Nama kamiyyuu Sammuu isaa keessatti kutaa dafee rakkoon walbaruu fi fulduraaf abdii itti horuu isa dandeessisu waliin uumeera jechuudha. Sammuun isaa dandamachuu bira darbee Biyya Ijiptii keessatti hoggansa

ol'aanaa biyya sanaa goonfachuudhaa ministeera qonnaa fi itti fayyadama Oomishaa ta'uudhaan,Qaroomina Misr durii kan seenaa adduunyaa yoomiyyuu hin daganne saniif karaa saaquu danda'eera. Kana malees karaa Hafuuraatiin Nama akkaan cimaa fi tasgabba'aa kan ture yoo ta'u, Rabbiin Sadarkaa itti gaafatama ergaa isaa itti kenuu fi Muudama Nabiyyummaan isa gahee jira. Sammuun isaa sodaa fi rifannaa dukkana halkaniifii dukkana boolla bishaanii gad fagoo ta'e saniin nimo'ame osoo hin taane, niqarame.

Seenaalee tokko tokko kaasuu dhaan wanta kana gadi fageessinee yoo ilaalle, Sammuun dhala Namaa kun hagam akka amala ofiin of dandamsuu fi daran rakkoon walbaruutiin, guddina addaa of keessatti kalaqu hubachuun nidanda'ama.

Fakkeenya dabalataa: Nabi Yuunus/Yoonaas Nagaan Rabbii irra haa jiraatuu, gaafa tokko Biyya irraa godaanee osoo adeemu bidiruu irraa darbamee Qurxumii-wiiliin liqimfamuun isaa, seenaa keessatti niyaadatama. Mee wanta kana ofitti dhiheessinee haa ilaallu! Namni tokko bishaan galaanaa keessatti kufuun hagam akka is rifachiisu nibeekama. dabalataanis yeroon inni itti kufe halkan akka ture himama. Haa ilaallu mee, halkan keessa galaanatti kufuun, ergasii ammoo Bineensi Nama nyaachuun, taa'anii yeroo yaadan illeen waan haalaan Nama rifachiisuudha. Garuu inni dukkana sadii(3), dukkana halkanii, kan galaanaa fi kan garaa bineensaa keessa ta'ee, osoo hingaggabne, osoo hinduune, osoo of wallaalee xiin-sammuun hin tuqamne, Yaamicha gara Rabbii isa uumeetti gochuu danda'ee ture! Turtii guyaa sadii garaa bineensaa keessatti dabarse sana keessa jijjiirramni xiinsammuu yoo jabinaan ta'e malee hanqinaan osoo irratti

hin argamin tureera. Erga achii ba'ees gara uummata isaa deebi'uudhaan hooggansa isaa cimsee itti fufuu qofa osoo hin taane, Uummanni isaa illeen Uummata Adduunyaa irratti dheekkamsuun Uumaa irraa itti hinbuufamne jedhamuudhaan sadarkaa guddaa argataniiru. Rifaatuu fi sodaan akkasumas miidhaan isa irra gahe suni huundi gara ciminaa fi guddinaatti hiikkamuu danda'uun isaa, bu'aa kennaa nuti huundi morma irratti baannee adeemnu kanaati yoo jenne, Yaada Rabbiitu isa eege jedhu waliin wal faalleessa osoo hin taane, Akkamitti akka Sammuu keenya kutaalee olitti kaafne saniin utubee ofiin of tiksuu fi of dammaqsuu akka dandeessise arguu fi galateeffachuudha.

Walumaa galatti Kutaaleen Sammuu fi Sammuun qaamooleen kaanis guutuun ilma Namaa tolchaa fi Qindoomina dinqisiisaa irratti uumamuu isaa hubachuun, abdii jireenyaa Namatti hora.

Kutaa itti aanu keessatti cimina kana huunda cabsee jireenya Namootaa hiikkaa wanta dhabsiisuu fi kufaatii yeroo fi kan barabaraa isa Namatti fidu maalummaa issaa ilaalla.

1.1. Maraatumni maali?

Gaaffii kana Namoota garaagaraatiif yoo dhiheessine, deebii garaagaraa akkuma sadarkaa Namootaatiin argachuu dandeenya. Kanaaf Nama huundaafuu ifaa fi salphaa akka ta'uuf jecha, hiikkaa qindaawaa ta'e karaa Sadiin(3); karaa Saayinsii, Amantaa fi Hawaasaan itti laachuuf yaalla. Sanaan dura jecha Maraatuma jedhu akka maqaa huunda biratti

beekamaa fi yaadatamaa ta'u filachuuf asitti kaafne malee, jechi ogeeyyii Fayyaa fi Saayintistoota biratti dhimma ittiin bahamu "Jeeqama Sammuu"(Mental disorder) isa jedhu ta'uu hubachuu qabna. kana malees akka Aadaatti 'Uffata ofiraa darabee maraate' jechuun isa ibsamu qofa osoo hintaane, Jeeqama Sammuu/Rakkoo Xiin-sammuu akka waliigalaatti ilaalla.

● Karaa saayinsiin:

Saayinsiin Jeeqama Sammuu akka mallattoo dhukkubaa kan jijjirama guddaa fi beekamaa yaada Nama tokkoo, to'annoo miiraa, yookaan amala isaa keessatti uumamuun beekamutti ibsa. Jijjiiramoonni kun yeroo baay'ee dhiphina yookaan Humna-dhabeessummaa sosochii jireenyaa barbaachisoo, kan akka hojii, hariiroo waliin jireenyaa, yookaan jireenya guyyaa-guyyaa keessatti fidudha.

● Gosoota Jeeqama Sammuu Gurguddoo

Jeeqamni sammuu itti siquun qorannoo yeroo taasifamu, gosa heedduu akka ta'ee fi hundumtuu dhiibbaa mataa isaa akka qabu hubatama.

Gosoonni Jeeqama Sammuu hedduun yommuu jiraatan, kanneen armaan gaditti tarreeffaman fakkeenya gurguddoo dha:

1. Iskizofireeniyaa (Schizophrenia): Jeeqama cimaa akkataa Namni tokko itti yaadu, itti dhaga'amu, fi ittiin Amaleeffatu kan miidhu yoo ta'u, kan yeroo baay'ee wanta hin jirre fakkeessanii arguu (delusions) fi sagalee hin jirre

dhaga'uu (hallucinations) akkasumas kophaa haasa'uu dabalata.

2. dhiphina (Anxiety): Haala sodaa, yaaddoo, yookaan rifannaa daangaa darbe kan jireenya guyyaa-guyyaa keessa seenuun dhiphina uumu dha.
3. Gadda Sammuu (Depressive Disorder): Yeroo dheeraaf gaddi itti fufaa ta'e Namtti dhagahamuu, fedhii dhabuu, Anniisaa xiqqaa qabaachuu fi hamilee dhabuun kan beekamu dha.
4. Jeeqama Baaypoolaar (Bipolar Disorder): Yeroo gaddaa fi yeroo gammachuu daangaa darbee yookaan jaajummaa (mania yookaan hypomania) wal-jijjiiruun kan dhufu dha. Namoonni rakkoo kanaaf saaxilaman sababa tokko malee yeroo gammachuun itti dhagahamuu fi dadammaqiinsi guddaan irraa muul'atu niqabu, yoroo kaan immoo tasuma deebi'anii hamilee dhabuu dhiphachuu fi gadda sababa hinqabne calaqqisiisu.
5. Rakkoo Araadaa (Addictive Disorder): Qorichoota sammuu hadoochan (akka alkoolii ykn qorichoota biroo) fayyadamuu yookaan amala tokkotti (akka Qumaara taphuu, amaloota gadhee biroo) of dabaranii fayyadamuu yookaan irraa of dhaabuu dadhabuu kan of keessatti qabatu dha.
6. Jeeqamoota Amala Namummaa (Personality Disorders): Karaa Amalaa, Yaadaa, fi Miiraan haala baramaa irraa fottoqee ba'uun adeemsa keessa amla Nama tokkoo hawaasa guutuu irra adda gochuu dan da'uudha. Namoonni rakkoo kana qaban; garmalee Namoonni akka

waan isaan jibbaniitti yaaduun, kophaa bahuu heeddummaatu.

karaa biraatiin ammoo, gariin isaanii Amala Namni huundi bakka guddaa naafqaba jedhuu fi yeroo huunda faarfamuun qaba jedhuun yeroo rakkatan muul'ata.

Walumaa galatti Jeeqamni Sammuu gad fageenyaan yoo qoratame kutaalee Sammuu heedduu fi sirnoota narvii walxaxaa ta'an keessa miidhamoota garagaraa yeroo garagaraatti mudatan walitti qabachuu kandanda'u yemmuu ta'u; Kutaaleen Sammuu kanneen Barruu jalqabaa irratti kaafnee ilaalle kan 'Hippocampus' 'Amygdala' fi 'Prefrontal Cortex' jedhamuun beekaman suni miidhamuun, dadhabuun ykn laaffachuun; mudannoo gosoota Jeeqama Sammuu asitti tarreeffaman kanaa fi kanneen birootiif illeen sababoota gurguddoodha.

● Hiikkaa Maraatumaa karaa Amantaatiin

Akka hubannoo seeroota Islaamaa (Fiqhii Ahkaama sharii'aa)tti maraatummaan dhabamuu ykh jeeqamuu madaala Sammuu kan Namticha haga gaariif badaa addaan baafachuu dadhabsiisu yommuu ta'u, yoo waan badaa dalage illeen, badiin/diliin isa irratti hin galmeeffamu jechuudhaan dhimmichi to'annoo sammuu dhabuu waliin akka walqabatu akeeka.

Kunis Akka Amantaa Islaamaatti yaada karaa Saayinsiin mata-duree kana irratti ibsamu, jechuunis dhimmi Fayyaa Sammuu karaa Baayoloogikaalaan ibsuu sana wanti faalleessu akka hin jirree fi walumaagalatti garuu mallattoo Namicha

irraa muul'atuun ibsamee akka jiru nuhubachiisa. Hayyoota Islaamaa dhibee kana karaa Saayinsawaatiin hiika itti kennan keessaa "Abū 'Alī al-Ḥusayn ibn 'Abd Allāh ibn al-Ḥasan ibn 'Alī ibn Sīnā" maqaa gabaabaa isaa " Ibnu Siinaa"n adda dureedha.

Akka Amantaa kanaatti dhibeen Sammuu balaa tasaatiin, rakkoo fiizikaalaan, keemikaalaa fi rakkoowwa karaa kilinikaan ibsaman kana huundaan dhufuu akka danda'u kan amanamu ta'ee; dabalataan ammoo dhimmoota gurguddoo Lama kan sababa ta'uu danda'antu akka jiran himama.

1. Wantoonni harkaan tuquu ykn ijaan arguun isaanii hindanda'amne akka jiran Amantaaleen gurguddoon adduunyaa kan akka Islaamaa, Kiristaanaa fi Yahuudaa irratti walii galu.

Amantaan Islaamaa akka ibsutti; bu'uurri isaanii tokko kanta'ee fi karaalee gurguddoo Afuriin rakkoo Nama irraan gahuu kan danda'an "Jinnii" jedhamuun maqaa waliigalaan yaamamu.

Jinniin uumama akkuma Namaatti yaaduu fi tiinxaluu, akkasumas filannoo bilisaan waan barbaade murteeffachuu danda'uudha.

Karaalee isaan Ilma Namaa ittiin miidhan:

A. Tuquu, hirkachuu yookaan qaama Namaa keessa galee maxxanuudhaan osoo Namtichi ijaan isa arguu hindandeenye miidhaa qaamaa fi Jeeqama Sammuu fuduu aka danda'an ibsama. Qur'aanni Suuraa Baqaraa

Boqonnaa1 Aayata 275. irratti" Guyyaa qiyaamaa, Namoonni dhala nyaatan akka Nama sheeyxaanni tuqaatii irraa(isa tuquun) isa maraacheetti malee hindhaabatanu." jedha. Akkuma qaama kaan Harka miila ykn dugda irraan miidhaa gahuudhaan dhukkubaaf ama saaxilan huunda, jinnoonni Nama keessa seenuudhaan kutaalee Sammuu karaa Baayoloojikaalawaa fi karaa Xiin-sammun miidhaa ifa galeessa ta'e fiduu akka danda'an amanama. Jeeqamni Sammuu karaa kanaan dhufu yeroo baay'ee mallattoon isaa Jeeqama karaa saayinsiin 'schizophrenia' jedhuu waliin walitti dhihaata. Fakkeenyaaf wanta Namoonni biroo ijaan hin agarre arguu wanta Namoonni biroo hin dhageenye dhagahuu fi akka waan Nama lammaffaatti dubbatuutti kophaa dudubbachuu fi kkf.

B. Hasaasa(Waswaas): Qur'aana keessatti Suuraa An-naas Boqonnaa 114 Aayata 4 hanga 6 "Hamtuu hasaassii (sheeyxaanaa)dhokatuu fi muul'atu irraa, isa qomoota Namaa keessa hasaasu, Jinnii fi Nama irraa kan ta'e (irraan maganfadha jedhi)" jedhamee ibsameera. Kunis Jinnoota irraa yeroo baay'ee Namatti hasaasuudhaan Sammuu Namootaa dogooggorsuuf warri hojjatu jiraachuu isaanii ifatti baasa. Namoonni Cimina Sammuu isaanii fayyadamuun akkasumas akkuma Rabiin Qir'aana kana keessatti gorse, irraa maganfachuun yoo of utuban, fayyaa Sammuu isaanii irrattis ta'e karaa jireenya isaanii irratti dhiibbaa fiduu hin danda'u. Yoo isaaf mo'amanii fi isaan dagaman garuu yeroo dheerina keessa kaaraa sirrii iraa gara jallinaatti oofuu qofa osoo hintaane, Sammuu Namaa keessa yeroo baay'ee hasaasuudhaan sirna yaadaa cabsuu fi gara Alaa; gara Sagalee Naannoo isaanii isa ifa

galeessa ta’ee dhaggeeffachuu dadhabuun, sheeyxaanaan sakaallamanii yaada inni keessaan itti hasaasu keessatti kufuudhaan rakkoo Xiin-sammuun mudamuu danda’u.

Rakkoon karaa kanaan mudatu kunis mallattooleen inni agarsiisu heeddu ta’uu dandus gariin isaanii isa olitti ‘Anxiety’ jennee ibsine sana waliin walitti dhufu. keessaafuu gosa Anxiety keessaa “Obsessive-Compulsive Disorder(OCD) kan jedhamu waliin baay’ee walqabachuu danda’a. fakkeenyaaf waa huunda shakkuu fi miira waa amanuu dadhabuutiin jeeqamuu fi waan hojjatan irra daddeebiin takatta’uu fi kkf. Imaam Ibn Qayyim al-Jawziyyaan Hayyoota Islaamaa mata duree kanaaf wabii ta’an keessaa isa Angafadha.

C. Qariina ykn sheeyxaana Namatti waahiloomu. Abdullaah ibn Mas'uud irraa odeeffamee, Ergamaan Rabbii (Nagaa fi Nahmanni Rabbii isarratti haa jiraatu) akkana jedhan:

"Tokkoon keessan hundi, kan Qariinni (Hiriyaan Wajjin Jiraatu) Jinnii (Sheyxaanaa) irraa isatti ramadame malee hin jirtan."

Sahaabonnis ni jedhan: "Yaa Ergamaa Rabbii, Atis moo?"

Ergamaan Rabbii ni jedhan: "Eeyyee, Anis akkasuma. Garuu Rabbiin isa irratti na gargaare, akkasumas naaf harka kenne (akka Islaamaa ta'u godhe), kanaafuu waan gaarii malee homaa na hin ajaju." (Sahih Muslim,hadiisa Lak.2814)

Kanaaf gosoota Jinnii keessaa kan yeroo huunda Nama waliin jiraatuu fi yaada Namootaa keessatti hasaasa mataa

isaatii makuudhaan, Namoota karaa malee adeemsisuuf, dogooggorsuuf carraaqu nijira jechuudha. Inni kunis akkuma isaan olitti ibsaman kanaa isa mo'anchuu fi irraa maganfachuun yoo of eeguu baatan garmalee yaada Namootaa haguugaa fi of irraanfachiisaa adeemuun, jallinatti oofuu qofa osoo hintaane, rakkoolee Xiin sammuu haaluma warra duraan ibsaman keessaafuu "B" jalatti ibsamee waliin walfakaatu fiduu danda'a.

D. Falfala/Sihrii: isaan kunniin gosoota jinnii ilma Namaa waliin walii-galtee mallateesuun hojjataniidha. Gara Nama miidhuutti deemuu isaaniitiin dura, Nama waliigalteen isaan waliin dalagu barbaadu. Namni tokko Falfalaa(Saahir) itahuudhaaf yeroo barbaadutti, karaalee heeduu fayyadamuun Jinnoonni dhufanii akka isa qunnaman gochuun irra jiraata. Jinnoonnis yeroo dhimma kanaaf yaammamanii dhufanitti, Ulaagaa waliigaltee dhiheeffatu. Ulaagaaleen isaan Namichaaf dhiheessan kunis karoora Sheeyxaanummaa isaanii kan galmaan gahu ta'uu qaba. kana jechuun Namtichi isaanii waliin dalagu kuni dirqama Rabbii waliin waldhabdee hamaa keessa galuu qaba jechuudha: Fakkeenyoota beekkamoo ammaan dura seenaa Falfaltootaa irraa dhagahaman keessaa gariin: Qulqullina osoo hin'eegganne Salaatatti seenuu(Janaabaa waliin),Qur'aana Walitti laaqanii barreessuu, Diiga xuriitiin barreessuu fi gochoota maqaa dhahuuf Namatti hintolle kanneen biroos ni dhihaatu. Namtichi yoo Rabbiin waldhabee isaan waliin dalaguu filate, wantoota kana ni dalaga. Ergasii isaan ammoo, bakka inni isaan erge deemuun wanta inni isaan ajaje hojjachuun, qaama waliigaltee isaanii isa guddicha. Karaa kanaan Namoonni

yeroo wal miidhuu barbaadan, Falfaticha bira deemuudhaan waa isaaf kafalanii, Nama miidhuu barbaadan sanaa fi gosa miidhaa geessisuu barbaadan sanaa itti himatu. Haala kanaan jinnoonni kunniin Qaama Namootaas ta'e qabeenya Namootaa miidhuu akkuma danda'an; xiyyeeffannoo isaanii erga ta'ee, Sammuu Namootaas miidhuu ni danda'u jechuudha.

Kanaafi kan Seera Islaamaa keessatti waliigalteen Hayyootaa fi Ulamaa'ii gurguddoo Kaliifaa Lammaffaa Umar ibn Al-khaxxaab irraa eegalee, Adabbiin Falfaltootaa Du'a ta'uu akka qabu irratti ragga'e.

2. Lammafaa Karaa Fiizikaalawaa ykn Baayologikaalawaa fi karaa wantoota Amantaan Jinnii/Gaaneen dhechuun ibsu sanaan dabalatatti, Amantaan Islaamaa "Nafsii" jedhamuun kan beekkamu sababa rakkoo Xiin-sammuuf akka qabxii tokkootti ilaala.

Nafseen/Nafsiin maataa isheef dhukkuba osoo hintaane, ijaaramaaf jireenya ilma Namaa keessatti Qaamni Fiizikaalawaa fi Lubbuun/Hafuurri ajaja Rabbiin erga wal argee Cimdoomeen booda, Bu'uura eenyummaa ta'uudhaan kan Argamtuudha.

Ergasii garuu haguma Namtichi bilchaachaa fi Naannoon wal hubachaa adeemu Nafseen fedhinnaa keessoo ishee guuttachuuf, Amala Sammuutti hasaasuu fi dhiibbaa itti godhuu cimaa qabdi waan ta'eef, Namtichi waan keessi isaa (Nafseen isaa) isa gaafattuu fi tarkaanfii fedhinnaa ishee guutuf fudhatu gidduutti madaallii marbaachisaa fi of'eeggannoo jiruu guutuu yoo taasisuu baate, dhuma irratti

fidhii nafsee jala harka kennuun masakamuutu isa eeggata. Suni ammoo akkuma duraan irratti haasahaa turre Rakkoo seera cabsanii adabamuu qofa osoo hintaane, Jeeqamoota Sammuu kan akka: (Addictive behavior) Amaloota daran hamoo tokko tokkoon qabamuu fi irraa of hambisuu dadhabuu fi (Generalized Anxiety Disorder (GAD)**:)** garmalee Cinqamuu/dhiphachuu fi yaaddoo keessaa duuba of deebisuu, of tasgabbeessuu dadhabuu faa Namatti fiduuf carraa bal'aa qaba.

Altokko baroota durii keessa Seenaa gabaabduu fi mi'ooftuu dacheen Arabaa waraabdee dabarte tokkotti duuba deebi'uun, yaad-rimee mataduree keenyaatiifis galaa godhannee nutis ittiin bohaarree irraas baranee haa dabarru.

Seenaa Araboota durii keessa Namticha Maqaan isaa Qays ibn Al-Mulawwah jedhamutu ture. Shamaree Maqaan ishii Laylaa jedhamtu tokko garmalee jaallatee, karaa Lubbuu isaa ishiin gammachiisuun barbaacha bu'aa bahii baayyee keessa erga darbee fi hanga jiruuf jireenyi isaa irratti burjaaja'uu eegalutti erga dhama'een booda, Jiraattoonni naannoo "Maraataa Laylaa" gurbaa Laylaadhaaf maraate jechuudhaan ittiin moggaasan. Ergasii maqaan isaa Moggaasa "Majnuun Al-Laylaa" jedhuun Jaarraa baay'ee tarkaanfatee, hanga har'aa Seenaa beekkamaa ta'uun Adduunyaa waliin gaheera.

Gaaf tokko Majnuun Al-Laylaan gara Ganda Laylaan heerumtee itti jiraattuutti imaluuf Gaala dhaltuu Manaa ilmoo xiqoo qabdu irra yaabbachuun imala eegale. Erga waa xiqqoo deemeen booda Qalbiin isaa yaada Laylaatiin liqimfamee hanga haada Gaalattii ittiin hoogganu dagatutti of irraanfate.

Gaalattiinis Qalbiin ishee ilmoo xiqqoo manaa qabdu bira jira waan ta'eef, yeruma haadni afaan ishee irraa laaffachuu hubattetti, carraa sana fayyadamtee gara manaa deebi'uu eegalti. Yeroo inni yaada keessaa bayyanatee bakka jiru ilaalu, Gaalli lafadheeraa karaa Ganda Laaylaa dhiiftee garuma ganda isaanii isa deebiftee arge. Ammas duuba deebisee imala isaa waa xiqqoo erga itti fufeen booda qileensi yaada Laaylaa itti bubbisuu eegala. Ammas yaadaan fagaatee yeroo of dhaggeeffatu, Gaalli haadha ilmoos yaadni waa isheen dhiifne waan ta'eef gurbaa dugdatti baatee duuba gara manaatti imalashee eegalti. ergasii ammas ka'ee bakka jiru yoo ilaalu, Lafa dheeraa deebi'ee duubatti of agara. Wanti kun dadeebi'ee isamudachuu eegallaan, Gaalarraa utaalee bu'ee lukaan deemuu filate. Asitti garuu gaalaan waan ajaa'ibaa jedhe. "Yaa Gaala, Aniif Ati lachuu keenyaa jaallattoota (jaalalaan qabamneerra) kanaaf karaa tokko irratti waliigaluu hindandeenyu. Laylaan kiyya gara fulduraa jirti Laylaan ishiin kee ammoo gara dudduubaa jirti kanaafuu karaa tokko waliin deemuu hindandeenyuu!" jedhee dhisee deeme jedhama.

Seenaa kana Jalaal Al-diin Al-Ruumiin hojii ogbarruu isaanii guddaa fi beekamaa ta'e "Masnaawii-Ma'anaawii" jedhu kitaaba 4ffaa keessatti kaasuudhaan Namni Rabbii isaa jaallatuu fi Fedhii Lubbuu/Nafsee isaa jala deemu akka Namticha kanaati. yeroma of dagattee fi of to'achuu dadhabde huunda, Nafseen gara fedhinnaa isheetti duuba sideebiftii. kunis Gara Jaalala keetti (Rabiitti) imaluu irraa sideebisa. jechuun barnoota waa'ee Hasaasa Nafsee haala dinqisiisaa ta'een kennaniiru. Ismaa'il Anqaraawiin kitaabicha Sharhii gochuudhaan Seenicha xiqqoo bal'iseera.

Taateen kuni haala adda ta'een mataduree kanaaf fakkeenya ta'uu danda'a. Namtichi Abaa Seenaa Qays ibn Al-Mulawwah jalqabuma fedhii Lubbuu isaa to'achuu waan hindandeenyeef jeeqama sammuutiif mudamuu fi moggaasa Majnuun/Maraataa jedhu argatee ture. Wanti Nama ajaa'ibu ammoo, Muudoo inni Gaala isaa waliin qunnamee fi Gorsa Jalaal Al-diin Ruumii walitti finnee yeroo ilaallu, gartokkeen hiikkaa gorsichaa Abbuma Seenaa irratti deebi'uu isati!

Qur'aanni SuuraaYusuf 12:53

"Lubbuu tiyyas hin qulqulleessu, Dhugumatti, lubbuun hamtuutti ajajjuudha Nama Gooftaan kiyya rahmata godheef malee, Gooftaan kiyya araaramaa, rahmata godhaadha." jedha.

Lubbuu kan jedhu bakka kanattii Nafsee isa nuti jechaaturre waliin tokkuma.

Imaam Al-Gazaaliin kitaaba isaaanii 'Ihyaa Uluumuddiin' jedhu keessatti waa'eeNafsii, Ruuhii,Aqlii fi Qalbii hiikkaa itti kennuudhaan, bal'inaan barsiisaniiru. Mataduree kana keessatti garuu xiyyeeffannoon keenya isa kana hin taane.

Akkaataa Islaamaatti hiikaan fi karaaleen Dhiibbaa Xiin-sammuu/Jeeqama Sammuu haallan olitti ilaalle kanaan cuunfamee dhihaachuun gahaa akka ta'utti abdatama.

● Hiikkaa Maraatumaa Karaa Hawaasaatiin

Afaan itti fayyadama guyyaa guyyaatti Maraatuma jechuun haaluma salphaa ya'een Yaadaa fi Amala Aadaaf duudhaa hawaasichaa irraa cabsee addatti muul'atu jedhamee ibsamuu

danda'a. Haata'u malee Sooshiyoo loojii/Saayinsiin qorannoo Hawaasaa Maraatumni haala fayyaa Nama dhuunfaa qofa osoo hintaane, moggaasa Hawaasni Amala Duudhaa isaa keessaa bahe wahiitiif laatan akka ta'etti ibsa. Kanaafuu Sooshiyoo loojiin Maraatummaa akka dhibee Sammuutti osoo hin taane akka Shoora Hawaasaatti ilaala jechuudha.

A. Duudhaa Hawaasaa cabsuu: Namtichi keessi isaa osoo fayyaa qabaateellee Ummanni Naannoo isaa yoo inni Duudhaaf Sona isaan waliin qabaniin ala kan adeemu ta'e, akka maraatetti ilaalamuun isaa hin oolamu.

B. Moggaasa: Hawaasni Amala wahii akka maraatumaatti ilaaluun irratti walii galuu danda'a. Namumti waan akkasii dalagu maraataadha fayyaa hinqabu kan jedhu, yaada Namoota hawaasa sana keessa jiran huunda biratti fudhatame ta'uudhaan, Fayyaaleessi kamiyyuu yoo amala sana irratti agame Maraatummaan kallattumaan itti moggaafama jechuudha.

C. To'annoo Hawaasaa: Dhaabbileen to'annoo Hawaasaa heedduun dhaabbilee Poolisii dabalatee dhuudhaalee Hawaasaa qeebaluu fi jajjabeessuun, Namoota Aadaa fi Safuu Ummataatiin ala deeman Maraatumaan moggaasuu fi to'achuuf, mallattoolee of danda'an tarreessuun lafa kaayyatu.

D. Garaagarummaa Aadaa: Hawaasni garagaraa haala garagaraan Maraatuma hubachuu fi qeebaluu danda'a. Fakkeenyaaf wanti hawaasa tokko biratti maraatuma ta'e Hawaasa Naannoo biraa biratti ammoo fayyaa ta'uu danda'a.

kanaaf Falaasfaan Biyya Faransii ‘Mikaa’el Fookalt’ Maraatumni bu’aa dhiibbaa Hawaasaa, Aadaa fi Seenaati malee rakkoo dhaabbataa fi waliigalaa miti jechuudhaan falmee ture.

Kuni walumaa galatti ibsa Hawaasaa yommuu ta’u, Sammuun Namaa garuu akkuma Fayyaa qabu dhukkubsachuun, akkuma humna qabu dadhabuun karaa kamiinuu ni mudata!

Hiikkaan Dhiibbaa Xiin-Sammuu Karaa Saayinsii, Amantaa fi Hawaasaatiin ilaalaa turre asitti goolabama. Kutaa ittaanu keessatti Sammuu ilma Namaa kan duratti Cimina isaa ibsaa turre sana akkamitti Jeeqamni fi dhiibban isa mo’achuu akka danda’ee fi maalif rakkoon kuni baay’achaa akka dhufe ilaaluudhaan, fedha Rabbiitiin gara furmaata isaatti ceena.

1.2. Maalif baay’achaa dhufe?

Mee ka’umsa akka nuuf ta’uuf jecha Sammuu “Daa’ima xiqqaa Hirriiba keessaa Abjuun rifatee iyyuun lafaa ka’u” fi Sammuu “Namicha Maraatee karaa gubbaa dheekkamaa fi dhakaa darbachaa adeemu” keessatti maaltu uumamaa jira isa jedhu salphifnee haa ilaallu. sochiin keessoo Sammuu daran walxaxaa ta’uun isaa akkuma jiruun ta’ee, kutaaleen Sammuu ammaan dura irratti haasofne (prefrontal cortex, Hippocampus fi Amygdala) irratti xiyyeeffanna.

● Yeroo Daa’imni tokko hirriiba walakkaa Sammuun isaa yaada sodaa isa keessatti uumuu(Fkn:Saree isatti dutu) Sammuu isaa keessatti kutaan ‘Amygdala’ jedhamu yaada sammuu keessa deemu kana akkuma waan dhugaan ta’aa jiruutti fudhachuun, ergaa hatattamaa dabarsa. Yeroo kanatti

‘Hippocampus’ Sammuu daa’imichaa keessa jiru kuni hojii haa’eegalu malee, ciminaa fi bilchina waan hinqabneef, battaluma abjuun suni uumametti dafee gulaaluu fi “kuni abjuudha ati nagaan siree gubbaa rafaa jirta” jechuuf hindhaqqabu! Kanaaf ergaan rifannaa kan Amygdala biraa ka’e suni gufuu malee Duree sammuu(Prefrontal cortex) keessa darbuun, tarkaanfiin dandamannaa (morkachuu ykn baqachuu) akka fudhatamu taasisa. ‘Prefrontal cortex’ ammmoo daran kichaa waanta’eef yaada burjaaja’uu kana hubatee dhugaaf soba adda baafachuu akkasummas miira amygdala irraa dhufaa jiru kana duuba deebisuu fi tasgabbeessuuf humna dhaba. Kanaaf daa’imman waan abjuun argaa jiran kanaaf deebii dhugaa kennuudhaan iyyiisa, boohichoo fi rifaatuudhaan lafaa ka’u jechuudha. ergasii abjuu akka ta’e suutaan hubachuu fi tasgabbaa’uutti deebi’u.

● Namicha Sammuun isaa tuqamee fudhachuun yoo ilaalle ammoo, kutaa fakkeenya isa duraa waliin wal fakkaataa keessatti dhimma garagaraatu uumama.

Namni tokko Sammuu isaa keessatti ‘Hippocampus’ yeroo miidhamni irra gahuun hojii dadhabu yookaan erga hojjatee booda ergaa isaa gara duree sammuu dabarfachuu dadhabu, yaadni wahii Sammuudhuma isaa keessaa erga burqee booda, Yaadni suni isa keessaa burquu fi Alaa dhufuu isaa adda baafachuu dadhaba. Hippookaampas “kuni yaada keessa keetii madde malee alaa Namni sitti dubbate hinjiru” jechuu dadhaba. Amigdaalaan(Amygdala) ammoo akkuma barame “uu nudhaqqabaa rakkoon uumameera” jechuu eegala. ‘Prefrontal cortex’ asitti akka isa daa’imaa bilchina hanqata osoo hintaane, dhimmicha adda baafachuuf odeeffannoo dhaba (miidhama

Hippocampusiin)akkasumas ofii midhamuudhaan madaaluu fi tasgabbeessuu dadhabuutu isa mudate.

kanaaf wanti Sammuu keessatti yaadame (fkn:Sagalee Nama isa arrabsuu dhagahuu ykn Nama isa rukutuuf ka'e arguu) hunda dhuguma fuldura kiyya jira jedhee fudhachuun, iyya Amygdalan dabarsu sana dhaamsuu ykn tasgabbeessuu caalaa tarkaanfii Namni Lolame fudhatu fudhachuu eegala. Oggaa kana kan Gurbichi of irraa lolaa, dheekkamaa fi dhakaa oliif gadi darbachaa kan deemu arguu dandeenya. Ni tuqame jechuun ala wanta isa keessatti ta'aa jiru garuu hin hubannu!

Garaagarummaan Sammuu Daa'imichaa fi isa Namticha dhukkubsatee gidduu jiru, inni daa'imichaa mudannoo yeroo gabaabduu ta'uu isaa tii fi akkuma guddachaa adeemuun kutaaleen Sammuu isaas bilchaachaa gara hojii idileetti deemuu isaati. Inni Namtichaa ammoo erga hojii isaanii idileen hojjachuu eegalanii deebi'anii qaamaan miidhamuun ykn hojiin dadhabuu isaanii akksumas dhimmichi mudanno yeroo tokkoo qofa osoo hin taane hanga fayyutti ykn umurii guutuu isa waliin kanturu ta'uu isaati.

Tuni Fakkeenya garmalee salphifamaa fi dhimma tokko irratti xiyyeeffateedha malee Muudoo Xiin-sammuu huunda ibsuun akkaan wal xaxaadha.

Egaa kutaalee Sammuu Yaada ittiin xiinxaluuf qofa osoo hintaane, Fayyaan ittiin jiraachuuf umurii guutuu boqonnaa malee dalagan kana akka laaffatan fi akka miidhaman abbaan godhu Namootuma malee isaan rakkoo salphaadhaaf tasuma harka kennuu hindanda'an.

Amma sababoota kutaalee Sammuu kana dadhabsuufi Miidhaa irraan ga'uu danda'an irraa warreen gurguddoo haa mil'annu.

Dura dursoo taateewwaan xixiqqoon jireenya guyyaa guyyaa keessatti uumaman kan akka rifannaa fi gaddaa jijjiirama Sammuu irratti isaan fidan karaa mitiwalxaxaan haa ilaallu.

• Rifannaa/Sodaa tasaa:Yeroo Namni tokko Sodaan tasa isa qunnamu ykn rifatu, keessa isaatti 'Amyglada'n battalumatti deebii kennuun kan yeroo kaanii caalaa dhiibbaa gochuun 'prefronal cortex' yeroodhaaf ni mo'ata. Prefrontal cortex ammoo dhaabbatee xiinxaluu carraa dhabuudhaan, hibannoo malee murtee fudhata. Namtichi utaaluu, fiiguu, loluu ykn miliquu, Onneen humnaan dhahachuu fi Amaloota rifuu-liphii kanneen biroos agarsiisuu danda'a. Adeemsa kana keessatti wanti uumame inni guddaan 'Amygdala'maddi sodaa fi rifannaa 'Prefrontal cortex' madda murtee fi to'annaa irra aanuu/mo'achuu isaati. Rifuu fi sodaan akkasii suni irra daddeebiin uumame taanaan, (Amygdal hyper activation – prefronatl cortex hypo activation) uuma. Kana jechuun maddi rifannaa fi sodaa suni cimuu fi si'aayinaan hojjaachuu gama biraatiin ammoo maddi tasgabbii murtoo laaffachuudha. Wanti kuni yommuu ta'e, Nomoonnis wahuma salphaa guddisanii ilaaluu,ittiin cinqamuu fi Amala sodaa waa huundaa horachaa adeema. Fakkeenyaaf Namoonni tokko tokko "ergan gaafas rifadhee haga ammaa keessi koo nagaa hinqabu, akkasumatti sodaadhu sodaadhu naan jedha" yeroo jedhan muul'ata. Akkasusama daa'imman yoo altokko Adurreen itti utaalte, ergasii yeroo dheeraaf waan xixiqqoo dhaan rirrifachuu fi halkan hirriiba keessa abjuun jeeqamuu

eegalu. Kuni huundi mallattoo madaala kutaalee sammuu dhabuu/tokko dadhabuu fi tokko si'aawuu irraati.

• Sodaa yeroo dheeraa: guyyaa tokko qofa osoo hin tane, yeroo huunda ciqamuu,sodaachuu ykn gadduu yoo eegalan Sammuu keessa karaa xannacha Adreenaaliniin Hormoniin Koortizool 'cortisol' jedhamu guyyurraa madduu eegala. Hormiinin kuni ammoo Kutaa Hiikkaa taateewwanii fi Miimoorii kan ta'e 'Hippocampus' irratti miidhama Fiizikaalaa geessisa. Yeroo huunda isa irra qubachuun wal nyaatiinsa uumamuun, qaamni 'Hippocampus' haphachaa/xiqqaachaa deema. Kunis Sammuu irrattii hanqina gurguddaa fida. Kutaan kuni ofii hojii isaa sirriitti hpjjachuu dadhabuudhaan, yaada Sammuu keessa adeemu haalaa fi Yoom-Eessa isaa waliin hubachuun rakkisaa ta'a; sararri kutaa kana 'prefrontal cortex'waliin wal qunnamsiisu dadhabuunis wal hubannaa gidduu isaanii hambisa; kanamalees kutaan kuni bakkeewwan Seeloonni Sammuu haaraan keessatti dhalatan keessaa isa beekkamaa waan ta'eef, miidhamuun isaa Sammuun deebi'ee of ijaaruu fi guddaachuu akka hindandeenye gufuu ta'a. Kana malees mallattooleen jeeqamaa kan akka Waan hin jirre Arguu ykn dhagahuu uumamuu danda'u.

• Dadhabuu Anterior Cingulate Cortex: kutaan kuni bakka waldhabdee yaadaa ittiin adda hubatamu, dogoggorri ittiin eeramu, dadammaqiinsi irraa argamu, tasgabbiin baqqaana gubbaa 'Cortex' fi baqqaana jalaa 'Limbic' ittiin walmadaalchisamu. kana malees hojiin miira gaddaaf gammachuu keessummeessu irratti raawwatamuudha.

Erga sadarkaaleen miidhama armaan olii lamaan xumuramanii booda yaadni hin gulaalamne fi hinqulqulloofne baay'inaan kutaa isa kanatti gadhiifamuun, burjaaja'iinsa miiraa fi hamilee uuma. Hojiiwwan isaa asitti ibsaman kunis seeraan adeemsifamuu dadhabu.

• Waldhabdee keemikaalotaa:Yeroo Sammuun dhiphina yeroo dheeraa yookiin dhukkubbii miiraa keessa darbu, hoormoonotaa fi kemikaalota (niwurootiraansmitaroota) karaa adda ta'een gadi lakkisa.Wal-dhabiinsi kun immoo akka ittiin miireeffannu, yaannu fi Amaloota keenya jijjiira.

Kemikaalonni Sammuu ijoon Dhiibbaan irra Ga'u isaan kana:-

Serotonin – Haala miiraa (mood), hirribaa fi tasgabbii to'ata.

hammi isaa xiqqaachuun, dhiphina,yaaddoo , fi yaada daangaa hinqabne fida.

Dopamine – miira kaayyeefannaa, abdannaa, fi gammachuu to'ata.

Dhiphinni gad lakkifamuu Dopamine uumamaan jiru ni hir'isa. Namni sun fedhii fi humna dhabuu eegala (laafina miiraa).

Glutamate – Sammuun akka walii galu walqunnamsiisuu fi hojii yaadannoo (memory) gargaara. Dhiphinni yeroo dheeraa baay'isee isa kakaasa, kunis niwuroonota (keessattuu Hippocampus keessa jiran) miidha.

GABA – Sammuu tasgabeessa, akkasumas baay'isanii dhimma tokkoof deebii kennuu (overreaction) dhoorka. Yeroo dhiphinni ol ka'u, GABAn ni laafa, kunis sodaa, boqonnaa dhabuu, fi hirriba dhabuu fida.

Dhiphina yeroo dheeraatiin dabalatatti Araadaan qabamuunis keemikaaloota kana haalaan jeequu danda'a. Wanti Nama ajaa'ibu ammoo, akkuma Araadni jeeqama keemikaalotaa fidu, jeeqamni keemikaalotaas Araada fiduu isaati.

Ini kamiyyuu yoo durse isa lammaffaa fida jechuudha. Fakkeenyaaf, Yeroo kemikaalonni Sammuu kun wal-dhaban, Sammuun daandii gabaabaan ykn al-kallattiin deebi'ee haala isaa tasgabba'aa ta'etti deebi'uu barbaada. Wantoonni akka alkoolii, (nikotiinii)Tamboo, Jimaa, kaafeyinii(Buna), yookiin qorichoonni adda addaa Dopamine, yeroo tokko tokkos serotonin, yeroodhaaf ni dabalu. Sammuun wantoonni kun boqonnaa yeroo gabaabaa yookiin gammachuu akka kennan battalumatti barata. Garuu, yeroo booda Sammuun ofii isaa Dopamine oomishuu dhiisa, wanta alaa kana irratti hirkattumaa fida. Kunis marsaa Gocha Araadaa ta'a:

Yoo dura Araada fayyadame,yeroo wanta sana dhabe keemikaaloonni keessaan oomishamuu waan dhiisaniif dafanii gadi bu'uudhaan dhiphina fidu. Yoo dura dhiphinaan qabames keemikaaloonni of sirreessuuf jecha humna dabalataa Alaa yeroo barbaadan, Araada keessatti kufu jechuudha. Marsaan akkasii kunis deebi'ee kutaalee Sammuu warruma duraan irratti marihanne sana miidhuudhaan turtii keessa gara Jeeqama Sammuuti Nama geessuun isaa nimala.

Kuni huundi adeemsa haala ittiin hubama keessoo Sammuu sababoota kallattii tokkoon dhufan qofa kaasuun akka fakkeenyaattii fidameedha.

Sababoota akka walii galaatti Dhaabbanni Fayyaa Adduunyaa WHOn maxxanse gabaabsinee ilaaluun akka dabalataatti hubannoo bal'isuun nugargaara waan ta'eef osoo hinbaay'ifne haatuttuqnu.

1. **Bu'uura Dhuunfaa**: Namni tokko bu'uuruma irraa amaloota si'aayinaa Dhaal-sanyiin isaa waliin dhalatu qabaachuu danda'a. Miira ofii to'achuu dadhabuun akkasuma wanta kana irratti dablata ta'uu mala. Dhukkubbiin yeroo dheeraas jijjiirama Qaamaa fi Sammuu irratti ni fida. Fayyadamni Aalkoolii fii Qorichoota biroos madaala ummamaa Sammuu jeequuf sababa ta'a.

2. **Hawaasa Naannoo**:Namni kamiyyuu qofaa hin jiraatu waan ta'eef,Hawaasaa fi Naannoo keessa jiraatan keessa Haaloonni jireenyaa daa'imumaa irraa eegalee jiran; Amala ijoollummaa akkaataa itti tapatanii guddatan,dadammaqiinsa ykn qababanaa'uu akkasumas haala ittiin Adabaman/ittiin gorfaman. Erga guddatanii ammoo akkaataa Hawaasa Naannoo isaanii waliin qindoomanii jiraatan; Waliigaltee qabaachuu ykn dhabuu, adda ba'uu(fottoquu), ammas ammoo eddoo ittiin dalagan; Haala mijataa keessa dalaguu/Dhiphinaa fi Naannoo mijataa hintaane keessa dalaguu kuni huundi madaala Sammuu eeguu fi cabsuu keessatti gahee mataa isaa qaba.

3. **Sirna Waliigalaa**:Dhuunfaa,Maatii fi Hawaasa Naannoo dabalatee Sirni jireenyaa waliigalaa dhiibbaa mataa isaa qaba.Haalli dinagdee, dhaabbileen fayyaa, fi manneen Barnootaa akkasumas jireenyi walcaalmaa/waldogommii, walitti bu'iinsi ykn Waraanni fi Godaansi/Buqqa'uun, Sammuu Namootaa keessatti dhiibbaa gurguddaa qabaatu.

4. **Barnoota Jiruu**: akkuma jiruun Gaariis hamaas Nama barsiisaa adeemu Taateewwan umurii ijoollummaa keessa darban yeroo ge'eessummaatti deebi'anii of muul'isu. Daa'imman umurii ijoollumaa keessa wantoonni irra ga'an kan akka sodaachisaa fi kanneen biroos keessa Sammuu issaaniitti kuufamuudhaan yeroo ol jedhanitti sababuma hinbeekamneen isaan keessa ka'uudhaan, Sammuu jeequu fi mataa irraan dhiibbaa geessisuun akka Rakkina tokkootti ilaalameera.

Sababoonni baay'inaan irratti xiyyeeffataman gabaabbinaan isaan kana yommuu ta'an, sababoota kanaa fi kanneen biroos dabalatee Rakkoon dhiibbaa Xiin-Sammuu akka waliigalaatti baay'achaa dhufeera.

Dhaabbanni Idil-Adduunyaa "Global burden of Disease"(GBD) jedhamu Qorannoo Bara 2021 taasiseen, Bara 1990AD hanga 2021AD Babal'atiinsi Jeeqama-Sammuu waliigalatti Reetii guddinaa Aveereejiin Dhibbeentaa kudha torba tuqaa Lama Saddeetiin(17.28%) dabalaa deemuutti akka jiru, Dhaabbanni maxxansa Bu'aa Qorannoo "BMC Spsychiatry" jedhamu, gaafa Caamsaa 15/2025 maxxanseera. Akka qorannoon kuni agarsiisutti Gosoonni Jeeqama Sammuu akka 'Schizophrenia' inni nuti Maraatuma guutuu

jennu (0.64% yommuu) ta'u haalaan tasgabba'aa akka ta'e kan ibsame yommoo ta'u, warri akka gadda Sammuu 'depression' fi Dhiphina 'anxiety' walduraa duubaan (18.16% fi 16.07%) ta'uudhaan, haalaan dabalaa akka jiran ibsameera.

Kanaaf yeroo ammaa kanatti xiyyeeffannoo itti kennuudhaan furmaata argachuu kan qaban isaan kana ta'uu hin oolu.

Bara ammaa kana keessa guyaa guyaati odeefannoo haarawa, barnoota haarawa, gatii bittaaf gurgurtaa haarawa; walumaa galatti kallatii jireenyaa haarawatu argamaa deemuutti jira. Namoonni yerichaa waliin qixa fiigaa hin jirre, akka Daa'ima haadha jalaa badee guyaa gabaa ganamaan lafa Gabaa keessa seenee, booda yeroo gabaan ho'ee walitti seene Lafti gara ittiin galtee, bakka seenuu fi gara deemu wallaaleeti.

Maal yaaduu akka qabuu fi maal murteessuu akka qabu wallaaluudhaan, akkuma itti hammaachaa deemuun, dandeettiin of to'achuu isaa xiqqaachaa deema. Kanaaf Yeroo ammaatti rakkoon kuni garmalee babal'achaa dhufuu danda'e.

● Ga'ee dhuunfaa

Namni Sammuun isaa Jeeqame/dhukkubsate dhukkubsachuu isaa keessatti Komiin itti gaafatamummaa kan isatti kennamu nijiraa?

Baay'een keenya ofiifuu rakkachaa jiraa maal komatama jechuu dandeenya. Garuu komiin jiru erga dhukkubsatee kan dhufu osoo hitaane, Osoo sadarkaa dhukkubaa hindhaqqabin maal gochuu qaba ture? Kan jedhuudha.

Ilmi Namaa yeroo uumamu, dandeettii ofiin of to'achuu Sammuudhuma Isaa fayyadamee Sammuu isaa hoogganuu akkasumas, waan barbaade irratti murteessee kan barbaade ammo itti dhiisuuf filannoo bilisaa kennameera. Mee haala Nama hin nuffisiisneen Akkamitti akka Namni Sammuu isaa fayyadamee of hoogganuu danda'u haa ilaallu. Faakkeenya Salphaa wahii fudhachuudhaan adeemsa hojii kutaalee Sammuu Of hoogganuuf murteessoo ta'an waliin walitti hiina.

Carraa dubbii Mana Murtii keessatti qabeenya qaalii ofii tikfachuf Dhaddacha dhumaa irratti argame

Ati Namni kitaaba kana dubbiftu, bara dheeraa ifaajdee carraaqxee qabeenya walitti qabatte Namni Si waliin dalagaa ture sobaan si saamuuf yoo Himata sitti bane fi yeroo dheeraaf waldhamaasaa jiraattanii gaafa dhumaa Abbaan murtii carraa tokko siif kennee, "kuni carraa kee isa dhumaati. Waan ibsachuu barbaaddu huunda ibsadhuu xumuri. Gama lamaaniin erga dhaggeeffanneen booda, har'a murtee dhumaa dabarsina." siin jedhe akkam akka sitti dhagahamu yaaduudhaan, Keessa Sammuu keetti wanta adeemsifamu ilaali.

=> Qilleensi Mana murtii keessa jiru ulfaataadha.

Mormiif dhamaasuu ji'oota baay'ee sanadoota fi ragaalee walitti qabuu nuffisiisaa booda, kun carraa dhumaati. — carraa tokko qofa dubbachuuf, wanta waggoota hedduu hojii fi amanamummaan argatte sana eeguuf.

Cal'isni abbaa murtii dura jiru akka ulfina Addunyaa kanaa qoma kee dhiibaa jiruutti sitti dhaga'ama.

Yeroo kana miirri sodaa qaama guutuu haguuguf yommuu dhihaatu, kutaan Frontopolar Cortex - FPC jedhamu — sababa isaa si yaadachiisa — faayidaa maallaqaa qofaa osoo hin taane, kabajaa, haqa fi dhalootaaf dabarsuudha.

Gochoota ammaa kan eegumsaa kana seenaa jireenya kee isa dheeraa waliin walitti hidha:

> “Ani kanan falmadhu qabeenya koo qofaaf miti; Hojii koo fi dhugaa koo bakka bu’ee dhaabbachuu kooti.” jechuu keeti.

> Mul’ata gara fuulduraatti xiyyeeffate kanaan, FPCn yaaddoo gara murannoo tasgabbaa’aatti jijjiira.

Dorsolateral Prefrontal Cortex - dlPFC — Teessuma Xiyyeeffannoo Murteessaa: Yeroo dubbachuu eegaltu, dlPFCn Yaada sababaa kee akka ibidda tasgabbaa’aa tokkootti qaba.

Yaada kee gara sararoota ifaa dhiheessuutti qindeessa, jechoota kee fiigicha miiraa jalaa eega, akkasumas wantoota Nama jallisan — sagalee wacaa, ija ilaalaa, rukuttaa onnee ofii kee illee — mirkaneeffata.

> “Yaada kee addeessu fi ifa gochuu irratti xiyyeefdadhu, dallansuu irratti miti. Jecha hunda sirritti filadhu.” ofiin jechaa jirta.

> Yeroo kana, xiyyeeffannoon kee meeshaa waraanaa kee ta’a.

Anterior Cingulate Cortex - ACC) — To’ataa Keessoo

Gidduu dubbii keetii: jeequmsi kee ol ka’aa akka jiru sitti dhaga’ama. Jechi dogoggoraa tokko dhihaatee sitti jallata —

miirri sababa moo'ata. ACCn mallattoo tokko ibsa: "Dogoggorri jira — dhaabi."

Hafuura ol fudhatta. Of deebista.

> "Dhugaa keessa turi. Sarara tasgabbaa'aa irra adeemi."

> To'annoon cimaa ta'e kun tasgabbii kee miira jala akka hin jigne eega.

Orbitofrontal Cortex - OFC — Xiinxalaa Ogummaa Qabu:

Abukaatoon mormituu keetii jecha Aarii Namatti kaasuun si jallisa. OFCn dafqa bu'aa isaa madaalaa — "deebistee waraanta moo ni dabarfatta?" Jedha. Gatii of-qabuu gocha lolaa caalu herrega:

> "Deebiin dallansaa tokko, waa hunda si dhabsiisuu danda'a. Tasgabbaa'ii turi." kan jedhu sitti dhaga'ama.

> Ogummaan madaalaa kun humna lolaa gara cal'isa ogummaa qabuutti jijjiira — gocha to'annoo kee isa guddaadha.

Ventromedial Prefrontal Cortex - vmPFC— Kan Sababaa fi Miira Wal-Simsiisu:Yeroo jechoota kee humna tasgabbaa'aan dhiheessuu eegaltu, vmPFCn miira fi loojikii walitti qabee akka wal simatu godha.

Ibidda keessoo kee kabajaan laaffisa, sodaa dhabuu gara of-itti-amantummaa dhugaa ta'eetti jijjiira.

> "Wanti dhugaan sirrii ta'e, yoo ifaan dubbatame, ni mo'ata." jechuun of abdachiifta

> Yeroo Abbaan murtii mataa raasu, ati Haara-galfii Sammuu argattee, vmPFCn gocha to’annoo kee kanaan si badhaasa.

Insula — Daawwitii Keessaa:

Kana hunda keessatti, Insulaan kee dhugaa keessoo kee waliin si hidhee jira. Jeeqama qoma kee keessa jiru, ho’a fuula kee irratti ol ka’u, fi hurgufamuu quba keetu sitti dhaga’ama. garuu, dadhabina kiyya jettee of balfuu osoo hin taane of hubannaadha.

> “Kun dhugaa qaama kooti — dadhabina osoo hin taane, qophaa’ina.”

> Ofii kee guutummaatti hubachuun, yeroo sana deebiftee of jala bulchita.

Xumura

Mana murtii sana keessatti, kutaan Sammuu kee jahan — sababa irraa kaasee hanga miiraatti — wal ta’iinsa callisaa uuman Waliin ta’uun, sodaa gara xiyyeeffannootti, miira gara dubbii bareedaatti, fi jeequmsa gara ifaatti jijjiiru.

Ati waa'ee dhimma sanaa qofa hin moone — ofii keef of moo’atte.

Kun injifannoo qabeenyaa qofaa miti. Kun injifannoo hubannooti. Sammuun murtii dura dhaabbatee, ogummaa tasgabbaa’aa keessaatiin geggeeffamuudha.

Haala kanaan Namni akka barbaadetti of qajeelchuu, of hubachuu waan barbaade filatee yaaduu fi dhiphinas ta'e Araadas dhiibbaa kamiyyuu of irraa dhaamsuu, akkasumas Dhaddacha isa Mana Murtii Jireenya isaa kamiyyuu ittiin mo'achuu ni danda'a jechuudha.

Kanaaf Namni Sammuun isaa Miidhamuun duratti ittigaafatama of tiksuu of cimsuu fi daran of guddisuutu irra jira. Sammuun Namaa Qaalii qofa osoo hintaane Cimaadha. Haalaan nitajaajila dafees hin miidhamu. Sana huunda darbee akka hin miidhamneef ammoo itti gaafatamaan Abbaadha!

Kutaa itti aanu keessatti itti gaafatamummaa kana sirnaan bahatanii Faayyaa ofii tikfachuuf maaltu Fala akka ta'e ilaalla.

1.3.Maaltu fala?

Gara Yaada Ijoo kitaaba kanaatti seenaa jirra. Mataduree kana keessatti qabxiilee akka Furmaata/Falaatti gargaaran tokko tokko kaafnee ilaaluun gara Furmaata is irraa dhumaa seenuudhaan, Onnee Ergaa kitaabichaa Lafa keenyee jala sararruun guduunfina.

Galgala yeroo rafuuf gad jennu, Balbala huunda ofitti cufachuun ifaa huuda dhaamsinee kutaa ciisichaa keenya guutuu dukaneefannee beeknaa laata? Yoo akkas goonee beekna ta'e, ifaan huundi dhaamee yeroo dukkana keessa jirrusana hoo, akka tasaa ifaan kutaa biraa keessaa yookaan Ala keessaa dhufu sarara xiqqaa hulaa jalaan ykn Hulluuqoo xiqqoo wahiin nutti seenee beeka ta'aa? Yoo ammas eeyyan jenne, yeroo sanatti ijni keenya kallatii Carallaa xiqqishoo alaa

nutti seentu tanaa ilaalti moo gara kallattii dukkaawaa bal'aa daree guutuu jiru sanaati?! Shakii malee gara Ifa xiqqoo alaa nutti seente tanaa ijni keenya ilaaluu eegala. Fakkeenya kana irraa wanta jireenya keenya keessatti jijjiirama guddaa fidu argachuu keenya waan ta'eef, itti haa fufnu. Tole asitti ammoo qabxii ajaa'ibaa tokko argana; akkuma gara Carallaa ifaa tana ilaalaa jirruun, al tokko of yaadachuun " Ijni kiyya kallattumaan gara ifaa tanaa ilaalaa jirti gara kallatii dukkanaawaa isa kaanii ilaaluu hindandeenye" jechuun ofkeessatti yoo hasaasne, haala dinqisiisaa ta'een battaluma sanitti Ijni keenya gara kallattii dukkanaawaa saniitti ilaaluu eegalti. Maalifi garuu? Kunii uumama Sammuun keenya qabu gurguddoo Lama of keessatti qabata. Inni jalqabaa Sammuun Namaa Haala kamiyyuu keessa osoo jiraatee, Waan haarawa yoo arge, osoo itti yaaduu isa hin barbaachine Xiyyeeffannoo laachuu isaati. Kunis yoo beeknee ittiin fayyadamne, ittiin of hoogganuuf meeshaa guddaa ta'ee nu tajaajila. Sammuu keenya keessa Yaaddoon, Sodaan, Gaddi, Aarii fi burjaaja'iinsi gosa kamiyyuu yeroo nu seenetti, Tarkaanfiin jalqababaa nuti fudhachuu qabnu of dhaggeeffachuudha. Sakandiidhuma jalqabaa "Maalan ta'aa jira? Maaltu natti dhagahamaa jira?" Of gaafachuun, keessa keenya Callisaan dhaggeeffachuu eegalletti, Sammuun gara duraan yaadaa ittiin cinqamaa ture sana dhiisee gara gaaffii of dhaggeeffannaa kana Xiyyeeffannoo gara galcha. Kuni waan nuti furmaata itti himneef osoo hintaane, waan Mataduree haarawa isaaf kennineefi. Akkuma yeroo gad ciifne ijni keenya karoora keenyaan ala Carallaa sanaaf xiyyeeffannoo ken'itee,(ifaan tuni eessaan seenaa jirti? Kan alaatimoo akan kutaa garasiiti? Ifaa tana keessa wanti asiif achi balaliitu tuni bookeedha moo?

lakki bookeenis hanga kana hin xiqqaattuu!) jechaa, fedhiimalee Yaada Sammuu guutuu boojitu; Ammas Sammuun keenya Haajaa gaddaa duraan irra jiru sana dhiisee, karoora malee waa'ee of dhaggeeffachuu yaaduu eegala. Fkn(Baay'een yaaddawaa jiraa? Qaamni kiyya ho'aa jira moo qabbanaawaa jira? Rukuttaan Onnee kiyyaa Dabalaa jiraa? akkamittin waankana yaaduu eegale) Jechaa mataduree biraa keessa seenuudhaan, gadda/Aarii /Rifuu sana keessaa bahaa deema.

Kuni tarkaanfii jalqabaa yommuu ta'u, inni itti aanu ammoo, Waa'ee Battalatti of sirreessuuti.

Lammaffa irratti ijni keenya yeruma nuti bakka isheen ilaalaa jirtu yaadannee Carallaa sanaan hatamuu isee ofitti hasaasne, daddaftee kallatii ishee jijjiiruun suni, Saayinsii bal'aa of keessaa qaba. innis Sammuun waa'ee wanta tokkoo yaaduu Osoo hintaane, waa'ee yaadicha inni yaadu sanaa yaaduudha. Karaa gabaabaan keessi Sammuu keenya Waa'eedhuma Keessa Sammuu keenyaa yaaduu jechuudha. Of baruu of hubachuu of sirreessuu fi of qajeelchuun achirraa madda. Fkn: yeroo "waa'ee carallaa alaa dhuftuu fedhii malee yaadaanjira" jedhee of yaadu sanatti, kutaaleen Sammuu dhimma kana irratti itti gaafatama qaban hatattamaan tarkaanfii fudhachuun xiyyeeffanno keessa Samuutis Ija Fiizikaalaatis kallattii jijjiiru jechuudha. Adeemsi akkasii Keessa keenya jiraachuun isaa nuhiif badhaasa guddaadha. Haala yaaddeessaa sana keessa taanee tarkaanfii jalqabaa sana fudhachuun of dhaggeeffachuu yeroo eegale,Sammuun keenya ariitii gudhaadhaan Odeeffannoo of dhaggeeffachuu irraa argame sana fayyadamee keessa isaa fooyyaa'inaan

sirreessuu eegala. Daqiiqaa muraasaaf itti fufuudhaan, yoo of dhaggeeffannee Sababoota keessi keenyaa jeeqamaa jiruuf huunda yaadachuuf yaalii goone, keessi Sammuu keenya waanuma duraan itti cinqamaa ture sana odeeffannoowwan xiyyeeffannoo jijiiruun argate kana huunda fayyadamuun furmaata waaraa fida. Kana jechuun yommuu Mataan nu jeeqametti wanti nuti gochuu qabnu, waanuma Lama qofa jechuudha.

Tokkoffaan yaaddawuudhuma keenya kana yaadachuu fi akkam akka ta'aa jirru of dhaggeeffachuu.

Lammaffaan waan nuyaachisaa jiru beekuuf xiyyeeffannoo xiqqoo kennuudhaan of keessa barbaaduudha. Kan hafe keessi keenya xiyyeeffanoo keenya osoo hin gaafanne ofumaaf ni xumura.

Kanaaf haalota kan lamaan fayyadamuudhaan burjaaja'uu irraa gara of hubachuutti; dhippachuu irraa gara hiika itti ken'uutti ce'uun ni danda'ama akka ta'e baruun, furmaata jalqabaati.

Ittuma fufuun, Haalawwan oggayyuu dagatamuu hinqabne kan yeroo mara of irratti hubachaa fi to'achaa adeemmamuu qababan, tokko tokkoon kaafnee ilaalla. Guyyaa guyyaan of sakatta'uun, Miiraaf Yaada ofii haalaan tasgabbeessuuf, qabxiilee Afur(4) irrattii shaakallii guyyaa guyyaan gochuun barbaachisaadha. Qabxiilee kanneenis akka Balbala tasgabbiitti kaafnee ilaaluu dandeenya.

● Balbala Tasgabbii Afran

Ilmi Namaa Sammuu isaa keessatti kutaa Yaadaa fi murtoo isaa ittiin to'atu qaba. Jabinnii fi dandeettiin to'annoo Namootaas wal caaluu danda'a. Namni tokko wantoota Afur to'achuu keessatti dadhabinni isaa sadarkaa harka ken'uutti yoo dhaqqabe, Rakkoo Xiin-smmuuf saaxilameera jedhamuu ni danda'a.

A. Y**oom yaaduu qabna**:Fayya qabeessi yeroo fedhetti waa hunda dhiisee “amma nan boqadha. yaaduu hinfedhu” jedhee tasgabbiin dabarsuu fi yeroo fedhetti ammoo, “amma yaaduun qaba” jedhee of eeyamsiisee yaaduu danda'uu qaba.

Fakkeenyaaf: Namni Nuti beeknu tokko nuuf bibilee “Ani si waliin dalaguun barbaada.akkaataa baasii fi galii waliin qooddannu akkasumas haalota jiran huunda boru deebinee kan irratti haasofnu ta’a. Kanaaf ***maaloo itti yaadi***! booru deebinee wal geenya.” yoo nuun jedhe, Nuti ammoo yeroo sana kitaaba dubbisaa turre yoota’e, Sammuun keenya akkuma Namichi bilbila nurraa cufateen waan kana xiinxaluutti seenta. Yommuu kana ammoo Nuti Kitaaba dubbisuu itti fufna moo, adda kunnee waa’ee Daldalaa yaaduutti seenna? “Ani amma Dubbisa irran jira yeroon kana xumures dalagaa heedduun qaba. kanaaf Waa’ee waliigaltee Amma jedhame kanaa Galgala yeroon boqonnaa argadhen sirriitti itti yaada” ogguu jennu, dandeettii Sammuu keenya hoogganuu goonfachaa jirra jechuudha. Yaanni gosa kamiyyii yeroo kamittuu Sammuu keessaa madduu ykn Alaa Namni biroo Namatti fiduu danda’a. haata’uu malee Yaada haga fedhellee Si’aawaa yoo ta’e, Eeyyama keenya cabsuu hinqabu.

“Turi” jechuu ykn “Hin barbaachiftu” jechuu danda’uun, of to’achuu fi of tasgabbeessuuf Balbala isa guddaadha.

B) **Maal yaaduu qabna:** Faya qabeessi ammas yaada isa barbaade achi aansee, isa barbaade as aansee, filatee yaaduu danda'uu qaba. Akkuma isa duraa keessatti kaafne “amma kanan gochaa jiraa kana ammoo boodan godha” jechuun, yaadoota gosa heedduu akka Roobaan jireettii nu keessaa maddaa nukee ori’an kana huunda bakka tokkotti keessummeessuu irraa of baraaruun, dirqama ta’a. Yaada isa irra caalaa ta’e isa bilchaataa ta’e filachuun, isa kaan of irraa ‘cal’ gochuun, balbala tasgabbii isa lammaffaadha.

C) **Hammam yaaduu qabna**: Sammuun haala nagaa irra jiru, waa tokko yeroo yaadu, “amma nageheera yoon barbaade yeroo biraa ittan deebi'a; yoon barbaades waa'ee kanaa hammakana ergan yaadee gahaadha. kanaaf as irratti dhaabuun qaba.” jedhee dhaabuu hin rakkatu. akkasumas wanta tokko yaaduu eegalee, “wanta kana xumuruun qaba kanaaf, ammas itti fufuun qaba” jechuu fi wantoota kana fakkaatan fayyadamuun, yeroo fedhe ittifufuu yeroo fedhetti ammoo dhaabuu danda'uu qaba.

Ganama Subii jalqabnee, Dhimma tokko xiinxaluu erga eegallee, achumaan yaanni nuun deemee osoo adda hin kunne, osoo Yaadas hin jijjiirre, waareen nutti gaha taanaan, Akkasumas yaada tokko xumurree murtoo irra dhaqqabuu osoo qabnuu, yaanni biraa gidduu seenuun ykn dafnee miira dadhabinaa keessa galuun yaada sana bakkaan ga’uun yoo nurakkisa ta’e, keessi Sammuu keenya hojii isaa haala sirriin hojjachaa akka hinjirre nuuf galuu qaba. Kana waan ta’eef,

yeroo tokko tokko ta'i jenneetuma of irratti yaalii gaggeessuun, haalaan of to'achuu danda'uu keenya mirkaneeffachuu fi guyyaa irraa yoo xiqqaate yeroo tokko,Yaada irraa adda of kutuun, yeroo tokko ammoo yaada tokko hanga dhumaatti itti fufuuf of dirquun, Shaakallii 'fireenii' yaadaa qabuu fi gadhiisuu gochuun, of cimsuun barbaachisaadha.

D) **Akkamitti murteessuu qabna:** Wanti Sammuu keessaa Namatti hasaase hundi gochaan ibsamuu hin qabu. Kan ibsamutu jira kan hin ibsamnetu jira. Akkaataa fi yeroo akkasummas bakkatu jira. Kana huunda haala madaallii isaa eeggateen to'achaa fayyaalessummaan jiraachuun ittigaafatamummaadha. Namni kamiyyuu of dhaggeeffachuu danda'a. Sammuun dhala Nmaa akkaan ariifataa fi burqaa kalaqaati. sana caalaa ammoo wanti inni burqisiisu huundi kan fedhii fi xiyyeeffannoo Namootaatiin kalaqame osoo hintaane,inni akkuma argetti erga waan fedhe burqisiisee booda kan xiyyeeffannoon keessaa filatamudha. Kanatu Yaada nukeessa dhufe huunda hojiin agarsiisuu mitii, "yaada akkanaatu natti dhufee ture" jedhanii haasa'uuf illee daran akka ulfaatu taasisa. huunda waan Qalbiitti dhufee Afaan ni'ibsa taanaan,harkis ni hijjata taanaan, Fayya qabeessummaa keessaa qofa osoo hin taane, Namummaa keessaa illeen Nama baasa. Kanaaf Sammuun erga waa yaadanii booda "hojjadhu moo dhiisu" jechuudhaan Tarkaanfiin dura Madaallii kaahuun waan haalaan barbaachisaati. Araada fi barmaatilee hamoo adda addaa irra of qusachuun dandeettii kana fayyadamuu irraa isa tokkodha.

Walumaa galatti Yoom, Maal, Hammam akka yaadan beekuun, fi akkamitti akka murteessan of to'achuun, Dirree Yaadaa keessatti Cancala Sammuu harkatti qabachuudha!

Kana erga jennee booda, haallan kana guutumaan guutuutti to'achuun, keessaafuu Yoom yaaduu qabna kan jedhuun walqabatee, hangam dhibbaan dhibbatti Sammuun dalagaa irraa dhaabsifamuu danda'a kan jedhu immoo itti dhihaannee haa ilaallu.

- ***Aduu fi Sammuun lachuu Madda Anniisaa hin qoorre fi hinqorqamnedha. kutaaleen Sammuu Dammaqaa fi miti-Dammaqaa, Cinlafa Bahaa fi dhiha Dacheen wal simu.***

Boqachuuf, humna isaanii kallattii kaanitti gara galchu malee, guutuutti dukkaneessuun hin danda'amu!

Erga argamni huundi uumamee eegalee Aduun Daqiiqaa tokkoof illeen ifa gadi-dhiisuu irraa dhaabbattee hin beektu. Garuu ammoo osoo halkan dukkanaa'uu baatees, lafti ho'aan baquu isheetu mala ture. Lubbuun tokkos ishee keessa hinjiraatu ture. Duba erga Aduunis ifuu hin dhiifne, Dachiinis yeroo huunda ifa Aduu sana qeebaluun ishee miidha ta'ee, akkamitti walsimanii jiraaturee? Deebiin gabaabaan: Lafti Dirra ishee gara tokko Aduutti gara galchuun gara tokko ammoo Dukkanaan boqachiifti. yeroo itti aanu ammoo faallaa sanii argamsiisuun, Halkaniif guyyaa isa nuti jennu kana uumtee jireenyis itti fufuu danda'ee jira kan jedhu ta'a.

Sammuun ilma Namaas akkuma Aduu sana Anniisaa yaadaa daangaa malee burqisiisa waan ta'eef, erga Namni tokko

Nama ta'ee uumamee hanga Du'aan boqatutti, Sammuun isaa daqiiqaa tokkoof yaada irraa dhaabbachuu hin danda'u. Falaasfoonni baay'een Naannoo fi Amantaa adda addaa irraa yaalii Sammuu yaada huunda irraa qulqulleessu fi boqachiisuu taasisaniiru. Isaan keessaa shaakalliin ' Shuun-yataa' kan warra Budihizimii fi ' Samaadii' kan Amantaa Hinduu, gochoota Guutumaan guutuutti Callisa keessatti of liqimsuuf shaakala taasisaman keessaa warra beekamoodha. Haata'u malee, qorannoon heedduun Namootuma Shaakallii akkasii kanaan milkaa'oo jedhaman heedduu irratti erga adeemsifameen booda, yeroo isaan guutumaan guutuutti Callisa keessa jirra jedhan sanatti, keessi Sammuu isaanii haala cimaadhaan hojiirra kan jiruu fi kan hin boqanne ta'uun beekameera. Yeroo sanatti garuu Namoonni boqonnaan itti dhagahamuu wanni danda'eef, kutaaleen Sammuu Dammaqaa kan xiyyyeeffannoo fi of dhaggeeffachuu irratti jojjatan si'aayinaan sochii yeroo taasisan kutaan Samuu miti-dammaqaan kan Humna guddaa fudhatuu fi fedhii malee yaadota oliif gadi naanneessu ammoo, tasgabbii keessa galaa jira waan ta'eefi.

Kanaafuu boqonnaa fudhachuun ni danda'ama. innis garuu kallattii yaadotaa jijjiiruudhaan akka Dachiin gara tokkoon yeroo Aduun Ho'itu, gara tokkoon ammoo Halkaniin boqattu sanatti Sammuu dammaqaa fi Miti-dammaqaa gidduu dabareedhaan boqachuun kan danda'amu yommuu ta'u, guutumaan guutuutti garuu dhaamsuun, goonkumaa kan danda'amu miti.

Kanaafuu Furmaanni inni jalqabaaf kan xumuraa Onnee Ilaalcha kitaabichaa kan ta'e isa kami yoo jenne;

Aduu dhaabsisuuf carraaqxa moo, Halkanii fi guyyaa isheetti fayyadamuuf Addeessa mijjeeffatta? Kan jedhu ta'a.

Sammuun hin dhaabbatu erga jennee, kanaafuu "akkamittan ofirraa dhaabee 'cal' isa godha" jennee dhama'uu mannaa, Dhaabbachuu dhabuu isaa akka carraatti fayyadamnee, itiin milkaa'uu wayya.

Sana akkamitti gochuu dandeenya isa jedhuuf, Addeessi inni nuti jenne maali kan jedhu haa hubannu. Jiini/Baatiin/Addeessi, Anniisaa Aduu ofitti sassaabuudhaan, halkan yeroo Aduun fagaattu sanatti osoo gubaa hin qabaanne osoo boqonnaa Nama hin dhoorkine, Ifnaana ishee bareedaa sana Nuuf balaqqeessiti. Haaluma wal fakkaatuun Sammuun keenya akka Aduutti daangaa malee yeroo Anniisaa Yaadaa maddisiisutti *[Yaada dhaabbataa,Kaayyoo gara fulduraa, Galma jireenyaa akka Addeessaatti Anniisaa Sammuu walitti qabee butatu]* yoo qabaanne, Sammuun akka Yaada dhaabuudhaan boqatu gochuuf carraaquu mannaa, Addeesa(Galma jireenyaa) mijjeeffachuudhaan, halkan guyyaa Anniisaa isaatti fayyadamuu wayya.

Karaa Sayinsawaa ta'een wanta kana ifa gochuuf: Yaada Namoonni xiyyeeffannoon qabatan fi yeroo baay'ee kaayyoo godhatanii itti yaadan waraabbachuun(qayyabachuun) yeroo xiyyeeffannoon ala ta'amuu fi yeroo hirriiba keessa jiramu illeen, yaada sana bu'ura godhachuun, kutaalee Sammuu kan kallatii yaadotaa gara sanatti deebisuu irratti hojjatantu jiru. Yeroo xiyyeeffannoo guddaadhaan waa tokko yaaduu eegallu, Sammuun keenya walitti hidhata Yaadannoo "memory Network" uuma. Sana booda nuti xiyyeeffannoo sanaan ala

yeroo taanu Sammuun miti-dammaqaa hojiisaa itti fufa. yeroo hirriiba cimaa rafnu illeen hojii isaa hindhaabu. Dhuma irratti kallattii furmaataa heedduu dhiheessee nu'eeguudhaan, Lammaffaa irra deebinee wanta sana yeroo yaannu, Salphumatti Furmaata arganna jechuudha. Kanaaf Aadaa keessatti Abbootiin keenya yeroo wal marihatan, "*mee suuta itti yaannee, Rafnee kaanee walitti dee*bina" jedhu. Karaa Al-kallattiin sirna kana itti fayyadamaa jiru jechuudha. Nuti ammoo sadarkaa dhimma tokkittii ittiin furuu bira dabarree, dhiphinaa fi yaaddoo irraa gara yeroo huunda wanta hiika qabeessa ta'e irratti humna isaa baasuun, jeeqama Xiin-sammuu hambisuu qofa osoo hintaane, jireenya keenya guutuu ittiin jijjiiruu fi gabbifnee ijaaruuf, sirna Samuu kana gara Fala guddaatti jijjiirree dhuheessuun dirqama ta'a. Sunis: *Maraachuu mannaa, Galma qabaachuun dandamachuudha!* Kan jedhu ta'a.

Akka Addeessi halkan keessa Ifaa Aduu Bu'aatti jijjiiru, Galma Jireenyaa(Addeessa jiruu) isa Sammuus fayyisee jiruus fooyyeessu of keessatti kalaquun dirqama Nama huundaati. akkasumas furmaata isa xumuraati.

Namni Galma guddaa fi Karoora Ifaa qabu Fayyaaleessummaan isaa dabalaa bula!

Mee yaaduma kana karaa biraatiin ibsuun hubannoo isaa haa salphifnu:

Namni tokko Dirree Gabaa Adduunyaa keessa yeroo daddeemu, Sagalee Afaan garagaraatiin haasaawwamu bakka tokkotti dhagaha. Sagaleen suni garuu, isaaf waca ta'ee isa jeequu fi mataa dhukkubsuu malee hiikkaa tokkollee isaaf hin

kennu. Garuu akkuma itti siqee dhaggeefatuun, Afaan inni beeku yoodhaga'e, waca ta'uu dhiisee sagaleen suni hiika qabeessa isaaf ta'a. dubbatatee Namaan walii galee, bittaa fi gurgurtaa keessatti hirmaachaa, dhukkubsachuu irraa gara fayadamuutti deemuu eegala. Kanaaf Namni jereenya har'aa kan akkuma gabaa Adduunyaatti Afaan garagaraatiin Sammuu Namaa keessaa wacu kana keessa jiraatu, Sammuu isaa keessatti yaada inni beeku;yaada hin jijiirramne;kan yoomuu of keessaa dhagahu tokko, muree murteessee of keessatti dhaabee biqilchuu danda'uu qaba.

Haala kanaan yeroo hunda wiirtuu boqonnaa Sammuu ittiin argatan uummachuun ni danda'ama. Yaanni sunis Galma jireenyaati. Galma jireenyaa ifaa ta'e, kan akka Maqaa ofiitti beekamaa ta'e qabaachuudhaan, waan jiraataniif yoo baran, Galmi suni Sammuu ofii keessatti Sagalee Namaaf ta'a. Waciinsa jireenyi Adduunyaa Namatti fiddu keessaa harkisee Nama baafata. Sammuun keenya Yaada dhaabbataa tokko kan Halkan guyyaa Yaadoonni jiran huundi akka Wiirtuutti isaan marfatan Qabaachuu barbaada. Wiirtuu sana qabaannaan, Waciinsa Yaadaa kamiyyuu keessa, Dukkana Jireenyaa Kamiyyuu keessa yoo jiraate, goonkumaa kallattii isaa gad hin dhiisu.

Akkuma Nabiyyuu Yuunus(a.s) Dukkana Sadii; kan Halkanii, kan Galaanaa fi kan Garaa Qurxummii Keessa ta’ee, Yaamicha gara Rabbii isaa, isa duraan of keessatti biqilche sanaa yaadachuu danda’e sana ta’a. akkuma Yaamicha saniin Dukkana huunda cabsee bahuu danda’e sana jechuudha.

<u>Maraachuu mannaa galma qabaachuun dandamachuudha!</u>

Namni kaayoo Guddaa fi Karoora Ifaa qabu Fayaaleessummaan isaa dabalaa bula!.

BOQONNAA 2
GALMA JIREENYAA

1. Sadarkaalee Guutama Jireenyaa

Galmi Jireenyaa maal akka ta'e baruu fi dogoggoroota Kaayyoo qabaachuu waliin walqabatee uumaman adda baafnee hubachuuf akka nugargaaruuf jecha, Jireenyi ilma Namaa guutameera yookaan hiika qabeessa ta'eera jechuudhaaf, Sadarkaalee Namni suni keessa darbu gara tokkotti walitti qabnee kan ilaallu ta'a. Yaad-hiddama 'Abraham Maslow' Hayyuu Xiin-sammuu Ameerikaa, Sadarkaa Haajaa Saaykolojikaalawaa jechuun dhiheesse fi Yaadota ergasii Falaasamaoota biroo fi Amantaa irraa dabalamee argaman walitti cuunfuun, Mataduree 'Sadarkaa Guutama Jireenyaa' jedhu Qabxii Kudhan(10)nitti qoqqoonnee ilaalla.

1) Fedhinnaa: Fedhinnaa ykn Fedhii Hir'inaa jechuunii nidandeenya. Fedhii Namni Wanta tokko argachuu isaatiin gammachuu yeroo qofa abdatudha. Sadarkaa kana Baay'inaan Umurii Ijoollummaatti kan keessa darbamu yommuu ta'u, kan Miira kana keessaa osoo hin bahin umurii guutuu jiraatus argamuu mala. Sadarkaa Xiin-sammuu kanatti Namoonni waanuma gammachuu yeroo gabaabduu yaadu. Fakkeenyaaf gara umurii daa'imummaatti yommuu ilaallu, Waa'ee Keekii, Chonkoleet akkasumas Biskileeta fi wantoota yeroma sanaaf gammachuu isaan keessatti uumuu danda'an yaadu. Yeroo xiqqoo umuriin ol jedhan ammoo "Bilbila

Moodeelii Haarawa qabachuun fedha, Konkolaataa bareedaa akkasii qabaachuun hawwa" fi kan kana fakkaatan jechuudhaan miirri sadarkaa sanii ibsamuu danda'a. Inni kuni Fedhinnaa isa nuti jennudha.

2) Haajaa Bu'uuraa: Haajaan Bu'uuraa dhimma Namoonni Gammachuu qofa irratti huunda'anii hawwan osoo hintaane, barbaachisummaa isaatiif jecha itti yaadan ta'a. Inni kuni jalqabuma yeroo dhalatan irraa eegalee kan Namaa waliin jiraatu yommuu ta'u, Nyaata,Dhugaatii, Uffata, Dahoo ykn Mana jireenyaa fi haala fayyaa; walumaa galatti wantota jiraachuuf barbaachisan irratti yaaduu fi hojjachuutu Sadarkaa isa kana ibsa. Daa'imman xiqqoo Of beekuu fi Maatii ofii gargaaruu yeroo gahanittii, waa'ee kana fooyyeessanii yaaduu eegalu.

3) Haajaa Hawaasummaa: Yeroo Namoonni waa'ee wantootaa qofa osoo hintaane, Wa'ee Namootaas yaaduu eegalan. Hiriyaa qabaachuu, Jaallachuu-Jaallatamuu,Firaan wal haammachuu fi Hirmaannaa Hawaasaa keessatti qooda fudhachuu jalqabu. Sadarkaa Haajaa Miirawaa/Haajaa Hawaasummaa, kan Hawaasaan walitti isa maku akkasumas Miira Qabaachuu fi Qabaattamuu dhandhamu dhaqqabeera jennaan.

4) Kabajaa: Erga Hawaasatti Makamuu eegalanii booda, qaama Hawaasichaa ta'uu qofa osoo hintaane, Xiyyeeffannoo Hawaasichaa tu'uun Qalbii keessa Nama Adeemuu eegalti. Fudhatama qabaachuu, kabajamuu fi ilaalcha addaa Hawaasa irraa argachuuf, keessi Namootaa yeroon itti kakaatu yeroo Sadarkaa tana dhaqqabaniidha. Qaamaan Dhaabbii Nagaa qabaachuu, Beekkumsaan

Cimaa Jedhamuu, Konkolaataa Bareedaa hiriyoottan isaa gudduu ofuun, hawaasa isaatiin dinqisiifatamuu faatu keessa jira.

5) Dammaqina: Sadarkaaleen duraa Afran marsaa guddinaa Jalqabaa fi is gad'aanaa irratti kan argaman yommuu ta'u, Sadarkaan inni Shanaffaa kuni ammoo, Ce'umsa gara Sadarkaalee Ol'aanoo ta'a. Namoonni yeroo Sadarkaa kanatti Seenan, Sammuun isaanii bilchina wahii isaaniif dhaamuu eegalti. Wanta kiyya jedhan; kan fedhii Daa'imummaa sana irraa adda ta'e wahii abdachuu jalqabu. "Barnoota kiyya Doktora ta'uudhaan xumuree eebbifamuun qaba." Yookaan "Abbaa kiyya Faana Daldala eegalee gara fulduraa Mana guddaa Fooqiidhaanan ijaarradha ykn Suuqii daldalaa banachuun hawwa, Kana malees Xiyyaara Balaliisuun barbaada hawwiin kiyya guddaa isa kanadha" fi kan kanaan walfakkaatan jechuudhaan, waa tokko waan hojjachuu fi Argachuu dan'an tokko yaaduun Mallattoo Dammaqinaati.

6) Kaayyoo: Kaayyoon wantootuma Sadarkaa Dammaqinaatti hawwaa turan sana sababaa waliin itti yaadanii mutreessuudha. Inni kuni Sadarkaa isa "Maalan ta'a?" osoo hin saane "Maalan tajaajila?" ittiin jedhaniidha. Fakkeenyaaf: Gara fulduraatti Doktoran ta'a osoo hintaane; Gara fulduraatti Doktora ta'een Ummata kiyya dhukkuba irraa baraara yeroo jedhanu. Ykn Mummicha Misteera Biyya keenyaa ta'een muudama osoo hintaane; Mummicha Ministeeraa Biyya kiyyaa ta'een Ummata kiyya ceesisa. Akkasumas Mana Barnootaa dhuunfaa kiyyaa ijaarradhee horachuu/qabaachuun qabaaa osoo hintaane;

Mana Barnootaa dhuunfaa kiyyaa Ijaaree Hawaasa Naannoo kiyyaa gara Boqonnaa Qaroominaattan olbaasa fi kanneen kanaan walitti galoo ta'an yaaduutu Kaayyoo jedhama.

As irratti garuu xiyyeeffannoo itti kennuun, Ummanni Adduunyaa Harki Bal'aan akkamitti Kaayyoo malee jiraachaa akka jiru ilaaluun dirqama ta'a. Sadarkaa Shanaffaa irratti isa Nuti Dammaqina jechuun ilaallee dabarre sana kaayyoo godhachuudhaan, osoo Sadarkaa isa Jahaffaatti hinceene, inumaayyuu gara Sadarkaa Afraffaa gad deebi'uun, Marsaa Jireenyaa Wal fakkaataa keessa of galchuun yeroo balbala ofitti cufanii dhugaadhaan wal dhabanii jiraatan muul'ata. Fakkeenyaaf: Dinagdee cimaa akka qabaatu yaaduun hojiiti seene haa jennu. Kuni Sadarkaa Dammaqinaati. Achi booda Dinagdee isaa jabeeffatee, Manaafi konkolaataa gaarii yeroo horatetti maal yaaduu eegala? Abbaa qabeenyaa akka ta'e beekkamuu, Hawaasa Naannoo isaa biratti Ija Gatii qabuun ilaallamuu hawwa. Kuni ammoo Sadarkaa Afraffaa irratti isa Nuti Miira Kabajaa/Kabajaa jechuun ibsineedha. Yeroo xiqqoo booda ammoo isa duraan yaade waan argateef gammachuun isa sanii jalaa dhumachuudhaan, ammas Miira Dammaqinaa isa biraa keessa Gala. Fkn: Waarshaa Guddaa tokko Banachuun qaba jedha. Waarshaa Sana yoo ijaaruu danda'e sana boodahoo maal abdata? yeroo jennu, ammas Hiriira Abbootii qabeenyaa Akka Magaalaatti jiranii keessa galuu fi achitti muul'achuu ta'a. Suni hoo maali? Ammas Miira kabajaati Sadarkaa Afraffaa. Bara jireenya isaa guutuu yoo isaaf milka'aa jiraate, Sadarkaa Dammaqinaa fi Miira Kabajaa gidduu dallaha hin

diiggamne ijaarratee, isaan gidduu naanna'aa jiraata malee, Sadarkaa itti aanutti Cahuu hin danda'u. Sababni Namoonni heedduun Beekumsaan fi Beekkamtiinis ta'e Dinagdee Ho'aadhaan erga milkaawanii boodas dhiphinaa fi miira gaddaa keessa jiraataniif isa kana.

Gabaabumatti: Maatii gaarii keessatti dhalatanii achi booda Beekkumsa guddaa argachuu, achi booda Qabeenya Bal'aa argatanii, achibooda ammas Bultii ijaarratanii Maatii gaarii horachuun; Marsaa jireenyaa wal fakkaataa keessa naannwaa jiraachuu ta'uun ala, Jireenyaaf hiika guutuu kennuu hin danda'u.

Dogoggorri bakka tanatti uumamu ammoo akka dafee furmaata hin arganne kan godhu, Marsaa Cufamaa sana keessa yeroo naannawan, akka waan Sadaarkaa itti aanutti cahanii ykn akka waan Adeemsi suni Kaayyoo dhugaa ta'eetti Amatii dogoggoraa isaan keessatti kalquu isaati.

Yeroo tokko jedhan: Namtichi Jiruu Isaa Laga keessa deemuun, Qurxummii kiyyifatee gurguree ilmaaniif maatii isaa gargaaruu irratti huundeeffate tokkotu ture. Gaafa tokko osoo Inni Laga keessa akkuma barame Qurxummii kiyyeessu, Namoonni tokko Daawwii fi Bashannanaaf bakka sana dhufan. Xiqoo booda Isa waliin walbaranii wanta dalagaa jiru kana isa gaggaafachuudhaan, “Ati garuu maalif kiyeessa Qurxummii kana haalaan babal’iftee irrati hindalagne?” Jedhanii isa gaafatan. Innis deebisee “Achi booda hoo?” Jedheen. Isaanis “Baay’iftee gurguratta kaa” jedhaniin. Ammas deebisee “Sana booda hoo?” Jedheen. Isaanis “Maallaqa guddaa Argattee Abbaa qabeenyaa itaata kaa” jedhaniin. Ammas ittuma fufee “Sana booda hoo?” Jedheen. Isaanis ittuma fufuun “ Sana booda ammoo akka keenya kanatti Laga keessa dhuftee daawwachuu dandeessa” jennaan, yeroo kana Inni ammoo “ Amma hoo eessan jira? Laguma keessan jira mitii ree!” jedhee deebiseefii jedhama.

Kanaaf bakki dubbiin wal dhabde bakka tana jechuudha. Namoonni Sunniin Abbaa qabeenyaa ta’uudhaan booda, Maalif akka dhimma ittiin bahamu qulqulleessanii ibsuu hindandeenye. Kanaaf innis dhamaasuu hagasii booda bu’aan isaa Laga keessa deemuu erga ta’ee, kunoo ammayyuu Laguma keessan jiraa maaltu dhama’uu na barbaachise jechuun isaa, Barnoota guddaa of keessaa qaba. Kanaafuu Dammaqinaan Waa milkeessuuf murteessuun qofaa isaa gahaa waan hin taaneef, Kaayyoo dhugaa isa qulqulluu fi ifa galeessa ta’e qabaachuun barbaachisaadha.

Kaayyoon Dammaqinaaf Hiika kenna. Umurii gammachuu argamu sanaas ni dheereessa. Dammaqinni yeruma milkaa'etti miirri isaa ni dhumata. Ammoo gara waan Lammaffaa isa biroo abdachuutti Nama galcha. Kaayyoon ammoo, erga isa milkeessaniin booda, isa jiraachuu eegalu waan ta'eef, waa Milkii yeroo gabaabduu hin ta'u.

Inni biroo inni beekamuu qabu, Kaayyoon Of/ Abbaa kaayyichaa irratti hin gabaabbatu. Namoota biroo, Hawaasa ofii, Amantaa ofii,Biyya ofii walumaa galatti Ummata ofii tajaajiluuf murteessuu fi karaa ittiin tajaajiluu danda'an adda baafachuutu 'Kaayyoo' jedhamee Waammama. Gabaabumatti Kaayyoon ni ta'ama yookaan ni argatama osoo hin taane, ni hojjatama. Kan hojjatamu ammoo Adduunyaa Qaama ofiitiin ala jiruuf bu'aa dabaluuf ykn Rakkoo hir'isuuf qofadha. Malee of tajaajiluun sadarkaa Kaayyoo jedhu keessatti hiika hin qabu.

7) Muul'ata: Erga kaayyoo qabaatanii booda Sammuu Namootaa keessatti kan uumamu Bu'aa kaayichaati. Namni Kaayyoo qabu yeroo Adeemu, yeroo hojjatu, yeroo gad taa'u huunda Sammuun isaa isatti bilbila. Bu'aa kaayyoo isaa isa yaadachiisa. Ni Abjoota, ni manaammata. Keessa isaatti wanti inni kaayyoo kanaan Lafa kana irratti jijjiiru itti muul'ata! Inni suni 'Muul'ata' jedhamuun waamama. Namoonni muul'ata qaban Kaayyoo isaaniitiif rafanii hin bulanu. Ni hojjatu. ni carraaqu. bu'aa isaas dura buusanii of keessatti arguudhaan, Badhaasa yaadaa argachaa oolu. Sadarkaan inni kuni Sadarkaa kaka'umsaa fi murannoo, akkasumas karoora ifaati.

8) Ergama Jirenyaa: Amma ammoo erga daran ol guddatanii booda, wantoota cinaadhaa Nama hawatan huunda irraa fuula galuun fuula guutuu gara kaayyoo isaanii isuma irra jiran sanaa deebifachuu, itti amanuu fi jabeeffachuutu eegalama. Namoonni Sadarkaa kana irra yeroo dhaqabban, “Ani Kanan uumameef kana. hojiin kuni isan ani Jiruu kiyya keessatti ergama godhadhee jiraadhu. Yoon isa irratti hangan danda’e dalage, Gahee kiyya irra wantan hir’ise hinqabu jechuudha” yaada jedhutu madduu eegala. Kuni ammoo xiyyeeffannoo ofii gara kaayyoo tokkootti deebisuun, haala gaariin bu’aa buusuu akka danda’an gargaara.

9) Of-guutummaa: Battaluma sadarkaa ergama Jireenya ofii mirkaneeffachuu fi karaalee isa saniin duuba jiran irraa deebisannii of tasgabbeessuu sana keessa galinitti, Miirri Guutummaa Namatti dhaga’amuu eegala. “Kaayyoon kiyya kunoo, Muul’anni kiyyas dhugaadhaan Lafa irratti muul’achaa jira, Ergamni jiruu kiyyaa innin Ani isa raawwachuuf argames adda naaf ba’ee jira. Kanaaf wantin of duubatti dhiise hin jiru.” Kan jedhu Karaan ofii isa Namoota biroo irraa adda bahee itti muul’ata. Osoo hanqinoonni biroo kan furamuun isaanii haalaan barbaachisaa ta’e jiraatanii illeen, isaan garuu isa ofii danda’an waan raawwachaa jieaniif, miirri hanqina itti gaafatamummaa isaanitti hindhagahamu. Maal akka milkeessuu danda’an fi Maaltu akka ogummaa isaanii hintaane adda foohanii liqimsaniiru jechuudha.

Kanaafi yeroo Baay’ee Namoonni Bilchaatoon fi Hayyoonni dhugaa; dhimmoota si’aawoo tokko tokko

Dardaroonni ittiin aaruu fi dogoggora keessa galan illee, isaan garuu Miira sakatta'amaa ta'e keessa ta'uudhaan, gara tasgabbiitti Nama deebisu. Sababni isaas, isaan hanga ofii danda'an karaa isa isaaniif ken'ame sana irratti hojjachaa jiru. Akkasumas maal akka danda'an fi maal akka hin dandeenye adda baafatanii qeebalanii tasgabbii guutuudhaan ta'aniiru/jiraachaa jiru waan ta'eefidha.

10) Galma jireenyaa: Osoo Galmi jireenyaa hin jiru ta'ee, Sadarkaa Dammaqinaa irraa gara Kaayyootti cahuun hindanda'amu ture. Galmi jireenyaa yookaan Xumurri/Bakki Gahumsaa jireenyaa, isa Kaayyoo fi Sadarkaalee kaayyoon booda jiran huundaaf Lubbuu kennuudha.

Jalqabuma yeroo kaayyoon of irra darbanii Adduunyaa keessa jiraatan kanaaf bu'aa buusuu fi tajaajiluu ta'e, Gammachuun tajaajiluu keessatti argamu suni; ammas Abjuun Muul'ata keessatti ilaallmu suni; Tasgabbiin Ergama Jiruu mirkaneeffachuu fi of guutuu keessatti argamu suni huunduu Galma Jireenyaa keessaa maddee gadi coba.

Galmi Jireenyaa yeroo jiraachaa jirrutti Jiraachuu keenyaan duubatti Yaada Adduunyaa mataa isaa keessaa nutti gad yaa'uudha. Ni tajaajilla, kaffaltiin Nuuf hin kennamu. Nuti ammoo Nigammanna. Gammachuun kuni eessaa madda? Jiraachuu keenyaa, Eenyummaa keenyaa fi Maalummaa keenyaan duuba Xumura jiruu keenyaa keessatti Qabxii Bu'aa qabeessummaa argachuu hawwina. Hawwiin suni ammoo Isa nuti Galma Jireenyaa jenu kanatu isa.

Hawwiin Xumura Jiruu keenyaa irratti Qabxii “Bu’aa qabeessa” jedhuu kuni kallattii heedduudhaan abjotamuu danda’a. Fakkeenyaaf:Namni tokko Naannoo Isaatti Mana Barumsaa ijaaree waggoota heedduu erga dhaloota Qaraa jiraateen booda Du’aan yoo boqate, Erga inni darbeen booda Faanni bu’uura isaa itti fufamuu fi Maqaan Isaas Seenaan galmaahee jiraachuun, isaaf Hawwii inni Jiruu isaatiin duubatti qabaachaa ture ta’uu danda’a.

Akka Nama Amantaa qabuu, akka Nama Rabbiin nu’uume jiraachuu isaa amanuu fi akka Nama Du’aan booda jireenyi akka jiru amanuuti ammoo, waa huunda Caalaa wanti of darbanii Argama ofiitiin duubatti hawwamu, Galmi Jireenyaa inni dhugaan inni guddaan, Uumaa ofii kan Nama Kalaqetti dhihaachuudha. Hanga Galmi kuni Hawwii Namaaf ta’etti, hiika dhabeessummaan goonkumaa Nama hin mudatu.

Wanti yaadan, Wanti hojjatan, wanti Carraaqan, wanti Kufanii ka’an, wanti milkeessan huundi isaatuu hiika qabeessa qofa osoo hintaane, Madda gammachuu cinna hinqabne ta’ee Namaa waliin Jiraata!

Walumaa galatti Sadarkaalee kana huunda keessa darbuudhaan, Jireenyi ilma Namaaa Guutamee gara Boqonnaa Jireenyaa Isa itti Aanuitti cahama. Wanti hubatamuu qabu garuu Sadarkaa isa tokko irraa isa ol’aanutti yeroo cahan, kan duraan irra turan suni guutumaan guutuutti ni gatama osoo hintaane, haala barbaachisummaa isaatiin madaala isaa eegee jiraata. Yeroo Sarkaa Haajaa Bu’raaf yaadda’uu eegalu Fedhii keessoo isaa ni ajjeesa osoo hintaane,

Madaala isaa akka eeggatu taasisa. Yeroo Kaayyoo irratti xiyyeeffatus Dammaqina isaa of keessatti ajjeesa osoo hintaane, Hiika qabeessummaa itti dabala. Jireenyi akka kurupheetti bakka tokkoo bakka biraatti utaaluun kan keessa darban osoo hintaane, akka ijaarsa Riqichaa, tooko irra dhaabbatanii tokko ijaaraa, gabbisaa fi wal utubsiisaa kan cahaniidha waan ta'eefi.

'Sammuu Fayyaa fi Jiruu Fooyyaa argachuuf, Galma Jireenyaa qabaachuu qabna' kan jedhu, erga itti amannee, Galmi Jireenyaa ammoo Kaayyoo qulqulluu qabaachuutti Nama dirqa. Egaa Kaayyoon ammoo waan of tajaajiluuf Hawwamu/Karoorfamu osoo hintaane, Adduunyaa Qaama ofiitiin ala jiruuf bu'aa buusuudha.

Kan waan ta'eef, Namni kamiyyuu Kaayyoo of keessa kaayuf yeroo barbaadu, yoo xiqqaate gaaffilee ijoo Sadii(3) deebisuudhaan eegaluu qaba.

1. Inni jalqabaa, Adduunyaa of biratti argu tana "Maaltu ishii hanqata?" Maaltu ishii barbaachisa? Kan jedhu ta'a. Erga kan kaayyeeffatu ofiif qofa hin yaanee, of qofa ilaalee kaayyeeffachuun irra hin jiru jechuudha. Firoottan isaa, Hawaasa Naannoo isaa, Biyya isaa huunda qoratee wanta guutee fi wanta hir'ate addaan baasee hubachuun tarkaanfii isa jalqabaati.
2. Itti aansuudhaan,Wantoota Naannoo isaa yookaan Adduunyaa guutuu erga hubatee booda akka hanqinaatti arge, ykn hanqina illeen ta'uu baatu fooyyeeffamuu qaba jedhee wanta qoratee adda baafate sana tarreessuun, isaan huunda keessaa "Ani isa kamin danda'a?" Gaaffii jedhu of

hubannaa sirraawaa fi qulqullaawaan deebisuu danda'uudha. Inni kuni 'OF-ARGANNAA' jedhama.

3. Inni Sadaffaa Maaltu akka barbaachisuu fi Maal akka danda'u erga adda baafatee booda, Kaayyoon Suni yeroo milkaa'u Jijjiirrama akkamii Lafa irratti arguu akka qabu yaaduudha. Kunis Muul'ata jedhama. Isa Sammuu keessaa Badhaasa Miiraa Namaaf kennuudhaan Humna Namaaf ta'u.

    - Kanaaf Jireenya keenya keessatti haala kanaan Kaayyoo Galma keenya irratti huundaa'ee fi qorannoon qulqullaa'e kaayyeeffachuun nurraa eeggama. Kana gochuuf ammoo akkamitti akka Naannoo keenya hubachuu fi kaayyoo barbaachisaa ijaarrachuu akka dandeenyu ilaaluu qabna waan ta'eef, Naannoo keenya akkamitti akka hubannu haa ilaallu.

2. Afran Mala Qorannoo

Naannoo ofii irraa eegalee Adduunyaa guutuu keessa adeemnee qorachuu fi Maaltu guutuudha Maaltu hir'uudha isa Jedhu adda babaafnee hubachuuf, sirnaan qoqqooduun kallattii qorannoo ittiin gaggeesinu mijjeeffachuu Nubarbaachisa.

Egaa Uummanni karaa meeqaan fayadamuu danda'a? Wantoonni Hawaasa tokko barbaachisan maal faa'i? Lakkaawwamuu ykn gabaabsamanii ibsamuu ni danda'uu laata? Hawaasni (Ummanni) kamiyuu Utubaalee gurguddoo Afur (4) akka qabu salphimatti arguun nidanda'ama.

1) Nageenya: Fedhii keessoo isaa guuttachuuf bu'aa bahii taasisu keessatti Nagaan oolee galuu danda'uun, Utubaa jireenya Hawaasaati. Keessaan fi Alaan Tasgabbiin eeggamuu fi Nagaan waaraa buufamuun Jireenya Hawasichaatiif Hafuura Lubbuuti.

Haala Hawaasni Naannoo Tokkoo ykn Ummanni Adduunyaa irra jiru Furmaataaf yeroo qorataan, Bakki jalqaba irraa eegalamuu qabu isa kana. “Naannoon kuni Nagaan isaa maal fakkaata?” Kan jedhu gaaffi qorannoo isa jalqabaa ta’a.

Wal gidduu isaaniitti Walitti bu’iinsi,wal miidhuun, walitti muufatuun nijira moo, Faallaa saniin Nagaa, Araara fi wal danda’uutu jira kan jedhu xiyyeeffannoo guddaa kennamee ilaallama.

Akkasumas Alaan Daangaan Lafa jireenya isaanii Nageenya guutuu kan qabuu fi Ollaa isaaniin firoomanii juraachaa jiru jiraachuu isaanii; Ykn Faallaa saniin Daangaan walitti bu’iinsa fi Waraanaan darara qabaachuun, bakka Haalaan sakatta’amuu barbaaduudha.

Amma Jalqabuma irraa Ifa akka Nuuf ta’uuf jecha, Namni Kaayyoo isaa Bu’ureeffachuu/Adda baasee Lafa kaawwachuu barbaadu tokko, Utubaalee Hawaasaa kana beekuun maalif isa barbaachisa yoo jenne, Bakka hir’ate guutuu yookaan Bakka guute fooyyeessuu qaba waan ta’eefi.

Fakkeenyaaf: Ummanni kuni waa huunda Caalaa Nageenyatu isa hanqata jechuu yoo hubate, kanaaf Nageenya Ummata kiyyaa mirkaneessuu keessatti gaheen kiyya maali ? Maal gochuun danda’a, Maalgochuun hindandeenye? Isa jedhu

yaaduu eegala jechuudha. Haata'u malee Namoonni baay'een duraan itti yaadanii erga qoratanii Kaayyeeffatu osoo hintaane, gariin Waanuma keessi isaa itti tolee karaa godhate hordofuun gara kaayyootti jijjiiru. Gariin ammoo Rakkoolee Hawaasaa guutuutti qorachuu baata illee, wanta yeroo tokkotti akka Rakkootti itti muul'ate tokko Furmaata argachuu qaba jedhanii amanuudhaan, Of qopheessuun kaayyeeffachuu eegalu. Haalli kuni lamaan ammoo Rakkoolee Adduunyaan tuni baadhattee jirtu kana furuuf Quubsaa ta'uu hin danda'an. Kana waan ta'eef, Nuti ammoo karaa gabaabaan Haala Hawaasa ofii sakatta'uun akka danda'amu mijjeessaa jirra jechuudha.

2) Dinagdee: Utubaan inni Lammaffaan Hawaasni irratti ijaarramu Nageenyatti Aansee Dinagdeedha. Dinagdeen galii fi Baasii Qabeenyaa fi maallaqaa kan jireenya guyyaa guyyyaa keessatti kallattii fi al kallattiin boqonnaa malee naanna'u yommuu ta'u, "Ummanni kiyya Maal nyaachaa jira? Maal dhugaa jira?" isa jedhu gaafachuu irraa eegalee Sadarkaa Dinagdee Gad'aanaa fi Giddu galeesaa irraa hanga Sadarkaa Dinagdee is Guddaatti gadi fageenyaan qoratamuu danda'a. Kutaa isa kana warra kaan irraa wanti adda taasisu, Utubaalee hawaasaa Sadan isaan ala jiran huunda keessatti qooda gurguddaa qabaachuu isaati. Dinagdeen bakki inni itti dhabamu hin jiru. Akka Fakkeenyaatti Kutaa Isa jalqaba Nageenya jennee ilaalle irratti deebi'uun yoo hubanne, Sababoota Nageenya booreessuun wal dhabdee uumuu danda'an keessaa harki guddaan Dinagdee ta'uun dhugaa walii galaati. Namoonni Lafaaf wal dhabu, Oomishaaf

waldhabu, Daldalaaf wal dhabu. Suni huundi Dinagdee keessatti Hammatama.

Kanaaf Kaayyoo kaayyeeffachuun qaba jennee yeroo sochoonu Hanqinni ummataa inni bal'aan eessa biraan akka mudachaa jiru itti siqnee erga hubannee booda yoo ta'e, daran baheessa ta'a. Kuni ammoo Dubbii Walxaxaa fi Hojmanee Ulfaataa kan Haala Salphaan kaayyeeffachuu irraa nudhoorku miti. Kana hubachuuf Mee Dargaggeessi tokko Kaayyoo gara fulduraa isaa barreeffachuuf yaadaa jira haa jennu. Jalqaba qorannoo isaa dinagdee irraa eegaluu yoo barbaade, Laaybirarii Gurguddaa keessa deemee kitaaboolee Dhimma Dinagdee gad fageenyaan barsiisan Keessa Dubbisuu fi qo'achuun isa irraa hin eegamu. Akkam godha ree? Yoo jenne, Salphumatti Naannoo inni keessa jiraatu keessatti Namoota dhuunfaa irraa eegalee hanga Gabaa Magaalaa keessaatti ofumaaf wantootuma guyyaa guyyaan argaa oolu irraa xiinxaluu ni danda'a.

Naannoo sanatti Nyaanni amaleeffatamaan, Oomishni beekamaan Naannichaa, sochiin Gabaa Magaalaa Naannawa sanaa, Dhaabbiin Qaamaa Jiraattota Naannichaa illeen akka walii galaatti Sadarkaa Dinagdee Hawaasichi itti jiru ibsuu keessatti gahee qabu. Kanaaf Ummanni keenya Maal irra akka jiru erga hubannee booda, Deebifnee Qoodaa fi Dandeettii Mataa Keenyaa of qorachuun yoo kaayyeeffanne, Bu'aa qabeessummaan keenya haalaan firii godhata. Gabaabumatti Namni tokko "Naannoo kanatti hanqina Bishaan dhugaatiitu jira kanaaf Ani kana furuun qaba" jedhee yoo Maashina Bishaan ittiin baasan Kalaquuf kaayyeeffate, jireenya Hawaasa sanaa karaa dinagdeetiin Fooyya'iinsa akka argatu

gargaareera. Kaayyoon isaas hiika qabeessa jechuu dandeenya.

3) Hawaasummaa: Jalqabuma Hawaasa jechuun Ummata Naannoo tokko keessa Duudhaa fi Aadaa waloo qaabaachuun waliin jiraatu yemmuu ta'u, Hawaasummaan ammoo wanta Hawaasa ta'uu isaanii ittiin mirkaneeffataniidha. Hawaasummaan Sona Waliin jireenyaati. Akkaataan Hawaasni tookko ittiin waliin jiraatu, Aadaan waliin qooddattu, Barmaatileen inni qabu huundi Hawaasicha guddisuu fi qaroomsuu yookaan hiyyoomsuu fi duubatti hanbisuu keessatti shoora cimaa taphata. Kanaaf Namni kaayyoo baafatu tokko ittuma yaadee Hawaasni isaa Duudhaa akkamii akka qabu, Barmaatilee isaan dhimma ittiin bahan kan akkamii akka ta'n, akkasumas Aadaan Hojii Hawaasa sanaa Maal akka fakkaatu, Haala Sadarkaan guddina Afaanota isaanii irra jiru huunda erga sakatta'ee booda; hanqina jiruu fi jabina jiru adda baafachuu qaba. Ergasii Kan Hanqina ta'e guutuuf yookaan kan jabina ta'e daran fooyyeessuuf, waan qorate huunda keessaa tokko kan inni qooda keessaa qabaachuu danda'u adda baafachuun, gara kaayyoo guddaa fi Galma jireenya isaa godhachuutti darbuu qaba.

Barmaatilee duubatti hafoo hanbisuun, Barnootaa fi hubannoo yeroo dheeraa kan gaafatu yommuu ta'u Namni tokko Kaayyoodhuma godhatee Ummata isaa Barmaatilee duubatti hafoo keessaa baasee gara ilaalcha ammayyumaatti baasuu irratti hojjate taanaan, Kaayyoo bareedaa irra jira jedhamuu ni danda'a. Akkasumas Hawaasa Aadaa hojii dadhabaa qabu tokko dammaqsuu fi Aadaa hokii si'aawaa ta'een wal barsiisuun Hojii ciminaa fi dandeettii xiinxalaa

akkasumas Oobsa gaafatu ta'uun isaa, Kaayyoo ta'uu danda'a qofa osoo hintaane, sirriitti itti yaaddamuu qaba kan jedhu agarsiisa. Kana qofaa Osoo hintaane Jireenya Hawaasummaa Ummata tokkoo akkuma walii galaatti tiksuu fi Haala Fooyya'aa irratti ijaaruun Utubaa Hawaasaa tokko Jabeessuu akka ta'etti ilaallama.

4) Hegeree: Sosochiin Nama dhuunfaa irraa haga Hawaasa bal'aatti guyyurraa taasifamu huundi Hegeree/Borii Hawaasichaa ykn Namoota dhuunfaa sananaa murteessuu irratti dhiibbaa ol'aanaa qaba.

Hawaasnis ta'e Namni kamiyyuu yeroo huunda Hegeree isaatiif waa buusaa ykn waa hir'isaa jiraata.

Hawaasni Hegeree malee Har'a qofa jiraatu Goonkumaa hin argamu. Dhugaa kanaaf Agarsiiftuu guddaa kanta'an adda dureedhaan Dhaabbilee Barnootaa fi Dhaabbilee Amantaati.

Barataan tokko Mana Barumsaa deemee guyyaa guutuu Maatii isaa gargaaruu fi yeroo isaa wanta biroo irratti fayyadamuu dhiisee achitti dabarsuu isaatiin Manni Barnootaa suni Kaffaltii isaaf kafalu hinqabu. Kan deeme Bu'aa Har'aaf ta'u argachuu miti. Daa'immaniif Dargaggoonni Kumaatamaan Lakkaawwaman Hojii dhiisanii wanni Dhaabbilee Barnootaa keessa Guyyaa tokkoof Lama osoo hintaane, Baroota heedduu maalif turu? Baajatni guddaan Ramadamee Naannoolee Hanga Gandootaatitti Dhaabbilee Barnootaa irratti wanti hojjatamuuf maali? Harkaa Harkatti bu'aan irraa argamu erga hin jiru ta'ee, Egaa Dhamaasuun

hanganaa kuni huundi Hegeree Hawaasichaa bareechuuf qofa godhama jechuudha.

Akkasumas Dhaabbileen Amantaa Fi Amantaadhuma wanti jedhamu Mataan isaa Bu'aa har'aa irratti osoo hintaane xiyyeeffannoon inni guddaan Hegree Hawaasaa Bareechufi. Inumaa Amantaan ammoo daran fageessee kan xiyyeeffatuufi Hegereen Ilma Namaa Gaafa Lafa irra jiraatu qofa osoo jintaane, Erga Jireenya Laafaa irraa Du'aan boqatee Keessaa deeme illeen, Jireenya Du'aan boodaatiif Hegeree Bareedaa akka ta'uuf kan hojjatuudha.

Kana malees Hojiileen Misoomaa gurguddoon bara dheeraaf Mootummoonni fi Hayyoonni gurguddoon irratti dhama'an huundi isaanii Bu'aan isaanii Hegeree bareede Hawaasichaaf mirkaneessuudha.

Kana waan ta'eef, Hawaasni tokko yeroo itti jiru sanatti Haala gaarii irra jiraachuu isaa mirkaneessuun gahaa hin ta'u. Boriin isaa, Fuldurrri isaa, Hegereen isaa Akkam akka ta'uuf jiru har'a Garamitti akka deemaa jiru sakatta'uudhaan, tilmaamamuu danda'uu qabna. Sana booda Hegereen isaa ifaa akka ta'uuf, Maaltu har'a jijjiirramuu qaba kan jedhu xiinxalamuu danda'a.

Har'a Hawaasa tokkoo ilaaluudhaan Borii isa erga xiinxalanii booda, Hanqina jiru guutuf yookaan jabina jiru caalmaatti fooyyeessuuf Kaayyeeffatamuu qabna jechuudha.

Kallattiilee Afran kanaan fayyadamnee Adduunyaan tuni Maal hanqatti; Maaltu Fooyyee barbaada kan jedhu qorachuudhaan, Kaayyoo Qabatama Lafa jiruun walsime Bu'uursuun nidanda'ama.

Haata'u malee adeemsi kuni kan hin baramnee fi Namoonni Aadaadhumaan Waanuma Namni Baay'een kaayyoo godhate faana deemuun kan kaayyeeffatan ta'uun isaa beekamaadha.

Kana qofa osoo hin taane jalqabuma Namni Kaayyoo qabu hagam dhugaadhaan lafa irra jira jennee yoo ilaalle, Hammaan akka malee xiqqaadha. kanaaf Mala haarawa Hawaasa Hubatanii Kayyoo Filachuu kana dhiheessuun, Namoonni akka Kaayyoo Qabatamaa ta'e kaayyeessuu danda'an Haala salphisuu qofa osoo hin taane, Maalummaa Kaayyoo akka hubatanii fi Baay'inaan gara kaayyeeffachuutti akka seenaniif akka gargaaru abdatama.

Afran Mala qorannoo keenya Fayyadamnee Naannawa keenya ykn Adduunyaa keessa jirru hubachuudhaan, Ergasii Dandeettii fi Kaka'umsa duraan qabnuu waliin kamtu walsima jechuun Kaayyoo ofii murteeffachuu isa jennu kana, Fakkeenya Bal'aadhaan deeggarree akka Namuu Salphaatti hubatee itti fayyadamuu danda'u gochuun barbaachisaa ta'uu hin oolu.

Asoosama Gabaabduu tokko Fayyadamnee Adeemsa kana haalaan ifa haa taasifnu!

Sammuu tokkicha akka Dhakaa Bu’uuraatti

[Asoosama gabaabduu fi Kal-tokkee]

Sammuuu tokkittii dhakaa bu'uura guddinaa taate. Barsiisaa Haayiskuul irraa hanga Koolleejjiitti, Naannoo Waggaa Digdamaa ol ta'u tajaajilaa jiraate, Gaafa tokko osoo koolleejjii irraa gara Mana isaa deemu, Namicha Sammuun tuqamee tokko Dabtara ciccitaa fi qalama dhumaa harkatti qabatee ofiin haasahaa kan deemu arge. Yeroo sana baay'ees osoo isa hin ajaa'ibne, bira darbee manatti gale. Booda garuu Sammuu isaa keessatti Yaanni Yaada dhaluu eegale. "Bara hammanaa kana Dhaloonnin Ani barsiise eessa jiru?" Gaaffiin Lubbuu qabu isa keessatti uumame. Ergasii yeroo xiqqoo Yaadaan of duuba deebi'ee Barattoota Ciccimoo inni barsiisee dabarse kan akka hiriyaatti waliin kolfanii taphaa turan yaadatee, yeroo muraasaaf yaadannoo keessatti of dhabee erga tureen booda, Imimmaan fuula isaa irraa gad cobu Harka irratti bu'ee isa dammaqse.

Yaadannoo isaa adda kutuu hin barbaanne. Barattoota Seenaa Adduunyaa jijjiiran jedjee abdachaa ture huunda qalbii keessa ofitti dhiheessee, Fuula tokkoon tokkoon isaanii yaadachuu itti fufe " Onneen isaanii miira dardarummaatiin Dammaqina dhaadattu suni Abjuu isheetiin walgeesseetti ta'aa laata?" Of gaafata "Moo Hurreen Burjaaja'iinsa jireenya yeroo ammaa kuni itti haguugameera ta'a?" Jedha ammas Mamii dhugaan wal keessa kanaan of tuqaa. Dambalii Yaadannoo keessa xiqoo erga raasamee booda, Edaa Barsiisummaan Dhimma gaaffii fi Deebii osoo hintaane, dhimma Qajeelcha Jireenyaati! Kan jedhu Dubbii Firii qabatee as bahe.

Ogeessichi Gameessi kuni Beekumsa Bara hamma sana yeroo Baruuf Barsiisuu keessa jiru hin argatin, gaafa sana Qalbiin isaa Daawittii Dhugaa keessaan agarte. Barsiisuun hoogganuu akka ta'e isaaf gale. Haa ta'u malee, Ammas gaaffiin hin deebine ni jira. " Barattoonni Anii fi Fakkaattoonni koo Barsiisaa jiraanne maal irra jiran? Ummanni keenya hoo maaliin hiraaramaa jira? Rakkoon dinagdee Hawaasa of wallaalchisaa jiru, Dhabamuun Nageenya waaraa Biyyattii guutuu Abdii jireenyaa dhoorkaa jiru kuni huundi maalif itti fufaa jira?" Jechuudhaan Dhaloonni inni qaraan jira jedhee bara meeqa irratti ifaaje suni maalif akka Furmaata ta'uu dadhaban xiinxaluu eegale.

Borumtaa yeroo Koolleejjiiti deebi'u; Barsiisoota huunda Istaafiitti walitti qabee mariisisuu barbaade. garuu, keessi isaa miira guutuu Barsiisoota ittiin walitti qabu dhabde. Waan isa hin yaachifneef osoo hin taane, waan garmalee Keessa isaatti ulfaateef. Ifaajeen Baroota heedduuf godhaa turre hundi bu'aa dhabeessa jedhee gabaasuun Onnee isaa madeessite.

Akkuma Koolleejjichi Magaalaa irraa garas Bahee argamu, Tulluu Dheertuu Koolleejjicha irraa achi fagaattee argamtu of gamatti argee, akkas jedhe " Tulluu sana gubbaa baheen Yaada kiyya Qilleensatti himadha". Deemee achi gahee Sa'atii dheeraaf kophaa isaa achitti dabarse. Osuma Yaada ol baasee gad buusu, akka tasaa Jaarsa Umuriin Jaarraa tokkoo, kan Gaara sana jala Mana jaarratee jiraatu tokko Bullukkoo Adii uffatee kan Isaa ol dhaabbatu arge. Maaltu natti dhufe jedhee Rifanaadhaan of duuba yeroo ilaalu "Yaaddoon Simoo'atee, kophaatti si baafateera fakkaatta;Keessi kee akka Bubbee gaara kanaa raasamaa jiraachuu hin oolu!" Jedhan jaarsichi.

Yeroo kana Barsiisaan Rifachuu irraa gara ajaa'ibamuutti deebi'uun Ol ka'ee Jaarsicha Nagaa gaafatee Eessaa akka dhufanis baruu barbaade. Jaarsichis Nama Umurii isaa Raayyaa ittisaa ta'uudhaan Nageenya Biyya isaaf wabii ta'aa jiraatee fi amma erga Nama guddummaan itti dhufee Gaara kana gara duubaatti Haala qilleensaa Mijataa fi Jireenya tasgabbii qabu barbaachaaf asitti gale akka ta'e isatti himan. Innis Barsiisaa Koolleejjii akka ta'e itti hime.

Yeroo kana Manguddoon Ganna Dhibbaa kunis " Ani yeroon Barataa ture Maqaan bukkee kiyya Paayileetii ture. Barataa akkaan cimaa waanan tureef, "Paayileetii itaata" naan jedhu ture. Ani garuu, Ummanni kiyya Nagaa dhabuu isaatii fi Humni waraanaa Jabaan tasgabbii Biyyattiif akka barbaachisaa ta'e yeroon hubadhettin, Raayyaa ittisaa akkan ta'uu qabu murteesse. Hojii kiyyaanis Ummata kiyyaaf Dagalee ta'ee, Nageenya isaa mirkaneessuu danda'eera. kanaaf Ammallee gammachuun isaa natti dhagahama. yaa ilma kaa!" Jedhan.

Barsiisaanis Miira addaa keessa galee,"Barataa cimaa ta'uudhaan Carraa baay'ee osoo qabdanu Waraana ta'uu filattanii Ummatuma keessaniif qofa jettanii?" Buuleessis " Erga Rakkoo Ummataa argee hin kaayyeeffannee, eessa gubbaa kaayyoo ta'e ree? Fedhii keessa ofii qofa hordofuun maal hiika kennaree? Mee ilaali gama kana: Ni'argitaa Koolleejjii kana Cinaa Lafa diriiraa kana haga inni bal'atu? Ummata Barate jedhamtanii as keessa ooltan. garuu, Ummata Naannoo kanaa Akkaataa Bishaan itti baafamu fi akkaataa Maashinoota qonnaa fayyadamuun Qonna Ammayyaatiin bu'aa ittiin buufatan hin barsiifne. Agartee Naannawa kee yoo

hin hubanne, ummanikee waan itti jiru yoo hin agarre, Dammaqinni keessa kee qofaa isaa Kaayyoo ta'uu hin danda'u." Jedheen.

Barsiisaan amma Isuma irraa eegalee Namoonni Hayyuu jedhaman heedduun Jireenya karaa sirriitiin akka hin hubanne fi gaaffiin isaas Osoma inni hin gaafanne deebii argachaa akka jiru isaaf galuu yeroo eegalu, akkas jedhee gaaffii dabale. " Mee Aabbo Biyyi tuni maalif daftee hin jijjiiramne jettanii yaaddu?"

Jaarsis gad godhatanii Hafuura dheeraa baafachuun haasawa eegalan " Yaa ilma kaa, mee fagoo hin deemnuu Tulluudhuma tana irra dhaabbadhuu Magaalaa tana gamatti ilaali, Osoo Namni Dinagdee Ummata kiyyaa fayyisuu fi fooyyeessuun qaba jedhe Kaayyoodhaan Baratee bakka gahee jiraatee, Qabeenyi Uumama Naanawa kana jiru kuni akkanatti hin qisaasa'u ture. Osoo Barataan tokko Hawaasa kiyya kana Duudhaa isaa eeguun qaba jedhee kaayyoon xumuree, Hawaasni kuni akkatti afaan wal hin wallaalu ture. Aadaan waliin nyaachuu irraanfatamaa, Aadaa wal nyaachuutu dhufaa jira. yaa ilma kaa!" Jedhan. Barsiisaanis "Dhugaadha!" jedhee callise Haasaa isaanii akka addaan hin kunne waan barbaadeef.

Isaanis ittuma fufuun " Durii Naannawni kuni akkana hin turre. Bosonaa fi Bineensoota adda addaatu jira ture. Haalli qilleensa Isaa hin quufamu ture. Kunoo amma Ho'i Magaalaa taa'uu nudhoorkee, Gaara keessatti galleerra. Kuni huundi wanni ta'eef, Nama Gaafa sana Dursee Xiinxalee waan har'a nu mudate kana osoo hin ta'in dura akka irratti hojjatamu

godhu dhabuu keenyaani. Kanaafuu Ilma kiyya, Wanni Biyyi tuni daftee hin jijjiirramneef, Nama Osoo waa takkahin kaayyeeffatin dura 'Ummata kiyya wanni hanqatu maali? Nageenya moo, Dinagdee moo, Hawaasummaa moo,Dhimma Hegereeti?' Jedhee qoratee, Qorannoo sana irratti huundaa'ee gara Kaayyeeffachuutti deemutu hin jirreefi!" Jechuudhaan dubbii isaanii xumuran.

Barsiisaan Mataaa isaa Lafatti gadi qabee cal jedhee hafe. Manguddoon kunis itti aansanii "Mee Ati maaltu Har'a Kophaa kaahee si yaachisaa ture naaf himuu dandeessaa?" Jedhaniin. Innis "Yaanni inni har'a na qabee ture ofumaa bakka furmaanni isaa jiru naqabee dhufe. Gaaffiin kiyya huundi deebii argateera. Umuriin keessan akka Umurii gaara kanaa Nuuf haa dheeratu!" Jechuudhaan Jaarsicha eebbisee, yeroo biraatti bal'inaan Manatti dhufee akka isaan daawwatu waadaa galuudhaan, gara koolleejjii isaatti Sussukaan deebi'e.

Amma Hamilee Haarawaan Barsiisoota Istaafiitti walitti qabee, akkuma Jaarsi Buuleessi suni Osoo inni hin gaafanne gaaffii isaa deebisuu eegalan sanatti, Innis Barsiisootaaf gaaffii bara dheeraa osoo isaan itti hinyaanne deebisuu jalqabe. Erga Sanii Adeemsa Kaayyoo ofii qabatama lafa jiruun walitti hidhuu kana hojiirra oolchuun, Barsiisoota Koolleejjii guutuu waliin Sochii Haarawa Hojiirra oolchuudhaan, Koolleejjichaa fi Magaalaa isaanii irratti hojii Hubannoo kennuu bal'aa hojjatan.

waggoota muraasa Booda Bu'aan Sochii sanaan dhufe Magaalaa Sana qofa osoo hintaane hanga sadarkaa Biyyooleessaatti Qaroominaaf Jijjiirama Waaltawaa fiduu

danda'eera. Haala saniin Sammuun tokkottiin suni Yaadannoodhaan boohuu irraa gara fala barbaaduutti seentee Guddina Biyya isheef Dhakaa Bu'uuraa ta'uu dandeessee jedhama.

*Egaa Asoosama gabaabduu tana keessatti akkuma agarre, Namichi guddaan suni Haala qabatama Ummanni isaa keessa jiru ilaalee, erga hubateen booda Gara Kaayyootti seenuun isaa, Erga Nama guddaa ta'ee hojii irraa boqatee illeen Filannoo isaa gaafa Barnoota irra ture filatee murteeffate sana kan ittiin hin gaabbinee fi gammachuu yeroo huundaa isaaf ta'eera. Akkasumas akka jireenyi isa Barsiiftetti Barsiisaa koolleejjee sana waliin yeroo haasa'u ammoo, gorsa kennuu osoo hintaane Wanti Harkaa harkatti Hawaasa mudatee argamuu fi kan Namoonni hayyuu jedhaman Kaayyoo godhatanii jiraachaa jiran haalaan wal'irraa fagoo akka ta'e agarsiisaniiru. Sababa Rakkoo kanaas yeroo ibsan, Kaayyoo ofii Hir'uu Ummata ofii guutuuf Qorannoon mirkaneessanii murteessuu dhabuu akkata'e ifa taasisaniiru. Akkasumas inni dhumaa, Karaa Dhimmoonni Hawaasaa ittiin madaalamuu qaban: Nageenya,Dinagdee,Hawaasummaa fi Hegeree ifaa ifatti ibsaniiru. Ittuma Aansinee Barsiisoonni Sirna kana Hojiitti hiikuudhaan jijjiirrama akka fidan ibsuun keenya, Abdii Namoonni Erga Mataduree kana hubatanii booda dhugaadhaan Lafa irratti agarsiisuu danda'an jedhu muul'isuufi.

Walumaa galatti 'Kaayyoon Tahuu osoo hin taane, Hijjachuudha' waan ta'eef, Namni kamiyyuu waan hojjatu dursee qorachuu qaba.

Nagaan Jiraachuuf Galma qabaachuu akka qabnuu fi Galma gahuuf ammoo, Sirnaan kaayyeeffachuu akka qabnu erga hubannee, amma ammoo kallatumaan gara Of argannaatti seenna. Boqonnaa yeroo huunda Namuu of gaafachaa jiraatu waan ta'eef sirriitti ifa taasisna.

BOQONNAA 3
OF ARGANNAA

Yeroo baay'ee Namoonni "Akka tasaan of argadhe" kan jedhan nidhagahama. Erga garee wahiitti makamanii sosochiiwwan achi keessatti raawwataman keessaa tokko akka tasaa yoo Qalbii irraa isaan gammachiise, akka waan wanni uumamaniif wanta sana ta'eetti fudhachuun, ogummaa sana eenyummaa ofii godhachuun, Of argachuu isaanii yeroo labsan ni dhagahama.

Namoonni gariin ammoo yeroo huunda Of barbaadaa akka jiran himatu. Garuu haala Nama dinqisiisuun, "Ammas of hin arganne" jechuun barbaacha ofii itti fufaa jiraatu. Garuu eenyummaan ofii akkamitti hanga kana Nama irraa fagaata?

Gara deebisuutti osoo hin deemne dura (Kaayyoo Ta'iinsaa fi Kaayyoo Hojjannaa) maal akka ta'an haa ilaallu.

- Kaayyoon Ta'iinsaa: Nama gosa akkamii ta'uu akka barbaadan Kaayyeeffachuudha. Fkn Namni tokko (Nama Oobsa qabeessa, Bilchaataa,Arjaa fi Kan Namaaf Rifatu ta'uun barbaada) yoo jedhe, Ta'uu kaayyeeffachaa jira jechuudha. Kunis Kaayyoo isa Guutuu (Kaayyoo Hojjannaa) tiif isa qopheessa.
- Kaayyoon Hojjannaa: Kaayyoo Waa tokko hojjachuuf kaayyeeffatamuudha. Fkn(Ummata kiyyaaf Mana Barumsaa ijaaree Hegeree isaa Beekkumsaa fi Qaroominaan akka Bu'ureeffatun gargaara) Akka jechuuti. Gosa Kaayyoo isa Kana Boqonnaa darbe keessatti ilaallee turre.

Amma gara Mata duree Of argannaatti yeroo deebinu Jalqaba Of argachuun maalif akka Namatti fagaatu yoo hubanne, Namoonni Wanta Barbaadaa jiran kana waan inni fakkaatu osoma hin beekne yoo barbaacha bahan, Yoomiyyuu isa argachuu hin danda'an waan ta'eefi jechuu dandeenya.

Jalqaba Kaayyyoo ta'umsaa fi Kaayyoo Hojjannaa yoo adda hin baafanne ta'e, Maal akka ta'e of baruuf of barbaada moo, Maal akka hojjatu of baruuf of barbaada? Inni jalqabaa isa kana yommuu ta'u, Inni daran barbaachisaan ammoo, Namni jalqabuma Eenyummaaa isaa irratti Akkamitti ijaarame? Isa jedhuudha.

Marsaa Jireenyaa Guutuu ta'e tokko keessatti Eenyumaan Marraa Sadii Uumamuu sanda'a. Isa jalqabaa Eenyummaa Kalqame; isa Lammaffaa Eenyummaa barame; isa Sadaffaa Eenyummaa Fedhame jennee moggaasuu ni dandeenya. Kana gichuunis Karaa nuti of argachuuf adeemnu Haalaan nuuf laaffisa. Tokkoon Tokkoon Amala nuti agarsiifnuu akkaataa fi yeroo itti uumame waliin adda baafnee yoo beekkanne, of argannaadhaaf dafnee bayyanachuu dandeenya waan ta'eefi.

Sadan keessaa Lama Osoo nuti of hin hubatin, of hin yaadin, of hin barin kan argaman yommuu ta'u, tokko ammoo erga Of argannaatii kan dhufudha.

Eenyummaa kalqame inni nuti jenne, isa Haala Baayoloojikaalawaatiin Nu waliin kalqamedha.

Eenyummaan barame ammoo Erga kalqamnee Kan Naannoo fi hawaasa irraa nutti dhufudha. Itti yaadamee baratamuun osoo hintaane ofumaa keessa keenyaan kan wal baratudha.

Eenyummaan fedhame Isa erga Of hubannee of argannee booda Fedha keenyaan "eenyummaa akkanaa qabaachuun fedha" jennee ofiin of geeddarruu ta'a jechoodha.

1. Eenyummaa kalqame

Bu'uura Uumama keenyaa irraa Eenyummaan Nuwaliin kalqamee argamu kuni, gaafa Daa'imummaa irraa eegalee carraaqqii tokko malee kan dursee Nu keessatti argamu ta'uun isaa, Walxaxummaa kan hinqabnee fi Hubannoof salphaa isa taasisa.

Isas ammoo, 'Madaala keessoo' 'Harkisa Bu'uuraa' fi 'Dandii Sammuuf Hawaasaa' jechuudhaan karaalee (3)Sadiitti qoodnee ilaaluu dandeenya. Sadan kunneen Kan Nama waliin dhalatan yommuu ta'u, Mataduree isaanitti aanuun ammoo erga dhalatanii Hawaasaa fi Naannoon gahee isaan qaban kophaatti baafnee ilaalla.

1.1. Madaala keessoo:

Tapha Yaadaa tokko haa taphannu!

Waancaa Eenyumaa Tapha yaadaan taphannu kana keessatti Waancaa Bishaan ittiin dhugamu yookaan Qorii Bishaan qabatu kamiyyuu yaaduu dandeenya.

Amma Waancaa Qullaa Afur Harka keenyaa qabna jennee haa yaannu. Cinaatti ammoo Keemikaatota Afur kan Maqaan isaanii (Dopamine D) (Serotonin S) (Testostrone T) fi (Oxytocin O) jedhaman qabna.

Tokkoon tokkoon keemikaaalota kanaa Nama keessatti Amaloota Gurguddoo Eenyummaan Nama tokkoo ittiin ibsamuu danda'u keessaa tokko ni uuma. Fkn: *Doopaamin Keessa Namaatti Amala Dadammaqiinsaa, iftoominaa fi Gammachuu uuma. *Serootooniin ammoo Miira tasgabbii, of to'annaa fi Madaalsisaa ta'e uuma. *Teestostroon ammoo miira Ofitti amanamummaa, Ol'aantummaa fi Humnawaa uuma. Akkasumas *Oksitoosin ammoo Miira Jaalalaa, Hariiroo fi wal qabannaa uuma. Nama Huunda keessatti keemikaaloonni kunniin walqixa hin argaman waan ta'eef, Amalli Namootaas gosa tokko ta'uu hin danda'u.

Amma Tapha keenyatti yeroo seennu, Keemikaaloota kana Waancaalee keenya Afranitti Buusuudhaan wal madaalchifnee, Eenyummaa Namoota gosa Afurii Uumna.

1. Ibsataa: Nama Salphaa Namaa waliin kolfaaf tapha jaallatu, Yaada isaa Salphumatti ibsachuu danda'u fi Dadammaqaa.
2. Haammataa: Nama Ho'aa, murataa, fi Kan Namoota jajjabeesuuf hoogganuu jaallatu,Dammaqinas qabu.
3. Qorataa:Nama Gad Tasgabba'aa, xiinxalaa fi Miirawaa, garuu kan yeroo heeduu ol hin baafanne.
4. Nageessaa: Nama Qabbanaawaa, Nagaa fi Araara Jaallatu, Jaalalaaf tasgabbiis qabu.

Tole amma Qorii/Waancaa Qullaa Afran dhiheeffannee Amala Namootaatiin guutuuf deemna. Keemikaala tokko yeroo waancaatti gad cobsinu/itti waraabnu/buufnu, Amala itti guutaa jirra jechuudha. Haala barbaachisummaa isaatiin Keemikaala Tokkos, Lamas, hanga Afranuutti fayyadamuu

dandeenya. Akkuma Namni Shaayii danfisu Bishaan, Sukkaraa fi Baala shaayii Wal madaalchisutti nutis Keemikaala Wal madalchifnee Eenyumaa Namaa Qoriitti guunna.

Isa jalqabaa irraa eegaluudhaan mee amma akkamittan Waancaa Afranuu Amaloota tarreeffaman kanaan sirreessee guuta jennee haa yaannu!

Tapha 1ffaa, Ibsataa: Waancaa Qullaa tokko ni dhiheeffanna. Jalqabuma irratti Amala Taphataa fi Dadammaqaa akka qabaatuuf, keemikaala Doopaaminii baay'ifnee itti buufna. Itti aansuudhaan Namaan waliigaluu fi Jaalala akka nuuf qabaatuuf, Oksitoosin gidugaleessatti itti cobsina. Miirri isaa akka daangaa nuduraa hin darbineef, tasgabeessituu Seerotoonin xiqqoo hanga giddu galeessaa itti daballa. Nama baay'inaan dafee ho'u waan hin taaneef Teestoostroon Xiqquma yoo itti goone nigaha.

Amma Waancaan keenya Amala Eenyummaa Nama Tokkoo ibsu qabatee Guutuu nuuf ta'eera. Amma gara isa Lammaffaatti haa ceenu.

Tapha 2ffaa, Haammataa: waancaa keenya erga dhiheeffanneen booda, Eenyummaan Amma barbaannu ammoo Haammataa; kan heeddumminaan miira injifannoo qabu waan ta'eef, Dura dursoo Teestoostiroon guddifnee itti buufna. Itti aansuun, Dammaqina Cimaa akka nuuf qabaatuuf, Doopamiin xiqqoo guddifnee itti daballa. Sana booda tasgabbii fi miira wal simannaa irratti hagas waan hin taaneef, Seerotoonin fi Oksitoosinii xiqqoo xiqqoo qofa

daballa. Ammas Waancaan keenya Lammaffaa Eenyummaa Nama tokkootiin Nuuf guutee jira

Tapha 3ffaa Qorataa: Amala Tasgabiin guutame, kan baayyee ol hin baafanne keessatti gatuu ogummaa addaa qabu, Nama Yaadaa fi Yaadataa ta'e kana Amala isaa Qodaa tokkotti guunnee ilaaluuf, jalqaba Waancaa keenya irra guddaa isaa Seerotooniin itti guunna. Tasgabbii fi gad liqimfannaa isaaf kenna waan ta'eef. Itti Aansuudhaan Namootaa waliin Makamuu fi wacuu caalaa bilisummaa keessoo filatanillee, Namaaf garuu Jaalala ni qabu waan ta'eef, Oksitoosin giddu galeessa itti dabalanna. Doopamiinii fi Testostron hagas mara osoo hin baay'ifne xiqquma itti buufna.

Tapha 4ffaa Nageessaa: Qodaa keenya isa dhumaa Oksitoosinii gahaadhaan eegalla. Jaalalaaf waliigaltee Namootaa kan qabu akka ta'uuf. Ammas Nama keessaa gubbaan ititaa tasgabbii guutuu qabu waan ta'eef, Seerotooniin baay'ifnee itti cobsina. Dhuma irratti Miirri Hamileefi Dorgommii hagas mara waan isaan irraa hin muul'anneef, Doopaminii fi Testostroon akkuma guutuutti hin dhabamneef xiqqeessinee itti buufna.

Egaa Waancaa Eenyummaa keenya Afranuu Keemikaalota barbaachisoo ta'aniin guuttachuudhaan, Tapha Yaadaa keenya xumurannee jirra. Tapha kana irraa Keemikaalonni Sammuu Ilma Namaa keessaa maddan Haala Namichaa murteessuu keessatti gahee akkam akka qaban sirriitti akka qayyabanne Shakkii hin godhannu.

Hubachiisa: Eenyummaan ilma Namaa Keemikaalota Afurii fi Qorii Afuriin Daanga'uu kan hindandeenye ta'uu isaa ifa nuuf ta'uu qaba. Keemikaalonni Asitti fudhachuun fakkeenya godhanne kunniin warreen Ol'aanoo yommuu ta'an, isaan malees Keessa Namaatti Keemikaalota gosa heedduutu madda. Fakkeenyaaf 'Adreenalinii' fi 'Koortizoolii' kan jedhaman haala Namoonni Sodaa fi Rifuu itti keessummeessaniin walqabatee shoora guddaa taphatu.

Mata duree kana Tapha kanaan wanni eegalleef, tokkoffaan Hubannoo Saayinsawaa kana karaa salphaa ta'een hubachuu akka dandeenyuuf yommuu ta'u, inni biroon ammoo

Eenyummaa ofii Huundee irraa hubachuuf tarkaanfii inni jalqabaa isa kana ta'uu isaatiifi.

Amala Ilma Namaa bakka Afuritti qoodanii ilaaluun kuni ammoo Qorattoota Xiin-sammuu fi Warra Falaasamaa biratti waan beekkamaadha. Keessattuu Karaa Amantaatiin warroonni Wal'aansa Aadaa irratti hojjatan Qoqqoodinsa kana Adeemsa wal'aansaatiif akka Furtuu Guddaatti ilaalu.

Akka Falaasama Durii kanatti, gosoonni Amalaa/Eenyummaa Namootaa kuni Afran Dubbii Fakkeessii 'Qilleensa' 'Abidda' 'Dachee/Biyyee' fi 'Bishaan' jedhu fayyadamuudhaan ibsama.

Qilliinsa kan jedhan, Nama Akka qilleensaa Sosocha'aa fi Salphaa ibsuuf yommuu ta'u, isa Nuti olitti Ibsataa jenneen walitti dhufa. Abiddi Ammoo Humna qabeessummaa fi Tasgabbii dhabuu kan ittiin obsatan yommuu ta'u, Haammataa jechuu isaaniiti. Dacheen danda'uu tasgabbaa'uu itti ibsan ammoo, Qorataa kan jenne sanadha. Bishaan jechuun Qabbanaawaa fi Mijataa yommuu ta'u Nageessaa ibsuuf itti fayyadamu.

Wantoota kana amala Namaa ittiin ibsuu bira darbanii hanga Akka dhukkuboota qaamaa illeen ittiin wal'aanuuf Falaasamoonni Damee Fayyaa Karaa baay'ee deemanii turan.

Qaama ilma Namaa keessa Dhangala'oon gurguddoon gosa Afurii Akka argamanii fi madaalli isaanii Eeggamuun, Fayyaan Namootaa eeggamuu akka ta'e amanu ture.

Dhangala'oonni suniis: inni tokko Dhiiga Yommuu ta'u, Qaama Namaa keessa dhiigni yoobaay'atee madaalaan kan

warra hafa caale, Namichi Amalli isaa isa Qilleensaan ibsame sanatti akka dhufuu fi yoo garmalee baay'ate ammoo, dhukkuboota birootiif illeen isa saxilu amanu turan.

Inni Lammaffaan Dhangala'oo Hadhooftuu keelloodha. Dhangala'oon Hadhooftuu Qaama keessa jiru yoo bifti isaa Keelloo ta'e, Namichi Amala Abiddaa qabaata jedhu. Baay'achuun isaas dhukkuboota fiduu danda'u akka qabutti amanu.

Sadaffaan Dhangala'oo Hadhooftuu Gurraacha. Hadhooftuun gurraachi mallattoo Gaddaa fi Yaaddoo ykn Yaada gad liqimsannaa akka ta'ee fi Fakkeessii Dacheetiin ibsatu. Baa'achuu isaatiin walqabatees dhebeen isaan tarreessan ni jira.

Inni dhumaa Hakkee/Hakkima Kan Namuu yeroo qufa'u, 'Hak' jedhee tufu sana. akka Falaasama sanaatti Qaama Namaa keessa dhangala'oo eddoo heedduutti argamuu Fi Haala Namootaas ibsuu kan danda'u ta'uutu amanama. Namni qaama isaa keessa Birqabaan hammi Hakkee ol'aanaa ta'e, Ibsa Fakkeessii Bishaan jedhuun ibsama. Qabbanaawaa fi walsimataa akka ta'ettis ni ibsama. Akkuma isaan kaaniis dhibeen walqabatee bakka guddaa kennama.

Garuu kana huunda waliin, Yeroo Ammaa Qorannoo Saayinsiitiin Wantoonni kunneen Amala Namaa waliinis ta'e Haala Fayyaa waliin wal qabatee, ibsa Falaasama durii kanaa waliin goonkumaa kan wal hin qabanne akka ta'an ibsameera. Fkn: Qaama Namaa keessa Dhangala'oon Hadhooftuu bifa Gurraacha qabu hanga ammaatti akka hin muul'anne

himama. Hakkeen ammoo Kan argamu ujummoo Soonbaa keessatti qofa yommuu ta'u, Amala Namaa fi dhukkuboota isaan jedhan waliin walitti dhufeenya hinqabu. Haddooftuu keelloo fi dhiignis Qaama keessatti Argamuun isaanii dhugaa ta'ullee, Qoodni hojii isaanii garuu isa jedhame irraa addadha.

Kana Huunda waliin, Abbootiin Yaadichaa sunniin Yeroo sanaaf waan qorachuu qaban qoratanii karaa ibsachuu danda'aniin ibsataniiru. Bara dheeraafis Ummata ittiin tajaajilaa dhufuu qofa osoo hin taane, Hanga yeroo ammaatti falaasamichi kan hin duune fi Tajaajila wal'aansa Aadaa keessati furtuu guddaa ta'ee turuun isaa Dinqiidha.

Dhugaan inni Huundi ittiin walii galu, Eenyummaan/Amalli Namootaa Haalota Afran saniin ibsamuu dada'uu isaati. Suni falmii kan hinqabne yommuu ta'u, Namni kamiyyuu Amaloota Sana Afran keessaa tokko yookaan makaa isaan gidduu qabaachuun isaa hin oolu.

Wanni dhugaadhaan Amaloota sana irratti dhiibbaa qabus maali yoo jedhame, Keemikaalota Bifa taphaatiin qayyabannee dabarre sana akka ta'e beekamaadha.

Smuu keenya keessatti haala ibsame saniin jiraachuu qofa osoo hintaane, Yeroo tokko tokko haala keessa jirruun walqabatee Dabaluuf hir'achuus ni danda'u.

Fakkeenyaaf Barataan tokko yeroo qormaata dhihaatu Cortisol isa keessatti xiqqoo dabaluudhaan, miira dhippinaa keessa gala. Yeroo haala gaariin qoramee xumure ammoo, Doopamiin Madduudhaan Gammachuu guddaa keessa gala.

Itti Aansee Seerotoonin Tasgabbiitti isa deebisuudhaan, Oksitoosin gara Hariiroo Hiriyoottan isaatti isa qajeelcha.

Nutis Akka waliigalaatti Madaala keessoo Sammuu Namaatiin walqabatee Maaltu dhiibbaa Haalaaf Amalaa akka uumuu fi Amaloonnis gosa meeqatti akka qoodaman erga hubannee, itti Aansuudhaan “Ani hoo Eenyummaan kiyya isa kam keessatti argama?” Kan jedhu akka qabxii ijootti guduunfannee dabarra.

1.2. Harkisa Bu’uuraa:

Madaala keessootti Aansuun Amalli Haala Uumamaan Namaa waliin dhalata jedhamee yaaddamu Harkisa bu’uuraa kan Namuu daa’imummaa irraa eegalee Qalbiin itti harkifamuudha.

Daa’imman yeroo baay’ee wanni boohaniif, Laalaa beelaa ykn dhukkubaa itti dhagahameef qofa miti. Kunuunsa Haadhaa fi Maatii isaanii irraa argachuuf jecha boohicha dhageessisu. Erga Maatiin itti adeemanii ofitti haammatanii battalumatti callisuun gara taphaatti deebi’u. Kuni mallattoo dhalli Namaa uumamaan Namoota fi wantoota kunuunsa isaaf qabanitti butamuu isaati. Kana malees Namni kamiyyuu yeroo Nama Aantee isaanii kan isaanitti dhihaatu yeroo dhaban, Gaddi cimaan isaanitti dhagamu sunis, walitti hidhamaa fi wal madaqafannaa duraan ture sanaaf mallattoodha.

Kanaaf Harkisni uumamaa inni jalqabaa Harkisa Hariiroo/ Amala wal simannaati.

Haalli duraan Amala Qoqqooduun ittiin ibsine suni akkuma jiruun ta'ee, dabalataan Maaltu ofitti Nubuta fi Maaltu Nuhinbunne kan jedhu Amalaaf eenyummaa Keenya keessatti gahee guddaa qaba. Namni gariin Hariiroo Namootaatiin baay'ee kan butamu yommuu ta'u, gariin ammo wanta isa butatu kan biraa qabaata.

Harkisni inni kan biraan ammoo, Amala waa hubachuuti. Ammas Daa'immanitti deebinee fakkeenya yoo godhanne, Fuula haaraa yeroo argan, Sa'atii dheeraaf ija irra dhaabanii ilaalu. Akkasumas waan haarawa kamiyyuu yommuu argan dheereessanii ilaaluu, Harkaan tuttuquu fi Afaanitti qabachuun kuni huundi mallattoo Amala waa baruu fi waa qorachuuti. osoo isaan illeen guddatanii of hin barre, uumamaan haalichi of ibsaa jira jechuudha. Kana malees haala Nama ajaa'ibuun Ijoolleen Amala kanatti butaman yeroo xiqoo Afaan hiikkatanii haasa'uu eegalan, Waan huundaaf Sababa gaafachuu eegalu. Yoo Roobni roobes 'maalif?" jedhu. Yoo Aduun baates "maalif?" jedhu. Osoo isaan hinbeekne, keessi isaanii Koolleejjii seenee qo'achaa jira.

Inni Sadaffaa fi inni dhumaa ammoo, Amala Abboomaati. Gariin Namaa Uumamumaan Bakkuma hirmaate huundatti Abbooma ykn Ol'aantummaa fudhata. Gariin ammoo Abboomamuun itti tola. Karaa biraatiin hirmaachisaa fi Hirmaataa jedlchuudha.

Amalli kunis Amaloota Nama waliin dhalata keessaa tokko yommuu ta'u, akkuma isaan kaaniitti Barnoota Jal-qophii tokkoon maleetti Namoota keessaa muul'ata.

Karaalee kana Sadaniin Amalaaf Eenyummaan Nama tokkoo bu'uuruma irraa garamitti akka harkifa/butamu ilaaluu dandeenya jechuudha.

1.3. Daandii Sammuuf Hawaasaa:

maquma isaa irraa akkuma hubatamu, keessi Sammuu Keenyaa wantoota qaama keenyaan ala ta'an waliin wal qunnamuu akka danda'uuf, Rabbiin Dandii mijataa waliin nu'uumeera. Daandiin sunis Qaamoolee Miiraa keenyaa fi kutaalee Sammuu Odeeffannoo Qaamoolee miiraatiin dhufan hiika ittiin kennan sanadha.

Garuu Adeemsa kanaa fi Amala Namaa maalti walitti fide? Namni huundinuu Ijaan arguu yookaan Gurraan dhagahuun isaa ni mala. Garuu haalli keessi isaa Odeeffannoo sana ittiin hiikkatu garaagara.

- Gariin Waca magaalaa keessaa akka bashannaatti yommuu fudhatu, gariin miira jeeqamaa fi dhiphinaa keessa ittiin gala. Gariin ifaa bobeessee rafuu jaallata gariin dukkaneeffachuu filata. Kuni huundi firii xixiqqoo eenyummaan guutuun irraa biqiluudha.

- karaa biraatiin, Fuullee miira Namoota biroo ittiin balaqqeessantu jira. Kan Boohe waliin boohuu, Kan kolfe waliin kolfuun Haala Sammuun Keenya Odeeffannoo alaa itti dhufe saniif hiika ittiin kennitu waliin wal qabata.

Namni gariin akkaan Si'aawaa yommuu ta'u, Miira Namoota biroo yeroo argu, keessi isaa dafee akkeessuu/fakkaataa Sanii maddisiisuu eegala. Gariin ammoo akkuma Odeeffannoo tokkootti ilaalee tasgabbiin deebii kenna.

Amma akkuma walii galaatti Amaloonni Namaa waliin dhalatan karaa Madaala keessoo, Harkisa Bu'uuraa fi Daandii Sammuuf Hawaasaatiin ilaallee xumurree jirra. Dhalli Namaa osoo Dhiibbaa Naannoo fi jireenya dhuunfaatiin hin tuqamin dura. Karaalee ibsaman kanaan Eenyummaa mataa isaa qabatee dhalata.

Faakkeenyaaf: Nama Ibsataa, Dammaqinaan kolfee taphuu jaallatu, kan wantoota haaraa arge huunda Baruuf butamu fi kan bakka wacni baay'atee fi Magaalaa Ho'e keessa jiraachuu jaallatu. Yoo jenne Matadureewwan olitti ilaalle huunda irraa amala tokko tokko kan mataa isaa fudhachuudhaan Eenyummaa guutuu tokko horateera jechuudha.

2. Eenyummaa Barame

Mata duree darbe keessatti Namni Yeroo kalqamu, Eenyummaa tokko kan mataa isaa danda'e waliin akka ta'e ilaallee turre. Amma sanatti aansuudhaan, erga kalqamee booda Naannoon fi Haalli keessa jiraatu akkamitti dhiibbaa akka fiduu danda'u ilaalla.

2.1. Epi-jenetiksii:

Epi-jenetiksiin Riqicha isa jalqabaa kan Dhiibbaa Naannoo fi Hawaasa irraa dhufu Amala keessoo waliin wal qunnamsiisudha.

“Epi” jechuun Afaan Girikiitiin ‘Gubbaa’ jechuudha. Jenetiksiin ammoo Huundee/bu’uura jechuu yommuuta’u, Seelota dhaalsanyi kan bu’uura Uumama Baayoloojikaalawaa ta’an agarsiisa. Walumaa galatti Epi-Geneticsiin jijjiiramoota keemikaalaa gubbaa Seelota dhaal sanyii irratti raawwataman agarsiisa.

Jijjiiramoonni keemikaalaa kunniin Haala Namichi keessa jiru, dhiphina, yaaddoo, gammachuu, akkasumas Wanta Sooratu waliin wal qabatee ni raawwatamu.

Gaheen Hojii Epi-jenetiksii Seelota dhaalsanyii banuu fi Cufuudha. Kunis haala yeroo sanaan wal qabatee guddina qaamaas ta’e Amala Sammuu keessaa akka cimee itti fufu yookaan akka cufamee dhaabbatu gochuudha.

Fakkeenyaaf Daa’imni tokko haala mijataa fi tasgabba’aa keessatti yoo guddate, Seelonni Daal-sanyii kan Tasgabbii Sammuutii fi ofitti amanamummaan walqabatan haalaan akka ifatti bahanii baay’achaa adeeman; Faallaa saniin ammoo Seelonni Sodaa fi dhiphina keessummeessan akka haguugaman fi baay’achuu hin dandeenye taasifamu. Sababa kanaanis Daa’ini haala sanaan guddate suni Tasgabba’aa fi kan miira Sodaa fi dhiphinaa of irraa to’achuu danda’u ta’uutti dhufa.

Karaa kanaan Epi-genetiksiin Amala Nuti waliin dhalanne Haalaa fi jireenyaa waliin wal simsiisaa adeema. Amala duraan ture itti dabaluu danda'a. Akkasumas gadi hir'isuudhaan Isa biroo ol kaasee, amala Namichaa jijjiiruu danda'a.

Kanaaf Fakkeenya Gaarii ta'uu kan danda'u, Haala guddina Lakkuulee wal fakkaatooti. Lakkuuleen wal fakkaatan Lamaan Gaafa jalqaba uumaman, Haala uumamaa Isa biroo irraa adda ta'e keessatti uumamu.

Gadaameessa Haadhaa keessatti micireen kan uumamu, Yeroo Hanqaaquun tokko Seelii Sanyii tokkoo waliin walitti makamedha. Yeroo sanis Hanqaaquun tokko fi Sanyiin tokko walitti dabalamee Miciree tokko qofa ta'a.

Yeroo baay'ee Lakkuun kan uumamu, Hanqaaquun Lama bakka tokkotti yeroo gadi bu'uudhaan Seelii Sanyii waliin Lamaanuu wal'arguu danda'niidha. Haata'u malee Adeemsi addaa kan hin baramne tokko akka tasaa yeroo argamu, Zaaygootiin tokkichaan kan miciree tokko qofaaf qophaa'ee ture bakka lamatti caba. Ergasii Amala dhaalmayaa Dhibbaan dhibbatti tokko ta'e kan qabu ta'ee, garuu qaamaan Miciree Lama ta'uudhaan uumama.

Kanaaf Lakkuuleen Wal fakkaatoo jalqaba irratti akka qaama Nama tokkootti eegalamanii booda wal irraa bakka Lamatti cituudhaan Uumaman waan ta'eef, Saala wal fakkaataa (Lachuu dhiira ykn Lachuu dhalaa) Bifa wal fakkaataa fi Amala walfakkaataa qabaatu. Yeroo tokko tokko hanga

Haadhi deesse Lakkuulee Lamaan adda baafachuu dadhabdu tokko wal fakkaachuu danda'u.

Haata'u malee, dhiibbaan Naannoo fi jijjiiramni Epi-jenetiksii gaafuma Garaa Haadhaa keessa jiran sana eegala. Mijaa'ina Teessumaa Gadaameessa keessatti argatan irraa hanga Soorata Haadha irraa argataniitti adda addummaan xiqqoon tokko illeen yoo argamte, Jijjiiramni Epi-jenetiksii ni uumama. Kunis Lakkuuleen sunniin Amalaa fi bifaan garaagarummaa xiqoolleen taatu akka agarsiisan taasisa.

Erga dhalatanii Hawaasatti makamaniis Haalli jireenyaa fi akkaataan kunuunsa ittiin argatan huundi hanguma wal dhabaa adeemuun Epi-jenetiksiin isaanii Eenyummaa Haaraa uumaa adeemuudhaan, Garaagarummaa isaanii bal'isaa adeema. Osoo Jijjiiramnii Epi-jenetiksii hinjiru ta'ee, Lakkuuleen Walfakkaatan akka Nama tokko kan qaama Lama qabuutti yaaddamuu danda'a ture.

Kanaaf Amala Nu waliin dhalate irratti Haalli Naannoo keessa jiraannu jijjiirama ifa galeessa ta'e fuduu ni danda'a. Kuni akka ta'uufis Haalli mijataan keessa keenyatti dursee qophaahee jira jechuudha.

2.2. Amaleeffannaa:

Karaan inni biroon kan Eenyummaan Naannoo irraa barame ittiin argamuu danda'u ammoo Amaleeffannaa Sammuuti.

Akkuma Boqonnaa tokkoffaa keessatti ilaallee dabarsine, Keessa Sammuu keenyatti hojii gosa garagaraatiif kutaalee garagaraa itti gaafatama fudhatantu jiru.

Akkuma Namoonni sochii jabeenya qaamaa godhan irreen isaanii jabaachaa deemu sanatti Kutaaleen Sammuu kunis yeroo Hojii isaanii hojjatan guddinaaf jabeenya Mataa isaanii ni horatu.

Kanaaf Kutaan Sammuu inni irra Caalaatti hojjate irra caalaatti jabaachaa fi guddina argachaa adeema.

Namni tokko Sochii qaamaa kan irree harkaa jabeessu yoo hojjate, irreen harka isaa ni guddata ni jabaata. Sochii irree Miilaatiif ta'u goonkumaa yoo hojjachuu baate, booda irratti Nama Harka Furdaa fi Luka qallaa ta'uu danda'a.

Haaluma wal fakkaatuun Namni tokko ammoo Yeroo mara oduu gaddaa fi waa'ee Sodaa dhaga'a yoo ta'e, Kutaalee Sammuu isaa kan miiroota sana keessummeessan huundi Si'aayinaa fi cimina horachaa adeemu. Karaa biraatiin kutaaleen hojii irra hin jirre kanneen akka warreen miira gammachuu fi Dadammaqiinsaa irratti hojjatan Laafachaa fi Haphachaa adeemu. Haala kanaan booda irratti Namtichi akkaan Rifataa fi Cinqataa ta'uu danda'a.

Kana jechuun Amala Uumamaan qabnu irratti Sammuun keenyas Adeemsa guyyaa guyyaan keessa darbu fudhatee amaleeffachuun sochii mataa itaa uummata jechuudha. Kunis Eenyummaa Naannoo irraa barame fiduuf balbala tokkodha.

2.3. Barannaa:

kuni Ammoo keessi keenya wanta argee hin beekne yeroo dhandhame, edaa kunis jiraa jedhee ofitti fiduu fi amala haaraa barachuu karaa iittiin Eegaluudha.

Osoma Nuti itti hin yaadin, Sammuun keenya amala duraan hin qabne tokko akka tasaa yaalee yoo itti tole, wanta sana irra daddeebi'ee hojjachuu barbaada.

Fakkeenyaaf Barataan Tokko uumamaan Namoota fuuldura dhaabbatee dubbachuu kan hin dandeenye ta'ee osoo jiruu, gaafa tokko akka tasaa Barsiisaadhaan dirqamee barattoota fulduratti ibsa dhiheessa. Sana booda Ibsa dhiheesse saniin Barattoonni baay'ee ajaa'ibamanii Hamilee yoo kennan, akkasumas Barsiisaanis "Dandeettii hanganaa qabattee haga har'aa eessatti dhokattee turte" jechuun yoo jajjabeesse, Sammuun barataa sanaa osoo innuu itti hin yaanne daddeebi'ee Namoota fulduratti bahuu fi dubbatee ibsachuutti isa kakaasa.

Egaa inni kunis Adeemsa Amalli Haaraan ittiin dhalatuudha.

2.4. Aadeeffannaa:

Aadeeffannaan Adeemsa Eenyummaa baramuu keessaa isa dhumaati.

Innis kan argamu Yeroo Nuti Hawaasa keenya waliin Aadaa fi Duudhaa qooddanee jiraachuu eegalluudha. Wanta Hawaasni keenya jaallatu jaallachuu,Waan Hawaasni jibbe nutis balaaleeffachuu akkasumas Barmaatilee fi Aadaa Hawaasa keenyaa kiyya jennee ofitti madaqsuudhaan Osoma Uumamni keenya waanuma fedhe fakkaatee, Nuti garuu Hawaasa keenya fakkaannee jiraachuun Aadeeffannaa jedhama.

Naannoo tokko tokkotti "Dhiirri kolfa hin baay'isu, Laaffinaa fi Boo'ichas hin agarsiisu" jedhamee amanama. Kanaaf

Dhiiroonni Naannoo sanitti guddatan Uumamaan miira si'aawaa osoo qabaatanii illeen, adeemsa keessa gara-jabeessa ta'aa adeemuun isaanii hin oolu.

Adeemsa akkasii kanaan Eenyummaan Namaa waliin hin kalqamne Namatti Madaquu danda'a jechuudha.

Walumaa galatti ilmi Namaa Gaafa Uumamu karaa ittiin Amaleeffatu, ittiin baratu fi ittiin Aadeeffatu waliin waan uumamuuf, jijjiiramaaf yeroo huunda banaadha. Eenyummaa mataa isaa qabatee ni dhalata, Haala Naannoo waliin qaamaa Qalbii isaa wal simsiifata, Eenyummaa Haaraa Ni Amaleeffata, Nibarata ni Aadeeffata Walumaa galatti ni fooyyeeffatas ni jijjiirratas.

Egaa Marsaan Eenyummaa inni jalqabaa kan carraaqqii Hin gaafanne, kan Namaa waliin dhalatuu fi kan Hawaasaaf Naannoo irraa Baratamu Lamaan sunniiin Haala ilaallee dabarsine kanaan xumuramu.

Amma ammoo Eenyummaan Haaraan inni fedhamee itti yaaddamee ijaaramu akkamitti argamsiifama isa jedhu itti aansinee kan ilaallu ta'a.

3. Eenyummaa Fedhame

Akka fedhanitti of ijaaruun ni danda'ama. Dursa garuu, akkuma matadureen boqonnaa keenyaa ibsutti Of argannaa kan jedhamu ni jira. Of argannaan sunis bakki itti raawwatamu bakka kana.

Erga Namni huundi akka ittiin uumamee fi gosoonni Amalaa kan Waliin uumamanii fi kan Naannoo irraa baraman maal akka ta'an barannee, Nuti ammoo mataa keenyaa eessatti akka argamnu barbaaduutu nu eeggata. Amma Odeeffanoo Haala Uumama Eenyummaa Namootaa sana qabannee gara of barbaachaatti seenuu ni dandeenya.

Erga Of barree; Of yaadannee; Of hubannee booda, Eenyummaa isa Nuti qabaachuu feenu (Eenyummaa fedhame) sana karoorfachuutti seenna. Haala Uumama keenyaa; Haala Hawaasa irraa ittiin bocamne beekkannee, itti aansuudhaan Jabina keenya hubannee Laaffina keenya erga fudhanne Eenyummaa akkamii qabaachuu akka barbaannuu fi Nama akkamii ta'uu akka barbaannu ifatti gadi kaawwanna. kana gochuun Of-argannaa isa sirrii Of argachuu jechuudha.

Garuu Sirriitti of hubachuu fi of baruudhaaf, tarkaanfiilee sasalphoo tokko tokko fudhachuun dirqama ta'uu danda'a. Of hordofuun, of yaaduun/ Of dhaggeeffachuun akkasumas of yaadachuudhaan osoo daangaa darbanii ittiin cinqamuu hintaane, Adeemsuma keessa keenya bashannansiisuu danda'u fayyadamuun, dhugaa ofii irra gahuun ni danda'ama.

A. *Of hordofuu:* Amaloota guyyaa guyyaan nu waliin jiraatan mara akka Basaastuutti of jala adeemanii of basaasuudhaan, ta'i jedhanii of hordofuun, tarkaanfii isa jalqabaati.

   Adeemsa kana keessatti Madaalli keessoo keenya garamitti akka dhundhulu hubachuu dandeenya. Yeroo Aartoon nutti dhagahamu, yeroo gammannu, Hiriyoota keenya waliin taphannu huunda dhundhulli madaala keenya

kallatii kam akka gara galeeru adeemsa keessa adda baafachaa adeemna.

Yeroo baay'ee miira nutti dhufu si'aayinaan keessummeessina moo, tasgabiidhaani? Kophaa Yeroo teenyu gaddaa fi mugaatiitu nutti dhagahama moo, Hamilee Yaadaati? Yeroo Namootaa waliin gareedhaan waa tokko hirmaannu, Yaadota dhihaatan irratti walii galuu baay'ifna moo, Yaada burqisiisuu fi qajeelchuu baay'ifna?

Gaffillee kanaan wal fakkaatan heedduu Haala Gosoota Amalaa Olitti ilaalle sanii waliin walitti dhufan Kaasuu ni dandeenya. Karaa kanaan gaaffii ofitti kaafne huundaaf osoo isa sirrii filachuu hin taane, isa dhugaan irra jirru ofiin deebisaa, tokko lama jennee Amala nuti qabnu adda baafnee lakkaahuu qabna.

B. *Of dhaggeeffachuu/Of yaaduu:* Oggaa Waa dalagnu battaluma sanatti Of hordofuun qofaa isaa Deebii quubsaa nuuf kennuu dhabuu danda'a. Kanaaf Yeroo fudhannee ofii waliin haasahuun fi of dhaggeeffachuun barbaachisaadha.

Nuti huundi Erga dhalannee hanga Umuriin keenya dhumati "akkuma itti jiranitu jiruudha" jechaatuma yoo ni jiraanna ta'e; gaaf tokko illeen gad teenyee "Ani Eenyu? Akkamittan Yaada? Haalli kiyya, Amalli kiyya maal fakkaata? Miirri fi Yaadni dhaabbataan ani qabu isa kami? Nama Tarsiimoo qabu moo kan hin qabne? Walumaa galatti Keessi Kiyya maal Natti hasaasa, Maal natti

himata?" Jennee goonkumaa of gaafannees of dhaggeeffannees hin beeknu taanaan, Jiruun keenya Konkolaataa 'Liibree' hin qabne ta'eera jechuudha.

Konkolaataan Liibree (Waraqaa Abbummaa) hin qabne Kan eenyuu akka ta'es hin beekkamu. Namicha Anatu abbaadha jedhu irraa yoo saamames, kiyya jedhee morkachuuf ragaa itti hin qabu. Abbaa fedhetu bakka dhaabbatee furtuu cabsee gara barbaade oofachuu danda'a. Kanaaf jireenyi Of yaaduu, Of dhaggeeffachuu fi Of xiinxaluun itti hin jirre Kaayyoo eenyuu akka tajaajilaa jiramu waan hin beekamneef, kuni jiruu kiyya jedhamee Ragaa ittiin Abbummaa mirkaneessan hinqabu.

Kanaaf yeroo tokko tokko Waca Huunda keessaa kophaa bahanii, Callisa gad fagoo ta'e keessa of galchuudhaan Miiraa fi Yaada ofii isa dhugaa sana of keessatti arguuf yaaluun barbaachisaadha.

Yeroo sana Maaltu akka dhugaan Nu Hawatu, Maal akka Jaalannu Maal akka jibbinu, Wanti Uumamaan ofitti Nu butatu maal akka ta'e, Maal yeroo Hojjannuu gammachuu akka nutti dhagahamu qulqulleessinee hubachuu eegalla.

C. *Of yaadachuu:* Of yaadachuun yeroo waa Yaadaa ykn waa raawwachaa jiranitti tasa ofitti deebi'anii of sakatta'uu(maal akka godhaa jiran yaadachuu) irraa hanga Duuba deebi'anii Wanta ijoollummaa Yaadaa ykn Hojjachaa turan Yaadachuutti deemuu danda'a.

Yaadannoo Sammuu gad fageenyaan sakatta'uudhaan, Guyyoota darban keessa Gaafa Aadaan nu hin

daangeessine, Gaafa Aduun nu hin jabeessine sana Bilisummaa fi qulqullummaa Ijoollumaa keenyaa sana keessa Maalfaa goona turre? Akkamitti yaanna turre? Maatii fi Hiriyoottan waliin Haala akkamiin jiraanna turre? Kan jedhu, Suuraa fi Nam-fakkii Nukeessa jiru tokko tokkoon baafnee ilaaluu qabna.

Fkn:Haalli keessa keenya jiru

“Gaafa Hajoollummaa koo Re’ee cabdeefin booyaa; Har’a^mmoo duuti Namaa natti fakkaate faayaai” kan jedhu yoo ta’e, Amalli keenya inni dhugaan kan nu waliin uumame Isa gaafa hijoollummaa sana jechuudha. Inni kun ammoo kan Adeemsa keessa nutti maxxaneedha.

D. *Addaan fohuu:*Haala kanaan Of hubannoo keenya erga jabeeffannee booda, Jabinaa fi dadhabina keenya lakkahuu eegaluu qabna. Amala keenya keessaa isa kamtu akka Carraa gaariitti Lakkaawwamuu danda’a; isa kamtu Jireenya kiyya gufachiisuu danda’a kan jedhu addaan baafnee Barreeffachuun barbaachisaadha. Adeemsa kana keessatti garuu of jajuu fi of komachuun hin barbaachisu. (Rakkoon kiyya isa kana jechuu qabna malee, Ani Rakkoodha jechuu hin qabnu). yeroo ofiif of ibsinu Akkuma Nama biroo waliin haasofnu sana keessaan ofitti haasofna waan ta’eef, Akkuma Nama biroo kabajaan dubbifnu sana Ofis kabajaan dubbisuu qabna.

Haasaa nuti keessa keenyatti Sammuu dammaqaadhaan haasofnu kana Sammuun miti-dammaqaan waraabaa jira. Kanaaf yeroo nuti “Ani dadhabaadha” jennee ofitti himnu

kana, Sammuun keenya erga nuti Yaada sana irraanfannee Hojii biraatti seennee karaa keessaatiin/Karaa Miti-dammaqaatiin Odeeffanoo sana irra deebi'ee xiinxaluu eegala. Yeroo nuti rafnu illeen inni adeemsa Hojii isaa itti fufaa jira waan ta'eef, jecha nuti "Ani dadhabaadha" jenne sana hiika itti kennuudhaan, "Kanaafuu Dadhabaa waanan ta'eef, Homaa dalaguu hin danda'u" jedhee jala sarara.

Kuni ammoo jijjiiramaaf gufuu guddaa nutti ta'a.

Walumaa galatti Oduun gammachiisaan Ammoo, Amalaa fi Eenyummaan gosa kamiyyuu jijjiiramaaf yeroo huunda banaa ta'uu isaati. "Ani Daldalaa ta'uufan uumamee Barsiisaa ta'uu hindanda'u" wanti jedhamu goonkumaa, tasumaa hin jiru. Yaanni akkasii kuni garuu bara meeqa dhaloota meeqa sakaalaa jiraateera.

Jalqabuma Rabbiin Nama kamiyyuu Ogummaa isa kanaafan si uumee isa kaan hin dandeessu jedhee itti hin dubbanne.

Sammuu ittiin Yaaduu fi Qaama ittiin hojjatu kennee kalaqee jira. Waan barbaade filachuufis mirga kennee jira.

Wantoonni akka Madaala keessoo fi Harkisa bu'uuraa jennee kaafne suni waa xiqqoo nu qajeelchuu fi Amaluma Namootaa gidduutti garaagarummaa barbaachisaa ta'e uumuufi malee, Daangeessanii nu hidhuuf hin uumamne.

Haata'u malee Haalaa fi Amala akkasumas Eenyummaa ofii kan dhugaa sana adda baasanii baruun, tarkaanfii itti Aanuuf Furtuu guddaadha.

3.1. Of abjonnaa

Erga Of Barree booda Eenyummaa keenya irraa kan gaarummaa isaa mirkaneeffanne ni raggaasifna. Kan sirrii ta'uu dhabuu isaa mirkaneeffanne ammoo ni geeddarra. Adeemsa kana keessatti Eenyummaa Guutuu fi Haarawa of irratti arguu barbaannu tokko abjochuu qabna.

Sadarkaan kuni Sadarkaa Eenyummaan fedhame Uumamuudha. Akkaataa ofii barbaannetti bocnee of dhiheessuu dandeenya. Nama akkamii ta'uu akka barbaannu gad teenyee of marihachuudhaan murtee murannoo qabu erga murteessinee booda kaalttumaan gara of ta'uutti ceena.

Odeeffannoowwan karaa of barbaachaa keessatti walitti qabne huundi Boca Haarahaan Of abjochuudhaaf Sona ta'ee nu tajaajila. Odeeffannoowwan sana Haala Gaariin walitti qabuun, boqonnaa isa itti aanu akkaan salphisa.

A. *Uumama keenyatti fayyadamuu:* Gara laafe qotuun Namatti hin ulfaatu waan ta'eef, Amala duraan nu keessa jiruun walqabsiisnee Kaayyoo itahamu kaawwachuun mijataa ta'a. Yeroo baay'ee Namoonni Akka tasaa of argachuu isaanii kan dubbatan bakka kanatti.

   Namni gariin Harkisni Bu'uuraa isaa gara waa qorachuutti kan isa butu ta'ee, garuu inni osoo of hin hubatin yeroo baay'ee tura. Ergasii akka tasaa gumii Aartii wahiitti makamee yeroo hirmaannaa Eegalu, Anniisaan hamilee isaa daran ol ka'a.

Yeroo kana Ergan gumii sana seeneetan achi keessatti of argadhe jedha.

Yookaan Namni inni tokko ammoo Daa'imummaa irraa eegalee Amala hiriyoottanii fi garee isaa waliin jiru kamiyyuu Qajeelchuu, tokkoomsuu fi Ijaaruu kan jaallatu ta'a. Umurii isaa garuu Nama jalatti qacaramee dalagaa jiraachuu mala. Akka tasaa Afooshaa gandaa irratti illeen tahu Hooggansi gaafa itti kennamu, Anniisaa guddaadhaan dalaguu eegala. Maalifi yoo jenne, garuma duraan keessi isaa isa harkisu sana bobbaafame waan ta'eefi.

Kanaaf Nutis Erga Of Qorannee wanta Nu keessa jiru hubannee booda, yoo duraan karaa sana irra hin jirru ta'e, akka Haaraatti Eenyummaa keenya Kallattii Humni keessa keenyaa nu harkisu irratti bocuu ni dandeenya.

As irratti garuu wanti ifa ta'uu qabu, Karaan Nuti adeemuu barbaannu Harkisa Bu'uuraa keenya waliin wal Faallaa ta'uu mala. Yeroo sana wanti nuti murteessuu qabnu karaa isa Filannoo keenyaa sana irra cimnee tarkaanfachuudha.

Sababni isaas Uumamni keenya Jijjiiramaaf yeroo huunda qophii waan ta'eefi. Yaalii yeroo xiqqoo booda keessi keenya waanuma irra jiru sana kiyya jedhee qeebaluun isaa hin oolu.

B. *Madaala sirreessuu:* inni biroon ammoo Haaraatti yeroo of abjoonnu, Haalaa fi Amala keenya Fooyyeedhaan ilaaluun hin oolu.

Kana gochuuf ammoo, akkaataa jalqaba Boqonnaa kanaa irratti bakka Afuritti qooduun ilaalle sanaan Madaalli Keessoo keenya garam akka dundhule beekuu qabna.

Ergasii Haala irra jirruu fi Haala ta'uu qabu Birqabaan ilaallee, bakka sirrachuu qabu sirreessuuf karoorsuu qabna.

Fakkeenyaaf Keessi keenya Aariidhaaf ariifataa fi Tasgabbiin kan isa hanqatu itaanaan, gara fulduraatti Nama tasgabba'aa ta'uuf yaalii goona.

Keessi keenya garmalee qabbanaa'aa fi Anniisaa dhabeessa yoo ta'e ammoo, Dadammaqiinsaa fi Hamilee qabeessummaa irratti of ijaarra.

Haaluma Kanaan kan qabnu jabeeffachaa kan hin qabne horachaa Eenyummaa haaraa uumuutti seenna jechuudha.

C. *Hariiroo bareeffachuu:* Amala miira keessa keenyaa erga sirreeffannee booda amma Gara Hariiroo Hawaasa Naannoo waliin qabnu bareechuutti dhufna. Gariin Namootaa Miira Callisaa daran mi'eeffachuu irraa kanka'e Hirmaannaa Hawaasummaa irraa oggaa foxoqan muul'ata. Gariin Jireenya Hawaasummaa wallaaluu irraa hanga Bultii ijaarrachuun itti ulfaatutu jiru.

Tokko tokkos kan Waca Namootaatiin ala guyyaa tokko ooluu hin dandeenye ni jira. Kunis Jireenya dhuunfaa isaa irraa xiyyeeffannoo isa dhoorka. Gad taa'ee Dubbisuu hindanda'u; Dinagdee isaa xiyyeeffannoon qindeessuu dadhaba.

Wacni qoftinis Faaydaa kennuu hindanda'u; Guutuutti callisuunis Sarara jireenyaa irraa Nama baasa.

Kanaaf Yeroo gad teenyee Eenyummaa keenya isa Haaraa Abjonnu/Kaayyeeffanu, kana huunda yaada keessa galchinee ta'uu qaba.

Yaadicha yeroo guduunfinu: Eenyummaa fedhame irratti of ijaaruudhaaf Jalqaba Haala uumama keenyaa irraa eegalee Eenyummaa keenya guutuu qoranna. Itti Aansuudhaan Jabinaa fi Laafina Keenya adda baafanna. Dhuma irratti Nama akkamii ta'uu akka barbaannu filachuudhaan gara wanta sirrachuu qabu sirreessuutti seenna.

Kana yeroo jennu garuu, Eenyummaan Nuti ijaarrannu kuni Nama bu'aa qabeessaa fi Ummata isaaf tajaajila kennu akka nu taasisuuf, Eenyummaa keenya bu'aa Hawaasaa waliin walitti hidhuu qabna. Kanaaf karaan salphaan immoo, 'Afran Mala Qorannoo' sana fayyadamuudhaan Naannoo keenya erga qorannee booda Eenyummaa Hanqinoota Naannawa keenyaa sana ilaalcha keessa galche irratti Of soruudha kan asitti barbaadame.

3.2. Ijaarsa Amalaa

Yaadaan waa huunda erga xumurree booda, gara Hojiin agarsiisuutti seenna. Of qoranne, of barre, Jabinaaf laafina keenya adda baafannee, Fuulduraaf Nama akkamii ta'uu akka barbaannu ofitti himne. Kuni Yaadaan of argannaadha.

Gara hojiitti yeroo seennu ammoo, gaafuma tokkoon Nama biraa ta'uun waan hindanda'amneef, Amala Haaraa abjoonne

sana ijaaruutti seenna. Kanas akkamiin raawwachuu akka dandeenyu karaa salphaa fi walxaxaa hin taaneen ilaalla. Kunis ammuma kaanee hojjachuu akka dandeenyu nu gargaara.

Tarkaanfiilee sasalphoo Jaha keessa darbuudhaan, Amala haaraa guutumaan guutuutti ijaarrachuu ni dandeenya.

1. *Ifoomsuu*: Amala Haaraa tokko shaakaluun Ifoomsuu irraa eegala. Wanta Hojiitti hiikuuf kaane sana sirriitti beekuu qofa osoo hintaane, yeroo kam, bakka kamitti, haala akkamii keessatti, kophaa ykn Nama akkamii waliin akka wanta sana hojjannu ofitti himuudha.

   Fakkeenyaaf: Dubbisa Amaleeffachuu dhaaf, "Nan dubbisa" jechuu qofa osoo hintaane, "Ganama ganama nan dubbisa" jechuu wayya.

   Akkasumas Bakka teenyee ittiin dubbisnu Teessumaa fi kitaabota nu bira taa'an huunda Sammuu keessatti Nam fakiin ilaaluun miira keenya nuuf mijjeessa.

   Sammuun keenya Haalota wanti yaanne suni ittiin raawwataman yeroo beeketti dammaqsituu/Alaarmii kaawwata. Battaluma yeroo fi bakki akkasumas haalli guutuun ofitti muul'ifne suni dhaqqabetti keessi keenya ni qunqunata. Ni qophaaha wanta yaadaa turre sana si'aayinaan hojiitti hiikuu eegala.

2. *Hawwachiisuu:* Karoorri haaraan irra deemaa jirru suni Hawwataa akka ta'u gochudha. Akkas gochuun fedhiin keessa keenyaa Raawwii sanaaf akka butamu taasisa.

Yeruma jalqaba Amala barbaannu sana hojjachuu yaannu, sana hojjachuu keessatti haalli bareedaan akka uumamu amanuudhaan of bohaarsuu qabna. Jabeenya qaamaatiif ganamuu fiiguu akka qabnu murteessuun qofaan gahaa miti.

Ganama kaanee fiigichatti osoo hin seenin dura akkaataa uffata Ispoortii sana ittiin uffannu; yeroo fiignu hiriyoottan waliin fiignu; akkasumas Fiigicha irraa deebinee akkaataa Qaama dhiqannee ciree itti nyaannu huunda yaaduun irra wayyaadha.

Akkas gochuun, Sammuun keenya ofumaan akka nuuf ajajamu nuuf gargaara.

3. *Salphisuu:* Gaafuma tokkoon Hojii guddaa ofitti baachisuun deemsa of dhoorkuudha. Xiqqeessinee fi salphifnee akka nuffiin nutti hin dhagahamnetti eegaluu qabna.

   Namni Qaanfataan Amala Nama dura dhaabbatee dubbachuu ofitti horuu barbaadu tokko guyyaa jalqaba hojiitti seenu Galma guddaa keessatti yaaluu hin qabu.

   Akkas gochuun Sammuun isaa daangaa darbee akka rifatuu fi dogooggoroota heeddu of irratti arguudhaan, gara xumura hin danda'uutti dhufa.

   Ergasii Lammaffaa bakka akkasii dhaabbachuu akka hin dandeenye of taasisa.

Namoota isatti dhihaatan waliin shaakaluu yoo eegale garuu, fooyyaa'iinsa breedaa fida. Sammuun isaas mi'eeffachaa adeema.

Kanaaf wantoota sasalphoo ta'an irraa eegaluun karicha laafaa taasisa jechuudha. Booda erga jabaatanii xiqqoo xiqqoo dabalaa adeemuun adeemsa haalaan milkaawaadha.

4. *Badhaasuu:* Hojjachuun qofaan Hamilee hin dabalu. Bu'aa wanta raawwatamee sanaa arganii gammaduu fi miira Badhaasaa keessa galuun barbaachisaadha.

   Namni jalqaba Haanee/Haaloo qabachuu baay'isu tokko gaafa of sirreessee Namaaf dhiisuu fi araaramuu eegale "Ani dhiifama gochuu danda'eera!" Jedhee gammaduu danda'uu qaba.

   Keessi keenya Hojii badhaasa ittiin argate ammas irra deebi'ee hojjachuu barbaada. Kanaaf Raawwii keenyaan of badhaasuu fi of gammachiisuutu nurra jira.

5. *Daddeebisuu:* Amala haaraa uumuudhaaf Osoo Hojichi xiqqaatee illeen irra daddeebisanii guyyaa guyyaan hojjachuun dirqama guddaadha. Daddeebisanii wanni raawwatan Nama harkaa hin badu. Adaduma irra deebinuun Samuu keessatti Daandii yaadannoo tolfachaa adeema.

   Guyyaatti daqiiqaa Shan Kitaaba dubbisuun Torbeetti Sa'atii tokko dubbisuu irra wayyaadha.

6. *Of ta'uu:* Tarkaanfiilee Shanan sana keessa erga dabarreen boodha Amala Haaraa fi Eenyummaa Haaraa keenya waliin Umurii guutuu turuuf, Of ta'uu nu barbaachisa.

   Haala irra jirru, Hojii hojjachaa jirru, Amala nuti qabnu fi guutumaan guutuutti Eenyu akka taane ofitti labsinee "ani kana" jennee fudhachuutu Of ta'uudha.

   Ani Dubbisaadha, Ani Ogeessa, Ani Nama Ispoortiiti, Ani Nama Artiiti, Ani Hoogganaadha, Ani Barsiisaadha, Ani qajeelchaadha, Ani Tajaajilaadha. Jechuudhaan of raggaasifna.

   Kana booda ofitti amanamummaan ofumaaf nidhufti, Guutumaan guutuutti Eenyummaa fedhame ijaarrannee jiraachuus ni eegalla.

   Of-argannaan inni sirriinis isa kana.

Gabaabumatti of argachuuf wanti godhamuu qabu, *gammadanii filachuu irra filatanii gammaduu amaleefachuudha!*

Kuni yaada irra deebii hin qabnee fi carraa isa dhumaati.

*Gammadanii filachuun waanuma arganii dhagahan, waanuma Namni faarse jala deemuu, bara dhufaa darbaa milkii Nama biraatiin bohaaruun, "Anaafis kanuma naafwayuu hin oolu" jechaa, tokko yaalanii kaanitti utaalaa akkuma of sobaniin tasgabbiif milkii malee barri jireenyaa dhiitee Namatti galgalaahuudha.

*Filatanii gammadduun immoo qabatamaan wanta ta'uu qabu baasanii buusanii filachuu, waan filatan sana hojjatanii bakkaan gahuuf murteefachuu, Sammuu ofiitti gadda karaa sanaan dhufe oobsaan akka dabarsuu fi gammachuu karaa sanaan dhufe Ayaana godhatee akka ittiin bashannanu jabeessanii daddeebisanii itti himuudha.

-Filatanii gammaduudhaan, kallattii humna Sammuu karaa Galma jireenya ofii guutumaan guutuutti gara galchuun, hanga dhumaatti Milkii dhandhamuu fi Adduunyaa tanaafis Iccitii Argama (Kalqamuu) isaanii baasanii gumaachuun ni danda'ama.

BOQONNAA 4
GULANTAALEE MILKAA'INAA

Boqonnaalee darban keessatti jireenya hiika dhabeessummaa fi hanga sammuun dhukkubsatanii harka kennuu gahuu irraa gara galma qabeessummaa fi of-argannaa akkamitti akka ceesisuun danda'amu baranneerra.

Amma boqonnaa kana keessatti jireenya hiika godhatee karaatti bu'e sana, karaa galma isaa xumuratee tabba milkaa'inaa irra akkamitti geessuun akka danda'amu ilaalla.

Tarkaanfachuu fi dhaqqabuun yoo hin jiraanne, karaa argachuun qofaa isaa bu'aa qabeessa hin ta'u. Imala kana bakkaan ga'uudhaaf, waa'ee milkaa'inaa ifa gochuun dhimma hafuu hin qabnedha.

- *Hiikkaa Milkaa'inaa:* Milkii jechuun akka Lugaatti raawwii wanta yaadamee jechuudha. Wanti yaadame ykn hojjatamuuf fedhame tokko akka fedhame sana ta'ee yoo xumurame (raawwatame), milkaawe jedhama.

Fakkeenyaaf: "Gooliin kubbaa Abdullaahiin yaale lamaanuu milkaa'ee jira." Oggaa jennu, Abdullaahiin yeroo lama yaalii goolii galchuu taasisee lachuu galuu danda'e. Akkuma inni barbaade sanaan deeme jechuudha.

Haala kanaaan yeroo hiiknu, dirqama Abdullaahiin kaayyoo godhatee Goolii lama galchuudhaaf carraaqaa jiraate jechuu miti. Karaa biraatiin "Qabsoon Abdullaahiin ummata isaatiif mana barumsaa ijaaruu irratti gochaa ture milkaawe." yoo

jenne, milkii isa karaa xin-sammuun ibsamu sanatti nu qajeelcha.

Hiikkaan Galumsaa Milkaa'inaa inni namni hundi qalbii isaa keessatti yaadu kan fedhinnaa fi dharraa namoota baay'ee ta'e suni ammoo, "*Kaayyoon guutamuu fi galmi gahamuu*" jedhamee gabaabaa fi ifaa haala ta'een ibsamuu danda'a.

Kaayyoo qaban tokkoo irratti ifaajee barbaachisu huunda godhanii erga raawwatanii booda carraa fi carraaqqiin wal-simuutu milkii jedhama. Inni nuti Boqonnaa kana keessatti ilaallus isa kanadha.

Gaafa jalqaba kaayyoon qalbii keessatti nu biqile irraa eegalee hanga gaafa milkoofnee galateeffannuutti gulantaaleen gurguddoon nuti isaan irra ijjannee darbuun dirqama nutti ta'an nijiru. Milkiin taatee halkan tokkoon xumuramu waan hintaaneef jechuudha.

Gulantaalee kanas akka Hubannoof nuu mijatutti sadarkaalee ifa ta'an afuritti (4) qoodnee yoo ilaalle nuuf wayyuu hin dhabu.

Sadarkaalee milkaa'inaa kanas bakka afuritti yommuu qoonnu, haala sammuu keessaa nubaduu hin dandeenyeen gabaajee qubee afurii ittiin uumna.

Gabaajee keenyas hima Afaan Oromoo AS-T'I (As taa'ii) jedhu fayyadamnee uumuu dandeenya. "A"n Abjuu, "S"n Si'aayina, "T"n Taajjabduu "I"n Injifannoo bakka bu'uun ibsamu.

Ammas deebifnee gabaajee haarawa hiikkaadhuma wal-fakkaataadhaan uumuu dandeenya. Asitti ammoo jecha Afaan

Ingiliffaa “FISH” jedhu fayyadamna. “F”n Figment, “I”n Instinct, “S”n Spectator, “H”n Holistic bakka buufachuun ibsina.

Figment: Abjuu / Yaada keessoo; Instinct: Miira/Si’aayina keessaa; Spectator: Taajjabdoota / Daawwattoota; Holistic (Success): Waliigala (Milkaa'ina Waliigalaa) / Hunda (Milkaa'ina hundaa) jechuu yommuu ta’u, gabaajeen lamaanuu hiika tokkotti akka nugeessuuf tolfanne.

Kunis yaadichi sammuu keessatti akka nuhafuuf mijjeeffachuu irraati. Kana erga xumurree amma kallattumaan gara sadarkaalee kana tokko tokkoon kaafnee ilaaluutti seenna.

1. Abjuu

Milkiin jalqaba osoo lafa irratti hin argamin sammuu keessatti biqila. Milkaa’inni biqile sunis guddina isaa kan sammuu keessaa erga fixateen booda, lafatti gad-buufamee akka haaraatti dhaabbama. Ergasii ifaajee carraaqiidhaan dagaagee firaawuu dhaqqaba.

Biqiltuun milkaa’inaa kan sammuu keessatti biqilu kunis isa nuti Abjuu jennee yaamnu sanadha. Imala gara milkii godhamuuf tarkaaffiin inni ka’umsaa Abjoochuudha. Asitti kan ifa taasisuu qabnu garuu, Abjoochuun kunii fi Muul’ata inni jennu suni tokko akka hin taaneedha.

Muul’anni yaada sammuu ykn abjuu bu’aa kaayyoo ofii irratti qabaattamuudha. Abjuun inni mataduree kana irratti kaafne

ammoo, yaada sammuu ykn abjuu raawwii kaayyoo ofii irratti qabaattamuudha.

Lamaan isaaniituu abjuu ykn yaada sammuu keesssaa haa ta'an malee, inni tokko waa'ee bu'aa fi jijjiirama kaayyoo saniin dhufuuti. Inni tokko ammoo waa'ee adeemsaa fi raawwii kaayyichaati. Inni nuti asitti mata duree godhannes isa kanadha. Waa'ee raawwii kaayyoo fi dhufaatii milkaa'inaa yaaduu isa jedhudha.

Egaa yaadni kuni uumamaan namoota baay'ee keessa kan jiru ta'uun isaa beekkamaadha. Namuu qalbiitti waa fedhuu hin dhiisu. Wanta fedhan tokko akka ittiin argatan of keessatti yaaduunis hin oolu. Haa ta'u malee hundi isaa bu'aa qabeessa ta'uu hindanda'u. Inni bu'aa qabeessa ta'u, isa kaayyoo qulqulluu erga qabaatanii booda abjootamu qofadha.

1.1. Yeroo fi Akkaataa Isaa:

Yaadni abjuu guyyaa ta'e kuni yeroo kam akka eegalee, yeroo kam akka xumuramu, dhugaan isaas akkam akka ta'e hubachuun abshaalummaadha. Bakka ka'umsa milkaa'ina duundaati waan ta'eef jechuudha.

Ka'umsi Abjuu ka'umsa kaayyoo waliin waluma faana. Battaluma namni tokko kaayyoo tokkoof murteeffatetti, sammuun isaa hatattamaan waa'ee kaayyichaa kakkii uumuu eegala. Osoo inni hoojji hin seenne yaadaan akkaataa ittiin kaayyoo sana hojiin raawwatu arguu eegala.

Namtichis yaada maala haa kaayyeeffadhu jedhu akkuma xumureen, milkii kaayyoo sanii yaaduutti seena. Kana

jechuun, sadarkaa milkii isa jalqabaatti seenee jira jechuudha. Sammuun amanu malee qaamni socho'uu hin danda'u waan ta'eef, dursa keessa isaatti milkaa'uu qaba.

Yeroo kanatti maal maaltu adeemsifama? Yeroo kanatti jalqaba nam fakkii sammuu keessaatu uumama. Fakkeenyaaf, namni daandii baaburaa ijaaruu kaayyeeffate tokko, bakkuma jalqaba itti kaayyeeffate sanaa osoo ol hin kaane, sibiilota lafa irratti diriirfaman, hojjattootaa fi maashinoota bakka hojii sana keessa sosocho'an huunda arguutti seena.

Akka manaama qulqulluu hirriiba furdaa keessa ta'anii arganiitti qulqulleessee waan achi keessatti raawwatammu tokko tokkoon daawwata.

Akkuma taa'ee yaaduun xumuraa fi eebba hojii sanaa arguu jalqaba. Miira milkaa'inaa isa jalqabaas achuma bakkuma taa'e sana ta'ee dhandhama. Injifannoo namoonni biroo isaaf arguu hin dandeenye qofaa isaatti goonfata.

Kanaaf namni yeroo kaayyoo isaa abjootu, mallattooleen xiinsammuu tokko tokko isa keessatti uumamu.

1. **Muul'isii Sammuu:** Wanti ta'uuf deemu huundi yaadaan sammuutti muul'achuu.
1. **Dhandhama Miiraa:** Wantoota raawwatamanii fi milkii waliigalaa dhufuuf deemu dursanii dhandhamuu. Kan lafa irra hin jirre, garuu sammuun sirna Eebbaa irratti argamu.
2. **Geeddarama Eenyummaa:** Inni kuni immoo har'uma kaayyeeffatanii, har'uma abbaa milkii sanaa ta'uudha. Eenyummaan milkaa'ina dhufu sana irratti ijaarrame

namatti dhagahamuu fi ija kabajaatiin of ilaaluu jechuu keenya.

Kanaafi kan nmoonni kaayyoo qaban dhaabbii oolmaan isaanii huundi jijjiirama agarsiisu. Dhaabbii Nama kaayyoo sana xumuree jalqabuma irraa madaqfachaa adeemu.

Dargaggoota Jiminaastikii jabeenya qaamaatiif hojjatan yoo hubanneerra ta'e, akkumma jalqaba hojjachuu eegalaniin osoma jijjiirama qaamaa hin fidin, deemsii fi tarkaanfiin isaanii ni jijjiirama. Isaan itti yaadanii ta'uu dhabuu dada'a. Garuu Sammuun isaanii miira milkaa'ina sochii ispoortii sana dursitee erga dhandhamteen booda, eenyummaa nama Jiminaastikiin milkaawee sana madaqfachuu eegala. Kanaaf, osoma irreen isaanii hin furdanne, tarkaanfii warra furdatee tarkaanfatu.

Irreen namaa garmalee yeroo dabalu, qofaa isaatiin wal dhiibuudhaan harki gamaan gamanatti akka bal'atu godhuu danda'a. Jijjiiramni akkasii suni osoo hin uumamne dura garuu dhaabbii akkasii horachuun, mallattoo sammuun keenya kaayyoo keenyaa fi eenyummaa keenya gara fulduraa wal simsiisuuti.

3. **Kaka'umsa Dursa Hojii:** Milkaa'ina abjoochuun mallattoo inni agarsiisu keessaa inni tokko, gara hojichaa kaka'umsa cimaa qabaachuudha. Hojichi eegalamuuf illee yeroon dheeraa osoo hafee, keessi keenya garuu har'uma "utaalii lafaa ka'i" nuun jetti.

Saayintistiin beekamaa Girik durii Alkimeedis, gaafa tokko Mootiin biyyattii Hariyoon 2ffaa kan jedhamu Gonfoo

Warqii kan mataatti kaayyatu tokko warqii qulqulluu ta'uu fi makaa qabaachuu isaa akka isaaf qoratu isa ajaje. Gonfoo sanas osoo hin miidhin makaa qabaachuu fi dhabuu qofa akka adda baasu itti hime.

Alkimeedis karaa Saayinsawaa fayyadamee Rukkina warqii herreeguudhaan adda baafachuu barbaade. Kana gochuuf ammoo Hangaa fi Qabee warqii sanaa beekuun dirqama ta'a. Hanga isaa beekuuf, salphumatti Madaala irra kaahee safaruu danda'a. Bocni Gonfoo sanaa garuu Qabee isaa Safaruuf mijataa waan hin turreef, akkamitti hojii sana xumuruu akka qabu wallaalee rakkachaa ture.

Gaafa tokko Alkimeedis bakka dhiqannaa ummataa tokkotti qaama isaa dhiqachuuf yeroo bishaanitti seene, bishaanichis qaama guutuudhaan itti seennamuu isaatiin ol ka'iinsi isaa ni dabale. Yeroo kana Saayintistiin kuni akka tasaa yaada rakkoo isaa sana furu argate.

Bishaan suni inni keessa bu'uu isaatiin ol dabaluun isaa Qabeen qaama isaa Qabee bishaanichaa bakka gadhisiisuu isaatiin akka ta'e hubate. Kunis meeshaa Boca sirrii hin qabne tokko bishaan keessatti dabaluudhaan, hamma qabee bishaan ol-dabale sanaa herreeguudhaan, Qabee Meeshichaa beekkachuun akka danda'amu isaaf ibse.

Battaluma yaadni haaraan kuni isaa dhufetti Saayintistiin beekamaan suni utaalee bakka dhiqannaa keessaa bahee qullaa isaa karaarra fiiguu fi sagalee ol qabee "Yuurekaa" jechaa iyyuutti ka'e. Hiikkaan isaas "argadhe" jechuudha.

Ergasii deemee yaalii sana taasisee rakkoo sana furuudhaan Gonfoo Mootichaa qorate jedhama.

Argannoon gaafa sanaa sunis hanga har'aatti Adduunyaa Saayinsii keessatti gaaffii guddaa deebisee tajaajilaa jira.

Seenaa Saayintistoota baayyee keessattis mudannoon akkasii suni Mudoo/Yeroo "Ahaa" ykn Yeroo "Yuurekaa" jedhamuun beekama. Yeroo Saayintistooni yaada haarawa argatanii "Ahaa" jedhanii dammaqan jechuudha.

Gara mataduree keenyaatti yommuu deebinu, Alkimeedis Bakka dhiqannaa keessaa fiigichaan bahuu fi gara yaalii sana raawwachuutti wanti isa dhiibe maali?

Akkuma duraan jechaa turre; Sammuun keenya yeroo nuti kaayyoo tokko irratti aaka xiyyeeffatu isa goone fi yeroo kaayyoo sana akka milkaa'etti yaaduu eegale, kallattumaan humna guddaa burqisiisee gara hojiitti nudhiiba. Keessi keenya hanga oobsa dhabu tokkotti Anniisaadhaan guuttama.

Akkuma walii galaatti Gulataan Milkaa'inaa inni jalqabaa taa'aniituma Milkaa'ina sana Yaadaan dhandhamuu yommuu ta'u, innis Jijjiirama Qorqalbii nu keessatti fida.

1.2. Faaydaa Ijoo Isaa:

Hojiiwwan gurguddoon Adduunyaa tana irratti hojjatamanii darban huundumtuu, jalqaba sammuu namootaa keessatti abjuu turan. Bu'aaleen Teeknooloojii yeroo ammaa ittiin fayyadamaa jirru hundi; Geejjiboonni Ammayaa, Meeshaaleen Sab-qunnamtii fi Kalaqni ilma namaa kamiyyyuu bu'aa Abjonnaati.

Kanaaf Abjochuun bu'uura Kalaqaa fi Milkaa'ina gosa huundaati jenna.

Yeroo kaayyeeffannu, kaayyoo keenya sana milkii isaa gad taa'anii yaadaan ilaaluun bu'aan isaa inni biroon ofitti amanamummaa nutti horuu isaati. Erga milkii isaa yaadnee, qalbiin keenya "nita'a" jettee amanti waan ta'eef, sodaan kufaatii nuhin moo'u. Haguma milkii yaannuun ofitti amanamumaan keenya nidabala.

Kana malees gara hojichaatti kaka'umsa namaaf dabaluudhaan, ibidda dammaqinaa isa jalqabaa nama keessatti shida. Kunis hojii jalqabuuf furtuu ta'uu isaa nuuf mirkaneessa.

Gahumsa keenya dursinee akka yaannu waan nugodhuuf, erga kaayyoon suni milkaa'een booda muul'ata akkamii akka qabaannu xiinxaluus nuyaadachiisa. Kuni ammoo kaayyicha akka waan galma gaheetti yaaduudhaan, madaallii raawwachuu fi dogooggora kamiyyuu sirreessuuf haalaan nugargaara.

1.3. Miidhaa Irratti Turuu:

Akkuma faayidaa qabu huunda yoo garmalee baay'ate, rakkoolee tokko tokko hordofsiisuu danda'a. San keessaa inni jalqabaa Murtee dadhabuudha. Namni tokko milkaa'ina isaa yeroo tokko sirriitti erga gad-taa'ee yaadee booda, kallattumaan gara hojiitti seenuuf yaaluu qaba. Akkas yoo gochuu baate, yaa'ee Abjochuu sana mi'eeffachaa adeema.

Yeroo huunda nama yaadaa ta'a. Nama hojii ta'uuf garuu ni rakkata.

Sammuun Miti-dammaqaan wanta yaada keessa isaa ta'e tokkoo fi Kan dhugaan lafa irratti hojjatame gidduu adda baafachuu hin danda'u. Kuni ammoo yeroo Milkaa'ina sana yaadaan ilaallu, dhuguma wanti huundi xumurameera se'uudhaan, Anniisaa Hamilee Hojiitiif qophaa'ee ture sana akka hadhiisu isa taasisa. Sababa kanaan Namoonni yaada baay'isan Hamilee hojii xiqqaa qabu.

Gabaabsinee yeroo goolabnu, Abjoonnaan gulantaa milkaa'inaa isa jalqabaati. Isa ira ijjatanii darbuun dirqama. Bu'aa baayyees ni qaba. Ittis fayyadamamuu qaba. Garuu Abjuun qofaan milkii ta'uu waan hindandeenyeef, Gulantaan inni Lammaffaa "Si'aayinni"barbaachisaa ta'a.

2. Si'aayina

Sadarkaa milkii Si'aayinaa kan jedhamu milkii miiraati. Yeroo namni waan sammuu keessatti milkeesse lafatti argamsiisuuf dhakaa mukatti bu'ee dhama'u. Yeroo gatii gurguddaa kafalaa; garuu waan garas baasuu fi dadhabbii isa mudatu hunda dagatee miira milkii isaa ija dunuunfatee mi'eefatu sanadha.

Yeroon kuni kaayyoodhaaf yeroo gatiin isaa inni dhugaan kafalamu qofa osoo hin taane, yeroo kolfaa kafalaniidha. Yeroo qaamaan dafqa xuruurfachaa, qalbiin immoo boqonnaa guddaa keessa galaniidha.

Sadarkaa kana keessatti Anniisaan irree keessaa dhumullee, onnee keessaa guuttama malee hin dhaabbatamu.

Gulantaan kunis qabxiilee ijoo tokko tokko kan ittiin ibsamu qabaachuu mala. Isaanis:

1. *Abjuu fi Hojiin Wal'arguu:* Hamileen Sadarkaa Abjonnaa irratti burqaa ture suni huundi gara hojiitti yeroo galu, Humna hojii ta'uudhaan, Hojichi jalqabuma irraa Si'aayina ol'aanaan akka itti fufu godha.

   Aggaammii fi Boruuf jechuun goonkumaa sadarkaa kana keessatti hin mudatu. Miira milkii dhandhameen durfamaa waan jirruuf, nan boqadha yoo jenne illee, Si'aayinni keenya boqonnaa nuuf hin eeyyamu. Yeroo akka barataan harka bitaatti kitaaba banee qabatee harka mirgaatiin nyaata sooratu sanaa jechuudha. Nyaatichayyuu kan dhihaate, Beelli dubbisa gidduun akka isa hin jeeqne of irraa callisiisuufi malee soorachuu fedhee hin fakkaatu.

   Anniisaa guutuu ta'e kan yoomiyyuu hir'achuuf qophii hin fakkaannetu, kaayyoo keessaa namatti madda. Gara fuulduraatti tarkaanfachuu malee bitaa mirga miil'achuuf illeen kan yeroo namaaf hin ken'ine ta'uu danda'a.

2. *Dadhabina Qaamaa:* Humni miira milkiitiin Si'eeye kuni yeroo qaama halkan guyyaa raase, qaamni dhugumatti ni dadhaba. Hamilee guddaa keessa yeroo gallu sanatti, of hubachuu fi of qusachuun ni dagatama.

   Yeroo sanatti hanqina Hirribaa, hanqina Nyaataa fi hanqina Boqonnaa qaamaatu nu mudata. Miira haaraa

milkii abjootu keessa jirra waan ta'eef, sadarkaa kanatti wantoota kanaaf bakka hin kenninu.

Inumayyuu humna guddaa kan yeroo kaan hin baafne baafnee dalagna waan ta'eef, qaamni keenya daran dadhabuu qofa osoo hin taane, hanga mallattoon miidhamuu nurraa muul'atu ta'uu dandeenya.

Dabalataan ammoo qormaatoonni heedduun nu qunnamuu danda'u. Yeroo taa'anii yaadanii fi yeroo qabatamaan lafa irratti hojjatan, haalli wal fakkaataa hin ta'u. Kuni ammoo hamma eegnee ol ifaajeen akka nu eeggatu godha. Qabsoo sammuu keessaa fi kan lafa irraa wal simsiisuuf, dafqi dafqamu salphaa hin ta'u.

Kuni huundi walitti dabalamee ammas sakaallaa biroo nutti uuma. Innis Maatii fi Namoota nutti dhihaatan irraa yaada ilaalchaa nutti dhufu ta'a. Firaa fi Hiriyaan huundi carraaqqii fi ifaajee nuti goonu kana miidhama qaama keenya irraan muul'atan waliin wal qabsiisuun ilaalu.

Kaayyoo keenyaaf hojjachuu keenya deeggaran illee, adeemsa keenya tasgabbeessuu akka qabnuu fi boqonnaa akka nu barbaachisu yaadu. Kanaaf, jechas "Dhaabi, Of-qusadhu, Of-miidhaa jirta, Nageenya keetiif dursa kenni" fi kan kana fakkaatan nuun jechuu baay'isu.

Namni sadarkaa milkii Miiraa/Si'aayinaa sana keessa jiru ammoo, namni "Boqadhu" isaan jedhu gufuu isaati. Nasakaalan jedhee amana malee; naaf yaadan kan jedhu kana baay'ees beekkamtii hin kennu.

Gabaabumatti miira akkasii keessa yeroo seennamu, Adduunyaa mataa ofii uummachuun, namoota heedduu

waliin afaan wal-wallaaluun ni muul'ata. Kuni ta'uun isaa garuu, dogooggora keessa galameera jechuu miti.

Dhugaan jiru, Si'aayinni hojii yaada sababaa moo'uu isaati.

3. *Rakkachaa Gammaduu:* Adaduma Karaa Kaayyoo keenya irratti madaan qaamaas ta'e kan qalbii nu mudatuun, keessi keenya akka waan rakkoon suni ragaa milkaa'ina gara fulduraa ta'eetti fudhannee ittiin gammadna.

   Tibba Sagantaan nutti baay'atee hirriiba dhabnu, yeroo heedduu yaaduu keenya irraa mataa nu dhukkubu, yeroo gorsitoonni keenya "Sagantaa hir'isuu qabda, Boqonnaa fudhachuu qabda" nuun jedhan, nuti ammoo miira gootummaa ofitti dhageessisuu eegalla. Warri nu gorsu sirrii akka jiran ni amanna. Garuu Humni keessa onnee keenyaa maddu, ka'umsi isaa abjuu milkaa'inaati waan ta'eef, madaa gara fayyaatti laalaa, gara mi'aatti geeddaree nutti dhageessisa.

   Milkiin gosa kamiiyyuu qabsoo malee hin argamu. Sadarkaa kana irra yeroo geenyu garuu, qabsoon suni bashannana nutti fakkaachaa deema. Kanatu Sadarkaa Milkaa'inaa isa Si'aayina jennee moggaafne kana gulantaa milkaa'inaa isa murteessaa akka ta'u isa taasisa.

4. *Hiika Qabeessummaa:* Kan yeroo kamii illee caalaa yeroo karaa sirrii irratti ifaajnu, dhugumaan jireenyi keenya hiika qabeessa akka taate ammanna. Kan boqonnaa fudhannu yeroo xiqqoo haa taatu malee, sammuun keenya dafee haara galfii argata.

   Guyyaa kaan sa'atii Saddeet nama rafu yoo taane, tibba qabsoo sana garuu sa'atii Afurii fi sa'atii Shan gidduutti

hirriiba fixannee kaana. Hamilee fi humni keenya dafee dafee haaroomuudhaan, kan yoomiiyyuu caalaa fayyaaleessummaan nutti dhagahama.

Guyyaa guyyaadhaan, sa'atii sa'atiidhaan tarkaanfiin keenya gara milkaa'ina kaayyoo keenyaatti nu dhiheessaa jira waan ta'eef, hiika qabeessummaa jireenya keenyaa cimsinee amanna. Ofitti amanamumaan keenyas ni dabala. Haalaaf amalli keenya haala ifa galeessa ta'uun jijjiirama agarsiisa.

Ilmi namaa hamilee hojiitiin eerga guuttamee, namoota birootiif nagaa kenna. Ofiitis nagaa guutuu barbaadha.

Jeequus ta'e jeeqamuus hin eeyyamu. Sammuu isaatii fi jireenya isaatti hojii biroo dabaluu goonkumaa hin barbaadu waan ta'eef, Boora'iinsi nageenyaa isaaf namoota biroo gidduutti yoo uumame illee, dhiifamaan taliileessee darbuu filata.

Badii isatti balleeffameef deebi'ee dhiifama gaafachuun itti hin ulfaatu. Yeroo isaa, yaada isaa fi humna isaa kaayyoo isaatiin alatti qisaaseessuu mannaa hundaan walii galee, dhiifamaan bira darbuu fi karaa guddicha isaatiif yeroo argachuu filata.

Kanaafi dhaloota gara kaayyoo fi aadaa hojii fooyya'aa ta'etti dhaloota kakaasuun, nageenyaa fi tasgabbii Biyyaatiif wabii bareedaa ta'a kan jennu.

Biyya hojii dhabdummaa fi kaayyo maleessummaan itti baay'atu yoomiyyuu nagaan waaraa hin argamu. Haguma humni oomishaa kaayyoo dhabeen, walitti bu'iinsoonni biyya keessatti uumamaa deemu.

*Akka haaraatti naamusaan of ijaaruun gulantaa kana keessatti waan beekkamaadha. Haasaa bu'aa hinqabne baay'isuun, tapha heeddummeessuun, hiriyootaa waliin taa'anii salphaatti yeroo qisaasessuun, sadarkaa kana keessatti sirumaa dhabama ta'a. Hanga namoonni duraan nubeekan "Maal ta'eeti akkana amalaan liqimfame?" Jedhanii wal gaafatan tokko dhaqqabuu dandeenya.

Kuni huundi fedhiin nuti Milkaa'inaaf qabnu abjuudhaan mirkanaa'ee; hamileedhaan si'aayee waan jiruufi jechuun ni danda'ama.

Dhuma irratti wanti beekamuu qabu inni guddaan, Sadarkaa kana irratti ilmi namaa goonkumaa gufachiifamuu yookaan dhaabsifamuu akka hin qabneedha. Haga fedhe yoo utaalee gara kaayyootti fiige, bu'aa malee miidhaan itti dhufu hin jiru. Kanaaf yoo danda'ame deeggaruu fi haala mijeessamuufii qaba. Yoo dadhaban hamilee ta'amuufii qaba malee, sadarkaa kana irratti gufachiifamuun, cabiinsa jireenyaa guddaa ta'e hordofsiisa.

Namani Si'aayina guddaan osoo hojjatuu, gufachiifamnaan, deebi'ee hamilee ofitti horuuf yeroo itti fudhata. Kanaaf namichi qabsoo milkaa'inaa irra jiru suni yoo lukaan karaa dheeraa imaluudhaan of miidhaa jira ta'e, geejjiba mijjeessuufii; yoo Qanqina soorataa qaba ta'e, nyaata madaalamaa isaaf qopheessuu; walumaa galatti ifaajeen isaa akka salphatuuf namicha dhaabsisuu osoo hin taane, haalicha mijeessuutu nurraa eeggama.

Sadarkaan Si’aayinaa sadarkaa ho’aa fi mi’aawaadha. Yeroo Abjuun sammuu keessaa gad aafamtee lafa irratti qormaatamtu waan ta’eef, carraa gaarii jedhanii jajjabeessuu malee, dura dhaabbachuun hin barbaachisu.

3. Taajjabduu

Abjuu fi Si’aayina keessa darbanii sadarkaa Taajjabduu (Daawwattootaa) irra gahan kan jedhamu, yeroo namtichi harka caalmaa/irra guddaa kaayyoo isaatii galmaan gahee, garuu haalaan dadhabee, abdii murachuutti dhihaatu. "Halkan gara barii dukkanni hammaata." akkuma jedhamu, yeroo jiruun namatti hadhooftudha.

Cinaadhaa immoo namoonni daawwatan"Ebaluun milkaa'e waayuu fixate maaltu isa hafe?" jechuudhaan haalichi "kan laaluuf okaa kan nyaatuuf dhakaa" ta'ee nama rakkisuudha.

Imala gara milkii keessatti sadarkaa Daawwattootaan moggaafne kana keessa yeroo dhaqqabamu, xiinsammuu abbaa imalichaatii fi ilaalcha namoota naannawa isaa jiranii gidduu dabareen wal jijjiirraan ni uumama.

Sadarkaa Si’aayinaa keessatti namoonni “Dadhabaa jira” jedhanii yeroo yaadanitti, inni ammoo “Milkaawaan jira” jechaa ture. Amma ammoo namoonni bakka ga’uu fi milkiitti dhihaachuu isaa yeroo dinqisiifatan, inni ammoo dadhabbii karaa dheeraa imaluu irraa dhufetu itti dhagahama.

Akkasumas qaamaa fi qalbii isaa gidduu jijjiirama dabaree dadhabbiitu jira. Gaafa Si’aayinaa qaamni dadhabaa

qalbiidhaan boqachaa ture. Har'a ammoo qaamni isaa muuxannoo hojii horatee hojjachaa yeroo boqatutti, sammuun ammoo "Yoomin xumuree arga?" jedhee miira dadhabbii labsata.

Gulantaa kana keessatti amaloota xiinsammuu tokko tokkotu nama irraa muul'ata.

1. *Amala Bilchinaa:* Sadarkaan kuni bilchina miiraa fi sammuu agarsiisa. Sababni isaas sadarkaa abjuu sana keessa dabarree, akkasumas fiigichaa fi rakkinoota sadarkaa Si'aayinaa sana guunda dandamannee waan isa kana irra dhaqqabnuufi.

   Kaayyoo yaada sammuu keessaa qofa ture sana lafa irratti yaaliin mirkaneessinee; Waldhabdee yaadaa fi jojii gidduu jirus araarsinee; wanti sammuu keessatti salphaa fakkaatu lafa irratti madaalli isaa hangam akka gahu hubannee as geenya.

   Kunis jireenyaan akka gorfamnuu fi muuxannoo irraa akka qayyabannu nu gargaara. Qorqalbiin keenyas bilchinaan wal arga.

   Onneen Si'aayinaan dhahachaa turee fi hamileen qabsoo dheebotee ture sunis, yeroon danfa isaa xumuratee bilchaatu ni dhufa. Carraa kanatti fayyadamuun, sammuun tasgabbiidhaan guuttamee herreega isaa hojjachuu eegala. Fageenyi milkii inni dhugaan hangam akka gahu madaala. Maal kennee maal akka fudhatu addatti foohata.

   Yeroo kanatti abjoonnaan bakka hin argatu. Saganticha yaada sababaatiif dabarsee kenna. Madaala isa dhugaatiin

tarkaanfatama. Kufaatii fi sakaallaa mudatee darbe huunda irraa barnootni ni fudhatama. Jabinaa fi laafina ofiis hojii keessatti ni hubatama.

Kana jechuun sadarkaaleen duraan darban sirrii hin turre jechuu miti. Inumaayyuu isaan sunniin sirriitti raawwatamuu fi keessa bahamuudhaan, gulantaa itti aanu kan isaanii oliitti seenuu agarsiisa.

Imala keenya keessatti sadarkaa kana irra dhaqqabneerra taanaan, bilchina guutuu irra geenyee jirra jechuudha. Garam akka deemnu galma keenya ni beekna. Eessa irraa akka eegalle ka'umsa keenya ni beekna. Akkamitti akka tarkaanfachuu qabnu muuxannoo jiruu qabna. Sammuun keenya yeroo kanatti madaala sirrii isaa irratti argama.

2. *Amala Laafannaa:* Laafannaan kuni dadhabii qaamaati miti. Dadhabbii qalbiiti. Gulantaa kana irra yommuu geenyu, karaa fagoo akka deemnee as geenye of duubatti ilaalla. Akka taaanee as geenye yaadanna.

   Qabsoo nuti raawwanneerru beekna. Bu'aa ba'iin gaafa Si'aayinaa anniisaadhaan ija qabamnee keessa dabarre hundi har'a ija bilchinaatiin yeroo ilaallaman akka madaa qorichi hadoochaa irraa dhumee erga darbee nu dhukkuba. Dogoggora akka hin turre amannus, akkamiin akka isa dandamanne garuu ni ajaa'ibsiifanna.

   Har'a garuu karichaaf haaraa ta'uu dhabuu keenyaan, anniisaan gaafasii suni akkasitti akka nukeessa hin jirre nuuf gala. Laafachuu keenyaaf sababa sirrii ni kennina. Dhiheenyi nuti milkii biraa qabnus imala dhaabnee

boqachuu nuuf hin eeyyamu. Gulantaa kana keessatti maddi anniisaa keenya oobsa keenya qofaa ta'a.

Akkuma milkaa'inatti ol dhihaannuun, ba'aan itti gaafatamummaa nutti dabalamaa deema. Milkoofnee gammaduu qofa osoo hin taane, barbaachisummaan kaayyichaa kan yeroo kamiiyyuu caalaa yeroo itti dhihaanne caalmaatti nuuf gala. "Xumuruun fedha" osoo hin taane, " Xumuruun qaba" jechuu eegalla.

Milkaa'uu fedhuu keenya caalaa milkaa'uu qabaachuu keenyatu nuuf gala. Hanqinni nuti guutuuf deemnu fi bu'aan nuti buusuuf deemnu sirriitti bal'atee nutti muul'ata. Kana huunda waliin garuu ammas imalli keenya akka hin goolabamne fi tarkaanfiileen ciccimoon akka nu'eeggatan yeroo of duratti ilaallu, miirri laafannaa keenya sadarkaa harka kennuutti dhihaata. Ta'ees waanuma harka kennuu hin qabneef qofa ken'achuu dinna.

Dadhabbii wanti nutti dabalu inni kan biraa, qormaatichis jabaachaa dhufuu isaati. Adaduma sadarkaan guddinaa keenya dabalaa deemuun, qormaanni jiruun nuuf dhiheessitus walumaan dabalaa adeema. Akkuma Adduunyaa barnootaa keessatti qormaanni barataa kutaa saddeetiif dhihaatuu fi kan xumura Yunivarsitiif dhihaatu wal fakkaachuu hin dandeenye, adeemsa qabsoo milkaa'inaa keessattis ifaajeen sadarkaa abjuu fi Si'aayinaa sana nu'eeggatu kan yeroo bilchaannee tabba milkii fiixeetti dhihaanne nu'eeggatus gosa tokko ta'uu hin danda'u. Miira laafannaa keessa nugalchuu danda'a.

3. *Sodaa Kufaatii:* Sadarkaa milkaa'ina Taajjabduu keessatti hadhiin inni guddaan sodaa kufaatiiti. Namni sadarkaa kana ga'e bilchaataa haa ta'u malee, haalli jiru gara sodaatti isa geessuun isaa hin oolu.

   Fakkeenyi gulantaa kanaa akka nama Edada dheera cahee afaafa gubbaa gaheeti. Namni Edada dheeraa tokko ce'u, yeroo jalaa ol eegalu homaa itti hin fakkaatu. Inumaa gammadaa eegaluu mala.

   Yommuu xiqqoo ol siqe, daran of jajjabeessuu fi Si'aayuu danda'a. Fiixeetti ol siqee afaafa boowwaa sana irra yeroo dhaqqabe garuu, sodaa isa irraa dhumaatu itti dhagahama. Yeroo gad jedhee lafa of jalatti ilaalu, "Asii yoon gadi kufe hin dandamadhu" jedha.

   Nutis yeroo ifaajee yeroo dheeraatiin booda karaa deemnee dabarsine huunda of jalatti gad ilaallu, "Kana huunda xumuree yoon kufe hoo?" jenna. Shakkiin nu seenuu eegala. Jabina keenyaaf osoo hin taane dadhabina keenyaaf xiyyeeffannoo kennina. Karaa keenya irratti bakka itti moone caalaa bakka itti kufne yaadachuu baay'ifna.

   Carraaqqii goonee dabarre sana ija qusannaatiin ilaalla. Dhamaatiin keenya milkii dhabee qisaasa'uun isaa mamii nutti gadhiisa. Akka dhihaannee jirru ni beekna. Ta'ees amantiin nuti dhugaa isaa irratti qabnu hanga gaafa teenyee abjonnu sanaa hin gahu.

   Gaafa Abjuu sana yoo dhiifnes gatiin nuti kafale waan hin jirreef, sodaan dhabiisaa nutti hin uumamu. Gaafa Si'aayinaa ammoo anniisaa fi hamileen guuttamneerra waan ta'eef, ija sodaa ittiin ilaallu hin qabnu ture. Sadarkaa

kanatti garuu gatii kafalle waan beeknuuf, milkii hanga harkaan tuqnutti qalbii furdachuu hin dandeenyu.

Kana malees Wanti nusodaachisu inni guddaan abdatamuu keenya. Uumama irraa waa barachuun barbaachisaadha waan ta'eef, mee ilmi namaa maalif Abaaboo ilaaluu jaallata?

Namni huundi baala biqiltuu caalaa daraaraa isaa jaallata. Daraaraanis baala caalaa ni bareeda ni urgaawa. Kanuma karaa Baayoloojikaalawaan yoo ilaalle ammoo, daraaraan jal-qophii firiiti. Daraaraan wanni bareeduufis wanni hawwataa fi urgaawaa ta'uufis akka firiin isa irraa dhalatuufi.

Namni imala kaayyoo irra jirus, yeroo firii milkaa'inaatti dhihaate, akka Abaabootti hawwataa ta'a. Nama heedduutu isa abdata. Nama heedduutu isaan dhaaddata. Kuni ammoo nama sana irratti sodaa dabala. Kufaatiin yoo dhufe, nama tokko irratti akka hin dhaabbane beeka. Kanaaf gulantaan kuni gulantaa haalaan walxaxaa ta'a.

Gara tokkoon goonkumaa akka duuba hin deebine murannoo guutuutu jira gama biraatiin ammoo mamii fi sodaatu wal keessa jira.

● Maalif Taajjabduu jenne?

Gulantaa kanaaf moggaasa Taajjabduu / Daawwattoota jedhu kennuun keenya bakkicha sirriitti nu hubachiisuu isaatiifi.

Imala keenya keessatti haguma kaayyootti dhihaachaa adeemnuun, ilaalcha namootaa butachaa deemna. Nuti akka dorgomaa shaampiyoonaa dirree carraaqqii keessatti taphicha

yeroo adeemsisnu, hawaasni naannawa keenya jiru ammoo akka daawwattoota shaampiyoonichaa marsanii nu taajjabu.

Milkaa'inichi maqaa isaaniitiin akka mogaa'u kan godhu ammoo, sadarkaa kana irratti akka milkoofne kan yaadu isaan waan ta'eefi. Namoonni nu cinaa jiran dhihaachuu keenya dhaqqabuutti hiikkatu. Jabina nuti qabnuu fi ciminoota kanaan dura keessa darbine qofa irratti xiyyeeffatu. Gabaabumatti isaantu milkaa'uu keenya amanaa jira ta'uun isaa, akkasumas nuti faallaa sanii dhimma kufuu fi darbuu keenya yaaduun keenya, sadarkaa kana sadarkaa milkii Daawwattootaa jechisiiseera.

●*Barbaachisummaa Sadarkaa Kanaa:* Bakki kuni bakka oobsi ittiin baratamuu fi bakka murannoon itti qormaatamuudha. Kanaaf gulantaa kana irra ijjachuu keenya erga beeknee, milkiin dhihoo jiraachuu beekuu fi murannoodhaan gara fulduraatti tarkaanfachuu qabna. Oobsi bakka kanaa iccitii injifannoo isa hangafa.

Namni dhugaan cimaan, dadhabaa irraa baakki itti gingilchamus sadarkaa kana. Namoonni heedduun bakki harka ittiin kennatan, ifaajee bara dheeraa biyyeetti makanii kan biraa deeman, bakka kanatti. Kanaaf bakka irra jirru yeroo beekne, qophii bakka sanaaf malu goona. Carraan gaariin bakka kana jiru ammoo Si'aayinni dhabamus bilchinni ni jira.

Si'aayinni akka Hilleentii nu fiigsisus, bilchinni ammoo akka Qocaatti tasgabbiin itti fufsiisa.

Bilchina keenyatti fayyadamnee oobsaan gara fulduraa tarkaanfanne taanaan, injifannoon nu harkuma jira.

Shakkii fi Sodaan sunis battalumatti gara ofitti amanamummaatti geeddarama. Sodaan uumama akka ta'es ni baranna. Of to'achuudhaan, humna keessoo keenyaas ol ni baafna.

4. Injifannoo

Injifannoon milkii walii galaa yookaan sadarkaa isa afaan birootiin "Holistic" jennee mogaafanetu isa. Abjuun dhugaa ta'eera. Afaafa kufaatii irraa gara gubbaa tabba milkiitti sirnaan cahauun danda'ameera. Keessaa fi alaan miiraa fi yaadni jiru huundi wal simateera. Milkaa'ina gama tokkoo osoo hin taane, kan walii galaa ta'eera. Labsiin injifannoos dhageessifameera. Sadarkaan kuni sadarkaa bara meeqa abjotamaa ture sanadha. Kanumatu milkaa'ina isa dhumaati.

Yeroo milkoofnu, sadarkaalee duraa sana sadan keessa dabarree bakka yaadaa turre geenyeerra jechuudha. Yommuu as geenyu jijjiiramoota gurguddoo nuti arginutu jiru.

A. *Yaada Harkaan Qabuu:* Gaafa jalqaba kaayyoo baafanne, gaafa teenyee "Gara fuulduraa waan akkanaan argamsiisa" jennee yaadaa turre sana, fakkiin wanta milkeessuu barbaannu sanii sammuu keenya keessa jira garuu, harkaan tuquu fi qabatamaan arguu hindandeenyu ture.

   Guyyaa milkii kana immoo yaada gaafasii sana harkaan qabnee "Sihitu sammuu kiyya keessaa dhalate mitii!" jechuunii dandeenya.

Kana jechuun gabaabumatti, hiikkaa manaama keenyaa arganneerra jechuudha. Malee wanti milkeeffamu huundi waan harkaan tuqamuu danda'u jechuu miti.

Fakkeenyaaf, namni tokko bara dheeraaf barsiisaa ta'uuf carraaqaa ture yoo ta'e, gaafa milkaa'e waa meeshaa barsiisummaa jedhamu tokko itti hin kennamu. Wanti inni harkaan qabatu tajaajila inni ummata isaatiif oogummaa isaatiin kennuudha.

B. *Si'aayina Gara Cichoominaatti:* Ifaajeen Gulantaa Si'aayinaa keessatti anniisaa guutuun keessa dabarre suni huundi yaadannoo ta'ee hafa, mitii?

Gara jabeenyaatti, gara cichoominaa fi dandeettii ol'aanaatti geeddaramee hojiilee gara fuulduraatiif muuxannoo nuuf ta'a.

Har'a milkoofnee bu'aa bayii keessa dabarre sana duuba deebinee yommuu yaadannu, hafuura dheeraa baafannee, haara galfii keessa jirru mi'eeffanna. Ta'ees haara galfiin inni guddaan warraaqsi suni bu'aa karaa lamaan nuuf buusee taruu isaati. Gara tokkoon kaayyoo keenya milkeeffanne. Karaa biraatiin ammoo eenyummaa cichaa ta'een of ijaarre jechuudha.

C. *Bilchinni Amala Ta'a:* Gulantaa milkii Daawwattootaa keessa yeroo turre bilchinni sammuun keenya keessa ture suni, yommuu milkoofnee imalicha goolabnu nu dhiisee hin badu. Inumaa milkii dhugaattii raggaasifamee keessa keenyatti bakka mijjeeffata. Amala keenya kan yeroo huundaa ta'uudhaanis nu keessatti hafa.

Kana jechuun, yeroo milkoofnu waanuma isaaf dhama'aa turre sana qofa argachuu irratti gabaabbanna osoo hin taane, imala kaayyoo keenya irraa bu'aalee heedduu buufanna. Milkeessitoota qofa hin taanu. Milkaa'oos taana.

Milkeessuun xumuruudha. Milkaa'aa ta'uun garuu qaama xumura sanii ta'uudha. Kaayyoo keenya qofaatu dhugaa ta'a osoo hin taane, Eenyummaa abbaa milkaa'ina sanaa ta'uu nu dandeessisutu nu keessatti dhugaa ta'a.

Kanaafi kan milkaa'oonni dhugaa amala dhaaddannoo fi ofittummaa caalaa galateeffannaa fi tasgabbii keessoo muul'isan. Milkiin dhugaa of faarsuu hin eeyyamu.

Gaafa Sadarkaa milkaa'inaa isa sadaffaa keessa jirrutti, niirri dadhabbii akkasumas sodaan kufaatii nutti dhagahamaa ture suni amaloota wallaalummaa fi hijoollummaan walkeessa nama irraa muul'atan huunda nu keessatti ajjeesa. Eenyummaa nama guddaa, nama milkii qabuu wixinuudhaan, gulantaa isa afraffaa milkii walii galaa kanaaf nu qopheessa.

● Namni Gulantaalee kan keessa darbe, amaloota horatuu fi kan ofirraa dhabamsiisee darbutu jiru.

1. Ofitti Amanamummaa: Of shakkuu fi sodaan dhabama ta'ee bada. Ofitti amanamummaa guutuu horata.
2. Dandamannaa: Hegereef illeen sodaan isa hin moo'u. Rakkoo argee darbe. Kanaafuu rakkoo fi ifaajeen baay'achuun isa hin kuffisu. Eeganaa rakkoon dhufuu dhabuu isaatiif wabii hin qabu. Garuu Kan dhufe keessa darbuu akka danda'u muuxannoon isaaf wabiidha. Kanaaf amala laalaa dandamannaa qabaata.

3. Muul'ata Ifaa: Muul'ata ittiin milkii irra ga'e kana hoogganu ni qabaata. Milkaa'inni dhufe bakka ganama kaayyeeffatame irra akka oolu, muul'ata qulqullaa'e qabaata. Battaluma injifannoo irra gahetti, akkamitti ittiin faayyaduu, ittiin tajaajiluu akka qabu yaada. Kunis bilchina irraa madda. Duraanuu kaayyoon tajaajiluuf kaayyeeffama waan ta'eef.
4. Daangaa Dhuunfaa: Haalaan of ta'aa deemuu keessa eenyummaa dhuunfaa ofiitiif daangaa ijaarrachuutu dhufa. Yaada namootaas ta'e dhiibbaa alaa gosa kamiyyuu irraa kam akka qeebalu kam akka diduu qabu adda baafata. Yeroo hunda "Tole" qofaa hin jedhu. Yeroo "Hin ta'u" itti jechuu qabus ni beeka. Kuni ammoo guutummaa agarsiisa.
5. Tasgabbii Dhiibbaa Jalaa: Yeroo haalonni ulfaatoon mudatan, dhiibbaa jireenyaas ta'e kan biroo hanga fedhe itti baay'atu illee, waywaatuu fi farrisaa boohuun isa irraa hin muul'atu. Of to'annaa isa dhugaa sana of to'ata. Kana jechuun, akkuma nama kamiyyuu miira ni qaba. Wanti namoota birootti dhagahamu itti dhagahamuun nimala. Garuu hin moo'amu.

Waca Adduunyaa tanaa yeroo dhagahu, akka gaara bakakkaa jalaa waan itti dhufe liqimsee, jalatti yeroo warri kaan naasuun hollatan, inni gubbaarra tuullamee taa'a. Sodaan, kufaatiin, gufuun akkasumas qormaanni gosa kamiyyuu mudachuu mala. Itti dhagahamas, ni yaalas, ni ifaajas. Garuu tasgabbii hin dhabu.

Gulantaaleen/Sadarkaaleen milkaa'inaa afran haala ilaalle kanaan goolabamu. Gulantaalee kana haala kanaan

qoqqooduun keenya garuu maalif barbaachise isa jedhutti tarkaanfachuun dirqama nutti ta'uu hin oolu.

- ***Barbaachisummaa Mala Gulantaalee Milkaa'inaa Afranitti Fayyadamuu***

1. Eessa irra akka jirru beekuuf: Yaada boqonnaa kanaa sirriitti hubanneerra yoo ta'e, kaayyoo keenya galmaan gahuuf yeroo hojjannu sadarkaa milkaa'inaa isa kam irra akka geenyeerru sirriitti adda baafnee beekkanna. Imalli keenya ka'umsaa hanga xumuuraatti ifa galeessa nuuf ta'a.

   Gaafa jalqaba milkii dharraanu, sadarkaa milkii Abjuu irra akka jirru nuuf gala. Gaafa onneen keenya carraaqqii irraa dhaabbachuu nu dhoorkitu sadarkaa Si'aayinaarra akka geenye hubanna. Yeroo ulfaatinni nutti dhagahamuu eegale amma milkaa'inni inni dhumaa akka dhihaateeruu fi sadarkaa milkii Taajjabduu irra akka geenyeerru qayyabanna. Kana sadan yeroo dabarre ammoo dhibbaan dhibbatti akka milkoofneerru arginee galateeffanna. Kanaaf addaan qoqqoodnee yeroo keenyu kaartaa imala keenyaa tolfanneerra jechuudha.

   Gulantaa huundaaf waan isa barbaachisutu jira:

   A. Namni Abjuu irra jiru murtee isa barbaachisa. Yaada qofaan akka hin hafneef, dafanii hojiitti seenuun dirqama. Kana gochuuf ammo waan hunda caalaa tartiiba gulantaalee kanaa beekuun fala guddaa ta'a.

      Namoonni baay'een Abjuu babbareedaa sammuu keessaa qabu. Garuu dandeettiin hojiitti hiikuu irra

caalaa namootaa keessatti fashalaawaa ta'ee argama. Osoo abjuun qaama milkaa'inaa irraa tokko ta'uu fi isaan ammoo gulantaa sana irra ijjatanii akka jiran isaaniif galee, fashalli suni mudachuu hin danda'u ture.

B. Namni Si'aayina keessa jiru ammoo haalota mijjeeffachuutu isa barbaachisa. Yeroo Hamilee fi anniisaa ol'aanaan gara kaayyootti furga'aa jiranitti wanti nama barbaachisu inni guddaan, gufuun jabaan akka hin mudanne haala mijeessaa fi of eeggachaa adeemuudha. Anniisaan suni cabuu hin qabu waan ta'eef sadarkaan kuni sadarkaa tikaa fi kunuunsa barbaadudha.

C. Namni sadarkaa Taajjabduu keessa jiru galaan isaa inni guddaan oobsa. Milkiin akkaan dhihoo jira garuu haalichi hadhawaadha. Kanaaf liqimfachuu fi oobsaan gara fuulduraatti of dhiibuu barbaachisa.

D. Namni milkaa'ee xumurate ammoo furtuun gammachuu isaa galateeffachuu fi muul'ata qabaachuu ta'a. Kanaaf bakka irra jiran beekuun, waan yeroo sanatti nu barbaachisu akka beeknu nu gargaara.

2. Kan itti aanu tilmaamuuf: Bakka irra jiruu erga beeknee booda, itti aanee maaltu akka dhufu tilmaamuun nu hin rakkisu. Kan itti aanee dhufu beekuun immoo murannoo fi oobsa akka qabaannu nu taasisa. Akkasumas sadarkaa isa itti aanuuf qor-qalbiidhaan akka qophoofnu nu hirpha.

Sadarkaa hundaaf waan isa barbaachisu waan baranneerruuf, yeroo tokko irraa tokkotti ce'uuf kaanu dursinee qophaahuun nutti hin ulfaatu.

3. Joonjii ittisuuf: Namoonni gulantaalee kana hin hubanne fi kan haaluma baramaa ta'een sochii gara milkaa'inaatti taasisan, mudannoo humnawaa isaan qunname dandamachuun hin danda'an jedhamuu ni danda'a. Kufaatii isaaniitiif sababa quubsaa erga agatanii, kufuudhaaf yommuu qophii ta'u, "Sakaallaa kanatu namudate malee nan milkaa'a ture" jedhu.

   Kuni kan ta'eef, sababa Joonjii amala gulantaalee kanaa irraa ta'uu mala. Amala imalichaa hubachuu dhabuu ykn ittiin joonja'uu jechudha. Faallaa kanaatiin namni hubannoo adeemsichaa qabu mudannoo dhufu sana gulantaa keessa jiru sanaan madaalee ilaala. "Ahaa! Kuni bakka kanatti dhufuun isaa beekkamaa ture. Xiqqoo malee kan itti aanuttin ce'a" jechuu ni danda'a. Kunis ittisa Joonjii fi rifannaa ta'ee ceesisuuf tajaajila.

4. Ilaalcha dogooggoraa milkaa'inaa sirreessuu: Dhimma akkaan yaachisaa ta'e keessaa inni tokko ilaalcha irra caalaan namootaa milkaa'inaaf qabuudha. Malli nuti fayyadamne kuni ammoo ilaalchoota sana ni qulqulleessa.

   Milkiin ka'umsa ce'umsaa fi gahumsa qaba.

* Jalqaba barbaaduu, dharra'uu fi kaayyeeffachuu irraa kan kane ta'uu qaba.

* Itti aansee carraaqqii, ifaajee fi hojjannaa keessa darbuu qaba.

* Dhuma irratti bakka yaade sana gahuu fi dharraa fi bolola isaa sana guuttachuu qaba.

- Kanatu akka walii galaatti Milkii jedhama.

● Dogooggorri sirraa'uu qabu ammoo:

* Milkiin hin dhaallamu.

* Milkiin akka tasaatti (carraatti) hin argatamu.

* Milkiin waliif hin kennamu.

Qabeenya, beekkumsaa fi carraalee adda addaa argachuun nimala. Isaan kunniinis milkiidhaaf haala mijeessuu danda'u malee isaan mataan isaanii milkaa'ina miti.

Milkaa'inni argamuuf, kaayyoon argamuu qaba. Kaayyoo galmaan gahuuf, gulantaalee milkaa'inaa sana irra tarsiimoodhaan tarkaanfachuu barbaachisa.

● Karoora

Imala jechuun walitti ida'ama tarkaanfiiti. Karaa adma ji'aa ta'u imaluun ni danda'ama. Jalqaba garuu adma daqiiqaa tokkoo adeemuun dirqama. "Lakki daqiiqaan tokko xiqqaadhaa; karaa ji'a tokko guutuu nama adeemsisun adeemuu barbaada" yoo jenne, baatii tokko keessa daqiiqaan tokko jiraachuu isaa hin hubanne jechuudha.

Kaayyoon gulantaalee akkamii keessa darbamee akka milkeeffamu ilaalleerra. Garuu gulantaa kamiyyuu keessatti

karooraan durfamuun, akkaan dirqama. Karoorri yeroos, humnas, maallaqas (qabeenya kamiyyuu) ni qusata. Aarsaa nuti imala kaayyoo irratti goonu ni xiqqeessa. Gatii salphaa isa dhumaa qofa kafallee akka bakka barbaanne geenyu kan nu gargaaru karoora.

Karoorsuu jechuun ofitti dhiheessanii ilaaluu fi addaan caccabsanii akka hojiitti hiikkamuu danda'utti qindeessuudha. Kaayyoon waa heeduu nama gaafachuu danda'a. Karoorri ammoo gaaffilee sana deebisuutti nu dirqa.

Hojiitti seenuun dura karoorsuun bu'aan isaa inni tokko, wanta kaayyoo saniif barbaachisaa ta'e huunda dursinee akka yaadannuu fi isa kam irraa eegaluu akka qabnu akka xiinxallu nu gochuu isaati.

Kaayyoon keenya bajata maallaqaa barbaada moo, jalqophii beekkumsaa barbaada moo, humna qaamaati moo, deeggarsa namootaati kan jedhu adda foonee beekkachuun karoorfachuu irraati.

Namoonni gariin yeroo mara akka yaada hojii qaban ni dubbatu. Haa ta'uu malee, gad bu'anii tokko jedhanii eegaluun akka itti fagaates ragaa bahu. Kuni hanqina karooraa irraa akka ta'uu danda'u beekamaadha. Ni yaadu. Garuu maal maal akka barbaachisu fi ergasii isa kam irraa eegaluu akka qaban ifa isaaniif hin taane jechuudha.

Maal irraa akka eegallu erga beeknee, sammuun keenya ofiifuu gara hojiitti miira kaka'umsaa cimaa ta'e maddisiisa waan ta'eef, hojiitti seenuun isaa hagas mara hin ulfaatu.

Kana qofa osoo hin taane inni biraa, yoom?, eessatti?, fi akkamitti? hojjanna jennee fagoo yaaduu irraa daran ofitti siksinee sagantaa itti baasuun furtuu hojichaati. Kaayyoo waggaa kudhan nutti fudhatu kaayyeeffannee akkuma nutti fakkaatetti karooraan maleetti sochoona yoo ta'e, milkeessuuf umurii guutuu nutti fudhachuu danda'a. Yookaan tarkaanfiileen fudhataman tartiibaa fi qulqullina waan hin qabneef, tasumaa milkaa'uu dhabuu isaatu mala.

Kaayyoo erga kaayyeeffannee, wanti nuti gochuu qabnu:

1. Yaada kana dhugaa gochuuf maal maal akka harkaa qabnu tarreessuu: Wanta of biraa qabnu xiqqaa hanga guddaatti addaan babaasnee barreessuun, wantoota qabnu kana akkamitti itti fayyadamuu akka eegaluu qabu duraa duuba isaanii waliin gadi kaahuu qabna.
2. Maaltu akka nu hanqatu (kan harkaa hin qabne) tarreessuu: Wanta kaayyoo keenyaaf ni barbaachisa jennee huunda tarreessinee erga keenyee booda, isa nu hanqatu kan yeroo sanatti hin qabnu jennu qofaatti baafnee tarreessuu qabna. Ergasii kan hin qabne guuttachuuf, kophaatti mala itti baafna.
3. Sagantaa baasuu: Yeroo fi hojii wal simsiisuun, sagantaa qabatamaa ta'e baasuun, tarkaanfii jalqabaa keenya akka tarkaafannuuf karaa nuuf bana.
4. Sagantaa bahe sana akka waadaa guddaatti kabajnee ittiin tarkaanfachuu: Akka nama kakuu qabuutti of dirquu fi sa'atii karoorri keenua nu ajajetti bakka karoorri keenya nu ajajetti argamuu qabna. Karoora kabajne taanaan, akkuma

bari'ee galgalaahuun gara milkaa'inaatti siqaa akka jirru shakkiin hin jiru.

Amalli badaan kan kufaatiif nama saaxilu, karoora baasanii gatuudha. Namni yeroo huunda karoora baasee waadaa karoora isaa guutuu dhadhabee gatuu bare, rakkoo kutannoo qaba. Kanaaf falli jiru ammoo jalqabuma yommuu karoorfatu, karaa salphaa ta'een, karaa boru itti gammadee hojiitti hiikuu danda'uun, haga danda'e bareechee karoorsuu qaba. Walxaxaa fi jireenyaa waliin kan walitti bu'u ta'uu hinqabu.

Erga kana xumuree, ta'i jedhee itti yaadee yeroo murtaa'eef of dirquu qaba. Dirqama saniin booda garuu badhaasa ofii isaatiif qopheessuu qaba. Badhaasa ofiif qopheessuun waan ittiin gammadan waadaa ofiif galuudha. "Baatii tokko walitti aansee ganama abbooroon hojiidhaaf yoon ka'e, dhuma Baatii kanaa irratti bakka akkasii deemeen bashannana" akka jechuuti.

Akkas gochuun wanni fayyaduuf, qalbin keenya badhaasa waadaa galame sana argachuuf jecha ofumaaf gara karoora sana guutuutti si'oofti waan ta'eefi.

Wanti beekkamuu qabu inni biraa, karoorri calaltuu kaayyoo ta'uu isaati. Kaayyoon abjuu sobaa waliin akka walitti hin laaqamne, karooraan calalama. Akkamitti yoo jenne, kaayyoon sirriin gara sagantaalee xixiqqoo karooraatti cabuu danda'a.

Doktora ta'uu namni kaayeeffate, Baayoloojii fi Keemistirii irratti cimuu qaba. Daldalaa ta'uu kan kaayyeeffate Kaappitaala qopheeffachuu fi gabaa qorachuu irraa eegaluu

qaba. Haala kanaan kaayyoodha wanti jennu suni gara karoora xixiqqaatti gad cabuu danda'uu qaba.

Kuni ta'uu baannaan, kaayyoon suni irra deebi'amee qulqulleeffamee gara qabatamaatti deebifamuu qaba.

*Akkuma walii galaatti:

- Kaayyo qabeessummaan jireenya.
- Karoorri karaa jireenyaati.
- Gulantaaleen milkaa'inaa Handaara Kartaa jireenyaati. Isaaniin bakka geenyee fi karaa itti aanu ilaallanna.

Kanaafuu Jireenya hiika qabeessaa fi ifa galeessa ta'e jiraachuudhaaf, imaammata kanaan fayyadamuun baheessa ta'a jechuu keenya!

BOQONNAA 5
HAQUMMAA

Boqonnaa kanatti Osoo hin seenne dura Yaad-rimee Jireenyaa Kufaatii irraa hanga Milkaa'inaatti dhawata dhawataan Salphifnee xiinxalaa dhufnee jirra. Yaad-rimeewwan qayyabannee dabarres Jireenya Nama tokkoo Sadarkaa Gad'aanaa fi Miidhaa Xiinsammuu irraa Ol kaasuun hanga Milkaa'ee injifannoo galmeessisutti geessuu ni danda'a.

Asitti Garuu Wanti irraa haasofnu isa duraa irraa addadha. Akkuma beekkamu Dhalli Namaa Kophaa hin jiraatu, kophaas hin tarkaanfatu. Dirree Adduunyaa tanaa keessatti Sirna Wal xaxaa ta'ee fi Sabdanummaan guutametu jira. Kunis kophaa kaayyeeffannee, kopkaa carraaqnee kophaa milkaa'uun akka haala yaadaan ilaalamu kanaa salphaa akka hin taane isa godha.

Sarara Jireenyaa keenya kan Nama biraa irraa Adda yaasuu fi akka wal hin cabsine tiksaa tarkaanfachuun, Itti gaafatama dagatamuu hin qabneedha. Madaalli Sararoota Lamaan kana gidduutti Kaawwatamu "Haqummaa" jedhamee waammama.

Akkuma ilaallee dabarsine, Galmi kamiyuu Galma jedhamuudhaaf, Ulaagaan inni guddichi Adduunyaa tanaaf waa dabaluu yookaan karaa biraatiin hawaasa yeroo sanaan jiru Dheebuu baasuu keessatti kan qooda qabu ta'uu qabaachuu isaati. Yeroo ammaa jaarraa 21faa kana keessaa "Dheebuun Ummata Adduunyaa inni guddaan maali?" yoo jedhamee fi Carraan Gaafii kana deebisuu Adduunyaa guutuudhaaf osoo kennamee, sagalee tokkoon

"Haqummaadha" jedhu ture. Kun immoo Raaga osoo hin taane Ragaadha. Tilmaama qabatama jiru ilaalanii arguu qofarraa madduu danda'uudha. Sababa Haqummaan haphachuutiin utubaaleen hawaasaa afran (4): Nageenyi, Sonni Waliin Jiraanyaa, Dinagdeenii fi akkasumas Hegereen isaa akkuma jirutti diigamiinsi guddaan irra gahaa jira.

Kana waan ta'eef Bakka kanatti waa'ee Haqummaa irraa Hubannoo dabalachuun Milkaa'inaa fi Imala Jiruu keenyaa Guutuu nuuf taasisa.

1. Bilisummaa

Waa'ee Haqummaa haasahuuf, jalqaba waan Haqummaan isaaf jecha barbaaddame irraa eegaluun wayyaadha.

Barbaachisummaan Haqummaa tika Bilisummaatiifi.

1.1. Hiikkaa Bilisummaa

1.11. Hiikkaa Bilisummaa karaa Lugaatiin

Jechi "Bilisa" Dhabamatti akeeka malee argamatti miti. Waliin dubbii Guyyaa guyyaa keessatti jiraachuu dhabuu waa tokkoo ittiin ibsuuf jecha kana fayyadamaa oolla.

Fkn. Bittaa gurgurtaa keessatti Meeshaa tokko Bilisaan fudhachuu jechuun, Kaffaltiin maleetti fudhachuu jechuudha. Asitti "Bilisa" yeroo jennu dhabamuu kaffaltii agarsiisa.

Dhaabbilee Fayyaa keessatti ammoo dhabamuu Dhukkubaa ibsuuf baay'inaan dhimma ittiin bahu. (Bu'aan qorannoo

kanaa Dhukkuba kamiyyuu irraa bilisa ta'uu agarsiisa) asitti Bilisa ta'uun itti jiraachuu dhabuu agarsiisa.

Kanaaf jechi Bilisummaa jedhu waan jiraate ibsuuf osoo hin taane, waan dhabame ibsuuf gargaara.

Mee Hiikkaa kana haalaan muul'isuuf Jechoota biroo kan Karaa wal fakkaataan hiikkaa kennan fakkeenya haa godhannu.

Akka Saayinsiitti Jechi "Gurraacha" jedhu Gosoota Haalluu Anniisaa Ifaatiin uumaman kamiyyuu bakka hin bu'u. Fiiziksiin Haalluuwwan addaan baasee yeroo tarreessu Gurraachaa fi Adii hin haammatu.

Adiin Walitti qabama/ida'ama Haalluuwwan huundaati.

Gurraachi Dhabama/argamuu dhabuu Haalluuwwan huundaati.

As irratti erga hin jiru ta'ee, akkamitti isa argaa jirra? Kan jedhu gaaffii sirriidha.

Ijni keenya yeroo gara bakka Anniisaan ifaa irraa balaqqeessaa'utti gara galtu, Haalluu Ifni suni kennu argiti. Bakki Ijni keenya itti gara galte suni Anniisaa Ifaa kamiyuu balaqqeessaa hin jiru yoo ta'e, wanti ijni keenya argaa jirtu hin jiru. Sammuun Keenya Ija irraa Odeeffannoo "Qullaa" jedhu qeebala. Odeeffannoo sanas haala ibsa Haalluuwwaniitiin yommuu hiikkatu "Qullaa" jechuun "Dukkana"/ "Gurraacha" jechuu ta'a.

Wantoonni Haalluu gurraacha qaban,dirri isaanii Ifaa isaan irra bu'e guutumatti hambifata deebisee hin balaqqeesu jechuudha. Waan kana ta'eef yeroo gara wantoota sanii ilaallu, Dhabamuu ifaatu nudhaqqaba.

Karaa biraatiin ammas "Qabbanni" dhabamuu ifaatiin madaallama. Yeroo haasoofnu seera Saayinsawaa isaa eegnee dubbachuun osoo dirqama ta'ee, "Qabbanti dhufe" osoo hintaane "Hoo'i deeme/dhabame" jedhamuu qaba ture.

Hoo'i wanta jiraataa fi qoratamaadha. Madaallamus shallagamuus ni danda'a. Qabbana wanti jedhamu garuu qabatamaan hin jiru. Yeroo nutti qorru, Qorra wanta jedhamutu nu nyaachaa jira osoo hin taane, Anniisaa Ho'aatu Qaama keenya keessaa hir'achaa jira jechuudha.

Fakkeenyoonni biroos Kan Moggaasa dhabamaa akka Qabatama jiraataatti fudhatan jiraachuu danda'u. nuti ammaaf asumatti gabaabsinee gara mata duree keenyaatti deebina.

Bilisummaan Fakkeenyoota kaan caalaa bal'ina qaba. Dukkanaa fi Qorra yoo ilaalle, Dhabama wanta tokkoo dhaabbataa ta'ee irratti gabaabbatu. Ifaa fi Ho'aa. Waan birootiif baay'ee hin tajaajilan.

Bilisummaan garuu isaanuma kana dabalatee, Bakka huundatti faaydaa irra oola. Fkn. Dukkana: Ifa irraa bilisa, Qorra: Ho'a irraa bilisa, Fayyaa: Dhukkuba irraa bilisa jechaa itti fufuu dandeenya.

Hiikkaan Bilisummaa karaa Lugaa/Afaaniitiin kana fakkaata. Karaa Xiinsammuu fi Siyaasaatiin ammoo Akkamitti akka hiikkamu itti aansinee ilaalla.

1.12. Hiikkaa Bilisummaa Karaa Xiinsammuun

Bilisummaan gara Kallattii Barbaaddameetti deebifnee yommuu hiikkannu, *'Dhabamuu Sakaallaa,* ta'a.

Lubbu qabeeyyiin hundumtuu Haajaa qabu. Haajaa sana guuttachuuf, Sochii xiqqaa hanga guddaatti ni taasisu. Sochiin taasifamu sini gufachuu dhabuun ykn Sakaallamuu dhabuun Hiikkaa guutuudhaan "Bilisummaa" jedhama.

Kaana ammoo Dameeleen Qo'annoo akka Xiinsammuu fi Siyaasaa Bilisummaa Jireenyaa, Yaadaa, Amantii, Ibsannaa, Qabeenya ofiitti fayyadamuu fi kan kana fakkaatan bal'isanii ilaalu.

Kuni huundi garuu naanna'ee Dhabamuu Sakaallaa wantoota ibsaman kanaa ta'uudhaan, hiikkaadhuma nuti isaaf kenninetti deebi'a.

Kanaafuu Bilisummaan; Jiraachuuf, Yaaduuf, Hojjachuu fi dhiisuuf, Socho'uuf, Filachuuf, Amanuuf, Ibsachuuf akkasumas Wanta jireenya keessatti Lubbu qabeeyyiin raawwatu kamiyyuu raawwachuuf 'Sakaallamuu' dhabuudha.

1.2. Haajaa Bilisummaa

Bilisummaa kana Eenyutu itti haajama?

Qur'aanni Suuraa An-naml 27:18 irratti waa'e Imala Nabi Sulaymaan(a.s) Hordoftoota isaa walii godhe tokkoo yommuu haasahu akkas jedha:

- hanga holqa mixii (Dagandaa) irra dhufanitti, mixiin takka nijette "isin Yaa tuuta mixii! manneen keessan seenaa, akka Suleeymaaniifi waraanni isaa odoo hin beekin isin hin caccabsineef "

Mixiin xiqqoon suni wanti ishiin lallabaa turte Waa'ee Dabaree Sochii walii gadhiisuuti.

Mixiileen sunniin Sosochii guyyaa guyyaan isaan barbaachisu gaggeeffachaa turan. Garuu Haaluma isaan sochii irra jiraniin Sulaymaani fi Hordoftoonni isaanii Lafa isaan irra jiran irraan darbuuf akka dhufaa jiran Fagoo irraa argan. Yeroo kanatti Dalagaa isaanii dhiisanii yeroo muraasaaf hanga Waraanni suni irra darbutti Gara Holqa(Mana) isaaniitti deebi'uu akka qaban beekanii wal yaaman.

Kanaaf Uumamaaleen sunniin Bilisummaan jiraachuu ni barbaadu. Maaltu akka Bilisummaa isaanii Daangeessu(Sochii isaanii sakaalu) ni beeku. Furmaatas itti barbaadu jechuudha.

As irratti qabxiin Nama ajaa'ibu garuu, Namoonni Manaa fi Ganda Mixiiwwanii irra ijjetanii karaa godhatanii darban suni, Mixiilee sana Bilisummaa jeraachuu fi Nagaan bobbahanii galuu kana yommuu cabsan, Mixiin ammoo "Osoo hin beekin" jettee ibsuu isheeti.

Himni kuni Uumaaleen kunniin Jireenyi isaanii akka isaaniif kabajamu barbaaduu qofa osoo hin taane, Namoonni sunniin

Beekaa itti yaadanii akka isaan hin miine adda baafachuu isaanii agarsiisa.

Taateen Suni Seenaa Nabi Sulaymaan(a.s) keessatti Raajiidhaan uummamuun isaa, Nu huundaafuu barnoota barabaraa akka ta'uufi. Ilbisoota xixiqqoo irraa qabee Bineensaaf Bineeladi huundi hanga ilma Namaatti, Sagantaa Jireenya mataa isaa qaba. Bilisaan sochu'uu barbaada. Bilisaan Fedhii bu'uuraa isaa guuttachuutti dhimmama.

Har'a garuu Nama Sirna waliigaltee isaanii hubatee waan isaan jedhan nuuf hiikutu hin jirre malee, Uumama meeqatu Bilisummaa isaa irraa ergaa dabarsaa jira ta'a?

Walumaa galatti Bilisummaan Fedhii qofa osoo hin taane, Haajaa Lubbu qabeeyyii huundaati.

1.3. Bilisummaa dabalataa

Uumama kaan waliin Birqabaan yommuu ilaalamu, Ilmi Namaa Haala adda ta'een, Bilisummaa guutuu qaba jedhamuu ni danda'a.

Bilisummaan guddaan Bilisummaa Filannooti. Ilmi Namaa Yaada kalaqaa cimaa fi Dandeettii fedhii ofii hoogganuu waliin uumame. Kunis Seera Uumamaa Hordofuu keessatti Filannoo ofiitiin durfamuu akka danda'u isa gargaara.

Gosti Bineensaa kamiyyuu Yaada kalaqaa Naannawa isaa ittiin jijjiiruu fi Sirna Haarawa ittiin ijaaru hin qabu waan ta'eef, Sirna Jireenya isaa kan Akaakayyuu isaa irraa

fooyyeessuu hin danda'u. Yaada Kalaqaa hanqachuun ammoo Fedhii ofii hoogganuun akka hin danda'amne taasisa.

Fakkeenyaaf Jaldeessi tokko Muuzii Bilchina hin xumuranne yoo arge, Fedhii ishii nyaachuuf qabu to'atee, "Yeroo bilchaatten ishii nyaadha" jechuun bira darbuu hin danda'u. Tokkoffaa inni Yaada kalaqaa " Dheedhiin yeroo ture ni bilchaata, Bilchaataan dheedhii caalaa ni mi'aaya" jedhu goonkumaa hin qabu. Lammaffaa Dandeettii osoo fedhuu dhiisuu hin qabu. Isaan garuma miirri uumamaa isaanii isaan harkisetti harkifamu malee, Filannoo biroo waliin wal quba hin qaban.

Dhalli Namaa garuu Sirna Jireenya isaa Jijjiiruufis dhiisuufis, Fedhii keessa isaas guuttachuufis dhiisuufis Filannoo bilisaa qaba.

Filannoon bilisaa kunis Itti fayyadamummaa bira darbee Itti gaafatamummaa hordofsiisa.

Kanaafuu Nuti Ilmaan Namaa Bilisummaa qofa miti kan qabnu. Bilisummichuma mataa isaatiifuu itti gaafatamummaa isaa qabna. Itti gaafatamummaan sunis isa "Haqummaa" jedhamee yaammamu sanadha.

2. Hiikkaa Haqummaa

Haqummaan"Daangaa Bilisummaa" jedhamee Oromiffaan hiikuun yoo ibsame, wanni itti hanqatu hin jiru. Daangaa Bilisummaati yeroo jedhamu, Bilisummaan qaama tokkoo kan tokkoo irratti dhiibbaa akka hin uumneef Daangaa kaahamuudha.

Fakkeenyaaf, dibaabee Lama(2) fi isaa ol yoo harkatti qabatanii Dibaabeen hundumtuu bakkuma tokkotti bal'ifamuu yookaan diriirfamuu barbaadame, Hangam tokko milkaawa?

Tokkoon tokkoon dibaabee ‘Radiyeesii’ bal'ina mataa isaanii qabu. Yommuu bakka tokkotti qabuun ni bal'ifna jedhan tokko tokko irratti Dhiibbaa uumuu waan eegalaniif goonkumaa bakkatti bal'isuun hin danda'amu.

Garuu huunda isaaniitiif Bal'ina gahaa ta'e isaaniif qooduun hanga koochoon Dibaabee tokkoo kan cinaa irratti dhiibbaa hin uumnetti Daangaa Mataa isaanii erga isaaniif dhahanii booda yoo yeroodhuma walfakkaataatti bal'isan, Haala Bareedaa ta'een cuftinuu bal'atee Aduu fi Rooba Nama irraa dhoorkuu ni danda'a.

Haaluma kanaan Ilmaan Namaa Bilisummaa guutuun fedhii isaanii guuttachuuf yeroo socho'an, Daangaa isaanii hin eegganne taanaan, Bilisummaa qaama biraa irratti dhiibbaa geessisuun Cunqursaa uumuu danda'u. Bilisumaan Nama tokko kan Qaama biroo irratti Dhiibbaa akka hin geessifneef gidduu isaaniitti Daangaa "Haqummaa" jedhamu gad dhaabuun dirqama. Hundumtuu Dallaa mooraa Mataa isaa keessatti hanga fedhe fiigee burraaqee qanani'uu ni danda'a. Milkaa'ina seera uumaaf uumamaa eeggate jechuunis isa kana!

Haqummaan Jecha Afaan Oromoo “Haqa”jedhu irraa kan dhufe yommuu ta’u, Haqni ammoo Hiikkaa of danda’e Lama qaba.

1. Haqa jechuun Dhugaa jechuutti ni hiikama.. Faallaa “Dharaa” ta’uudhaan Dhugaa bakka bu’uun tajaajila kenna. Fakkaanyaaf “Haqa jiru himeen waan dhufe danda’a” yommuu jennu “ Dhugaan dubbadha, gatii nakafalchiisuufis qopphiidha. Jechuu keenya.
2. Lammaffaa, Haqni Abbummaa/Dhuunfannaa Ibsuufis ni tajaajila. Hiikkaa isa duraa waliin baay’ee osoo wal’irraa hin fagaanne, Qabaachuu Wanta tokkoo agarsiisa.

Fkn “Haqa isaa kenniif” yommuu jedhamu, Gahee isaa/Qooda isaa Yookaan Wanta Dhugaan kan isaa ta’e kenniif jechuu ta’a.

Jecha Hiikkaa Lamaan kana irraa Haqummaan ijaarramuun isaa Jechootuma irraa dhufe ilaaluun Hiikkaan isaa akka nuuf galu godha. Kana jechuun akka Hiika galumsaatti ‘Madaala Abboomaa fi Dhugaa’ jechuu ta’a.

Akkuma walii galaatti Haqummaan Madaala Jireenya guyyaa guyyyaan Gaggeeffatamu keessatti Hundumtuu Bilisummaa Isaaatti fayyadamee, akka socho’uu fi tokko kan biraa irratti Daangaa akka hin dabarreef, ittiin wal eeggatamuudha.

Kana erga jennee, itti aansuun Mata dureen kuni Waa’ee Nageenya Sammuu fi Galma Jireenyaa waliin akkamitti akka wal qabatu Hubannoo dabalanna.

3. Haqummaa fi Nagaa keessoo

Keessi keenya Nagaa guutuu argachuuf Of wajjin walii galuu qofaa irratti gabaabbachuu hin qabnu. Naannawa keenya Waliinis walii gallee jiraachuun Sammuu keenyaaf Boqonnaa kenna. Kana mirkaneeffachuuf, Hariiroo Hawaasaa fi Naannoo, Tasgabbii Miira Uumamaa akkasumas Jireenya Sadarkaa Beeyladaa akkam akka ta’e ilaalla.

3.1. Sirnakkoo:

Sirni Ikkoo Sirna walitti dhufeenya Hawaasaa fi Naannooti. Tokkoon tokkoon Miseensa Argama Biyya Lafaa Kallattiinis ta'e Alkallattiin walitti hidhamaadha. Akka Seera Sirnakkootti Hirkattummaan Jireenya malee Dadhabina miti.

Hirkattummaa jechuun bakka kanatti, Fayyaduu fi Fayyadamuu jechuudha. Malee Hoji dhabdummaa miti. Namoota fi Lubbi qabeeyyii biroo gidduu qofatti miti. Dhala Namaa dabalatee Wantoonni Lubbuu qaban huundi Qaamoolee Lubbuu hin qabne waliin illee Maxxantummaa/Hirkattummaa wal wajjin qabu.

Ardiin irra jiraannu tuni illeen haguma Jiraattoota ishee irraa barbaachiftu, Jiraattoonni ishee barbaachisu. Gabaabumatti Lafti tuni Osoo Lubbi qabeeyyiin irra jiraachuu baatee, guutumaan guutuutti of dandeessee ni jiraatti turte jechuuf ni ulfaata.

Akka Fakkeenyaatti yoo kaafne,Biqiltoonni Dirra Lafaa haguuganii argaman kunniin, Bu'aa tokko Lama jedhamee Lakkaawwamuu danda'u kallattummaan Dacheedhaaf gumaachu.

1. Dhiqama biyyee hanqisuudhaan Dirri Lafaa jijjiirama Hammaataaf akka hin saaxilamne eegaa jiru.

2. Oksijiinii burqisiissuudhaan, Haala qilleensaa to'achaa jiru. Kanaanis Hoo'i Adduunyaa Daangaa darbee Lafa akka hin balleessine eegumsa ta'aa jiru.

3. Sadaffaa, Yeroo jiraatan qofa osoo hin taane yeroo du'an Bususanii Biyyee ta'uudhaan Dirra Lafaatiif Gabbina ta'u.

Kanaafuu warri Lubbuu hin qabnes Haajaa qabu. Kanneen Lubbuu qabanis Haajaa qabu. Adda baaasuun hin danda'amu.

Nutis yeroo jiraannu Biyyee irraa Albuuda sooranna. Yeroo duune ammoo biyyee taana. Biqituun Biyyee sana soorataa Ammas deebi'ee biqiltuu sana Namumatu soorata.

Waliin jiraanna jechuurra Wal jiraanna jechuutu nu'ibsa. Waliin jiraachuun wal maddii jiraachuudha, wal jiraachuun ammoo Jireenyuma wal taasifachuudha. Sirna Ikkoo keessatti Adduunyaan wal maddii jiraatti osoo hin taane, wal jiraatti.

Karaa kanaan Hubannoo keenya yeroo fooyyeeffannu, Argama Biyya Lafaa keessatti wanti hin barbaachifne/Bu'aa hin qabne akka hin jirree ifatti Nuuf gala. Tiisissaa fi Bookee irraa eegalee Haga Lubbu qabeeyyii gurguddootti Faaydaa Nuuf kennan ni qabu.

Mee Tiisissa Nuti Yeroo mara Ija balfaatiin ilaallu tana akkamitti akka bu'aa nuuf qabdu haa ilaallu!

Tiisisni Balfaa keessa daddeemuu isheetiin Baakteeriyaa heedduutu Afaan ishee irratti maxxana. Kunis Qulqullina Naannoo irratti akka hojjattu ishee dirqa.

Mana keenya keessatti xuraawaan tokko yoo bu'e, Battalumatti deemtee irra qubatti. Yeroo kana Baakteeriyoonni ishii irra jiran Xuraawaa sanatti darbuudhaan akka bususee badu isa taasisu.

Lammaffaa ammoo Yeroo Balfi gurguddaan akka Du'aa Beeyladaa Naannawa keenyatti kufe, Ammas Tiisisni daftee irratti qubatti. Baakteeriyaan isheerraa gara Du'aa sanaatti darbanii nyaachuu yeroo eegalan, Keemikaala Foolawaa gadi dhiisu. Balfaaleen yeroo baay'ee Foolii badaa kan qabaatan sababa kanaafi. Fooliin kunis Hanga Fagootti babal'achuun Bineensoota Soorattoota foonii ta'an kan akka Waraabeessaa fi Saree biratti dafee dhagahamuun gara Bakka sanaatti yaama. Bineensoonnis itti deemanii Balfa Sana Soorachuun Dhabama isa taasisu. Osoo Adeemsi kuni hin jiraannee, Lafti Balfaan guutamuu malti turte.

Haala wal Madaala Sirnakkoo Lakkaahanii fixuun hin danda'amu. Walumaa galatti wanni irraa qayyabannee dabarru;

Tokkoffaa, Namni Namaa waliin, Namni Uumama kaanii waliin akkasumas Uumamaaleen kaan walii wajjinii fi Namaa wajjiin walitti hidhata Cimaa akka qabamuu fi Addatti Bahanii of danda'uun akka hin malle beekkanna.

Lammaffaa, Yommuu akka Nama tokkootti dhuunfaa keenyatti of yaannu, Qaamooleen Nuhiin ala jiran Dhala Namaa irraa eegalee Haga Ilbiisota xixiqqootti Nuhiif kallatiinis ta'e alkallattiin Faayida qabeessa akka ta'an qayyabanna. Sirna tokko keessatti walitti hidhamnee waliin Uumamneerra waan ta'eef, Kabajaa waliif kennuu akka qabnu sirriitti Nuuf hubatamuu qaba.

Kanaafuu Seera Uumamaa kana Hubannee Sarara Jereenyaa waliif kabajnee, Daangaa Bilisummaa walii Osoo hin cabsin

Haqummaan waliin jiraachuu qabna jechuudha. Kuni ammoo Nagaa fi tasgabbii keessa keenyatti Dagaagsa.

3.2. Tasgabbii Miira Uumamaa

Rabbiin Yommuu Nu uumu, Haqummaa itti of dirqinee osoo hin taane Gammachuudhaan akka Hojiirra oolchuu dandeenyu godhee nu uume.

Yeroo tokko tokko Namoota Garalaafeessa ta'aniin "Qalbii Ijoollee" qabu kan jedhan ni dhagahama. Moggaasa kana wanni kennamaniif Maali yoo jenne, Daa'imman Amala gadhee osoo gara biraatii hin dhaalin dura Qalbiin isaanii Qulqulluu ta'ee dhalatu. Qalbii qulqulluu jechuun Sirna Ikkoo cabsuu fi Haqummaa balleessuu irraa Qulqullaawaadha jechuu keenya.

Namoonni isaan biratti yoo wal irraan miidhaa geessisan Daa'imman ni jeeqamu. Kan boohe waliin boohu, kan kolfes waliin kolfu. Nama Bira darbnii Beeyladaaf garaa laafu. Kanaaf isaanitti moggaafame.

Miirri Uumamaan nu keessa joru kuni, Nukeessatti guddachuun Gara laafeessa Qalbii Ijoollee ta'uu ni dandeenya. Faallaa saniis Nukeessatti du'uun Gara jabeessa Haqa cabsaa taanee guddachuu dandeenya. Garuu dubbichi ta'uu qofa irratti hin dhaabbatu. Namni Haqummaa tiksee jiraatu fi Namni isa cabsaa jiraatu keessi isaanii walqixa tasgabbii hin qabu.

Haqummaan Aadaa osoo hin taane, Uumama. Sona Hawaasaa waliin osoo hin taane, keessa Qalbii waliin walitti

hidhamaadha. Kanaafuu Yeroo isa tiksinu, Tasgabbii fi Boqonnaa keessootu nutti dhagahama. Yommuu isa cabsinu ammoo, Jeeqamaa fi Boqonnaa dhabuutu nutti dhagahama.

Sammuun keenya Ijaaramuma isaa irraa Haqummaa eeguuf Qindaa'aadha. Keessa Sammuu keenya Kutaa Dogooggoroota sakatta'uu irratti hojjatu Calaltuu gochootaatu jira. Battaluma Namni tokko dogooggora tokko hojjatuuf murteessetti kutaan kuni dafee dammaquudhaan, Murteen suni dogooggora akka ta'e dhaamsa dabarsa. Dhaamsi kunis akka iyyiinsa Ambulaansiitti Samuu jeequun Murtee sana jijjiirsisuuf yaala. Yoo Namtichi deebi'ee sirreesse, Dhaamsichis ni dhaabbata. Yoo didee Osoo beekuu cabsee itti fufe garuu, Sammuun isaa Iyya Sirreessii Dogooggoraa Saniin akkuma jeeqametti itti fufa.

Namoonni yeroo baay'ee erga Gocha badaa raawwatanii booda miira jeeqamaa kana dhagahu.

Sababni isaas yeroo Haqummaa cabsan sana irratti Miira waliif faallaa gosa Lama ta'antu isaan keessatti madda. Tokko Miira Gara gochaatti dhiibu (Aarii ykn Fedhii Hammeenyaa) ta'a. Tokko ammoo Miira Sirreessituu yommuu taatu " Dhaabi dhaabi sirrii mitii" ittiin jetti.

Miira gocha Hamaa sanaan mo'amee Haqummaa sana cabsee Miidhaa yoo geesise, Akkuma raawwatetti Miirri gochaa suni haajaan isaa dhume waan ta'eef, ni dhaabbata. Eertuun dogooggoraa suni garuu akkuma itti fufteen jirti. Yeroo kana Sammuun Nomoota sanii Miira "Sirrii miti" jedhu kanaan guuttama. Jeequmsa itti dabaluudhaan "Osoon raawwachuu

baadhee!” Akka jedhu isa taasisa. Kunis yeroo biraa akka itti hin deebine gochuuf kan darbeen isa sheeneessaa jira jechuudha.

Akka kanaan Sammuun Madaala guutuu waliin Haqummaa irratti Uumame. Barnootaan Odeeffannoo osoma hin dabalanne dura Gochoota bu’uuraan Sirrii ta’anii fi Sirrii hin taane salphumatti adda baafachuu danda’a.

Kana waan ta’eef, Haqummaan Seera Hawaasni tumatuun hin madaallamu. Inumaa Seeratu Haqummaan madaalamee tumatamuu qaba.

Yeroo tokko tokko waan Ajaa’ibaatu mudata. Namoonni Dhaabbilee gariin irratti hojjatan Seerri tumamee itti kennamee fi Haqummaan Sammuu isaanii keessa jiru wal jalaa dhiita. Dambii Dhaabbatichi tumateen yommuu murteessan, Keessi isaanii Haqa cabsuu isaatiin ni jeeqama. Yoo Haqicha guutanii Dambii dhaabbatichaa cabsan ammoo Miira itti gaafatamummaatu isaan jeeqa. Gidduu kanatti kan rakkatan yeroo tokko tokko ni muul’ata. Yeroo akkasii sanitti, jechoota baramoo isaan fayyadamantu jir. “ Seerichatu Na dirqe Ani maalan gochuu danda’a?” Jedhu.

Haqummaa Eeguunis ta’e cabsuun Amala Namootaa irratti dhiibbaa mataa isaa fidaa Adeema.

Miiroonni waliif faallaa kan godhi jedhuu fi kan Lakkii jedhu suni yoomiyyuu dhibbaan dhibbatti Nama irraa dhabbachuu ykn baduu hin danda’an.

Isa Lakkii jedhu yoo caalchifannee Haqummaan jiraachuuf yeroo baay'ee carraaqne, Inni godhi jedhu du'uu baatus ni moo'ama. Garuu hojii isaa hin dhiisu waan ta'eef nu heewaluunyookan jijjiruun isaa hin oolu. Erga nuti isa diduu irratti cichinee Dogoggora tokko irraa deebinee booda, Miirri injifannoo akka waan badhaasa arganneetti gammachuu nutti dhageessisa. Adeemsa kanaan Gaarummaa horachaa Adeemuu ni dandeenya.

Kaka'umsa gara Gocha sirrii hin taaneetti nu dhiibuuf butamnee isa nu dhoorku cabsaa yoo adeemne ammoo Amalli keenya gara Hammeenyaatti butamuu qofaan hin dhaabbatu.

Adaduma balleessineen keessi keenya jeeqamaa adema. Booda irratti Miiroonni Lamaan akka waan dabaree waliif qoodaniitti hojjachuu eegalu. Kuni garuu Rakkoo hamaaf isa Nama saaxilu ta'a.

Miirri Inni tokko gochaan dura Inni kan biraa Gochan booda bakka qabatu.

Akka kana erga ta'ee, Namtichi Gocha sukkanneessaa barbaade hojjachuuf murteeffatulleen, Naasuu ykn Gara laafinni itti hin dhagahamu. Haqa Namaa saamuus ta'e Dhiiga Namaa dhangalaasuun homaa takka itti hin fakkaatu. Waytii murtee sana irratti Miira gochaatiin Sammuun isaa ni haguuggama. Qabxii inni guddaan garuu kanaa miti.

Erga raawwii sana xumureen booda Miirri gochaa dafee bakka gadhiisa. Eertuun dogoggoraa suni akka haaraatti Sammuu keessa dhangala'uun Jeequmsaan of wallaalchisuu eegalti.

Oggaa kana Namtichi Ofitti dheekkamuu keessa, Osoo hidhee of tumee itti tola fakkaata.

Marsaan kuni itti daddeebi'uu baay'inaan gara Amala dhaabbataatti jijjiirama. Kunis Nama sana Nama ofii waliinis Namaa waliinis walii hin galle isa taasisaa adeema.

Namoota akkasii saniin Hawaasni " Of nyaachaa Adeema, Wayaa isaa waliin wal dhaba" fi waan kana fakkaatu jechuun kan isaan ibsu ni dhagahama.

Walumaa galatti Keessi keenyaa fi gubbaan keenyas, Dhuunfaan keenyaa fi Hawaasni keenyas akka araaramuu fi Nagaa keessa Onneetii madde isa dhugaa argachuu Kan barbaannu taanaan, Haqummaa guuttannee Mooraa Sirnakkoo keessatti Miseensa Gaarii itaanee jiraachuu qabna.

4. Beekumsaa fi itti gaafatamummaa

Waa'ee Haqummaa erga kaafnee, itti gaafatamummaa Haqa kana eeguuf nurra jiru waliin kaasuun haafisa hin qabu. Itti gaafatama nurra jiru beekuun Tarkaanfii Jireenyaa keenya Siiqee isaa irratti sirreessaa Adeema. Haqummaan Itti gaafatama nu huunda irra jiruudha. Hammi itti gaafatama nu irra jiruu garuu, Hammuma Beekka keenyaatiin wal caala. Beekki guddaan itti gaafatama guddaa hordofsiisa. Warri keenya yommuu mammaakan "Qalbiin Beektuun Abbaa dhibdi" jedhu. Abbaa dhibdi jechuun Waa huunda Sirreessuu fi fooyyeessuutti ajajdi, Madaala Cabe argaa callisuu hin dandeessu. Kanaaf Boqonnaa of dhoorkiti jechuudha.

Egaa Miirri itti gaafatamummaa Namaa Namatti Beekkaa waliin wal faana bal'ata jennee, Dubbiin Fakkeenyaan Namaa gala jedhanii, akkamitti akka bal'achaa deemu Fakkeenyaa waliin haa ilaallu.

4.1. Dursa bayyanannaa

Of beeknee osoo hin bayyananne, gaafa Sababaan durfamuu hin eegalle, itti gaafatamummaa sadarkaa Dursa bayyanannaa irra jirra. Bakka kanatti Haqummaa hir'isnu illeen Odeeffannoo isaa waan hin qabneef, wanti komatamnu hin jiru. Haata'uu malee Gaafa Sadarkaa kana irra jirrutti Qalbiin keenya Uumamaan Haqummaa jala masakamti. Suni garuu itti gaafatamummaa Nutti dhagahamees miti. Waanuma irratti uumamneef qofadha.

Yeroo kanatti Sababaan hin durfamnu. Kan nuti durfamnuun waa lama.

- Tokkoffaa Wanti gaariin nutti tola, wanti badaan nutti hin tolu. Miiruma keessa isaanii hordofuu malee, kuni kanaaf ta'e jedhanii Sababa barbaaduun nu irraa hin eegamu.

  Gaafa ijoollummaa keenya Gochi Haqa sarbaa ta'e nubiratti dalagamnaan, Qaamni nu sukkannaawa.

  Maatii/warra keenya yeroo gargaarru ammoo gammachuun nutti dhagahama. Ta'ees Gargaarsi keenya Ba'aa hammam gahu akka isaan irraa buusu ykn itti gaafatamummaan isaan gargaaruu hammam akka nurra

jiru odeeffannoo hin qabnu. Gaarii nutti fakkaatee waan nu gamachiiseef qofa isa raawwanna.

- Lammaffaa wanni ittiin durfamnu inni kan biraa Hordoffiidha. Faana Angafoota keenyaa Adeemna. Waan isaan hojjatanii darban jala buunee hordofuun akkuma isaan hojjatanitti hojjannee argamuuf yaalii goona. Sababaa isaa wanti quba qabnu hin jiru garuu, osoo humni keenya eeyyamuu didee illeen gaafa guddanne akka wanta sana dalagnu karoorsina.

  Adeemsa kana keessa itti gaafatamummaa nurraa eeggamu heedduu bahachuu fi amaleeffachuun keenya beekamaadha.

- Sadaffaan Badhaasaa fi Adabbiidha. Sadarkaa dursa Bayyanannaa keessatti Miira Badhaasaa fi Adabbiitiin ittigafatamummaa bahachuun bal'inaan muul'ata.

  Dirqama nu irra jiru ni bahanna. Sababa waan Hojjannu sanaa garuu hin beeknu. Kan Nuti beeknu Erga Hojjannee Badhaasa argannu sana qofadha. Yookaan Bahachuu dhabuudhaan Adabbii Nutti dhufu sana qofaaf jecha sochoona.

  Hanga kana Beelladoonni illeen barsiifamuu ni danda'u. Warroonni Saree leenjifatan faan Yaad rimee kana sirriitti hubachuu danda'u.

  Saree tokko yommuu leenjisan, Ajaja tokkoon booda Badhaasa akkasumas dogoggora tokkoon booda Adabbii isaaf qopheessu.

Jalqaba irratti Ajaja xixiqqoo akka Taa'uu fi ka'uu isa barsiisuu irraa kan eegalan yommuu ta'u, yeroo ajajametti waan inni barbaadu isaaf kennuudhaan isa shaakalsiisu. Fkn. "Taa'i" jedhaniinii yoo taa'e battalumatti nyaata isaaf kennu.

Ammas karaa birootiin Wanta dhoorkame yoo dalage, ni Adabu.

Sana booda Adeemsa keessa Hojiilee walxaxaa ta'an hubannoo ballaa akka waan qabuutti Haala Ajaa'iba ta'een Nama waliin hojjachuu danda'a.

Mana keessatti Daa'imman Eeguu danda'a. Gabaattis ergamuudhaan Meeshaalee bitee gara manaatti qabee galuu ni danda'a.

Kana bira darbee Waajiraalee Nageenyaa keessatti Poolisoota faana Itti gaafatama gurguddaa bahachaa oolu. Yakkamaa Adamsamaa jiru Fooliidhaan sakatta'ee saaxiluu akkasumas Bakka balaan Uumamaa fi Namtolchee mudatetti Reefka dhabame barbaaduu keessatti gaheen isaan qaban salphaa miti.

Itti fayyadamni beelladootaa Haala Amantaa fi Amantii Namootaan Wal adda ta'uu fi daanga'uu danda'a. Ta'ees Asitti kaasuun kan barbaachiseef, Adabbii fi Badhaasa fayyadamuun itti gaafatamummaan akkamitti akka fudhatamuu fi Hojii irra oolu hubachuufi

Haalota kanaan Osoo Yaada Sababaan wal hin barin dura itti gaafatamummaan shaakalamuu eegala. Sadarkaa kanatti itti

gaafatamummaa guutuu jedhamuu hin danda'u. Garuu Shaakallii fi Jalqabbii gaarii ta'uu ni danda'a.

4.2. Erga Bayyanannaatii

Amma Sadarkaa Waan hojjannu Sababaa waliin Hojjachuu dhaqqabne jechuudha. Akkuma Umriinis Daa'imummaa irraa Ol jedhuun Itti gaafatamummaan Nutti dhagahamaa deema. Yeroo kanatti waan Namni Biroo hojjateef qofa hin hojjannu. Ni barbaachisa, Kanaaf barbaachisa jennee Sababa waliin ittigaafatama fudhannee hojjana. Yommuu Haqummaa irratti of eegnus Waan nu gammachiiseef qofa osoo hin taane kamtu Haqa kamtu Haqamaleessa kan jedhu adda baafnee Of eegna.

Ammas yeroo Dirqama bahannu Waan Badhaasni ykn Adabbiin jiruuf qofa miti kan bahannu.

Adabbiin ykn Badhaasni akka jiru osoma beeknu, garuu Sababa Dirqama saniin dura jirus maal akka ta'e Adda baafnee beekna.

Guddina qaamaa fi Sammuu waliin wal faana waan adeemuuf, Umurii ijoollummaa keessa Madda Ittigaafatamummaa warri nuuf ture suni asitti nurraa deemu osoo hin taane, Daran gara Hiika qabeessummaatti Ol guddatu.

- Inni duraan Osoo Sammuun hin bayyanatin Yommuu Ittigaafatama xixiqqoo yeroo bahannu Gammachuu nuuf kennu suni Gaafa Sadarkaa Bayyanannaa geenye Amalaatti jijjiirama. Amala "Natti jira" jedhu qabaanna jechuudha.

Yeroo Hojiitti kaanu ka'uun akka Nu irra jiru amannee, Bu'aan isaas Maal akka ta'e beekkannee kaana. Yeroo Haqa cinaa dhaabbannu Madaala Sarara Sirnakkoo isa Eenyuyyuu hin hankaakne sana Eegaa akka jirru ni beekna. Kunis kallattiinis ta'e alkallattiin bu'aan isaa Nuhumaaf ta'uun isaa akka nuuf galu godha.

- Inni Dursa Bayyanannaa keessatti Adabbii sodaaf yookaan Badhaasa barbaadaaf hojjachaa turre ammoo Erga Bayyanannaatii gara imaammataatti geeddarama. Aadaa fi Sona Hawaasa keessatti guddannee dabalatee Naamusni Maatiin irratti nu leenjise huunde yeroo ol jenne akka Seera ittiin bulmaataatti nukeessa taa'a.

  "Kuni hintolu. kuni ni tola" "Wanti akkasiihin barbaachisu. Wanti akkanaa ni barbaachisa" akka jennu nu taasisa. Imaammata mataa keenyaa of keessaa Nama qabnu akka itaanu kichuu irraa nutti maxxanee nu waliin guddata.

  Kana waan ta'eef Daa'imman Haqummaa irratti guddisuun waan akkaan yaachisaadha.

- Adeemsi duraan Angafoota jalaa waa baruu fi waan isaan itti gaafatamummaan dalagan akkuma isaanii fakkaachuuf jecha yaalii gochaa turre suni ammoo, Erga Of barree boodas Banaa akka itaanu nu taasisa. Beekumsa duraan qabnu qofa irratti akka hin gabaabbanne Muuxannoo Haarawa fudhachuf keessi keenya banaa ta'a jechuudha. Bakka geenye huundatti Adeemsa Haaraa yoo arginee fi Gaarummaa isaa itti amanne irraa fudhachuuf qophii akka itaanu nu gargaara.

4.3. Erga Bilchinaa

Bilchaachuu fi Bayyanachuun garaagara. Bayyanachuun Akka Daa'imaa fi akka Beeyladaa Waan Itti tolee fi Waan ajajaman qofa hojjachuu irraa gara Dirqama jiru Barbaachisummaa isaa waliin qeebaluutti ol cahuudha.

Bilchinni ammoo Ofis Naannoos akkuma walii galaatti Sirna Ikkoo (Walii gala Sirna Jireenya Dhala Namaa, Kan Bineensaa, Kan Lubbuu qabuu fi hin qabne huunda) hubachuudha. Jereenyi hagam takka walitti hidhamaa akka ta'ee fi Miidhaan tokkoo Alkallattiin isa kan biraa akka dhaqqabu; Faayidaan tokkoos akkasuma karaabiraatiin isa kan biraatiif bu'aa akka ta'e Hubannoon keenya ni bal'ata. Sirni kunis goonkumaa Jeeqamuu akka hinqabne cimsinee amanna.

Sadarkaa kanatti dhufneerra taanaan, Ittigaafatamummaa ni bahanna qofa osoo hin taane Ittigaafatamummaa ni uumna.

Madaalliin Haqummaa Yoomiyyuu akka cabsamu hin eeyyamnu.

Waa malee Nama miidhuu/cabsuu mitii, waa malee Dameen mukaa akka cabsamu hin eeyyamnu. Sababa malee Bineensa tokko dhaanuu mitii Sababa malee dhakaadhaan dhakaa dhaanuu hin eeyyamnu.

Sadarkaa Bilchinaa irra yommuu geenyu Jiruun keenya guutuun Itti gaafatamummaa ta'a.

Bakka geenyetti sirreessuu; Bakka geenyetti qajeelchuu; Bakka geenyetti gargaaruu eegalla.

Kunis hojjattoota Haqaa ta'uun dabalatatti Eegdoota isaa ta'uutti nu geessa.

5. Haqummaa fi Galma jireenyaa

Waraanoonni Adduunyaa tana keessatti Ka'aa jiraatan irra baay'een isaanii Haajaa biyyooleessaa guutuuf jecha ka'u. Haajaan Biyyooleessaa maali?

Biyyi tokko kallattii adda addaatiin Fedhii/Haajaa qabaachuun ishii hin oolu.

Dhimma Dinagdee furuuf, Nageenya ofii kabachiifachuuf, Lafa babal'ifachuuf fi wantoota akkasii kanaan dhimmamuun baramaadha.

Asitti garuu gaaffiin ka'u, Haajaaleen Biyyooleessaa kunniin "Kaayyoo" jedhamanii yaammamuu ni danda'anii? Kan jedhuudha. "Biyyi tokko Karaa Daldalaa Na barbaachisa jette" yommuu jedhamu, Jecha sana kan dubbate Namootadha. Warra Biyyattii bakka bu'ee Hegeree ishii qajeelchuudhaaf xaarutu akkas jedha. Kana jechuun Haajaan Biyyooleessaa Kaayyoo fi Galma guddaadha jechuu agarsiisa. Galma keessaafuu Galma Namoota gurguddoo warra Ummata Miliyoonotaan lakkaawwamu bakka bu'ee gaggeessuuti.

Tole Kaayyoodha erga jennee, Akkuma duraan jenne Bilisummaan Qaama tokkoo isa kan biraa waliin akkka wal dhiibaa jiru asitti sirriitti arguu dandeenya. Akkamitti yoo jenne. Biyyaa fi Biyya gidduus ta'e Dhuunfaa fi Dhuunfaa gidduutti walitti bu'iinsi kan uumamuuf Haajaan inni tokko guuttachuu

barbaadu isa kan biraatiinis kan barbaaddamu ta'uu isaatiini. Lamaanuu Kallattii waliif Faallaa irraa gara Kaayyoo tokkootti yommuu xiyyeeffatan, Walitti bu'iinsi uumama.

Garuu wanti gama Lamaan irratti xiyyeeffatame suni Abbummaan isaa kan Qaama Lachuu ta'uu hin danda'u. Kana jechuun Yeroo tokkotti gama Lachuutii sirrii ta'uu hin danda'an jechuudha.

Gama tokkoon Haqummaan Cabsameera. Haqummaan cabsame suni ammoo Kaayyoodhaaf jecha cabsame.

Mataduree Haqummaa fi Galma Jireenyaa jedhu kaasuun wanni dirqama ta'eef kanaafi.

Galma qabaachuun Dansaa ta'ee osoma jiruu, Fedhiin nuti qabnu fi Kaayyoon nuti baafnu Haqaan madaallamee qulqullaa'uu baannaan, Faayyaduun isaa hafee Balaa guddaa Ummatatti fidee dhufuu mala. Kaayyoo Namoota gurguddoo fi Hayyoota jedhamaniiyyuu osoo ta'ee Cal jedhanii Galma godhachuu osoo hin taane, Haqummaan madaaluun dirqama ta'a.

Karaa Lamaan fayyadamuun Kaayyoo keenyaa fi Haqummaa wal qabsiisuu ni dandeenya.isaanis "Haqummaa kaayyoo" fi "Kaayyoo Haqummaa" jennaan.

5.1. Haqummaa kaayyoo

Yommuu kaayyoo tokko kaayyeeffachuuf qophoofnu, Hawaasaaf bu'aa kan buusu ta'uu waan qabuuf, Faayyaduuf jecha miidhuu akka hin taane of eeggannoon Kaayyeessuun Haqummaa kaayyichaa mirkaneessuu barbaachisa.

Dhimmi nuti gatii baay'ee isaaf kafalluu fi ifaajee baay'ee isaaf goonu Haqa irraa goraa ta'e taanaan, Qabsoo fi Ifaajeen godhaa jiraanne marti Lafatti gad nuduraa neqameera. Bu'aaa buusuuf dhama'amee Miidhaa fiduun Qisaasama ifaajee qofa miti kan inni fidu. Dogooggora Seenaas nutti ta'a.

Kana huunda irraa of qusachuuf, Bakka Bu'aa itti buufnu qofa osoo hin taane Bakka miidhaas itti geessisuu dandeenyu ilaallee; Miidhaa hir'isnee Faayidaa daballee; yoo barbaachisaa ta'e, Kaayyichuma jijjiirree kan biraa kan Daangaa Bilisummaa Nama biraa hin tuqne Deebifnee kaayyeeffachuutu nu irra jira.

Fakkeenyaaf akkuma duraan kaafne, Sadarkaa Biyyooleessaatti Cabiinsi Haqummaa Haajaa Biyyattii guutuuf jecha yeroo uumamu akka jiru beekamaadha. Haajaan yaadamee kaayyoo godhatame suni Gama Lamaan erga sakatta'amee booda kan akka Kaayyootti fudhatamuu qabu.

Gara Ummata Tajaajila sana argatuutiin hangam bu'aa qabeessa akka ta'e sakatta'uu; Gama Namoota Karaa Kaayyichaa irra jiraniitiin Miidhaan isaa Hangam gaha kan jedhus bilchinaan sakatta'uu barbaachisa. Namoota karaa kaayyichaa irra jiran jechuun, Namoota Kaayyoo sana Galmaan gahuuf jecha tuqamuu danda'an jechuudha.

Akkuma Fakkeenyaatti Hoogganaan tokko Ummata isaatiif Laf Industirii Haaraa Bal'inaan akka isa barbaachisu amanuudhaan yoo Kaayyoo baase, Ummata isaa warra Bu'aa industirii argatu qofa osoo hin taane, Lafa Sana Eessaa fi

Harka Eenyuutii akka fidu; Eenyutu akka ittiin miidhamu dursee waliin yaaduu qaba jechuu keenya.

Sadarkaa dhuunfaattis as deebinee yoo ilaalle haaluma wal fakkaataatu jira. Asiinis deemne achiin Kaayyoon waa Sammuu keenya keessatti milkaa'ee hin xumuramu. Lafatti gad bu'ee hojjatamuun isaa hafiisa hin qabu. Kana erga beeknee ammoo, Lafatti kan hojjannus kan jiraannus Namootaa waliini malee qofaa keenya akka hin taanes ittuma daballee hubachuu qabna.

Namni tokko Hawaasa isaatii fi Adduunyaa keessatti argame tanaaf "Bu'aa tokko illee taatu dabaleen keessa darbuu qaba" jedhee yeroo imala Galma Jireenyaa eegalu, Waa Lama Yaada keessa galfachuu qaba.

A. Gufuu Isatti dhufu qolachuu. Akkuma Nuti Kaayyoon keenya Namoota birootiif gufuu ta'uu isaa sodaannu, Namoonni Kaayyoon isaanii Karaa keenya irratti beekaniis ta'e wallaalaan Sakaallaa ykn Gufuu nutti ta'uu danaa'u akka jiran yaadachuu qabna.

   Warroonni akkasii jiraachuu isaanii erga beeknee, Kan wallaalee nu danqu hubachiisuudhaan; Kan beekaa nu danqu Cabsuu baannu illeen Cabuu diduudhaan cichinee Galma keenya dhaqqabuuf Murannoo jabaa nu barbaachisa.

B. Nutis akkuma Karaa keenya irratti Gufuu hin jaallanne, Karaa Namoota biroo irratti Gufuu/Sakaallaa akka hin taaneef Jalqabuma irraa of sakatta'uu nu barbaachisa. Yoo osoo hin beekne Fedhiin keenya Fedhii Namoota birootiif

Danqaa ta'ee argine, Duuba deebi'uuf; Of sakatta'uuf; Of sirreessuuf yoomiyyuu qophii ta'uu danda'uun nu irra jira.

Fakkeenyaaf Hawaasa tokkoof Giddu gala gabaa mijataa ta'e ijaarree Adeemsa bittaa gurgurtaa guyya guyyaan gaggeeffatan isaaniif salphisuu yoo kaayyeeffanne, Kaayyichi bareedaa ta'uu isaa qofa osoo hin taane, Sochii kanaan eenyutu miidhama? Kan jedhu ilaalcha keessa galchuu qabna jechuudha.

Ganda tokko jiksinee Haadhoolii fi Daa'imman Aduu fi Rooba irratti darbinee Giddu gala gabaa tokkittii ijaarra jechuun Ni fayyadna jechaa miidhuu ta'uun isaa ni mala.

Jireenyi Adduunyaa tanaa akka Karaa Magaalota gurguddoo keessaa wal kee yaa'a. Warri Abbaa Kaayyoo akka Konkolaachistootaati waan ta'aniif, Konkolaatticha Cabuu irraahis Cabsuu irraahis Eegaa adeemuun Itti gaafatamummaa isaaniiti.

Yaadicha gabaabsuudhaaf, Kaayyoo kamiyyuu baafachuun ni danda'ama. Garuu Karaan Kaayyoon suni irraan deemu Jireenya Namootaa akka hin diigne of eeggachuun dirqama.

5.2. Galma Haqummaa

Jalqaba irratti Galma keenya Haqa qabeessa akka gochuu qabnu irraatti erga marihannee, amma ammoo Haqummaa keenyaaf Galma gochuun akka danda'amuu fi barbaachisu ilaalla.

Haqummaaf galma gochuun, Kaayyoo tokko erga kaayyeeffannee Haqaan madaaluu irraa gara Haqummaa sana Kaayyoo godhachuutti ol cehuudha.

Ilmi Namaa kuni huundi gosa tokko miti. Akkuma warri Jireenya ofii Haqa Namaa irraa eeggachaa jiraatu jiru, kan Badii Amaleeffatee Madaala kana cabsaa jiraatus inuma jira.

Karaa kanaan yeroo ilaallamu, Namni gosuma Sadii kan Afreessaa hin qabne ta'a.

- Tokko kan Hawaasa ta'ee jiraatu kan Bu'aa dabaluufis ogma hin qabne; kan Miidhaa dabaluufis Hammeenya hin qabne. Ni jiraata Hawaasa qulqulluu ta'ee.
- Tokko ammoo kan Hawaasaaf jiraatu Hammeenya cabsuu fi Gaaroommina ijaaruuf Ogeessa ta'e. Bara jireenya isaa keessa Osoma waan bade sirreessu; osoma kan hir'ate guutuu; Osoma kan tole jajjabeessuu fi itti dabaluu kan umurii isaa Gaaroomina eebbifame keessatti xumuratu.
- Inni tokko kan biraa ammoo kan Hawaasa irratti jiraatuudha. Hawaasa irratti jiraachuun Faallaa Hawaasaaf jiraachuuti.

  kan bakka gahe huundatti danqi danqi isaan jedhu kan rakkinni namaa fi hir'inni namaa madda gammachuu isaaf taate Kan osoo Imala Imaltootaa sakaalu Jiruun isaa dhumattu. Kan akkasiitu jira.

Kana waan ta'eef, Warroonni Hawaasaaf jiraatan Eeggachuu qofa irratti dhaabbachuu mannaa Isa Eeguutti ol darbu. Fedhii fi xiyyeeffannaan isaanii Haqummaa tiksuu waan ta'uuf, karaa isa ittiin tiksan barbaaddachuun Galma godhatu.

Fakkeenyi warra kanaa; Barattoota Miidhamtoota Naannoo isaaniitti Haqa dhabuudhaan Laalatan arganii, "Gara

fuulduraatti Abukaatoo te'ee Haqa dhokate baasuun qaba" jedhan faadha.

Abukaatoonni yoo Kaayyoo dhugaatiin Bakka sana gahan, Mallattoo Galma Haqummaa warra jalqabaati.

Haqaaf kaayyeeffachuun Kana irratti hindhaabbatu.

Barsiisaa Qorqalbii Hawaasaa Haqa irratti ijaaru ta'uun Kaayyoo of danda'aa fi kallattumaan Haqaaf dhaabbataadha.

Akkasumas Hoogganaa Haqa qabeessa ta'uudhaan Ummata ofii Wal miidhuu irraa gara wal utubuutti yoo tarkaanfachiisan kunis Galma Haqummaa isa guddaadha.

Haala kanaan Galma Jireenyaa keenya Haqaan ijaaraa akkasumas Haqaaf ijaaraa adeemuun, Milkaa'ina keenya Hiika qabeessa nuuf taasisa.

Tarsiimoo fi imaammataan Jireenya ofii offachuun Dogooggora Seenaa irraa of eeguu fi Gammachuu hooda yookaan boodde qabu gammadanii jiraachuun ni danda'ama.

6. Haqummaa fi Hooggansa

Huundi keenya Adda Mataa keenyaan isa Sirrii nutti fakkaate jala yoo deemne, hammi wal sakaaluu keenya ni heeddummaata.

Dirree tokko keessa Haadoota muraasa walitti xaxnee waljalaan dabarsinee; gamaan gamanatti yoo hiinee fi Namooota Muraasa finnee Ija isaanii hiinee; tokkoon tokkoon

isaanii Haadota sana Addaan qabatanii Dirree sana Gamaan gamanatti akka waliin gahan yoo goone, Hangam takka osoo walitti hin buune qaxxaamura sana xumurachuu danda'u?



Ulfaataa ta'uun isaa beekkamaadha. Haaluma wal fakkaatuun Namni huundi Yaada Mataa isaa qofaa hordofuudhaan dhibbaan dhibbatti Haqummaan tarkaanfachuun itti ulfaata. Yaada isa ofii malee isa Nama kaanii waan hi agarreef, Osoo cabsuu hinfeene illee ta'u cabsuun isaa hin oolu.

Kana sirreessuuf Malli jiru Haqa Nu huunda keessa jiru sana gara Sirnaatti jijjiiruudha.

Yaada dhuunfaatiin hoogganamuu irraa gara Yaada Sirnaawaa fi kan waloo ta'een durfamuutti yommuu dhufamu Adeemsichi daran laafaa ta'a.

Gara Sirnaatti erga dhufamee wanti Nama irraa eeggamu Qabxiilee Lama gurguddoo keessa darbuu qofa barbaachisa. Walxaxaa kan hin taanee fi Namni huundi Ogeessa ta'uutti kan in dirqine.

Qabxiileen Lamaanis Haqummaa gara Seeraatti geeddaruu fi Seera Hooggansaan hiikuudha.

6.1. Haqummaa Gara Seeraatti geeddaruu

Seeroonni Sadarkaa Adduunyaa fi Biyyooleessaa irraa hanga Gandootaa fi Dhaabbilee xixiqqootti Baafamanii ittiin hojjatamaa jiran huundumti karaa mataa isaaniitiin Haqummaa mirkaneessuuf Tumaman. Osoo Seerri hin jirre dura kan jiru haqummaadha. Haqummaan uumama Seerri ammoo Barnoota waan ta'eef.

Ta'ees Haqummaan Seera malee Hanga dhumaatti Nuuf deemuu danda'a jechuun ni ulfaata.

Akkaataa Haqa Hojii irra ittiin oolchinuun falachuuf jecha Dimshaashaan "Haqummaa haa kabajnu" jechuu caalaa "Seera haa kabajnuu" jechuutu Namaaf laafa.

Seera Baasuun Birkiilee Haqummaa Bakka inni itti cabuu danda'u adda baasuun, Tarreessuu irraa eegala. Itti Aansuun Bakka cabee deebisanii Utubuuf Gatii itti gochuudha. Gatii itti gochuu yommuu jennu, Gatii Abbaan cabsee yakke kaffalchiifamu ykn Karaa biraatiin Adabbii jechuudha. Akka hin cabsine gorsuu qofa osoo hin taane, Yeroo cabsame Gatii Nama kafalchiisu wal hubachiisuu ta'a.

Namoonnis yommuu akka kanaan adda isaanii bahe, Haqa beekanii fi jaallatanii tiksuu irratti dabalataan Gatiin Sirraa'iinsaa akka isaan eeggatu hubachuudhaan Haqni Jaallatamuu bira darbee kabajamuu akka danda'u ta'a.

6.2. Seera Hooggansaan hiikuu

Biyya Hooggansi hin jirretti Seerris Haqummaanis gatii maleessa. Hiika qabeessummaan isaanii ni haphata. Kana qofaa osoo hin taane, Hooggansi Fooyyaa'iinsaa fi Milkaa'ina gosa kamiifuu Abboomaadha.

Durdurii jedhan; Akkuma Kanniisaa fi Daammuu Tisiisnis Hoogganaa qabdi turte. Akkuma isaanii isheenis Damma dammeessiti turte. Gaafa tokko Osoma Daraaraa guuraa jiranii; Kanniisa, Daammuu fi Tisiissa ta'anii wal marihachuu eegalan. Mariin isaaniis waa'ee Hooggantoota/ Mootota isaanii ture.

Marii isaanii keessatti akkas jedhan "Nuti Gaara keessa ifaajaa oollee Daraaraa qabnee galla. Akkasumas Laga meeqa keessa Bishaan funaana adeemaa jiraanna. Akkanatti dhamaanee Dammeessina. Garuu Mootoonni Taa'anii Isa nuti itti ifaajne sooratu! Kuni maalif ta'a?" Jedhanii wal gaafatu.

Erga Yaadota heedduu kaasanii marihatanii booda yaada xumuraa tokko irra gahan. Yaadichis "Mootii of irraa ajjeefnee Bilisummaan akka feenetti jiraanna" kan jedhu ture. Haa ta'u malee garuu, Murtee kana Oolanii bulanii Torbee tokkoon booda akka walitti deebi'anii raggaasisan walii galan. Battalatti deemanii raawwachuu irratti walii hin galle. Sirriitti Of marihatanii Torbeetti Bakkuma sanitti deebi'anii akka wal argan waadaa waliif galan.

Egaa Torbee tokko booda Ganama Subii ka'anii Kanniisni fi Daammuun Bakka waadaa sanatti wal gahan. Tisiisni Duubatti haftee turte. Xiqqoo erga itti eeganii booda " Tisiisni

Maal taatee hafte?" Jechuudhaan ishee barbaaduuf gara Gandaatti Ol Adeemuu eegalan. Yommuu kana akka tasaa Balfaa Karaa qarqaratti gatame tokkotti gadi miil'anaan Tisiisni achitti marsee argan.

Amanuu dadhabanii xiqqoo bira darbinaan ammas Tisiisoonni biroo xurii isa kan biraa irra jiru. Kaan asitti kaan asitti bittinnaa'anii waan jiraniif gara walgahii walii galan saniitti yaamuuf illeen rakkatanii; tokkumaa fi lamaan warra karaa irratti argatan gaafatanii " Maaloo maaltu isin mudate isin eegaa jirraa" jennaan, "Nuti walgahicha gaafasuma xumurree jirra Mootii keenyas ajjeefnee kunoo Bilisummaadhaan gara feene deemaa jirra" jedhanii deebisaniif.

Daammuu fi Kanniisni yommuu kana argan walitti deebi'anii Marii isaanii eegalan. Amma barnoota guddaa fudhataniiru waan ta'eef Ogummaadhaan haasa'uun akkas jedhan "Tisiisni Mootii ishee ajjeeftee Balfa keessa adeemaa jirti. Nuti ammoo Mootii keenyaan hoogganamnee Damma Soorachaa jirra. Kanaafuu Mootii keenya baga ajjeesuu baanne! Ammas murteen keenya yoomiyyuu Mootii keenya jala masakamnee hooggansaaan jiraachuudha" jechuudhaan walgahiin isaanii xiumurame. Kunoo hanga har'aa Tisiisni Balfaa keessatti haftee Kanniisaa fi Daammuun Damma Soorachaa ofiif illee Namaaf illee Dawaa ta'anii jiraachaa jiruu! Jedhama.

Sheekoo kana Abbootiin waa'ee Hooggansaa ittiin barsiisuuf jecha haala ajaa'ibaatiin Kalaqaniiru. Ergaa gahaa Hanga Namni hubachuu danda'u hubatus keessatti dabarfatanii jiru.

Har'as irra deebinee Ergaan Nuti waliif dabarsuu qabnus Dhaamsi Nuti waliif dhaamuu qabnus isuma kana. Hooggansi Haqummaa "Daangaa Bilisummaa" jennee ibsine sana Abbaa itti ta'a.

Yoo cabsame, Abbaa gaafatu; Abbaa adabsiisu; Abbaa sirreessisu qabaata.

Kanaafuu Haquummaa gara Seeraatti geeddaruu qofa irratti dhaabbachuu hin qabnu. Itti fufuun, Hooggansaan Seera sana Hojiitti hiikuu qabna.

Hooggansi Kan jaarramu Haqa irratti ammas Haqaaf ta'uu qaba. Hooggansi Huundi Haqummaaf jaarramuu baatu illeen Hooggansi huundi garuu haqummaa irratti jaarrammuu qaba.

Goolabbii:

- Kaayyoon keenya Qulqulluu akka nuuf ta'uu fi Milkaa'inni keenya hiika qabeessa akka ta'uuf Haqummaadhaan madaallee imala keenyatti seenuun nu irra jira.
- Kaayyoo keenya Haqummaan madaaluu qofa osoo hin taane, Haqummichuma Mataa isaa Kaayyoo isa godhachuun ni danda'ama. Keessaafuu yeroo ammaa kanatti akkaan ni barbaachisa.
- Haqummaa Hojiitti hiikuuf Seera tumachuu fi Ittiin hoogganamuun dirqama ta'a.
- Hooggansi Guutuu dhala Namaatiif Mooraa Jireenyaati. Yoo inni dhabame Balfa keessatti kufna.

BOQONNAA 6
CANCALA

Guddinni fi Qaroominni Dhala Namaa hin dhaabbatu. Sadarkaa tokko irra yommuu darbe, Sadarkaa Haarawa isa biraatti cahuu barbaada. Nutis akkuma Nama ta'uu keenyaatti, Sadarkaa Of hoogganuu irrattti daballee kunoo waa'ee Wal hoogganuu irraa marihachuu eegallee jirra.

Egaa Ofis ta'e Qaama biroo to'achuuf, Maaliin akka to'annu yookaan to'atamnu beekuun nu barbaachisa. Namoonni wal dursan huundi akkasumatti lafaa ka'anii dursuun yookaan dursamuun isaaniif danda'amee miti.

Kan durse waan itti durse kan dursames waan itti dursame ni qabu.

Kana beekuun Amala wal to'annaa fi wal hooggansaa hin diigu. Inumaayyuu haala Iftoomina qabuun Beekumsaa waliin utubee, Aadaa wal hooggansaa dagaagsa. Ta'ees wanti xiqqoo tokko adda baafamee hubatamuu qabu, garaagarummaa To'annaa fi Hooggansaati.

- To'achuu jechuun Eeyyama Harkatti qabachuu jechuudha. Sosochii Namoonni taasisan Eeyyama ofii jala oolchuudha. Adeemsa jiru qabuus, gadhiisuus, dhoorkuus eeyyamuus yeroo danda'an, to'achaa jiru jedhama.
- Hoogganuun ammoo to'achuu dabalatee Qajeelchuu, Karaa garsiisuu fi Dursuudhaan waliin tarkaanfachuudha. Walumaa galatti

Walumaa galatti, To'achuun cancaluu yommuu ta'u, Hoogganuun ammoo gulufuudha.

Hooggansi guutuun argamuuf, To'annoon dursee argamuu danda'uu qaba. Hoogganuun Hawaasa tokko Karaa isa barbaachisu irra akka adeemu karaa agarsiisuu fi waliin deemuudha waan jenneef, To'achuu erga hin dandeenyee, Hawaasichi Karaa isa barbaachisu dhiisee karaa ofii barbaade deemuu danda'a. Kunis Bakka gahuu qabu akka hin geenyee fi Tajaajila argachuu qabu akka hin arganne of isa gufachiisa.

Dabalataan hubannoon cimsamuu qabu, Hoogganamuun tajaajilamuudha malee mo'amuu miti. Hawaasni Hoogganaa qabu Tajaajilaa Kufaatii irraa isaan to'atu, kan gara Guddinaatti isaan gulufsiisu qabu jechuudha.

Kana waan ta'eef, Qorqalbii hoogganuufis hoogganamuufis qophii ta'ee fi hubannoo Joonjii irraa qulqullaawe gabbufachuun nu barbaachisa.

Kana erga jennee Uumamuma irraa Nuti Huundi Ilmaan Namaa Maaliin to'atamuu dandeenya? Maaltu of jala nu butuu danda'a? Cancalli Uumamaa keenya maalidha? Kan jedhu deebisuun nu eeggata.

Dhalli Namaa Uumamaan Waa Sadii gurguddoo jala butama. Lubbuun jiraachuu, Galii bu'uuraa fi Yaada Amantii. Kun Sadan Cancala Ilma Namaati.

1. Lubbuun jiraachuu/ Dantaa Jireenyaa

Cancalli Ilma Namaa inni guddaan Barbaacha Lubbuun turuuti. Lubbuun turuuf, Yeroo Du'a isaa garis fageessuuf jecha dhalli Namaa waan hin hojjannes hin qabu. yoo dhiisuu qabaate ammoo waan hin dhiifnes hin qabu jechuu dandeenya.

Fedhiin Lubbuun jiraachuu kuni Cancala ta'ee akka Nama to'achiisu Beekuun akkasumas akkaataa kamiin gara Hooggansaatti isa fidanii itti fayyadamuun danda'amu hubachuun abshaalummaadha. Dantaan jireenyaa Karaa Lamaan to'annoo jala Nama galcha. Isaanis, Dahoof butamuu fi Sodaaf butamuudha.

1.1. Dahoof butamuu

Dantaa jireenya ofiitiif osoo jedhuu Namnis ta'e Bineensi kamiyyuu Bakka wabiin joreenya isaa mirkanaa'u jiraachuu filata. Qaama Lubbuu isaa balleessu irraa fagaachuun gara Qaama Dahoo isaaf ta'uutti madaqee jiraachuun Amala Lubbu qabeeyyii huundaati.

Irra baay'een gosa Bineeldoota Namatti Madaqanii jiraatanii Soorattoota Margaa ta'uu isaanii irraa wanni barannu ni jira.

Soorattoonni Margaa Adduunyaa Bineensootaa keessatti Adamsamtoota. Soorattoonni Foonii Ammoo Adamsitoota. Kana waan ta'eef, Adamsamtoonni kunniin yeroo huunda Lubbuu isaanii Adamoo irraa dandamachiisuuf of eeggannoo fi Baqannaadhaan jiraatu.

Yaaddoon isaanii inni guddaan Dantaa Lubbuu isaaniiti waanta'eef, Carraa argame huundaan bakka Dahoo gaarii isaaniif ta'u jiraachuu barbaadu.

Ilmi Namaa isaan Waraanuu dhiisee Isaan kunuunsuu fi Bineensoota biroo irraa isaan ittisuu isaa yommuu argan, Gaaddisa Mukaa jalatti dhokachuu irra Wabii isa guddaa argachuu isaanii dafanii hubatu. Kanaaf Baay'inaan Madaqanii Namaa waliin jiraatu.

Erga takkaa madaqanii ammoo deebi'anii bosona galuu hin barbaadan.

Namaa waliin yommuu jiraatan garuu Ilmi Namaas isaaniin tajaajilamuu fi isaan to'achuun isaa hin oolu. Haa ta'u malee isaanis filannoo isa sirrii akka waan itti yaadanii filatanii fakkaata.

Harreen "Waraabeessaan nyaatamuu mannaa Namaan fe'atamuu naaf wayya" Saani "Leencaan ajjeefamuu mannaa Namaan elmatamuu naaf wayya" akka waan jedhanii fakkaata.

Nutis Huundi keenya Dahoo jireenyaa dhabuu goonkumaa hin dandeenyu. Qaama Dahoo Nuuf ta'eef butamuun goonkumaa nutti hin ulfaatu. Dahoo waliif ta'uu fi ittiin wal to'achuun kunis Sadarkaa Mana keessaatii Bulchiinsa gurguddaatti deema.

Abbaan Ilma isaaf Dahoodha. Obboleessi Obboleessaaf Dahoodha. Akkasuma Qondaaltoonni fi Jaarsooliin Biyyaa Qe'ee fi Gandoota isaaniitiif Dahoodha. Dahoo ta'uun isaanii

ammoo Eeyyama warreen Isaan Dahoo isaan godhate to'achuu isaaniif kenna. Dirqii osoo hin barbaachifne Jaalalaan Isaan jala butamu.

Bakka isaan ajajan oolu. Waan isaan ajajan hojjatu. akkasuma wanta isaan dhoorkan irraa dhoorkamu.

Oluma hanga Bulchiinsoota gurguddootti yoo ilaalle, Mootummaan tokko Ummata isaatiif Itti gaafatamummaan inni fudhatu inni jalqabaa fi inni guddaan Nageenya Isaaniiti. Daangaa keessaa fi Alaan kabachiisee, Nagaan oolanii galuu akka danda'an yoo gargaare, Jireenyaaf Wabii isaaniif ta'eera jedhama. Nagaa waaraa erga buusee, Isaanis isa jala hiriiruu fi Hooggansa isaa jala butamuun hin oolu.

Godaantoonni Siyaasaa fi Buqqaatoonni Waraanaa Muul'istoota dhugaa kanaati. Namoonni Mana Ho'aa isaanii dhiisani Qe'ee ofii irraa Buqqa'uun; ergasii Qe'ee Nama birootti madaqanii Hanga Aadaa fi Sona isaanii dhiisanii kan ambaa jala butamanitti wanti isaan geessisu Dahoo Lubbuun ittiin jiraatan barbaaduudha.

Ammas Godaantoonni Siyaasaa akka Adduunyaatti yeroo gara yerootti dabalaa jiru kuni agarsiistuu guddaadha. Biyya ofiitii fi Warra ofii dhiisanii fagaachuu qofa miti. Carraalee Biyya ofii keessatti Guddachuuf, Barachuuf, Hojjachuuf, akkasumas Hoogganuuf qaban huunda isaa dhabanii. Biyya ambaatti Seera Ambaatiin, Bobbaa gala isaanii huunda Sirna Biyya itti godaanan sanaa jala masakanii jiraatu. Kuni huundi kan godhamu waa tokko barbaachafi. Innis Dahoo jireenyaati.

Kanaafuu Nuti huundi keenyaa Uumamaan Qaama Dahoo nuuf ta'u, kan jalatti hafuurri Lubbuu keenyaa nuuf turuu danda'u jala butamuun keenya beekamaadha jechuudha. Namni Jireenyaaf wabii nuuf ta'e Cancala keenya isa tokko Harkatti qabateera akka ta'e beekuu qabna.

Nutis Dahoo Namaaf ta'uu yoo dandeenye karaa biraatiin To'annoo dhuunfachaa jirra jechuu agarsiisa. Kana jechuun garuu, Lakkoofsuma Galata Namatti oolleen To'annoo irratti barbaaduu qabna jechuu miti. akkasitti fudhachuun dogooggoradha.

Asitti wanti barbaaddame, Sadarkaa hooggansaatti Maal maaltu akka Cancala Hawaasichaa fi Itti gaafatama Hooggantootaatti Addaan bahee beekamuu qaba kan jedhu ilaaluudha.

Hoogganaan tokko Ummata inni hoogganuuf Itti gaafatama gurguddaa akka Utubaatti ilaallaman kan isa irra jiran beekuun dirqama isaati. Ummatichis Hoogganaa isaanii irraa Maal akka argachuu qabanii fi Isaan irraa ammoo Maaltu akka eeggamu hubachuu qabu. Hubannoon asitti irraa haasahaa jirrus isakana.

Kanaafuu Hoogganaan tokko Dirqamoota isa irraa eeggaman keessaa tokko Hawaasa gaggeessaa jiru saniif Dahoo/ Wabii jireenyaa ta'uudha.

Hawaasni Wabii jireenyaa gahaa argate ammoo Gaggeessaa isaatiin durfamuun Dirqama isaa ta'a.

1.2. Sodaaf butamuu

Maddi To'annaa Dantaa Jireenyaa inni Lammaffaan ammoo sodaadha. Kan duraan irraa ilaalaa turres ka'umsi isaa Sodaadhuma haata'u malee, garaagarummaan gidduu isaanii ni jira. Dahoof butamuun Sodaa irraa miliqanii Bakka amananitti madaquudha. Sodaaf butamuun ammoo Sodaadhuma waliin jiraachuuf dirqamuu ta'a.

Waanuma sodaataniif qofa ajajamuu fi jala butamuu jechuudha.

Shiftoonni Lubbuun Namatti dhaadachuun, Waan fedhan Hojjachiisuun yookaan waan fedhan irraa fudhachuun agarsiistuu dhugichaati. Yeroo gabaabaafis ta'e, yeroo dheeraaf Dhalli Namaa jiraachuuf osoo jedhuu, butamuu ykn to'atamuun Amala Namummaati.

"Nan jiraadha ta'a/Ni darba ta'a" jechuudhaan, Wayaa kabajaa of irraa mulqanii fedhii keessoo isaanii gad hir'isanii, "Jireenyumaan haa turruu" qofaaf kan jiraachaa jiran meeqatu jiru?!

Laafina Uumama keenyaa kana Kiyyeessuu fi Dantaa Siyaasaatiif Warroonni dhimma ittiin bahanis ni jiru. Mootummoonni Abbaa irree huundi isaanii kanneen amma bulchaa jiranii fi kan Gadaan isaanii darbe huundi Fakkeenya warra Cancala Hawaasaa kana fedhii isaanii malee jabeessee qabateeti.

Garuu Namni Farda Cancalee fi kan Nama cancale Abdiin isaan gulufuuf qaban walqixa miti. Fardi Hanga takkaa

leenji'u malee ergasii ofumaaf tole jedhee hoogganamaa jiraata.

Ilmi Namaa gaafa Gadaa fi Gadadoo, leenjisuun isaa Nama hin rakkisu ofumaaf harka kennee booji'ama waanta'eef. Ergasii garuu hanguma Ibiddi gabrummaa isa waaddeen qaramaa dhufa.

Adaduma Abbaa irrummaan ukkaamseen, afuuffamaa fi Onnachaa dhufa. Jedhee jedhee gaafa tokko dhoo'uun isaas hin oolu.

Kana sirriitti beekuu fi jala sararuun barbaachisaadha.

Hooggansi Mana ofii irraa Ka'a. Ilmaanii fi Obboloota ofii irraa, Oollota fi Qe'ee akkasumas Gandootaa fi Magaalota jechaa guddachuu danda'a. Kana huunda keessatti. Mucaa xiqqaa tokko illeen osoo ta'ee dhala Namaa Sodaan sakaalanii to'achuuf yaaluun, booddee ofiitiif kufaatii hamaa qopheessuu akka ta'e hubatamuu qaba.

Gabaabumatti Ilmi Namaa Jiraachuuf jecha ni to'atama. Tokko jaallatee Dahoo isatiif booji'ama. Lama dirqamee Sodaadhaaf Harka kenna.

Kan Dahoof booji'ame Ho'ifatee jiraachuu malee adda ba'uu hin fedhu.

Kan Sodaan sakaallame ammoo guyyaan eega malee deebisee sakaaluun isaa hin oolu.

Kanaafuu Gaarummaan booji'uun filannoo Abshaalotaati.

2. Galii bu’uuraa/ Dinagdee

Erga Wanti Kallattiidhaan Du’aa jireenya keenya gaaffii keessa galchu jiraachuu dhabuu isaa hubannee, wanti nuti Gatii guddaa isaaf kafalluu fi isaaf butamnu tokko Galii bu’uuraati. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti Dinagdeen irraanfatamuu hin danda’u. Nyaatanii dhugan malee waan hin jiraaanneef, fedhiin dhala Namaa Daangaa dhabeessa. Huundi isaas Dinagdeen walitti hidhamaadha. Fedhii ykn Haajaa bu’uuraa guuttachuuf Dinagdee ni to’anna qofa osoo hin taane, Nutis isaan ni to’atamna.

Biyyoota garii keessatti Namoonni Mudhii isaanii Haadaan hidhanii of rarraasuudhaan, Hallayyaa gadi ilaalanii dhuma isaa arguun ulfaatu keessa seenuun, Edada irratti maxxananii, yommuu damma Muruuf oliif gadi carraaqan muul’ata. Gocha isaanii sana Fooddaa Televizhiiniin ilaaluun illee Nama sukkanneessa. Haa ta'uutii, Namoonni kuni Lubbuu isaanii Haada tokkittii sana sababa godhachuun, Rabbitti kennanii, Balaa Hallayyaa sana keessatti isaan mudatuu fi iddiinsa Kanniisa jigee isaanitti bahu huundaaf itti gaafatama fudhatu. kuni huundi fedhii isaan Mi'aa Dammaa fi Bu'aa isa irraa argatan hundatti fayadamuuf qabaniif bitamuu isaaniiti.

Akkuma Daa'imman Abbaa fi Haadha sossobanii, waanbarbaadan bichisiisan, Fedhiin ilma Namaa Abbicha sossobee Aarsaa fedhe kafalchiisa.

Fedhiif butamuun osoo hin jiru ta'ee, Jechumti qacaruu fi qacaramuu jedhu Galmee Jechootaa keessatti argamuu hin danda'u ture. Kan qacaru, Fedhii Namootaatti fayyadamee

waan barbaade dalagsiifata. Kan qacaramu immoo fedhii isaatiif butamee waan barbaadan dalaguun, waan isa barbaachise sana irraa fudhata.

Yeroo ammaa kana faa kan yeroo kamiyyuu caalaa Dinagdeen Cancala isaa jabeeffatee Ilma Namaa gulufaa jira fakkaata. Biyyoota hin guddannee fi guddachaa jiran keessatti Namoonni Haajaa bu'uuraa isaanii guuttachuun itti ulfaachuu bira darbee Harka kennatanii Godaansaan Biyyaa bahuuf dirqamaa jiran Lakkoofsaan ibsamuu bira darbaniiru.

Dhalootuma Ardiin Afrikaa sababa Dinagdeetiin Du'aaf gumaachite qofa, osoo Galaanni Meditiraaniyaa fi Galaanni Diimaan hanguma liqimsan nuuf gabaasanii, Dhimmichi hammam akka jabaatu hubachuuf gahaa ta'a ture.

Godaansa Seeraan Alaa kan Mootummoonni illeen dura dhaabbatanii hambisuu dadhaban kanaan Nama meeqatu ofii isaatiin gara Du'a isaatti Dallaha cabsaa jira.

Kuni huundi Maalif ta'aa jira? Deebiin gabaabaan Haajaa Dinagdeetu nu huunda butatee of jala bulchaa jira waan ta'eefi. Waa'een Godaansa Dinagdee barbaachaa fi Aarsaa Dhalli Namaa Karaa kanaan kafalaa jiruu, Kophaa isaatti Kitaaba tokko miti Kitaaboolee isa barbachisa. Keewwanni tokkoof Lama Gatii kafalame ibsuu hin danda'u.

Kallattii Mata duree keenyaatti as deebi'uuf, Kan jechaa jirru Dinagdeen Nama mo'achuu irratti hin dhaabbatu. Nama moosisas, Nama to'achiisas.

Akkuma Dahoof butamuun jirutti Dinagdeef butamuun jira. Namni Madda Galii keenya nuuf ta'eera jechuun Dinagdee keenya to'ateera jechuudha. Kunis Cancala keenya isa tokicha Harkatti galfachuu isaa mirkaneessa.

Nu dirquu baatus, Hanga irraa argachuu barbaanne sana Ajajamuu ofiifuu of dirqina.

"Garaa nyaateef Ijni qaanfatti" jedhan Warri keenya. Walii galtee qacarrii tokko illeen osoo hin barbaachisin, waanuma galata nutti oolaniif jecha. Fedha keenyaan yeroon Namoota jala butamnus ni jira. Akkuma Dhaabbiin wal caallu Sadarkaan Jireenyaa keenyas wal caluu mala. Warra Sadarkaa wayyaa irra jiru waliin yommuu jiraannu, Hamileen keenya kan wal caalu muul'ata. Namni waliin jiraatu Galata wal irraa hin dhabu mitii ree? Galata sanaaf Gad godhachuun akkasumas jala butamuun baramaadha.

Kana malees Qaama Denagdeedhaan Utubuu danda'a jedhamee abdatamu kamiyyuutiif Kabajaa fi Hamilee Gaggeessitummaa kennuun waan baramaadha. Huundi kanaa Agarsiistuu Humna Qabeenyaati.

Ergaan Mata durichaan wal qabatee dabarsamuu barbaade. Akkuma Mata duree darbe irratti ibsame, Itti gaafatama Gaggeessitootaa fi Dirqama Hawaasa gaggeeffamuu akeekuudha. Dabalataan ammoo Laafintii Ilma Namaa kan Osoo itti hin sakaallamne dura dursee of jabeeffachuu qabu Eeruutu barbaadame.

3. Amantii

Ilmi Namaa waan amane dinqisiifachuu fi yaada amantii isaa Namaaf qooduu, akkasumas Yaada isaa dhugoomfachuu fi kabachiifachuu keessatti, Uumama garmalee of jaallataadha.

Falmiiwwan Adduunyaa keessa Bakka adda addaatti gaggeefaman Harki guddaan isaanii Daadicha Daawwattootaaf dhiisuudhaan kan xumuraman Kanaafi. Falmitoonni gama Lamaan jiran Yaada tokkicha irratti walii galuudhaan, Taajjabdootas tasgabeessanii, ofiifis Wal hammatanii harka wal qabachuun, falmiin xumuramu heedduu muul'achuu dhabuu irraa kan ka'e hin jiru jechuu bira Nama geessisa.

Ofittumaa karaa kanaan dhufu Daangaa dhabeessummaatu irraa muul'ata. Amala "Yaadaan na fakkaadhu" jedhutu keessa jira fakkaata.

Falaasamoonni tokko tokko erga Karaa Saayinsawaan Sirrii ta'uu dhabuun isaanii ifa ba'ee illeen, Yaada itti amanan gatuu dadhabuuf qofa osoo hin jijjiiramne itti fufu.

Falaasama Urjiilee fi Pilaaneetota Hawaa keessa jiran Waqtiilee fi Ji'oota waliin walitti fidantu Jira. Namoota Ji'a isaan keessatti dhalatan qofa irratti huundaa'anii Amalaa fi Eenyummaa akkamii akka qaban akka beekuu danda'anitti falmu.

Fakkeenyaaf Nama tokkoon "Ji'a kam keessa dhalatte?" jedhanii erga gaafatanii booda, "Baatii Onkololeessaa keessan dhaladhe" jedhee yoo deebise, "Ati dhaloonni kee Pilaaneetii Veenas waliin wal qabata. Kanaafuu Amalli ati qabdu Yeroo

huunda Nagaa buusuu jaalachuudha, Haqni hir'achuun ykn Namoonni miidhamuun goonkumaa sitti hin tolu…" jechuu fi Wantoota Heedduu itti tarreessuu danda'u.

Gariin Isaanii ammoo, Boca Qaama Namaa kan akka Madaafa Harkaa fi Miilaa ilaaluun, Hiree fi Carraa Namoonni gara fulduraatti qaban Raaga himuuf warra yaalutu jiru.

Kuni Huundi garuu Qorannoo Saayinsawaa kamiyyuutiin hin mirkanoofne. Manni Amantaa waan kana Lallabes hin jiru. Garuu Abbootiin Falaasama gosa akkasii kunii fi Hordoftoonni isaanii Yaada kana osoo Ragaa sirrii itti dhabaniiyyuu gadi lakkisuu fi irraa deebi'uu hin barbaadan. Sababni isaas, Dhalli Namaa Uumamaan Yaadaa fi Amantii isaatiif butamaa waan ta'eefi.

Akkuma Dahoo jireenyaa barbaaduu fi Dhimma Galii argachuutiif Harka kennamutti, Yaada Itti amanan jala deemuuf Harka kennuun ni jira.

Ilmi Namaa Yommuu waa tokko Dhugaa godhatee Qalbii irraa itti amanu, Amaloota Afur(4) walqabatoo ta'antu isa keessatti argamu.

1. Dhugaa isaa tursiifachuu: Yommuu Yaada tokko Dhugaa godhatee Qalbiitti qabate, Amalli jalqaba Nama irraa muul'atu Dhugummaa yaada sanaa tursiisuudha.

   Sirrii akka hin taane dhagahuu fi Yaada isaa sana kuffisuun waan akkaan itti ulfaatu fi itti cimudha.

   Ragaan qulqulluun Yaada Amantii isaa sana kuffisu osoo itti dhufee illeen dhalli Namaa battalatti Yaada isaa jijjiiruu

irra Yeroo biraa Ragaan haarofni Dhugaa ta'uu isaa ibsuu fi isa deeggaru argamuu akka malu manaammachuu filata.

Amala kana Namni moo'atee dhugaa qeebalu hin jiru jechuu osoo hin taane, Amalichi keessa Namaa jiraachuu isaa ifa gochuudha kan barbaaddame. Warrooni Yaada isaanii dogoggora ta'uu beekanii irraa deebi'uudhaan gara Ragaa sirriitti deebi'an, Warra of to'achuu fi Fedhii Lubbuu isaaniitii ol Yaada sababaa caalchisuu danda'uudha.

2. Amalli inni Lammafaan, Erga Dhugaa isaa tursiifatee Geeddaruu dideen booda kan dhufuudha. "Yaada sirrii irran jira" jedhanii Dhaabbii dhuunfaa irratti hafuun keessa Namaa hin quubsu. "Bishaan Digrii Seelishiyeesii dhibbaan Yoo hoo'ifame, Gara Hurkaatti jijjiirama" jedhee erga amanee booda, Manuma isaatti Danfisee ilaaluun ni gaha ture. Garuu dhalli Namaa Miseensa isaa waliin "Eeyyen akkas ni ta'a" jedhu argatu malee oobsuu hin danda'u.

   Kanaaf Dhugaa sana Nama isa waliin amanu barbaada. Miseensi Yaada sanaa dabalamuun, Dhugummaa isaa irratti akka waan Mirkaneessii daaluu itti fakkaata Abbaan Yaadichaa. Lakkoofsuma Qooddattooni Amantii sanaa dabaleen, Ofitti amanamummaan dhugummaa isaatif qabu dabalaafii adeema.

   Kana waanta'eef, Namoonni Falaasama haaraa keessa yeroo galan, Yaada sana Lallabuu fi fudhachiisuun akka malee itti mi'aawa. Amantii dhuunfaa irraa hanga Amantaa walootti Adeemsi Miseensa Yaadaa baay'ifachuu ni muul'ata. Bu'aa kallattii fi alkallattiin argamuun maleetti

Yaadaan wal fakkaachuu barbaaduuf qofa warroonni carraaqan ni jiru.

Wanti isaan barbaadan inni guddaan, Tasgabbii dhugummaati. Ofii itti amananii yoo callisan, Sammuun isaanii gaafachuu fi qoruu hin dhaabu. Ragaa kallattii qabaatanis qabaachuu baatanis, Miseensa bal'aa horachuudhaan, Sagalee guddaadhaan " Dhugaadha" ofitti jechuu barbaadu.

3. Erga Lamaan sana darbanii booda, Miirri dhokataan inni biraa ol baha. Miira Ol'aantummaa Yaadaa. Dhugaa irra jiraachuu mirkaneeffachuutti aanee, Yaada Amantii ofii ol'aansee garsiisuu barbaaduunis Amala Dhala Namaati. Namni Of to'achuu fi of sirreessuun waan biraati. Garuu Xiinsammuu isaa keessatti Miirri akkasii dhalachuun hafiisa hin qabu.

   Falmii fi wal tuttuqqiin karaa Amantaatiin dhufu Maddi isaa Miira Ol'aantummaa Yaadaati. Karaa sirrii irra akka jirutti amanee hin dhaabbatu. Warri Faallaa isaa jiran marti Dogooggortoota akka ta'an labsuu barbaada. Hundumtuu gama isaatiin Miira wal fakkaataa keessa gala waan ta'eef, walitti bu'iinsi salphumatti uumamuu danda'a.

   Walitti bu'iinsoonni Amantaa isa kaan caalaa Si'aayina kan qabaatan kanaafi. Dafanii qabbaneessuu fi dhaamsuuf illeen ulfaaatoo akka ta'an beekkamaadha.

   Seenaa Adduunyaa keessatti Waldhabdee fi Waraanoota Hamma kana hin jedhamnetu Sababaa Amantaatiin ka'aa jiraate. Yeroo ka'an huundas Miidhaa fi Kasaaraan

gurguddaan gidduutti dhaqqabaa jiraateera. Kuni huundi Ol'aantummaa waan ofii amanan irraan muul'isuu barbaadan irraa madda.

Hubachiisa: kuni Labsii Dhaabbilee Amantaa osoo hin taane, Xiinsammuu Namoota dhuunfaa keessatti kan uumamuudha.

Akkasumas Garee Lama gidduutti walitti bu'iisi yaadaa gara wal dhabdeetti yoo geeddarame, Lachuu Miira ol'aantummaatiif ta'uu dhabuunis ni mala. Dhugaan inni suni akkuma jiruun ta'ee, Wal hubaannoo dhabuunis gara wal dhabdeetti geessuu danda'a.

4. Miira Tola ooltummaa: Amala biroo kan Namni Yaada Amane waliin wal qabatee qabaachuu danda'u, Amala Dhugaa sana Namoota birootiif qooduu barbaaduuti. Qooduunii fi miseensa dabalachuun tokkoo miti. Qooduun tola ooluudha. Yaada dhugaadha jedhanii itti amanan sana Warri isaaniif qooddamu akka itti fayyadamaniif tola yaaduu jechuudha.

   Faallaa isaa yaaduun Dogooggoruu, Wallaalu fi miidhamuu ta'uu danda'a jedhee yaada. Kanaaf Odeeffannoo kenuu fi Ilaalcha jijjiiruudhaan gaarummaa Namatti ooluun Amala isa tokkicha jechuudha.

   Gorsi Abbootii Amantaa, kakaasni Dammaqsitoota Xiinsammuu, Ibsi Saayintistootaa, fi Dammaqsuun Warraaqsoota garagaraa Amala kanaaf Fakkeenyoota Gaggaarii ta'uu danda'u.

Amaloota Jaalala Yaadaa fi Amantii kana Afran of keessaa qabaachuun keenya, Wal to'achuu fi wal hoogganuu akka dandeenyuuf, Cancala Uumamaa nuuf ta'eera.

Gaggeessitoonni Karaa kanaan Hawaasa isaanii ofittti haammachuu fi Adeemsa Gaggeessummaa laaffifachuuf wanti irraa eeggamu;

- Yoo danda'ame, Yaada, Aadaa, Sona, Amantii fi Amantaa Walfakkaataa Hawaasichaa waliin qabaachuu.
- Hirmaachuu yoo dadhaban, Kabajuu fi Jaala Sabdanummaa Yaadaa agarsiisuu.
- Yaadaa fi Amantii Hawaasichi kiyya jedhu sana, Hawaasicha caalaa hubachuu fi Dura bu'anii qajeelchuu.

Haaloota kana guuttatanii dursuu fi gaggeessuu eegallaan, Hawaasni kamiyyuu Gammachuudhaan jala deemuu fi hoogganamuu hin didu.

Yeroo baay'ee, Fardatu Leenji'uu dida osoo hin taane Abbaatu Cancala wallaalaa jira fakkaata.

Siyaasa

Malleen to'annaa Hawaasaa Kana Bakka tokkotti sassaabanii qabachuun salphumatti "Siyaasa" jedhamee yaammama. Siyaasni Mala; Mala Hawaasa tokko ittiin to'achaa tarkaanfachiisan.

Hiikkaa kanaan Siyaasni Dhimma Aangoo yookaan Caalmayaa miti; Dhimma diigamiinsa irraa gara ijaaramaatti, Akka feetee irraa gara Sirnaatti deebisuuti.

Namni huundi Uumamaan Amala ittiin cancalamee hoogganamuu danda'u gurguddoo Sadi akka qabu ilaallee jirra. Siyaasni Mala Amaloota Saniin fayyadamanii, Hawaasa bal'aa ittiin gaggeessan ta'a jechuudha. Gara Hawaasa to'achuutti osoo hin bal'atin dura garuu, Cancaloota Sadan sanaaan Jireenya Mataa ofii To'annoo Mataa ofii Jala oolchuutu dursa.

- **Dhabamuu of to'annaa.**

Wantoonni Sadan Ibsaman suni, yoo isaan dhiisan illee Nama hin dhiisan. Nuti dhimma Lubbuun jiraachuu keenya itti yaaduu fi Haala Nageenya keenyaa sakatta'uu irraa yoo dagannes, Hanga Nageenyi Keenya hin eeggamnetti Jireenya keenya Qalbii guutuun gaggeeffachuu hin dandeenyu.

Nageenyi Naannawa keenyaa eeggamu malee Sammuun waa'ee Fooyyaa'iinsa jireenyaa yaaduu hin danda'u.

Fedhinnaa/Haajaa bu'uuraa keenyaafis Deebii quubsaa yoo hin kennine, Kaayyoo fi Galma biraa irratti xiyyeeffachuu fi Imala Milkaa'inaa fufsiisuun ni'ulfaata. "Sana malee kuni hin barbaachisu" jedhanii, Galma guddicha gara fuulduraatti milkeeffachuuf deeman tokko qofa ilaaluun; Dhimma jireenyaa isa Ammaa ammatti ittiin jiraattamaa adeemu garmalee salphisanii hanga irraa dagachuutti gahamuu hin

qabu. Akkas gochuuf Isuma guddaa jedhanii yaadan sana akka dhaqqabuu hin dandeenye Nama danqa.

Fakkeenyaaf Barattoota Kaayyoo guddaan barachaa jirra jedhanii yaadan keessaa gariin Hojiilee xixiqqoo Maatiin isaanii Akka Madda Dinagdeetti itti fayyadamaniif bakka hin kennan.

Mana Shiraaraa Abbaan isaanii keessatti daldalu keessatti hirmaachuu fi gargaaruu hin jaallatan. Yookaan Ooyruu Maatiin isaanii qabna jedhu Maatii faana hojjachuun misoomsuun akka xiqqeenyaa ykn duubatti hafummaatti itti muul'ata.

Haalli akkasii kuni ammoo Osoo hin beekne Galma Jireenyaa irraa of sakaaluu ta'a. Imalli Milkaa'inaa gatiiwwan xixiqqoo tuffatamoo sana gaafa Nama gaafatu qaba. Muuxannoo Jireenyaa ta'uu danda'a; Dinagdee xiqqoo yeroodhaaf Nama barbaachisu ta'uus danda'a. Dursanii Aadaa Hojiitiin of hin cimsine taanaan, Sakaallaan Dinagdee xiqquma yeroo Nama qabde kufuun hin oollamu.

Barataan tokko dhimma Dinagdee irratti goonkumaa hin hirmaatu; Aadaa Hojiis hin qabu yoo ta'e, Salphumatti Koolleejjiilee fi Yunivarsitiilee keessatti Meeshaa gargaarsa Barnootaa guuttachuu dadhabuun sababa Kufaatii Imalaa itti ta'uu ni danda'a.

Karaa biraatiin Yaadaa fi Amantii keessoo ofii Siiqee sirrii irratti Yaada Sababaatiin deeggaranii gad dhaabuun, Raasamuu Jireenyaa irraa Nama qolata. Yeroo yeroodhaan Dhaabbii garaagaraa qabaachuun; Dhaaba garagaraa

deeggaruun; Kaayyoo gagaraa baasuun; Ilaalcha ofiif qaban amma amma geeddaruun; Walumaa galatti Yaada Amantii keessoo ofii to'achuu dadhabuun, Maddoota kufaatii keessaa isa Yaachisaadha.

• Yoo Cancala ofii qabachuu dadhabne maal faatu Numudachuu danda'a, kan jedhu gabaabbinatti?

1. Tasgabbii dhabuu: Yeroo huunda keessa keenyatti Gaaffiin hin deebine Nutti dhagahama. Imala irra jiraannus, Mamiin nu irraa hin dhaabbatu. Gaaffiin Jireenyaa keenya hin deebine taanaan, Naanoo keenya yeroo mara Jeequmsaan marsinee jiraanna yoo ta'e, Hanga Dahoo gaarii argachuu keenya mirkaneeffannutti, Tasgabbiin gara kaayyootti imaluun ulfaataadha. Sodaan yeroo maraa Sammuu keenyatti ba'aa dabala. Kanaaf hin tasgabboofnu.
2. Qisaasama ifaajee: Karaa dheeraa erga deemnee booda, deebinee wantoota duraan bakka isaaniif dhabnee turre barbaachisummaa isaanii yaadanna. Imala Kaayyoo irraa addaan kutanii Dhimmoota xixiqqoo akka Dinagdee furuuf yaaluun, gara tokkoon sirrii fakkaatus gama biraatiin Ifaajee bara dheeraa goolabbii dhabsiisuu ta'ee Namatti dhagahama.

   Karaa biraatiin ammoo hanqina jiru osoo arganii dunuunfatanii Kaayyoo irra jiranitti jabaachuun Murtee sirriidha jedhamus, Haajaa Bu'uuraatiin sakaallamuun isaa ammas gaaffii hin deebine ta'ee itti fufa.

   Bakki kuni bakka Dardaroonni baay'een Milkaa'ina irraa duuba itti deebi'aniidha.

3. Of dhabuu: Yaada Amantii dhaabbataa hanga hin qabnetti, Adeemsi ijaarsa Eenyummaa Diigamuu fi haaraatti eegalamuu ittuma fufa. Dhaabbiin haarofni Eenyummaa haarawa hordofsiisa; Yaanni haarofni Amala haarawa hordofsiisa. Kanaaf Yaadaa fi Amantii ofii yoo hin to'anne, Eenyummaa fi Amala ofii to'achuun rakkisaadha.

• Akamitti Amaloota Sadan Sana osoo ittiin hin dagamin, dursuun ittiin of to'anna?

1. Madda Nageenyaa fi Dahoo jireenyaa keenya Beekuu: Maaltu Jireenya keenyaaf Wabii akka ta'aa jiru beekuun, Dahoo keenya Jalatti akka Tasgabbii argannu nu taasisa. Mana Jireenyaa keenya keessaa eegalee Eenyu akka itti gaafatama keenya fudhatu adda baafachuu qabna. Ittuma fufee Nageenya Qe'ee fi Gandoota keenyaaf Wabiin eenyu akka ta'e Beekuun dirqama. Naannoon keenya Nageenyi ishee Eenyuun akka eeggamuu fi Qalbii tokkoon gara Imala Kaayyoo keenyaa akka tarkaanfannu Eenyu akka Gaaddisa ta'aaru erga beeknee, Maaltu akka Jireenya keenya gaaffii keessa galchuu danda'u hubachuun nu hin rakkisu. Sarara qulqulluu qabannee Imala keenya hanga dhumaatti itti fufuu akka dandeenyu Abshaalummaa Nuuf laata.

   Abshaalummaan Dhugaa Hanga Kaayyoo ofii Galmaan gahanitti Wantoota Aarsaa hin malle Nama kafalchiisan dursanii arguu fi irraa goruu danda'uudha. Abbootii fi Angafoota Mana keessaa irraa hanga Qaamoolee Callisaa gurguddootti itti gaafatamtoota Nageenya keenyaa akka ta'an beekkamuu qaba.

Kunis hanga gaafa Imala Kaayyoo xumuratanii, Ofiif deebi'anii itti gaafatama Maatii fi Hawaasaa fudhachuu, Dahoo Namaaf ta'uu dhaqqabanitti, Gaaddisa jala jiraatan of harkatti cabsanii Dahoo of dhabsiisuun hin barbaachisu. Haala jiru jijjiiruu yoo hin dandeenye illee, Of raasuun, Jeequmsa ofitti dhageessisuun hin barbaachisu. Qaamoota Alaa to'achuuf yaaluu keenyaan dura kan nuti to'achuu qabnu Miira keenya. Miira keenya to'achuun, Jeequmsa gidduutti Nageenya Ofitti lallabaa Imala ofii akka bakkaan gahan Nama gargaara.

2. Dinagdee ofittis qabuu irraas of qabuu: Guutumaan guutuutti Milkii gara fuulduraatti irra ga'uuf deemnu yaaduudhaan, Galii xixiqqoo Sadarkaa irra jirrutti argachuu dandeenyu tuffannee bira darbuun booda Aarsaa nu kafalchiisa jenneerra. Kanaaf, Xiqqoo qaban jabeeffachaa; Wanti hojjachaa adeemuu qabnu yoo jiraate akkuma Nama kamiyyuutti hojjachaa, gara Imala guddinaatti tarkaanfachuutu wayyaadha.

   Yeroo Dinagdeen Galma Jireenyaa waliin wal cinaa akka filannoo dirqamaatti dhufe ammoo, Fedhii yeroo gabaabduutiif jecha Kaayyoo keenya gadi dhiisuu hin qabnu. Tokko filachuun gaafa dirqama ta'etti Kaayyoo caalsifachuu; Dinagdee/Galii ammee irraa of qabuu qabna.

   Gaafa Dinagdeen Kaayyoo keenyaaf dirqama nutti ta'e ammoo, Kaayyoo tokkoof jecha Kaayyoo lammaffaa godhanii isa qabachuun tarsiimoon itti ademuun dirqama ta'a. Karaa isa duraan irra turre osoo hin dagatin, dhimma harkaa nuqabe xumurachuun ni danda'ama qofa osoo hin taane ni barbaachisa.

3. Dhaabbii qabeessa ta'uu: Wanti Nuti amannu; yaannu; jaallannuu fi hordofnu, hanga danda'ame qabatamaa fi dhaabbataa akka ta'u ofitti himuun mala nuti qabnu.

   OF ta'ummaa fi ofitti amanamummaan tarkaanfachuu qabna malee, Qilleensi dhufe huundi nu raasuu hin qabu. Abbaan arge huundi akka Yaadaan nu harkisus eeyyamuu hin qabnu.

Haala kanaan of to'achuu erga dandeenyeen booda, Qaamoota Nuhiin ala jiran, Warreen tajaajilli isaanii nu ilaallatu mara to'achuu, Qajeelchuu fi Hoogganuun, Tajaajila isaaniif kennuu dandeenya.

Erga kana huunda bira darbanii booda gara "Siyaasa" guutuutti ce'uun ni danda'ama. Siyaasni Guutuun Of bira darbanii gaafa Ummata Dursuu eegalan argama. Sadarkaa sana irratti Meeshaalee to'annoo Sadan kanaan ittigaafatama guutuu Ummata irraa fudhachuun ga'umsa isa jalqabaati.

Itti Aansuun, Utubaalee Hawaasaa Kan Boqonnaa 2ffaa keessattii Matadureee "Afran Mala qorannoo" jedhu jalatti ilaalle sana huunda baadhachuun, Ga'umsa sadarkaa ol'aanaa irra gahama.

Malleen to'annoo kana cimsuuf, akkasumas To'achuu qullaa irraa gara guddisuu, dagaagsuu fi qaroomsuutti ceesisuuf, Meeshaaleen Lama dagatamuu hin qabne ni jiru. Isaanis:

1. Barnoota

Barnoonni Meeshaa Hooggansaati. Dursuuf qofa miti kan Barnoonni barbaachisu. Hawaasa gaarii ta'anii Gaggeessaa gaariidhaf dursamuufis Barnootatti haajama.

Adeemsoota guddinaa boqonnoota darban keessatti irraa haasofne kan akka Galma qabaachuu; Of Argachuu fi Milkaa'uu sana huunda keessatti Barnootaan deeggaramuun haalaan barbaachisadha.

Barnoonni akka Madda beekumsa bu'uuraa ta'ee haala baramaan bu'aa inni buusuun alatti Seenaa keessatti, Meeshaa Siyaasaa ta'ee, Jijjiiramoota gurguddoo argamsiisaa as ga'eera.

Biyyi Jaappaan Bara Bulchiinsa Meejii, 1890 AD; Koloneeffattoota Warra dhihaa irraa dandamachuuf jecha, Jijjiirama hatattamaa fiduuf, Barnoota akka Meeshaa guddaatti fayyadamte.

Biyyattii Bulchiinsa Aadaa durii Fudaalizimii jedhamuun beekkamu irraa gara Impaayara ammayyoomeetti geeddaruun Fala isaan yeroo sanatti falatan ture. Yaada kana Hojii irra oolchuuf, Hawaasa Dammaqe Uumuun dirqama isaanii isa jalqabaa ta'e.

Mootummaan yeroo saniis dafee Barnoota irratti hojjachuuf murteesse. Barsiisoota haaraa Yaada Impaayara Haaraa Jaappaan sana babal'isuu danda'an leenjise. Yaada ijoo Hawaasa isaa keessatti biqilchuu barbaade bakka tokkotti cuunfee katabe. Barruun sunis Manneen barnootaa Biyyattii

huunda keessatti Barsiisootaa fi Barattootaan akka qayyabatamu ajaje.

Ergaan Barruu isaas;

- Haadhaa Abbaa fi Maatii huunda akka kabajan.
- Biyyaa fi Mootummaa isaaniitiif Amanamoo akka ta'an.
- Naamusa qabeessa, Gaarii, Cimoo fi Hojjattoota akka ta'an.
- Sirriitti akka baratanii fi of fooyyeessan.
- Faayidaa Ummataatiif akka hojjatan.
- Seera Biyya isaaniif Kabajoo fi Ajajamoo akka ta'an
- Biyyaa fi Bulchiinsa Isaaniitiif Yoo barbaachise Lubbuu isaanii illee kennuuf qophii akka ta'an.

Yaadota kanaa fi kanaan wal fakkaatan Barruu Sana keessatti dabarfachuudhaan Dhaloota gara Sirna cimaatti yaame.

Barruun sunis Sammuutti qabatamee irra daddeebiidhaan Sagantaalee Manneen Barnootaatiin qophaa'an irratti sagalee ol kaasuun ni dubbifama ture.

Warraaqsi Siyaasaa karaa Barnootaatiin godhame kunis Baroota Kurnee muraasa keessa Jijjiirama guddaa Biyyattii keessatti fiduu danda'e.

Jaappaan Kolonii Warra dhihaa irraa dandamachuu bira dabartee turte. Inumayyuu Bulchiinsa Mataa ishee babal'ifachuun Biyyoota biroo of jalatti to'achuu dandeessee

akka turte himama. Sirni Barnootaa ishees Ammayyaawaa fi Qaroomina Warra dhihaa kan dhaale ture.

Dhaloonni Biyyattiis Bara dheeraaf, Yaada Karaa Mootummaatiin barsiifaman osoo hin gadhiifne jiraachaa turan.

Bulchiinsi Jaappaan gaafa sanaa Sonaalee Aadaa fi Amantaa kan akka kabajaa fi Amanamummaa Gara Tarsiimoo Tokkummaa fi Jaalala Biyyaatti jijjiiruun Qorqalbii Hawaasichaa to'achuu danda'eera.

Sirna Barnootaa jijjiiruudhaan, Sirna Biyyattii guutuutti Geeddaruu fi Ceesisuun isaaniif milkaa'eera.

Kanaaf Barnoonni Meeshaa Guddinaa, Qaroominaa akkasumas Siyaasaati. Mala baruuf barsiisuu qifatti fayyadamuun, Hooggansa Mana dhuunfaa, Kan dhaabbilee, Kan Siyaasaa huunda isaa Salphisuu fi Saffisa guddinaa irratti ijaaruun ni danda'ama.

• Hawaasa Barate dursuu: Barnoota irratti hojjachuun Hawaasicha Qorqalbii bayyanachiisa. Hawaasa bayyanate gaggeessuun Laafaas ni ta'a. Gara guddinaatti saffisaan imaluufis Imaammata isaaf kenname waliin tarkaanfachuu nidanda'a.

Hawaasni Barataa; Hubataa taanaan, Gaggeessummaan dura deemuu qofa ta'a. Sana caalaa wanti Fooyyaa'ina dhiheessus hin jiru.

• Humna Nama baratee Oomishuu: Ammas Ijaaramaa fi Tarsiimoon dursuuf Humni Barate murteessaadha. Barnoonni Industirii Oomisha Ogeeyyii fi Hayyootaati.

Humni barate baay'achuun, Hawaasa yookaan Biyya tokkoof Dinagdees, Fayyaas, Humna Waraanaas wantoota Barbaachisummaa qaban jedhaman huunda guuttachuudha.

• Dhaalchisuu: Ijaaramnis, Guddinnis, Injifannoonis wantoonni Hawaasni tokko Milkiidha jedhee Yaamu kamiyyuu, Dhaaltuu hin qaban taanaan, bu'aan isaanii xiqqaadha. Barnoonni ammoo Dhaloota bakka bu'aa ta'e ittiin qopheeffama.

Kanaafuu Nama dhuunfaa irraa hanga Hawaasa bal'aatti Hooggansaafis ta'e guddinaaf wanti irraa hin oolamne inni tokko Barnoota ta'uun isaa jala sararamuu qaba.

2. Odeeffannoo

Odeeffannoon qajeelfama. Yaaduuf; imaluuf; Taa'uuf; ka'uuf Haala Yeroo fi akkaataa Naannawni keenya itti jiru irraa Odeeffannoo qabaachuun dirqama. Imala Dhuunfaan milkaa'uutiif, Of Hoogganuuuf, Hawaasa Bal'aa waliin milkaa'uuf, wal to'achuuf Adeemsa jiru huunda keessatti Odeeffannnoon Ija Tarkaanfiilee huundaati.

Namni Fuuldura isaa Ijaan arguu hin dandeenye, Tarkaanfachuuf Ofitti amanamummaa hin qabu.

Namni waan hojjatuuf Odeeffannoo hin qabnes akkasuma.

Adeemsa Of to'annoo fi Wal to'annoo keessatti, Qaamni to'atu waan to'atu sana irraa Odeeffannoo gahaa qabaachuu qaba.

Ofii keenyaa of to'achuudhaaf, Keessi keenya Maalitti akka dhimmamaa jiru Beekuun Of Odeeffachuudha. Fedhinnaa nuti qabnuun wal qabatee wanti haarofti Adduunyaa keessatti adeemaa jiru maal akka ta'e quba qabaachuu barbaachisa.

Abbaan Ilmaan isaa to'achuu fi Haala gaariin dursuuf,;Maal akka jaalatan, Maal akka jibban, Eessa akka oolan, Maal akka isa irraa dhokfachuu barbaadan, Maal akka ifa gochuu barbaadan huunda beekuutu isa irraa eeggama. Yoo isaan hin hubanne isaan hoogganaa akka jirutti yaaduun of daguu ta'a.

Haaluma wal fakkaatuun Qaamni itti gaafatama fudhatu kamiyyuu Odeeffannoo Warra Itti gaafatama isaanii fudhate sanaa haala gahaa ta'een qabaachuu qaba.

Odeeffannoon hanqina guuta. Jabina dabala. Gufuu Alaa dhufu ittisa. Hegereef qajeelfama kenna.

Seenaa olitti waa'ee Jaappaan durii irraa kaafne kuni dhugaa kana of keessaa qaba.

Mootummaan Jaappaan osoo Odeeffannoo Karoora Koloneessitoota warra dhihaa qabaachuu baatee, Mala dhahachuu hin danda'u ture.

Ammas Jabinaa fi Laafina Ummata isaatii sirriitti waan beekuuf Duudhaafi Sona isaan qaban fayyadamuun Imaammata isaa Qalbii Isaanii keessatti biqilchuu danda'e.

Kanaaf, hojii kamiyyuu keessatti, Odeeffannoon bu'uura murtii sirriiti. Murtiin odeeffannoo irratti hundaa'e qalbii Namaa tasgabbeessa; kan odeeffannoo malee kennames Nama burjaajeessa

1. Odeeffannoo fi Imaammata

Imaammatni gaariin waan jiru irratti odeeffannoo guutuu qabaachuun kan ijaaramedha. Mootummaan odeeffannoo dhabuu ykn odeeffannoo dogoggoraa irratti hundaa'ee murtee yoo godhe, biyya guutuu balleessa. Kanaaf, mootummaan gaariin yeroo hunda:

- Haala yeroo addunyaa
- Qormaatilee/Diinaa jiran
- Carraa jiran
- Hojii hawaasa isaa keessatti jijjiirama deemaa jiru huunda sirriitti ni hordofa.

2. Odeeffannoo fi Hawaasa

Hawaasni Odeeffannoo hin qabne akka marga bishaan dhabee goguu ti. Odeeffannoon hawaasa keessatti:

• Dhugaa ifa godha

• Sobaan wal jajuu/komachuu dhowwa

• Dantaa waloo tiksa

• Ofitti amanamummaa dhalootaa ijaara

Hawaasni Odeeffannoo qabu soda hin qabaatu, sababni isaas maal akka isa eeggatu ni beeka.

3. Odeeffannoo fi Nama Dhuunfaa

Namni dhuunfaa isaa of beeku — laafina, jabina, hawwii, dandeettii, hanqina isaa beeka. Odeeffannoo ofii qabaachuu jechuun of to'achuu danda'uudha. Namni of hin beekne, akka Nama harka nama biraa jala jiraatuuti. Odeeffannoon ofii:

• Laafina keenyatti Nu dammaqsa

• Gara jabina keenyaatti Nu fida

• Gara milkaa'inaatti Nu ceesisa.

4. Odeeffannoo fi Hegeree.

Fuuldurri Nama Odeeffannoo qabu harka isaa keessa jira. Odeeffannoon fuuldura Namaaf:

• Qajeelfama kenna

•Of qopheessu fida

• Rakkoo/Qormaata eegamu hir'isa

• Carraa dhufu qabachiisa

• Balaa isa eeggatuuf tooftaa kenna

Kanaaf, Namni fuuldura isaa bareechisuu barbaadu, yeroo hunda odeeffannoo ni barbaada; dubbisa, qorata, odeeffata, gaafata, xiinxala.

Walumaa galatti Nama itaanee hanga jiraannetti Dogoggora maleessa itaaneee waan hin uumamneef Dhuunfaa keenya irraa eegalee Namoota Nutti aananii hanga Adduunyaa guutuutti Wal to'achuun barbaachisaadha. Of to'achuun

yookaan wal to'achuun, Daba irraa wal deebisuu fi Qajeeluma irratti gad wal dhaabuudha.

Amaloota Laafina Ilma Namaa akka Cancala Uumamaatti fayyadamuun, Mala tajaajiluu irraati; Malee gad qabuu miti. Gara Namatti Laafeen gara Fooyyeetti yaamuu agarsiisa.

Barnootaa fi Odeeffanoo Kallatiitiin deeggaramuun ammoo Adeemsa to'annoo fi Hooggansaa kana Tarsiimawaa, qindaawaa fi Ariifataa akka ta'u gargaara.

BOQONNAA 7
QINDOOMINA

Adduunyaa Waloo keessa waliin jiraanna; Kophaa hin jiraannu, Kophaa hin argannu, Kophaas hin dhabnu. Mata dureen keenya xumuraa Sirna Walitti hidhamiinsa keenyaa "Qindoomina" jennee yaamnu kana ta'a.

1. Qindoomina Uumamaa

Hubannoo bal'aa qabaannee, gara Ergaa Boqonnichaatti seenuuf jecha Fakkeenyota qabatamoo Uumamni Qindoomina ittiin Nu barsiisu ilaaluu irraa eegalla. Adduunyaan keessa jiraannu tuni Bu'aa kallattiin ishee irraa argannuun dabalata Bu'aalee heedduu kan Ijaan qofa ilaallee irraa barachuun argannu heedduu Nuuf baadhattee jirti.

1.1. Madaala Humna Harkisaa.

Qaamooleen Uumamaa Hawaa qullaa kana keessa joran; Lafti irra jiraannuu fi Pilaaneetoonni akka ishee, Aduu fi Urjiileen , Baatii fi Saaytalaayitoonni, huundi isaanii kan qaamaan walitti hirkate tokkolleen isaan keessa hin jiru; kan Adda ba'ee of danda'ee dhaabbatus tokkos hin jiru. Walitti hidhamiinsa cimaa kan adda bahuuf hin mijanne qabu. Madaalli isaanii Humna harkisaa isaan gidduu jiruun yeroo mara eeggammaadha.

Humna harkisaa jechuun Butiinsa/Harkisa Maagneetawaa Qaamoolee Lamaa fi isaa ol ta'an gidduutti Uumamaan argamuudha.

Qaamni Hanga/ Ulfaatina qabu kamiyyuu Dhakaa fi muka irraa eegalee hanga Urjiilee gurguddootti humna kana uumamaan of keessaa qaba.

Akkuma Maagneetoota Lama yommuu wal bira qabnu wal harkisan, Qaamni kamiyyuu humna ittiin wal harkisu ni qaba. Akkuma Maagneetota Lama yommuu walbira qabnu wal harkisan, Uumamni Hangaan madaallamuu danda'u kamiyyuu wal cinaa yeroo qabame butiinsi gidduu isaaniitti ni uumama. Xiqqaachuu fi guddachuu garuu ni danda'a. Kan Hanga guddaa qabu Humna harkisaa guddaa qaba; Kan Xiqaa qabus Xiqqaa qabaata.

Garuu Dhakaa Lama kaafnee yommuu wal bira qabnu fi Hawaatti ol qabnee walitti gadhiifnu, Maalif wal harkisuu baatanii kufan? Yoo jenne; Sababni isaas Humni isaan Lamaan of keessaa qaban Humna guddaa Dacheen isaan irra jiran qabduun caallamuu isaatiin gara waliitti harkifamuu caalaa gara Dacheetti harkifamanii kufu.

Garuu osoo bakka Maagneetiin Dachee yookaan kan Qaamoolee Samii kamiyyuu isaan butuu hin dandeenyetti geessinee walbira qabnee, Dhakaan Lamaan suni Kallattumaan walitti harkifamuu eegalu ture. Qaama Namaas yoo ta'e, akkasuma.

Kanaaf Qaama huunda keessa humni harkisaa akka jiru erga beeknee, Akkamitti Qindoominni Uumamaa akka uumamuu

fi Argama uumame huundaaf Madaala sirrii akka kennu ilaalla.

Dachiin Qilleensa keessatti Bakka amma jirtu kana irra yeroo huunda akka turuu/jiraachuu dandeessu; Baatiin, Aduu fi Urjiileen kaan, huundi isaanii Bakka isaanii irra jiraachuu fi Sarara isaanii qofa irra Adeemuu akkamitti akka danda'an ilaalla. Kana irraatis Barnoota Jireenyaa qayabachuu qabnu ni qayyabanna.

● Aduu fi Dachii.

Aduun Dachee fi Pilaaneetoota biroo waliin birqabaan yeroo ilaallamtu, Qaama akkaan guddaadha. Garuu Urjiilee akka ishee waliin yommuu ilaallamtu, Urjiilee xixiqqoo warra jedhamu irraati.

Dacheen ammoo, Saatalaaytoota akka Baatii/Ji'a waliin birqabaan yommuu ilaallamtu Hanga guddaa qabdi. Kunis Aduu fi Dacheen Humna Harkisaa gurguddaa akka qabaatanii fi Harkisni Aduu isa Dachee akka caalu taasisa. Humnoonni wal caaloon kuni walitti dhufuun, Sirna Aduu isa Adduunyaa tanaaf Jireenya kenne sana uumu.

Akkuma Qaamni Maagneetawaan kamiyyuu wal harkisu Aduu fi Dacheen Fageenya irraa Humna guddaa walitti erganii wal harkisaa jiru. Aduun Hangaan guddaa waan taateef Humna Dachee mo'atee, caalmaatti ofitti butaa jirti.

Garuu Dacheen Humna cimaan gara Aduutti butamaa jirtu tunis Kallattumaan gara Aduutti kuftee hin maxxanne.

Kana irraa wanti ishee eegaa jiru, Dacheen Jalqabuma irraa dhaabbattee kan hin turre ta'uu isheeti. Duruma irraa Sochii geengawaa Bakka Aduun itti jirtu sana walakkeessa/ Giddu gala godhate haala dhaabbataa ta'ee adeemsisaa/ naannawaa jirti. Kunis Yommuu Aduun ishee butu, Kallattiin itti kufuu irraa sochii Aduudhaan marfachuu sana cimsitee akka itti fuftu ishee taasisa.

Butiinsi Aduu fi Marfannnaan Dachee kunis Taatee Lama gidduutti Madaala eegaa jiraata.

1. Butiinsi Aduu Dacheen saffisa gara fulduraatti ittiin furguggaatu sanaan Aduu irraa garmalee fagaattee, Hawaa qullaa keessa akka hin deemne ofitti hidhee ishee qaba.
2. Saffisni Marfannaa Dacheen Naannawa Aduutti gootu ammoo, akka isheen butiinsa Aduutiin Sakaallamtee, Qaama Aduu irratti kuftee hin maxxanne ishee eega.

Gabaabumatti Fakkeenyi sochii isaanii; akka Kubbaa Haadaan Utubaa wahii irratti rarraafamtee dhiitamteeti. Kubbaan Haadaan hidhamte gara fulduraatti yoo dhiitanis, Haadichi akka fagaattee hin deemne waan hidhee ofitti harkisuuf, Kubbattiin Utubaa irratti rarraafamtee walakkeeffattee Naanna'uu eegalti. Haadni suni akka butiinsa Aduuti; Dhiitichi ammoo akka sochii Maagineetawaa Dacheeti.

Egaa Haaluma kanaan Qaamooleen Samii guutuun Sirna Qindoominaa walfakkaataa kanaan wal madaalanii jiraatu. Urjiileen gidduu isaaniitti walitti hidhata qabu; Urjiileen Pilaaneetoota Isaanii qajeelchu; Pilaaneetonni walgidduutti Madaala sirrii qabu; akkasumas Pilaaneetoonni

Saatalaayitoota/Ji'oota isaanii haala gaariin Eddoo isaanii irratti tikfatanii jiraatu.

Pilaaneetiin tokko Ji'a/Baatii tokko qofa osoo hin taane, Heeddu kan of biraa qabutu jiru. Kan akka Juppitaraa Baatiilee Sagaltamaa ol of biraa qaba. Kuni huundi walitti bu'iinsaa fi laaqamiinsa Sararaa tokko illeen osoo hin mudatin, Qindoomina Ajaa'ibaa kanaan Adduunyaa tana Bareechanii argamu.

Adeemsi Wal-utubbii fi Wal-eeggannaa Qaamoolee Samii kuni, akka waan salphaatti kan laalamu miti. Karaa Amantaatiin illee akka Mallattoo Jireenyaa fi Dandeettii Rabbiitti ibsama.

Qur'aana Suuraa Faaxir 35:41 irratti:

"Rabbiin Samiilee fi Dachiin akka hin deemne qaba. Odoo bakkaa deemaniis, Isa malee wanti tokkoyyuu isaan Lamaan hin qabu. Inni Obsaa, Araaramaa ta'eera." jedha. Qabiinsi Isaa sunis Karaa Saayinsawaatiin yommuu qoratamu, Qindoomina Dinqisaasaadhaan guutamee argama.

• *Fakkeenya Uumamaa kana irraa Maal qayyabanna?*

Qindoominni yeroo huunda Guutummaa fida.

Dhabamuun qindoominaa Cabiinsaa fi Jeeqama Sirna Jireenyaa hordofsiisa.

Qaamni Jiraataa fi Dandamataa ta'e kamiyyuu; Urjiis ta'ee Dachees ta'ee Ilma Namaa Dandamannaa fi Argamni jireenya Isaa Qindoomina humnoota adda addaa irraa madde Malee, Qofummaa fi Fottoqqii irraati miti. Sirna Hawaa kana

keessatti Qaamni xiqqaan jiru kamiyyuu hirmaataa fi Qindaa'iinsa kana keessatti qooda kennaadha. Kuni gahee hin qabu wanti jedhamu hin jiru. Cabduun Cirrachaa xiqqishoon suni illeen, Lafti Hanga Ulfaatina isheetiin, Madaala Humnoota Harkisa Qaamoolee ishiin ala jiranii waliin qabdu Eeggachuu akka dandeessu gochuu keessatti qooda gahee mataa ishee qabdi.

Fakkeenyoota Uumamaa warra Dhugaa kana Nuuf dabaluu danda'u heedduu kaasuun kan danda'amu osuma ta'uu, Irraa barachuudhaaf tokko iyyuu gahaa ta'a waan jedhuun, gara Yaada Boqonnaa keenyaatti deebina.

Wanti as Bakka kanatti Sirnoota Uumamaa kana fiduu fi Fakkeenyaan ilaaluu barbaachiseef, Qindaa'uu fi Walitti hidhamuun akkasumas Wal deeggaruu fi wal utubuun Faayidaa dabalataa osoo hin taane Huundee Jireenyaa akka ta'e Akka hubannuufi. Kana gochuunis Ejjannoo Nuti Walitti qindaa'uu irratti qabnu kan yeroo kamiiyyuu caalaa akka cimsinuuf Nukakaasuu mala.

Itti Aansuun Jireenya Keenya keessatti akkamitti Qindoomina kana dhugaa gochuu akka dandeenyu tartiibaan itti adeemna.

2. Qindoomina Maatii keessatti.

Adduunyaa Qindaawaa keessatti Argamna; Beeknees ta'e osoo hin beekin Nutis jalqabuma Qaama Qindoomina sanaati. Kanaaf, Jireenya keenya keessatti Maatii keessatti dhalanne irraa hanga Sadarkaa Biyyaatti Walitti hidhamiinsaa fi wal deeggarsa Nu barbaachisa.

Maatiin tokko Maatii milkaawaa, Nagaa qabeessa kan jedhamu, Miseensoota Maatii sanaa gidduutti Qindoominni Cimaan yoo jiraatedha.

Qindoominni dhugaa Maatii keessa jiraachuuf, Gidduu isaaniitti Maal maaltu guuttamuu qaba?

2.1. Walii galtee:

Wanti Ijoon Maatiin tokko qabaachuun haalaan yaachisaan, Qunnamtii gidduu isaanii jiru. Walii galoo, wal Jaallatoo fi wal kabajoo ta'anii waliin jiraachuun; Maatii Fayya qabeessa akka ta'an isaa godha.

Yommuu waliin jiraattamu, Hundumtuu adda mataa isaaniin Yaada ofiitti hidhamanii jiraachuu mannaa walitti dhihaachuu fi walitti haasahuun walii galtee gidduu isaaniitti uumaa deemuun barbaachisaadha.

Iftoominni kan argamu waliigaluu fi waliin haasahuu irraati. Wal wajjin haasahuun Jaalalas, kabajaas, Iftoominas, wal'amantaas bakka tokkotti walitti qabee Nuuf gumaacha.

Namoonni akkuma walitti haasahuu baay'isaniin ifa Waliif ta'aa deemu. Callisni Shakkii fi Wal dhokannaa fida. Kuni ammoo kufaatii Maatii tokkootiif Sababa guddaadha.

Maatiin Qunnamtiin Yaada waliif ibsannaa fi Waliin marihannaa isaan gidduutti cime;

Waa huunda dura, Jiruun isaanii Fayya qabeessa ta'a. Qabeenya guddaa illee yoo dhaban, Nuffii fi Wal-

balaaleeffannaan isaan gidduutti hin uumamu. Waan qaban Waliin qooddatanii Jaalalaan jiraachuu danda'u.

Yeroo baay'ee Warra Jiruun isaanii fooyyee qabu kan Fuula irraa gammachuun dubbifamu duubni isaanii yoo qoratame, Warra Maatii Walii galaa keessa jiraatu ta'uu isaanii agarra.

Abbaanii fi Haati Ilmaan isaanii waliin Kolfuu, taphachuu; Obboleewwan Xiqqaa fi guddaan wal-wajjin Taphachuu fi yeroo barbaachisaa ta'etti marihachuu; Akkasuma Miseensoonni Maatii tokkoo huundi Qunnamtii Fayya qabeessa horachuun, guddinaa fi Milkaa'inaaf dhihoo akka ta'an isaan taasisa.

2.2. Kaayyoo waliinii:

Erga walii galtee gahaa qabaatanii boodatti wanti guddaan Qindoomina Maaticha dhugoomsu, Kaayyoo walooti. Tokkoon tokkoon Miseensa Maatichaa Kaayyoo fi Galma mataa isaanii qabaachuu danda'u. Haata'u malee, Kan waliinii isa Maatii sana cimsuuf, guddisuuf akkasumas waliin milkeessuuf xiyyeeffatame tokko waliin qabaachuun ammoo, Waliiti hidhamiinsas ni jabeessa; Waliin akka milkaawanis ni gargaara.

Kana qofa osoo hin taane, Daa'imman Jalaa olguddatanis Aadaa hojii bareedaa ta'e dhaalchisuuf akkan gargaara. Ijoolleen Mana keessatti Angafoonni yommuu Kaayyoo waliinii irraa wal marihatan yeroo mara dhagahu. Kunis Miira Hojii fi Guddinaatiin akka qaraman gargaara.

Amala waliin hojjachuu fi waliin marihachuus dhaalaa adeemu.

Biyyoota gurguddoo keessatti Dhaabbileen gurguddoo fi milkaa'oon heedduun isaanii, Abbummaan isaanii Kan Maatii (Warra Ebaluu) ta'uu isaaniitu muul'ata. kan akka Dhaabbata 'Walmart', Dhaabbata 'Samsung' fi 'Toyota' Adduunyaa guutuu irratti beekkamoo fi bu'aa qabeeyyii warra jedhaman keessaa yommuu ta'an, Dhaabbilee Maatiidhaan huundaa'aanii fi Maatiidhaan hoogganam keessaa, Fakkeenyoota ijoodha.

Kana waan ta'eef Maatiin kamiyyuu Jiranya Sadarkaa kamiyyuu irra jiraatu illee Hanga Humni isaanii eeyyameen, Yaada waloo irratti waliin bobbahuun irraa eegama. Kuni ammoo jijjiirama Dinagdee qofa osoo hin taane, Jijjiirama Qorqalbii fooyya'aa ta'e isaan keessatti fida.

2.3. Qooda/Itti gaafatamummaa dhuunfaa:

Waliin Kaayyeeffachuun Uumame erga jennee, Namni huundi Dandeettii walqixa hin qabu akka ta'es hubachuu qabna. Kanaaf ammoo, huundumtuu bakka tokkotti shoora wal fakkaataa taphata hin jennu. Hundumaaf adda Dandeettii fi Ogummaa isaaniitiin Dirqama Mataa isaanii akka fudhatan gochuun ni barbaachisa.

Abbaan qooda Mataa isaa, Ijoolleen gurguddooonis qooda mataa isaanii qabaachuu qabu. Haatinis shoora taphattu ni qabaatti, Ijoolleen xixiqqoonis akkasuma hanga ni danda'an jedhameen Dirqamni Humna isaanii waliin deemu itti kennamuu qaba. Miseensi Maatii huundinuu gahee yeroo

bahatu, Dadhabbiin salphachaa; Bu'aan heeddummaachaa deema.

2.4. Wal-deeggarsa:

Huundi Namaa gara Dirqama ofii bahachuu fi warra kaanis gara Dirqama isaaniitti dhiibuu qofa irratti Cichuu osoo hin taa'ene, Tokko Dirqama isa tokkoo baachuu fi Haara wal galfachiisuun barbaachisaa ta'a. Xiqqaan isa guddaaf ergamee, ajajamee; Guddaanis Xiqqaaf kan yaaduu fi kan Deeggarsa godhuuf ta'uun, wal keessa yaa'anii waliif birmachaa jiraachuu qabu. Jireenyi Imala. Imala erga ta'ee ammoo, Jiraachaa hojjatama malee, hojjatamee erga xumuramee booda, Jireenyi hin'eegalamu jechuudha. Wal gargaaruun akka Hojiitti osoo hin taane, akka Waliin jireenyaatti fudhatamuu qaba. Deeggarsa Qaamaa fi hamilee waliif kennuudhaan, Yeroo huunda Sadarkaan Jireenya Maatii tokkoo ol guddachaa akka bulu gochuun ni danda'ama.

Wal deeggaruun bu'aa Hojichaa dabaluuf qofa miti kan fayyadu. Irra caalaatti walitti hidhamiinsa Maatichaa cimsuu fi bareechuuf Haalaan barbaachisa. Adaduma Deeggarsa Humnaa fi kan Yaadaa waliif gumaachaniin, carraan walii galuu fi waliin haasa'uu danda'uu isaanii bal'achaa adeema

Kanaaf Deeggarsi Utubaa Qindoominaati.

Haala kanaan Maatii Fooyya'aa, Kaayyo qabeessaa fi Jaalalaan faayame ijaarrachuun ni danda'ama.

Akkuma Sirna Aduu Maatii qindaa'ina qabu keessatti Madaalli waliin jireenyaa eeggamaa ta'a. Bu'aan wal deeggarsaas Hegeree Ifaa isaaniif kennuu danda'a.

3. Sadarkaa Dhaabbileetti:

Jalqabuma Dhaabbata Maqaa jedhu argachuudhaaf Walitti dhufeenya Yaadaa, Maallaqaa fi Humna Namootaan Qindaa'e ta'uu qaba. Namni tokko Dhaabbata jedhamuu hin danda'u. Milkaa'aa ta'es ta'uu baates Dhaabbata Dhaabbata kan taasisu Qindoomina. Kanaafuu Qindoominaan maleetti Dhaabbilee wanti jedhamu hin jiru. Akkuma Qidaa'inni tolaa deemuun Milkaa'inni isaas waliin tolaa deema.

Sadarkaa Dhaabbataatti Qindoominni Isa Sadarkaa Maatii dhuunfaa sana caalaa Sirnaawaa fi Idileeffamaa ta'a. Haata'u malee, Bu'uurri ijaarsaa hariiroo Maddi isaa wal fakkaataa ta'uu ni danda'a.

3.1. Kaayyoo waliinii:

Dhaabbanni Huundeeffamuma isaa irraa Kaayyoo irratti ijaarrama. Karoora mirkaneessuu baraadu, Galma gahuu barbaadu fi Muul'ata dhugoomsuu barbaadu qabaachuun, Utubaa Jalqabaa dhabbata kamiyyuuti. Kaayyoo ifa galeessa ta'e kan Miseensootaa fi Hojjattoota isaatiif ifa galeessa ta'e qabaachuu qaba.

Ergasii Kaayyichis Gara Karooraatti Caccabsamee ibsamuu kan danda'u ta'uun isaa dirqama. Akkas erga ta'ee, Yaadaa fi Barreeffama ta'ee hafuu irraa gara Lafatti bu'ee, Dalagaa

guyyaa guyyaan gaggeeffamu ta'uutti dhufa jechuudha. Hanguma Kaayyoon hubatamaa ta'uun Hojiin Salphaa fi wanta Qabatamaa ta'ee milkaawa.

3.2. Qooda/Itti gaafatamummaa dhuunfaa:

Kaayyoon Dhaabbatichaa haguma Gara Karoora qabatamaatti hiikamuu danda'een, Miseensoonni hojichaa gahee isaanii ifatti adda baafachuun itti salphata. Huundi Namaa Qooda fudhachuu qabuu fi gahee bahachuu qabu adda mataa isaatiin qabaachuu qaba.

Gaheen Hojii laaqamuu; Abbumti arge bakka argetti seenee waan itti fakkaate gochuun hin barbaachisu. Adeemsi akkasii qulqullina Hojii dhoorka, Sirna ijaaramichaa joonjeessa.

Hunduu adda Ogummaa isaatiin wal argee hojjachuun; Jaalala Hojii dabala, Sirnicha tasgabbeessa, Bu'aa/ Oomistummaa dabala. Hooggantoonni Dhaabbatichaas Hegeree isaa ququllinaan ilaaluu fi Karoorsuu akka danda'an carraa kenna. Sirnichi Ijaaramaa ta'uun isaa walumaa galatti Guddina Dhaabbatichaa ariifachiisa.

3.3. Qunnamtii:

Dhaabbata keessatti, Waljijjiirraan Odeeffannoo addaan cituun hin mijatu. Tokkoon tokkoon Raawwii Dhaabbatichaa Odeeffannoo waliif qooduun, Kan hojii irra oolu.

Hooggantooni Karoora Baasan Hojjattootaaf ibsuu qabu. Hojjattoonnis Yaada qaban ifaan ibsachuu danda'uu qabu.

Akkuma walii galaatti Miseensa Dhaabbata tokkoo gidduutti Walii galteen cimaan jiraachuu qaba.

Walgahiileen ni Adeemsifamu. Achi irrattis Raawwiin jiru gabaasamuu danda'a, Karoora haarawa irratti wal marihatamuu danda'a, Ajajni gaggeessitoota irraa gad buufamu jiraachuu mala, Huundi Namootaa gahee mataa isaanii beeksifamu, Yaadoonni deeggarsaa fi Sirreessii kaafamuun ni jira. Kuni huundi Sabqunnamtii Dhaabbata tokko keessatti dirqama jiraachuu qabuudha.

Kana malees Gidduu Hirmaattota Hojichaatti Walii galteenii fi wal hubannaan akkasumas Jaalalaa fi Kabajaan guutuu ta'e akka jiraatu kan godhu Waliin Haasa'uu fi Sabqunnamtii jabeessuudhaani.

Kuni ta'uun isaa Bu'aa/Oomisha Dhaabbatichaatiif Karaa bal'aa uuma.

Kanaaf walii galtee/Qunnamtiin Dhaabbata tokko keessatti utubaa ta'a.

3.4. Wal gargaarsa:

Damee walfakkaataa keessa warroonni waliin hojjatan Waliif tumsuun gargaarsa hojii waliif gochuu qabu. Tusmsi jiraannaan, Hanqinni waliif guutamaa, Muuxannoon wal jijjiiramaa Aadaan Hojiis waliin Cimsamaa Adeemuu danda'a.

Adda addummaan, Qooda mataa ofii qofa irratti garmalee hidhamanii, isa kaan miil'achuu dhabuun, booda gara wal lagachuutti Nama geessa. Dantaa walii erga hin qabaannee,

Jijjiirraan Muuxannoo akkasumas Hanqina waliif duuchuun hin argamu.

Kuni ta'uun isaa Jalqaba kan inni sababa ta'u Bu'aa dhabeessummaa Dhaabbatichaatiifi. Hooggantoonni Dhaabbatichaa Hojjattoota walitti dhiheessuu fi Aadaa waliin hojjannaa irratti ijaaruu danda'uu qabu. Dabalataan Rakkoon suni kan inni hir'isu Hojjattootuma mataa isaaniiti. Hanga waliin hin hojjannetti Muuxannoon Hojii isaanii dafee fooyyaa'iinsa argachuu hin danda'u.

Waliif tumsuun Wal guddisuudhas waliin guddachuudhasi.

Kana waan ta'eef, Dhaabbanni kamiyyuu Qindaa'ina Gama Huundaa irratti bu'ureeffamuun irra jira. Walii galteedhaan, Kaayyoo waliinii irratti waliif tumsanii hundumtuu Qooda Isaa bareechee akka bahatu gochuudhaan Bu'aa qabeessummaa fi guddinni Dhaabbilee ni mirkanaawa.

4. Qindoomina Sadarkaa Hawaasaatti

Hawaasni qindaawaan Hawaasa Nagaa qabeessa fi Waliin jireenya gaarii qabu ta'a. Waliin jiraatan malee Hawaasa jedhamuu hin danda'amu, Qindaa'an malee Waliin jiraachuu hin danda'an.

Sadarkaa Hawaasaatti, Maatii fi Dhaabbileen akka miseensotaatti Lakkaawwamu. Maatiin tokko Miseensota isaa guutuu waliin deebi'ee akka miseensa tokkootti Hawaasaaf lakkaawwama. Dhaabbannis akkasuma Guddinaa fi Baay'ina isaa guutuu waliin Hirmaataa Hawaasaati.

Kanaaf asitti akkuma Pilaaneetoonni akka Dachee Saatalaayitoota(Baatiilee)isaanii guutuu waliin Miseensota Sirna Aduu ta'an, Qaamooleen gurguddoon akka Maatii fi Dhaabbilee walitti qindaawanii Hawaasa Guutuu ta'e ijaaru jechuu ta'a. Hawaasni Qindaa'es Wantoota guuttachuun irraa eegamutu jiru:

4.1. Sonaa fi Dhuudhaa waliinii:

Akkuma Dhaabbanni Kaayyoo mataa isaa irratti huundeeffamu, Hawaasnis Sona waloo irratti huundeeffama. Aadaa waliin gaggeeffatu, Sona waliin itti amanu qabaachuu qaba.

Hawaasni tokko waan waliin balaleeffatu qaba. Osoo Hawaasa biroo biratti fudhatama qabaatee illee Tokko biratti balaaleeffatamaa ta'uu mala. Kunis Hawaasa ta'anii yommuu jiraatan, Yaada waliinii waliin qooddachuun akka jiru hubachiisa.

Akkasumas Waan waliin Faaya godhee fudhatuttu jira. Kunis osoo Hawaasa isaaniin ala jiru biratti Fokkuu godhamee yaaddamee illee, Tokko biratti Mallattoo bareedinaa akka ta'etti fudhatamuu danda'a.

Qaamaan wal bira dhaabbachuun yookaan Manneen wal biratti jaarrachuun qofti Hawaasa Nama hin taasisu. Kan Hawaasa ta'uu mirkaneessu Duudhaa, Sona, Aadaa fi Yaadota walitti hidhoo ta'an huunda Gidduu isaaniitti qabaachuudha.

Yaadonni Sirnawoon akka Haqummmaa, Amanamummaa, Kabajaa fi tokkummaas Yaadota Hawaasummaa Lubbuu itti godhaniidha.

Kana bira darbee Muul'ata Waliinii kan gara Fuulduraatti Hawaasicha keessatti fooyyaa'ee arguu barbaadan waliin qabaachuun Qindoomina Hawaasaa irraa isa irra Cimaa isaati.

Hawaasni Rakkoo waliin furachuu barbaadu, Kaayyoo waliin milkeessuu barbaaduu fi Sona waliin gabbifachuu barbaadu qabaachuun, Sarara sirrii irra akka jiraachaa jiran agarsiisa.

4.2. Dhaabbilee fi Qooda qabeessummaa:

Dhaabbileen Mootummaa, Bulchitoonni Hawaasaa, Maatiin fi Dhaabbileen Hawaasaa Sirna qabeessummaa fi ijaarama dhugaa taasisu. Akkuma Jiraniin dimshaashatti Kaayyeeffachuu fi yaaduu irraa Gara sirnaawuutti dhufu. Hawaasni sirna qabeessi Walitti laaqamiinsa irraa bilisa ta'ee jiraata. Hundumtuu qoodaa fi gahee mataa isaa bahata, malee bakka isa hin laallanne seenee hi rakkatu. Rakkoon uumamu yoo jiraates Abbaa qabaata waan ta'eef Yaanni dhufe huundi gara Dhaaba isa ilaallatuutti geeffama.

Kunis Hanqinaa fi Jabina Hawaasichi qabu salphumatti arguun akka danda'amu taasisa. Hanqinni erga ifa ta'ee guutuun/Sirreessuun Hin ulfaatu. Jabina Jirus fooyyee waliin itti fufsiisuuf haalli mijataa ta'a.

Afooshaa Gandaa irraa hanga Dhaabbilee Fayyaa fi Dhaabbilee Nageenyaatti, Ijaaramni Hawaasaa jiraachuun, Hawaasicha tiksuu, guddisuu fi dagaagsuuf murteessaa ta'uun isaa dagatamuu hin qabu.

4.3. Walii galtee:

Karaa tokko deemuu fi qooda waliin bahachuun, wal quba qabaachuutti haajama. Hawaasni walii galaan Rakkoo isa mudatte hatattamaan Wal argee, Xiqqaan guddaadhaaf Odeeffannoo dabarsee, Guddaa gad taa'ee itti marihatee Furmaata fidu.

Walii galuun, Waliin haasahuun, Wal quba qabaachuun balbala Rakkoowwanii dafee cufsiisa. Karra Gammachuu fi Guddinaa Hawaasaaf bana.

Bakka huundatti Hawaasni Nagaa qabeessummaan isaa kan mirkaneeffamu, Walii galtee wal wajjin qabaniin akka ta'e beekkamaadha.

Wal hin Qunnaman taanaan wal hin beekan, Namni qaamaan wal bira taa'ee yaadaan wal wallaale ammoo, Gara Wal lagannaa fi Muufachiisaatti dhiibbamuun isaa hin oolu. Kuni ammoo salphumatti diigamiinsa Hawaasaa jechuudha.

Kan Hidhoo ta'ee Qindoomina dhugaa godhu walii galteedha. "Walii galan, Alaa galan" jedhu warri keenya yeroo mammaakan. Walii galan Alaa galan jechuun, Diigamiinsa Deegaan Mana irraa Alatti Nama baasu irraa Gara Ijaarama Sooreessummaan Manatti Nama deebisuutti kan dhufamu Walii galteedhaani jechuudha.

4.4. Aadaa waliin hojjannaa:

Waliin Nyaachuu fi waliin dhuguuf Aadaan wal affeerraa akkuma jiru, Waliin guddachuu fi waliin milkaa'uufis Aadaan

waliin hojjannaa Hawaasa keessatti akka Sona tokkootti argamuu qaba. Hojiilee dhuunfaa irrattis ta'e kan waloo tumsi jiraachuun dirqama. Tumsi kan dabalu Humna qofa miti. Hamilee fi Jaalala Hojii dabaluu keessatti gahee guddaa qaba.

Hawaasni keenya Dur irraa eegalee Sona kana of keessatti tiksuu fi Dhalootaaf dabarsuuf carraaqaa as ga'e. Oduun yeroo huunda dhageenyu tokko ni jira. Innis akkas jedha:-

Namicha tokkotu ture; innis Ilmaan Sagal qaba ture. Ilmaan Saglan isaa kana Ooyruu keessa waliin dalagsiisa ture. Gaafa tokko "Har'a Daboodhaan dalaguu qabna" jedhee, Daboo/Guuza sanaaf Nama tokko qofa affeerrate. Ilmaan isaa Saglanii fi Namicha Daboof gargaarsa dhufe waliin Kudhan ta'an. Kanaaf Daboon isaa Nama Kudhan guutuu erga qabaatee Daboo guddaa ta'e jechuudha.

Ergasii akkuma isaan Hojii irra jiraniin, akkas jedhee itti lallabe "Yaa ilmaan kiyya sara Namni isin waliin jiru kana itti jabaadhaa" jedhee jedhama.

Gurbaan suni Sirna qindoominaa kana sirriitti waan hubate fakkaata. Namichi tokkichi Daboo yaammame suni Humna isaatiif jecha osoo hin taane, Ilmaan Sagal Wal bira jiran sanaaf Hamilee aka ta'uuf yaammame. Kanaaf yeroo huunda wal gargaaruu fi wal cinaa dhaabbachuun barbaachisaa ta'a.

Akkuma walii galaatti Hawaasni Milkaawaan Qindoomina qabaachuu qaba, Wal dhaggeeffataa fi Sona qabeessa ta'uu

qaba, Miseensoonni Hawaasichaas Gahee qabeessaa fi wal utubdoota ta'uun irra jira.

5. Qindoomina Sadarkaa Hooggansa Siyaasaatti

Hooggansi Siyaasaa Sirna Hawaasaa waliin Siiqeedhuma wal fakkaataa irra kan jiru yommuu ta'u, garaagarummaan inni qabu, Daran ijaaramaa fi Qindoomina Qaroome qabaachuu isaati. Hooggansi Siyaasaas ta'e kan biraa, Hundumtuu qindoomina barbaada. Qindoomanii Sirna Sirnatti Tarsiimoo Tarsiimootti hidhanii gara Sadarkaa Dagaageetti ol fuudhuun, Biyya guutuu ijaaru jechuudha. Akkuma Maatii, Dhaabbilee fi Hawaasaatti Biyyi guutuunis Sonaalee Qindoominaa sana tokkoon tokkoon isaanii guuttachuu danda'uu qaba.

5.1. Muul'ata Biyyooleessaa:

Jalqabni wanta Biyyi akka Biyyaatti qabachuu qabdu Muul'ata waliiniiti. Biyyattiin Haalli isheen amma irra jirtu akkam akka ta'e irraa ka'anii Booru ammoo Biyya Akkamii itaatee arguu akka barbaadan Muul'ata Ifaa gadi kaahuu jechuu keenya. Muul'anni Suni Sadarkaa Hooggansaatti kan huundeeffamu/Barreeffamu ta'us, Dhaabbileen Ijaarsa Biyyaa keessatti gahee qaban cuftinuu Muul'ata sana Arguu fi dhagahuun, kan waloo taasifamuu qaba.

Ergasii Ummanni Biyyattii huundi Biyya isaanii Hegeree Bareedaa irratti Abjoochuudhaan Abdii qajeelaadhaan guuttamuu qabu. Ummanni Abdii Biyya ofii irraa qabu; Ni

humnata, Hin dadhabu, Hin balaaleeffatu, Jireenya dhuunfaa isaatiifuu Galma qabeessa ta'aa deema.

Kanaafuu hoogganaan Kamiiyyuu Kaayyoo fi Muul'ata ifa galeessa ta'e qopheessuun, Hubachiisuu fi gara ijaarama isaatiitti raabsuun dirqama isaa ta'a.

5.2. Dhaabbilee Sirnaawoo fi Qooda qabeessummaa:

Hooggansi Ol'aanaan Hojii huunda ofiif kophaa isaatti hojjatee bakkaan gahuu hin danda'u. Kanaaf Ijaarama cimaa isa barbaachisa. Ijaarama jechuun bakka kanatti Hojii tokko xumuruuf Dhaaba gosa tokkoo ol fayyadamuu jechuudha.

Fakkeenyaaf: Mootummaan Dinagdee Biyya isaa saffisiisuu yoo barbaade, Dhaabbilee gosa heedduu hojii irra oolchuutu isa irraa eegama. Dhaabbilee Industirii, Dhaabbilee Qonnaa warreen Oomisha ol'aanaa argamsiisuun Galii Biyyattii irratti jijjiirama fiduu danda'an, akkasumas Dhaabbilee Qabeenya Uumamaa Gara Oomishtummaa fi gara Gabaatti fidan kana malees Dhaabbilee heedduu isa barbaachisuu danda'a.

Kana waan ta'eef Dhaabbileen Muul'ata Biyyattii dhugoomsuu irratti xiyyeeffatan Heedduun jirachuu fi Qooda mataa isaanii bahachuu danda'uu qabu. Qoodni Maatii Mana tokkoo irraa hanga Hawaasa bal'aatti dhuunfaa dhuunfaan bahatamu walitti dhufee, Hooggansa Biyyooleessaatiif Galaa guddaa gumaacha.

5.3. Sab-qunnamtii Ummataa fi Iftoomina:

Gaggeessitoonni Sadarkaa Xiqqaa hanga guddaatti Wal hubannoon hojjatu. Murteen Sirriin Wal argaa fi Wal mariidhaan murteeffama. Sadarkaa Sadarkaadhaan Waltajjiileen ni gaggeeffamu, Yaadoonni ni sassaabamu, Kaarooronni haaraan ni baafamu.

Dhaabbileenis Dhaabbilee waliin Odeffannoo qulqullaawaa ta'e waliif daddabarsu. Hawaasni Hawaasa irraa Aadaa hojii fi Muuxannoo haaraa qooddatu. Wal hubannaadhaan Dogooggoroota irraa wal eeguun Dantaa Biyyooleessaatiif waliin hojjatu.

Mootummaan Ummataaf Karooraa fi Murtee isaa yeroo yeroon Ifa taasisuun Ummata isaa Tasgabbii irratti gad-dhaabuu qaba. Ummannis Yaada isaa akka ibsachuu danda'u Waltajjiileen banaan yeroo yeroodhaan uumamuun irra jiraata.

Haala kanaan wal hubannoo ol'aanaadhaan Fooyyaa'iinsa dhaabbataa fiduu fi Badhaadhinaaf karaa saaquun ni danda'ama.

5.4. Tokkummaa Hojiin Agarsiisuu:

Qaamni huundi Dantaa Biyyooleessaatiif Socho'uun isaa kan mirkanaa'u, Huunda galeessummaan yeroo dalaguuti. Dhaabbanni Fayyaa Dhaabbata Barnootaa waliin wal hubatee Gargaarsa Kallattii danda'ame huundaan gumaachuu yommuu danda'e; Dhaabbanni Nageenyaa Dhaabbata Fayyaa cinaa dhaabbatee Bakka isaan barbaachisu huundatti

barfannaa malee yoo argame, Dhaabbanni Barnootaa Qorqalbii Hawaasaa irratti hojjachuudhaan Dhaabbata Nageenyaatiif Hojii yoo salphise, Tokkummaan dhugoomeera jenna.

Haaluma wal fakkaatuun Hawaasni Hawaasa waliin, Hawaasni Dhaabbilee waliin, Hawaasni Maatii dhuunfaa waliin gargaarsaa fi Tumsa waliif godhee yoo jiraate Guddinni Biyyaa goonkumaa hin fagaatu.

Akkasuma Hooggantoonni bakka huundaa Shoora bareedaa waliif taphatanii, Naannooleen Naannoolee waliin, Biyyoonni Biyyootaa waliin Dhimma walii irratti hirmaatanii Ol gara Guddina waliiniitti yoo wal dhiiban, isa kanatu Tokkummaa dhugoomsuudha.

Walumaa galatti Milkaa'inni Fayyaa Sammuu Nama dhuunfaa irraa eegala. Sana booda gara Kaayyoo fi Milkii Nama dhuunfaatti ol caha; ammas oluma deemee Haqummaadhaan Madaala isaa eeggata. Dhuma irratti Hooggansaan Karaa isaa qabatee, Qindoominaan Milkaa'ina dhugaa ta'ee dhalata.

Namni guddaan Galma guddaati haajama, Galmi guddaan Qindoominatti dhimmama. Qindoominni Fala Nama guddaati!

XUMURA

Fayyaaleessummaa ilma Namaatiif Galma guddaafii karoora ifaa hubannoon, qorannoon mirkanaa'e Lafa kaayyachuun, Dawaa abdachiisaadha. Namoonni yeroo fi haala jijjiiramaa keessa jiraatan, yoo kallattii dhaban, Sammuu fi qalbii isaanii maraachisuu hin oolan. Kana irraa bahan malee, tasgabbii fi Milkaa'inni hin dhufu.

Of dhabuutu baay'ate — tasgabbii sammuu dhabuu, murtii ofii to'achuu hanqachuu, Yaada gargar cabsuun baasanii buusuu, akkasumas Yaada haaraaf moofaa makuuf hiruun ilmi namaa dhama'aa jira. Rakkina kana furuuf, Namni tokko of beekuu qaba. Of beekuu jechuun, waan isaaf dhugaa ta'e addaan baasuu, galma ofii murteessuu, fi Hawaasa isaa waliin jiraachuuf murannoo qabaachuu jechuudha.

Haqummaan — "daangaan Bilisummaa" — yoo hin kabajamne, Bilisummaan faayidaa hin qabu. Of-argachuun yoo dhabamu, bu'uurri milkaa'inaa tokkollee hin ijaarramu. Qindoominni yoo dhabame, carraan tokkummaa fi fayyadamummaa hawaasaa ni bada.

Kanaafuu, Namni tokko yoo:

Of-baruu danda'e,

Kaayyoo isaa ifatti kaa'e, fi

Haquumma baadhatee,

Hawaasa isaa waliin qindoominaan jiraachuu murteessee qooda isaa bahuuf murannoo qabaate, inni bifa maraan ni

qajeela, jireenyi isaa bu’aa qabaata, Hawaasnis irraa ni fayyadama.

Namni kana hin qabne garuu, Qooda maraatumaatiif balbala dhadhahaa jira.-Hireen Rabbirraa ta'us, Ofiif tumsuunis Adaraa isaati!!!

Kanaaf Har’aaf boru osoo hin jenne, Hafuura dheeraa baafannee Of dhaggeeffachuun, Tasgabbii keessoo ofii madaaluun ammuma.

Qorannoo Hawaasaa irratti Haala huundaa’een, “Galmi Jireenyaa kiyya kana ta’uu qaba” jennee jala sararuufis Yeroon qisaaseessinu jiraachuu hin qabu. Haqaa fi Wal’utubbiin Gulantaalee Milkaa’inaa sana irra Ejjannoo keenya jabeeffannee tarkaanfachuu haa’eegalluun Yaamicha keenya isa Xumuraa ta’eera!

Huunda Miseensa Sirna ikkootiif Nagaaf Quufiinsa keessoo Hawwina. Nagaan Nubiraa hin dhabamin, Haqni nubiratti hin diigamin Milkaa’innis Nubiraa hin dhabamin jechaa Barruu keenya asitti xumurra!!